# XIINXALA BEEKKUMSA OROMOO GUJII MOGGAASA MAQAA DHUUNFAA: NAMAA , BEEYILADOOTAA, BIQILOOTAAFI SIMBIRROOTAA IRRATTI QABU.

**BASHAADAA BOONSAA NAGAWOO**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIZIMIIFI QUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII**

**HAGAYYA, 2009/2017**

**FINFINNEE**

# XIINXALA BEEKKUMSA OROMOO GUJII MOGGAASA MAQAA DHUUNFAA: NAMAA, BEEYILADOOTAA, BIQILOOTAAFI SIMBIRROOTAA IRRATTI QABU.

**BASHAADAA BOONSAA**

**GORSAA: DR. TILAHUUN TALIILAA**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIISUUN GAMISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORIIF DHIHAATE**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA**

**KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII JOORNAALIZIMIIFI QUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII**

**HAGAYYA, 2009/2017**

**FINFINNEE**

# Yuunivarsiitii Addis Ababaa Dhaabbata Digirii Duraatiin Booddee

Waraqaa Qorannoo Ulaagaa Digirii Lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi ogbarruu barsiisuun Guuttachuuf **Bashaadaa Boonsaa** Mataduree: Xiinxala Bekkumsa Oromoo Gujii Moggaasa Maqaa Dhuunfaa : Namaa, Beeyiladootaa, Biqilootaafi Simbirrootaa Irratti Qabu." Jedhuun Qophaa'e Sadarkaa Yuunivarsitiin Kaa'e Guuteera.

**Koree Qormaataa**

Qoraa Alaa ___________________________Mallattoo__________Guyyaa____________

Qoraa Keessaa _________________________Mallattoo__________Guyyaa____________

Gorsaa _______________________________Mallattoo__________Guyyaa____________

________________________________________________________________________________

Dura Taa'aa Muummee Yookaan Qindeessaa Sagantaa Digrii Lammaffaa (MA)

**Axeerara**

Q*orannoon kun "Xiinxala Beekkumsa Oromoo Gujii Moggaasa Maqaa Dhuunfaa: Namaa, Beeyil Ladaa, Biqilootaafi Simbiroota irratti qabu" jedhu irratti kan gaggeeffameedha Kaayyoo qorannoo kana galmaan gahuuf mala qorannoo akkamtaatti dhimma kan bahame yoo ta'u,ragaa qorannoo kanaaf barbaachisuu funaanuuf mala funaansa ragaalee kan ta'an keessaa afgaaffii, marii garee xiyyeeffannoo, sakatta'a barruu,fi daawwannaan dirree taasifamee jira.Qaaccessa ragaalee mala funaansa ragaalee armaan olitti eeraman kanaan funaannaman irraa ragaan argame akka mul'isutti moggaasni maqaa Namaa, Beeyladaa , Biqilootaafi Simbirroota Oromoo Gujii afaan, aadaafi duudhaa, amantaa ,falaasama, beekumsa, qaroomina, seenaafi haala jiruuf jireenya hawaasichaa irratti hundaa'ee kan moggaafamuudha. Haaluma kanaan Oromoon Gujii maqaa namaa yeroo dhalootaa, guyyaa dhalootaa, waqtiilee, ji'a yookaan addeessa, tartiiba dhalootaa, bakka dhalootaa, umrii ,ayyaana ,jila adda addaa mukkeen,hawwii maatii, haala uumama qaamaa, maqaa gosaa, du'a balaaleffachuufi jiraachuu yookaan ulfina Waaqaafi gaa'ela irratti hundaa'uun moggaafama.Oromoon Gujii beelladaaf maqaa moggaasu qaba. Maqaa beelladaa kanas, bifa isaanii, mallattoo adda addaa qaama isaanii irratti argamu, boca gaafa isaanii, amala isaaniifi kennaa adda addaa irratti hundaa'uun moggaasa. Akkasuma maqaa simbiroota sagaleefi bifa koola isaanii irratti hundaa'uun kan maoggasudha.. Oromoon Gujii jiruuf jireenya guyyaa guyyaan taasifatu keessatti kaayoo yookaan milkii ilaallachuun socha'a. Kaayoo isaanii kana immoo sagalee simbirootaa, kallatti simbirootni irraa dhowan, mukaa isaan irra taa'anii dhowaniif kan kana fakkaatan irratti hundaa'uun ilaallata. Kaayoon simbiroottan himan kun badduu yoo taate qalma, goola dhaabuufi hulluuqqaa tolfchachuun kaayoo hamtu sana ofirra dabarsa. Xinxala maqaa baasuu ummata Gujii kana irraa kan hubachuun danda'amu, ummatni kun beekumsa naannoo, aadaa, siyaasaafi jireenya hawaasummaa gadi fageenyaan kan qabu ta'uu isaafi beekumsi kun kunnuunfamee,guddatee, dhalootaaf akka darbuu gochuun barbaachisaadha.*

**Galata**

Duraan dursee nagaa, fayyaafi beekumsa naa kennee qorannoo kana akkan gaggeessuuf kan na gargaare Waaqayyoo guddaaf galanni haa ta'u. Itti aansuun jalqaba hanga xumuraatti gorsa ogummaa naa kennuun qorannoon koo akka galma ga'uuf kan na gargaaran gorsaa koo Dr.Xilaahuun Taliilaa onnee koo irraan isaan galateeffadha.

Akkasumas qorannoon koo akka galma gahuuf humnaa fi beekumsaan jalqabaa hanga dhumaatti kan na bira dhaabbatan Haadha manaa koo addee Kuubaa Tulluufi mucaa koo Jiinenus Bashaadaatiifi barattuu Abbaayinash Asnaaqaatiif galannif jaalalli koo onneerrati.

Kana malees bakka hundatti humnaafi yaadaan yeroo mara kan na biraa hin hafne abbaa koo Obboo Boonsaa Nagaawoofi Haadha koo Aaddee Leensee Baqqalaafi obbolaawwan koo hundaaf galanni koo guddaadha.

Itti aansuun jabaadhee hojii koo kana galmaan akka gahuuf bekkumsa, yaadaafi deeggarsa meeshaalee adda addaa naa tasisuun jalqabaa hanga dhumaatti kan na gargaaran Dura Taa'aa Mana Barnootaa Qophaa'ina Uraagaa kan ta'an obbo Girmaa Maandiisuu onnee koo irraan galateeffadha.

Kanatti aansee yeroon ani funaansa ragaaleef deemu, rooba, qora, aduufi fageenya osoo hin jenne bakkan ani deeme hunda na waliin deemuun suuraafi waraabbii adda addaatiin kan na gargaaran hiriyyoota koo barsiisaa Birhaanuu Tasfaayeefi Abdii Diidoleetiif galanni an qabuuf guddaadha.

Akkasumaas deeggarsaa meeshaalee adda addaa na gochuun kan na gargaaran barsiistuu Mixxin Gannanaafi barsiisaa Gammachuu Xaafaa galanni keessaan guddaadha.

Dhumarratti, milkaa'ina hojii kootiif odeeffaannoo barbaachisu hundaa nuffii tokko malee yeroo keessan arsaa gootanii kan naa kennitaa manguddoota Oromoo Gujii jaalalli, kabajnifi galanniin isiniif qabu daraan guddaadha.

## Jibsoo

| Jechoota | Hiikkaa |
| --- | --- |
| Aannan Mi'ii | Aannan hoo'aa, kan hin ititin |
| Addee | Bakka, iddoo |
| Ardaa | Bakka abbootiin gadaa jila itti jilifatan |
| Bacaa | baay'ee /heddu/danuu |
| Bayyaa | Fagoo,dhiyoo kan hintaane |
| Butte | Qodaa aannan itti raafamu |
| Curraa | Faltii jabbileen reefu dhalatte buustu /hagdu/ |
| Curruqqaa | Sagalee daa'imman dhageessisan. |
| Dadama | Uumama |
| Dade | uume yookaan kalaqee |
| Daadhii Mixxachuu | Daadhii mataa isaa irratti naquun faluu |
| Dhuqqituu | sagalee yeroo aannan raasan buttee keessaa dhageessisu |
| Dhudhuufaa | sanyii bofaa |
| Habbaaruu | Hammachuu, ofitti fudhachuu |
| Hariirrata | Kadhannaa, eebbifannaa/daadimannaa |
| Finna | Ilmoo |
| Gatinaa | sirna awwaalchaa |
| Hoola | Ajaa'bsiifanna /dinqisiifannaa |
| Holla | Holqaa |
| Hongee | Kaayoo badduu |
| Hose | Gaarii/dansaa/mishaa |
| Ilaansuu | Dubartii deessee ciiftu |
| Jila. | Sirna |
| Kaayoo | Faroo/milkii |
| Kumfii baasuu | Muka xiluu/bocanii qara itti baasuu |
| Le'uu | Jiraachuu |
| Lolloquu | Sosocho'uu |
| Loon weessuu | loon tiksuu yookaan deebisuu |

| | |
|---|---|
| Mandayyaa | Gudda |
| Matooma | Dura |
| Midda | Mirga |
| Qoqqobbaa | Dhoobbuu yookaan gooree jabbileen reefu dhalatte keessa galtu |
| Simbirri dhowe | Simbirri wace /sagalee kenne |
| Suruurrachuu | Dhaqna qabachuu |
| Waldane | wal ajjeese/ tasa wal ajjeesuu/ |
| Yaa’a | Gumii Abbootii Gadaa Gujii |

## Gabaajeewwaan

| | |
|---|---|
| kkf. | Kan Kana Fakkaatan |
| T.L. | Tartiiba Lakkoofsaa |
| CSA. | Central Statistics Agency |
| W.A.T.G.G. | Waajjira Aadaafi Turizimii Godina Gujii |
| W.A.T.A.U. | Waajjira Aadaafi Turizimii Aanaa Uraagaa |
| B.A.T.O. | Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaa |

## Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**


Axeerara ......................................................................................................................i

Galata ..........................................................................................................................ii

Jibsoo ..........................................................................................................................iii

Gabaajeewwaan...........................................................................................................v

Baafata .........................................................................................................................vi

Baafata Gabateewwanii ...............................................................................................x

Boqonnaa Tokko: Seensa.............................................................................................1

1.1.Seenduubee Qorannichaa ........................................................................................1

1.1.1. Horteefi Argama Ummata Oromoo Gujii .........................................................1

1.1.2. Haala Teessuma Lafaafi Diinagdee Ummata Oromoo Gujii ............................4

1.1.3. Iddoowwaan Hawwata Turizimii Godina Gujii ...............................................5

1.1.4. Aadaa Ummata Oromoo Gujii ..........................................................................7

1.1.4.1. Sirna Gadaa ...................................................................................................7

1.1.4.2. Caaseffama Gulantaalee Sirna Gadaa Oromoo Gujii. ......................................8

1.1.4.3. Lakkoofsa Ji'aa Oromoo Gujii. .......................................................................12

1.1.4.4.Maqaa Guyyoota Ji'aafi Ayyaanotaa Oromoo Gujii.........................................13

1.1.4.5. Aadaa Fuudhaafi Heerumaa Oromoo Gujii .....................................................16

1.1.4.5.1. Kadhaa .......................................................................................................17

1.1.4.5.2. Hawwadii....................................................................................................17

1.1.4.5.3. Addibaana ..................................................................................................18

1.1.4.5.4. Butii ...........................................................................................................18

1.1.5 .Ibsa Gabaaabaa Haaala Ummata Uraagaafi Haala Jireenya Isaa ......................19

1.2. Ka'umsa Qorannichaa ...........................................................................................20

1.3. Kaayyoo Qorannichaa. ..........................................................................................23

1.3.1. Kaayyoo Gooroo ...............................................................................................23

1.3.2. Kaayyoo Gooree................................................................................................23

1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa ...........................................................................24

1.5. Daangaa Qorannichaa............................................................................................24

1.6. Hanqina Qorannichaa. 25
Boqonnaa Lama: Sakatta'a Barruu 26
2.1 .Yaaxxina Qorannichaa 26
2.2. Maalummaa Maqaa 29
2.3 .Madda Moggaasa Maqaa 30
2.4. Maalummaa Maqaa Dhuunfaa ( Proper Name) 30
2.5. Maqaan Dhuunfaa Namaa Eenyun Moggaafama? 31
2.6. Akkaataa Moggaasa Maqaa Namaa 32
2.7. Akkaataa Moggaasa Maqaa Dhuunfaa Beeyladootaa. 34
2.8.Moggaasa Maqaa Simbiroota Kaayoo 37
2.9. Xiinxala Moggaasa Maqaa Mukkeen Jilaa 41
2.10. Muuxannoo Oromoo Moggaasaa Maqaa Irratti. 46
2.11. Akaakuuwwan Moggaasaa Maqaa Dhuunfaa Namaa 48
2.12. Sakatta'a Barruu Walfakkii 49
Boqonnaa Sadi: Mala Qorannoo 52
3.1. Saxaxa Qorannichaa 52
3.2. Irraawwatama Qorannichaa. 53
3.3. Iddatteessuu 53
3.4. Meeshaalee Funaansa Ragaa 55
3.4.1. Afgaaffii 55
3.4.2. Daawwannaa 56
3.4.3. Marii Garee Xiyyeeffannoo 57
3.5. Adeemsa Funaansa Ragaa 58
3.5.1 .Haala Funaansa Ragaa 59
3.5.2 .Akkaataa Odeefkennitootni Ragaa Itti Kennan 59
3.5.3. Mala Qaaccessa Ragaalee 59
Boqonnaa Afur: Qaaccessa Ragaalee 60
4.1. Haala Moggaasa Maqaa Dhuunfaa Namaa Oromoo Gujii 60
4.1.1. Maqaalee Yeroo Daa'imnan Dhalatan Irratti Hundaa'uun Moggaafaman. 60
4.1.2.Maqaalee Guyyaa Dhaloota Daa'immaniin Moggaafaman 62

4.1.3. Moggasaa Maqaa Waqtiilee Irratti Hundaa'uun Moggaafamu ..................63
4.1.4.Maqaalee Addeessa Yookaan Ji'a Irratti Hundaa'uun Moggaafaman .........63
4.1.5.Maqaa Tartiiba Dhalootaa Ijoollee Irratti Hundaa'uun Moggaafaman ........64
4.1.6. Maqaalee Bakka Dhalootaa Irratti Hundaa'uun Moggafaman ...................65
4.1.7. Maqaalee Umrii Irratti Hundaa'uun Moggaafaman ..................................67
4.1.8.Maqaalee Ayyaana Daa'imman Dhalatan Irratti Hundaa'uun Moggaafaman. ...........................................................................67
4.1.9. Maqalee Sirna/Jila /Adda Adda Waliin Walqabatanii Moggaafaman ........69
4.1.10.Maqaalee Maqaa Ardaalee Jilaatiin Moggaafaman ...............................71
4.1.11.Maqaalee Mukkeen Irratti Hundaa'uun Moggaafaman. ...........................73
4.1.12. Maqaalee Hawwii Maatii Irratti Hundaa'uun Moggaafaman ...................76
4.1.13.Maqaalee Haala Qaama Daa'imman Yeroo Dhalatanii Ilaaluun Moggaafaman............................................................................77
4.1.14.Maqaalee Maqaa Gosaatiin Moggaafaman..............................................79
4.1.15.Maqaalee Yaadannoo Hidda Dhalootaaf Moggaafaman. ..........................80
4.1.16. Maqaalee Muudannoo Adda Addaa Irratti Hundaa'uun Moggaafaman ...81
4.1.17. Maqaalee Du'aa Balaaleffachuuf Moggaafaman. ...................................83
4.1.18. Maqaalee Jiraachuu Waaqaa Yookaan Ulfina Waaqaa Ibsuuf Moggaafaman............................................................................84
4.1.19. Maqaalee Gaa'ila Irratti Hundaa'uun Moggaafaman ..............................85
4.2. Moggaasni Maqaa Oromoo Gujiin Eenyuun Raawwata? .................................... 86
4.3. Xiinxala Maqaa Simbiroota Kaayoof Yookaan Faroof Ilalamanii....................... 86
4.4. Mala Faroo Baasuu .............................................................................................. 97
4.4.1.Qalmaan Baasuu Yookaan Faloon Baasuu ................................................97
4.4.2. Goolaan Baasuu Yookaan Goolaan Balleessuu ........................................98
4.4.3. Hulluuqqaa ..............................................................................................99
4.5.Maqaa Fardaaf Moggaafamu ................................................................................. 99
4.6. Moggaasa Maqaa Loonii Oromoo Gujii Uraagaa ............................................. 100
4.7. Akaakuuwwan Moggaasa Maqaan Loonii Oromoo Gujii ................................ 101
4.8. Xiinxala Moggaasa Maqaa Mukkeen Jilaafi Mukkeen Laguu Oromoo Gujii.... 105

4.8.1. Mukkeen Laguu ........................................................................................107
4.8.2. Mukkeen Jilaa Yookaan Ulfoo ..............................................................111
4.9.Hariiroo Moggaasa Maqaa Namaafi Biqilootaaf Moggaafamu Gidduu Jiru....... 120
Boqonnaa Shan: Cuunfaa, Goolabaafi Yaboo ............................................................125
5.1. Cuunfaa ........................................................................................................ 125
5.2 .Goolaba ........................................................................................................ 126
5.3. Yaaboo......................................................................................................... 128
Wabiilee ........................................................................................................................130
Dabaleewwan ...............................................................................................................135
Dabalee A: Gaaffilee Afgaaffii ........................................................................... 135
Dabalee B : Gaafannoo Marii Garee Xiyyeeffannoo.......................................... 136
Dabalee C:Maqaa Odeefkennitootaa ................................................................... 137
Dabalee D.Suuraa Oddeefkennitoota Afgaaffii Irratti Fudhatamee. .......................... 138
Dabalee E: Suuraa Yeroo Marii Garee Xiyyeeffannoo Agarsiisuu ........................... 140
Dabalee F: Suuraafi Maqaa Loonii ..................................................................... 142
Dabalee G. Maqaalee Qaacceffaman.................................................................. 144

**Baafata Gabateewwanii**

Gabatee 1. Gulantaalee Marsaa Gadaa Oromoo Gujii ..................................................11

Gabatee 2: Maqaalee Yeroo Daa'iman Dhalatan Irratti Hundaa'uun Moggaafamu. ........61

Gabatee 3:Maqaalee Guyyaa Dhaloota Daa'immanii Irratti Hundaa'uun Moggaafaman 62

Gabatee 4: Maqaalee Waqilee Irratti Hundaa'uun Moggaafaman Agarsiisu ...................63

Gabatee 5: Maqaalee Addeessa Yookaan Ji'a Irratti Hundaa'uun Moggaafaman............63

Gabatee 6: Maqaa Tartiiba Dhaloota Ijoollee Irratti Hundaa'uun Moggaafaman ...........64

Gabatee 7:Maqaalee Bakka Dhalootaa Irratti Hundaa'uun Moggafaman Agarsiisu ........66

Gabatee 8: Moggaasa Maqaa Umrii Waliin Walqabatee Moggaafamu Agarsiisu ..........67

Gabatee 9. Maqaalee Ayyaana Daa'imman Dhalatan Irratti Hundaa'uun Moggaafaman 68

Gabatee 10: Maqalee Sirna Yookaan Jila Adda Addaa Waliin Walqabatanii Moggaafaman ...........................................................................................69

Gabatee 11: Maqaalee Maqaa Ardaalee Jilaatiin Mogaafaman Agarsiisu .......................72

Gabatee 12: Maqaalee Mukkeen Irratti Hundaa'uun Moggaafaman Agarsiisu...............75

Gabatee 13:Maqaa Hawwii Maatii Irratti Hundaa'uun Moggaafamu..............................76

Gabatee 14. Maqaalee Haala Qaama Daa'imman Yeroo Dhalatanii Ilaaluun Moggaafaman Agarsiisu.....................................................................78

Gabatee 15.Maqaalee Maqaa Gosaatiin Moggaafaman Agarsiisu..................................79

Gabatee 16: Maqaalee Muudannoo Adda Addaan Waliqabatanii Moggaafaman Agarsiisu.........................................................................................81

Gabatee 17: Maqaalee Du'a Balaaleffachuuf Moggaafaman Agarsiisu...........................84

Gabatee 18: Maqaalee Jiraachuu / Ulfina Waaqaa Mul'isuuf Moggaafaman. .................85

# Boqonnaa Tokko: Seensa

Qorannoon kun xiinxala beekkumsa Oromoo Gujii moggaasaa maqaa dhuunfaa: Namaa, Beeyiladootaa, Biqilootaafi Simbirrootaa irratti qabu jedhu irratti xiyyeeffata.Qorannichi boqonnaalee shannitti qoqqoodamee kan dhihaate yoo ta'u, boqonnaa tokkoffaan seensa qorannichaati.Mata duree kana jalatti, ka'uumsa qorannichaa, kaayyoo qorannichaa, barbaachisummaa qorannichaa, daangaa qorannichaafi hanqina qorannichaa hammate. Boqonnaa lammaaffaa jalatti immoo yaaxxina qorannichaafi sakkatta'a barruu walfakkiituu dhihaate. Boqonnaan sadaffaan jalatti immoo mala qorannichaatu dhihaate. Mata duree kana jalatti immoo saxaxa qorannichaa, irraawwatama qorannichaa, meeshaalee funaansa ragaafi mala iddatteessutu dhihaate.Boqonnaa arfaffaa keessatti qaaccessa ragaaleetu dhihaate.Boqonnaa shanaffaa keessatti, cuunfaa, argannoofi yabootu dhihaate.

## 1.1. Seenduubee Qorannichaa

### 1.1.1. Horteefi Argama Ummata Oromoo Gujii

Ummanni Gujii gosoota Oromoo keessaa tokko ta'ee godina Gujii keessatti kibba biyya tiitti kan argamuudha.Magaalli guddoon godinichaa Nageelle Boranaa magaalaa guddoo biyyatti Finfinnee irraa kibba biyyatti 595km fagaattee argamti. Godinni Gujii bara 1995niin duraa godina Booraanaa waliin kan turte yoo taatu, bara 1995 irraa eegaltee godina Gujii jedhamuun ofdandeessee hundoofte. Caaseffama kanaan godinni Gujii aanaalee baadiyaa 13 kan qabdu yoo taatu, isaanis : Aanaa Girjaa, Adoolaa Reeddee, Oddoo Shaakkisoo, Aanaa Liiban, Gooroo Doolaa, Waadaraa, Anna Sorraa, Uraagaa, Daamaa, Qarcaa, Sabbaa Boruufi bulchiinsa magaalaa sadii kanneen akka: Bulchiinsa Magaalaa Nageellee, Bulchiinsa Magaala Adoolaa Waayyuufi Bulchiinsa Magaalaa Shaakisoo kan qabduudha. (Barruu Baalli 74, Waajjiraa Aadaafi Turiziimmii Godina Gujii, 2008:7)

Jalqaba argama Ummata Oromoo Gujii ilaalchisee afoola John Hinnant(1977), Taaddasaa Bariisoo(1988), duuba Gololchaa Dhaddachaa (2006) manguddoota irraa argate akka kaa'etti wiirtuun (handhuura) Gujii Adoolaa akka ta'e barreessanii jiru .Akkaa odeeffannoo kun ibsutti namichi Gujoo jedhamu ijoollee isaa sadi :(Uraagaa, Maattii, Hokku) waliin ta'uudhaan Adoolaa irraa gara bahaatti godaanuun lafa Girjaa jedhamuu

qabate jedhama.Yeroo dheeraa erga Girjaa turanii booda, duubatti deebi'uudhaan, Uraagoon gara lixaatti, Maattiin kaabatti, Hokkuun kibbatti babal'atan jedhama. Ilmaan Gujoo sadan keessaa, Uraagaan hangafa, Maattiin lammaffaa, Hokkuu quxusuudha jedhama. Ilmaa Gujii sadan Kun walitti dhufuun sirna gadaa hundeessuu akkaatadhuma hangafaa quxusuutiin ittiin walbulchaa akka turaan dubbatama (Alamaayehu Hayileefi kanneen biroo:1994). Odeeffannoo Dhaddachi (2006) argatee ibse kana manguddoonni tokko tokko hundee odeeffannichaa osoo hin jijjiirin xiqqoo itti dabaluudhan yeroo ibsan:

> *Gujiin kan Anna Soraati. Annaan ijoollee lama uummate. Tokko durba; tokko dhiira. Inni dhiirri Annaa yoo jedhamu isheen durbaa immoo lameen jedhamti. Bakki isaan itti dhalatan Utubaa Doyyaa jedhama. Naannoo isheen deesse sanitti leenci gadamsa ajjeesee osoo hin nyaatin biraa deemeera. Bakka leenci gadamsa ajjeese nageessa jettee faana leencaa hordofte. Osuma akkasitti adeemanii Girja gahan. Yeroo Girja gahan leenci Girja osoo hin darbin Girja gahee of duuba garagale. Girja kanatti mana ijaarratanii ijoollee isheen deesse sunillee achitti guddatanii mucaa tokko maqaa Girjaa baasani. Horteen Gujii achii ka'e* ( Alamaayehu Hayileefi kanneen biroo:194).

Taaddasaa Jaalataa (2013:34),Taaddasaa Bariisoo (2009), Hinnant (1978), fi Van de Loo (1991) wabeeffachuun yaaduma olii kana ilaalchisuun yommuu ibsu akkana jedha:

> *The Guji is a confederation of three culturally interrelated phratry (hagana); namely, Huraga, Maatti and Hokku. Because the three phratries are culturally interconnected they perform the Gada rituals together. Huraga is the senior phratry; Matti is the second senior; where as Hokku is the junior phratry of the Guji people Geographically, the three phratries occupy different areas with free inter clan movements and residences. Accordingly,the Huraga, the Maatti and the Hokku take the south-western, the northern and the eastern areas of the Guji land respectively. Eventhough the phratry have their own Abba Gada (leader), they are mutually interdependent and have their delegates in the Guji Gada council (Yaa`a) which is led by the Abbaa Gada of the Huraga as this phratry is considered to be the senior.*

Yaada olii kanaa irraa hubachuu kan dandeenyu ummatni Oromoo Gujii garee yookaan haaganaa gurguddoo beekkaman sadi jalatti kan ijaarraman ta'uudha. Haaganaawwaan gurguddoon kunneenis: Uraagaa, Maattiifi Hookkuu kan jedhaman yoo ta'an isaan sadanuu gadaa mataa isaaniitin hogganamu.Gosonni sadan Oromoo Gujii kun walfudhu, sirna gadaa waliin gaggeeffatu, godaansa qacaa waliin qubatu, seera waliin tumatu, sirni gurmaa'insa siyaas-hawaasummaa isaanii gosa, miseensummaa, hidda dhalootaafi caasaa maatii irratti kan hundaa'eedha. Dameelee yookaan haaganaaleen Gujii sadan kun

kallattii adda addaatti socho'uun kan jiraataa yoo ta'an yeroo ammaa kana Uraagaa, kibba dhihaatti, Maattiin gara kaabaatti fi Hookkuun kallatti bahaatti faffaca'anii jiraachaa kan jiraniidha.

Haaganaaleen Oromoo Gujii sadan kun miseensummaa irratti hundaa'uun bakka gurgddoo lamatti qoodamu. Isaan kunis: Kontomaafi Daarimuu jedhamuu.Kontomni kan karaa harka mirgaa qubatuufi Daarimuun kan kara harka bitaa qubatu jedhamee yaaddama. Isaan kana lamaan jalatti immoo Gujiin firaatti qoodamuun manaafi balbalaatti addaan baasanii wal waamu.Yaaduma kana Taaddasaa Jaalataa (2013:34), Taaddasaa Bariisoo (2004), Hinnant (1978) wabeeffachuun yommuu dhugoomsu akka armaan gadiitti kaaha.

> *The three Guji phratries are further divided into clans known as balbala which literally meansentry. The Huraga consists of seven clans known as Gola, Sorbortu, Agamtu, Halo, Darartu, woyitu and Galalcha; the Maatti includes three clans known as Hirkatu, Insale and Handoa and the Hokku has six; namely, Obborra, Bala, Buditu, Micille, Hera and Kino. Each clan is further divided into a category of close relatives known as warra and the category of close relatives (warra) is again further divided into family, called maatii. This Guji moiety- clan line age system is patrilineal and categorizes the Guji people into two non-exogamous moieties known as Kontoma and Darimu.Such social categorization, patrilineal heredity network residence in rural ecology and agrarian livelihoods characterize the Gujii as people with relatively intact traditions.*

Yaada olii kanarraa kan hubachuun danda'amu, horteen Oromoo Gujii haganaawwaan sadan (Uraagaa, Maattiifi Hokkuu) irraa ka'uun wal horuun gosa fi balbalan wal qoqqooduun kan babal'ate ta'uudha. Haaluma kanaan Uraagaan ijoollee torba: (Gollaa, Sorbortu, Hangantu, Haloo, Darartu, waayituu, and Galalcha ), Maatiin ijoollee sadii: (Hirqaartuu, Insaalee and Handoyyaa)fi Hookku ijoollee ja'a: (Obborraa, Ballaa, Bundhituu, Michillee, Heera and Kinnoo) jedhaman kan horan ta'uu isaa kan ibsuudha. Caasaan qoodinsa argama Kontomaafi Daarimuu kun of jalatti balbala qoodinsa mataa isaanii yoo qabataniiyyuu lachuu gosa Gujiiti. Caasaa qubsuma Gujii keessatti gosootni hunduu Kontomaafi Daarimuu jalatti qoodamu.Haaluma kanaan hiddi latiinsa fi argama Oromoo Gujii:

**Orma →Komboo →Jiillee → Waayyuu → Aagaa → Boruu → Sorraa→ Annaa → Gujii** dha.

**Caaseeffamni Oromoo Gujii akka asiin gadii kana fakkaata**

**Gujii**

| Uraagaa | Maatti | Hokkuu | Halloo | Weessituu | Oottuu | Sheelloo |
|---|---|---|---|---|---|---|
| Galalchaa(6) | Insaallee | Oboraa (5) | Oobituu | Beeqqee | Baannotuu | Oobbituu |
| Waajjituu(3) | Handoyyaa | Michillee(4) | Dhaantuu | Hargaaga | Hubboo | Hoorituu |
| Sabartuu(5) | Hirqaartuu(2) | Baallaa | Meerituu | Woonituu | Abbaayyee | |
| Daraartu (6) | | Heera(4) | Anooltuu | Daarimuu | Okkotueeraa | |
| Angaatuu(5 | | Bundhituu(5) | Meessituu | Eedoo | Kaajootu | |
| Gollaa (2) | | Kinnoo (5) | Hangeettuu | Wasaalee | Boodduu | |
| Halloo (3) | | Galalchaa | Ballaa | | | |

Madda :( Kitaaba Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 16ffaa)

Akka Taaddasaa Bariisoo (2004,) argama Oromoo Gujii ilaalchisee ibsitti,Ummanni Oromoo Gujii kallatti kibbaatiin ummata Oromoo Booranaa, kibba lixaatiin ummata Burjii fi Ammaroo, lixaan ummata Wolaayittaa, bahaan ummata Oromoo Arsii, kaabaan ummataa Sidaamaa fi Geediyootiin waldaangessanii kan jiraataniidha**.**


**1.1.2. Haala Teessuma Lafaafi Diinagdee Ummata Oromoo Gujii**

Godinni Gujii haala teessuma lafaa gara garaa kan of keessatti hammatuudha. Akka walii galaatti bal'nni lafa godinicha karee meetiriskuweerii 218,577.05 yoo ta'u, olka'iinsi lafa godinnicha ammoo sirrii galaanaa irraa 500m hanga 3500m ta'u kan qabuudha.Kana irraa ka'uun haalli qilleensa godinichaa baddaa, badda dareefi gammoojjii of keessaatti kan hammatuudha. Godinni Gujii aanaalee kudha ja'a (16) kan qabdu yoo taatu, isaan keessaa aanaalee gammoojjii 5, kanneen akka: Aanaa Liiban, Gooroo Doolaa, Waadaraa, Oddoo Shaakkisoofi Aanaa Sabbaa Boruuti.) badda daree 6 kanneen akka: Aanaa Adoolaa waayyuu, Uraagaa, Diimtuu Hamballaa, Girjaa, Qarcaa, baddaa 5 kanneen akka: Aanaa Annaa Sorraa, Booree, Daamaafi qabdi. Hoo'i lafa baddaa, $10^{\circ}c$ $15^{\circ c}$ badda daree $15^{\circ c}$ $24^{\circ c}$, gammoojjii $20^{\circ c}$ $30^{\circ}c$, ta'a. Haalli jireenya ummatichaa %68.6 qonna,

% 22 horsiisa loonii, %9.4 daldalaafi hojii adda addaa irratti kan bu'uureeffateedha. (Barruu Wajjiraa Aadaafi Turizimii Godina Gujii :2008:7).

### 1.1.3. Iddoowwaan Hawwata Turizimii Godina Gujii

Godinni Gujii gama hawwata turizimiitiinis kan beekkamtuudha. Gama kanaan bosonni hektaara 232,214 ta'uufi bineensota adda addaa, siidaa bocamaa suphee irraa tolfame kan aanaa Abbayyaa keessatti argamu, paarkii Nacci Saar kan naannoo Arbaamiciitti argamu, Bishaan danfaa Weellee kan aanaa Abbayyaatti argaamuufi gootuuwwaaniif laggeen kanneen akka: laga Gannaalee, Daawwaa, Iyyaa, Hawwaaxaa, Afalataa, mormoraafi Kajaawaa , Gootuu, Sonqollee Horaa kan aanaa Uraagatti argamuu,gootuu Geeshaa kan aanaa Uraagaatti argamu,lugoodaamaa kan aanaa Booreetti argamu, Buqqisaa kan aanaa Uraagaafi Booreetti gidduutti argamu, Bosona anfaraaraa aaanaa Adoolaa Reeddee, bosonaa Sawwaanaa aanaa Bulee Horaatti, Bosona Magaaddoofi bosona Alloonaa Aanaa Oddoo Shaakkisootti kan argamuu kan qabduudha. Qabeenya uumamaa kan akka: warqii , taantaaliyeemii, ayiranii, nikeelii, koopperiifi kan kana fakkaatan godinicha keessatti argamu. (Taayyee Tasfaayee, 2016:8, The me'e Bokko gadaa convection, May 2007)




**Fakkii Kaartaa Teessumaa Oromoo Gujii Agarsiisu**

### 1.1.4. Aadaa Ummata Oromoo Gujii

#### 1.1.4.1. Sirna Gadaa

Ummatni Oromoo ummataa aadaa boonsaa qabaachuun beekkamu akka ta'ee beekkamaadha. Aadaa boonsaa ummatni Oromoo ittiin beekkamuu keessaa inni guddaafi beekkamaan sirni gadaati. Sirna gadaa kana jedhanii jecha yookaan hima salphaa tokkoon hiikuun rakkisaadha. Kunis sababa sirni gadaa bal'aafi adeemsa walxaaxaa ta'ee of keessaa waan qabuufidha. Roobalee Taaddessee (2013:14) yaaduma kana yoo dhugoomsu, "the gada system is a complex socio-political and economic organization which is difficult to define and describe." jechuun ibsa. Yaada kanarraa hubachuun kan danda'mu, sirni gadaa sirna siyaasaa,diinagdee,fi hawaasummaa walxaxaa ta'eefi hiikuufi ibsuuf ulfaataafi rakkisaa akka ta'eedha. Sirna Gadaa kanaan ummanni Oromoo yeroo dheeraaf seera ofii tumataniin gama siyaasa, diinagdeefi hawaasummaan aangoo karaa nagaafi dimookiraatawaa ta'een wagga saddet, saddeetin waliif dabarsaa walbulchaa akka ture hubachuun ni danda'ama.

Ummata Oromoo yeroo dheeraadha kaasanii seeraa ofii tumataniin bulaa turan keessaa tokko ummata Oromoo Gujiiti.Ummatni Gujii gosoota ummata Oromoo keessaa tokko yoo ta'uu bulchiinsa sirna gadaatiin aangoo ( baallii) waggaa saddeet saddeetiin karaa nagaafi dimokiraatawaa ta'een walitti dabarsaa waggoota 600 oliif walbuchaa kan turee dha. Yaada kana caalmatti hubachuuf yaada armaan gadii kana mee haa ilaallu.

> *Sirni gadaa Oromoo Gujii waggaa saddeet saddeetiin aangoo wal harkaa fuudhuudhaan ummata kan itti bulchan kutaa gadaa (luba) gurguddoo shan qabu. Luboonni kunis walduraa duuban, Muudana, Halchiisa, Dhallana Harmuufaafi Roobalee yoo ta'an baalli yookaan aangoo dabaree dabareedhaan walharkaa fuudhuun walbulchu. Baallii jechuun maarsaa lubni tokko baallii yookaan aangoo fudhatee waggoota sadeet ummata bulchee erga baalliin irraa baatee yookiin aangoon luba biraatti kenneen booda aangootti deebi'ee ummata kan bulchuudhaaf waggoota afurtama kan fudhatu jechuudha.Haaluma kanaan sirni bulchiinsa gadaa Gujii karaa guutuu ta'een waan hundaa guuttatee ummataa bulchuu eegalee gadaan Muudanaa ,halchiisa, fi dhallanni marsaa 15ffaa isaanii kan xumuran yoo ta'u harmuufni immoo yeroo 15ffaaf baalli fudhatee ummata bulchuu irra jira.Roobaleen ammoo marsaa 14ffaa xumuuree waggoottan saddeet booda bara 2016 marsaa 15ffaaf baallii fudhata (Barruu Baallii Gadaa 74ffaa WaajjiraAadaafii Turizimii Godina Gujii, 2008:13).*

### 1.1.4.2. Caaseffama Gulantaalee Sirna Gadaa Oromoo Gujii.

Caaseffamaafi gulaantaalee sirna gadaa Gujii ilaalchisuun Barruun Waajjira aadaafi Turizimii Godina Gujii (2008:20) bahe akka kaahetti, Gulantaaleen sirna gadaa kan namni sadarkaa adda addaa keessa qaxxaamuru gulantaalee kudha sadii yoo ta'u, gulantaaleen kunniin haala namni itti gaafatamummaa inni siyaasa, diinagdeefi hawaasummaa keessatti bahuu danda'uufi hin dandeenyeen sadarkaalee gurguddoo afuritti qooddama.Isaanis: sadarkaa ijoollummaa, sadarkaa, ga'eessummaa, sadarkaa maanguddummaafi sadarkaa jaarsummaati.

1) **Sadarkaa Ijoollummaa :** Sadarkaan kun kan of jalatti hammatu, Dabballee, Qarree (Qarree Duraafi Qarree Duubaa) fi kuusadha. Sadarkaan kun sadarkaa ijoollummaa waan ta'eef ijoolleen sadarkaa kana jiran itti gaafatamummaa gama hawaasummaa, diinagdeefi siyaasaatiin hawaasa keessatti karaa guutuu ta'een bahuu waan hin dandeenyeef, kunuunsa, eeggumsaafi maatii isaanii jala kan jiraniidha ( B.W.A.T.G.G, 2008, Daddachaa, 2006).

**Dabballeen** gulantaalee sirna gadaa keessaa isa jalqabaati. Dabballeen umriidhaan daa'imman umrii 0-8 yoo ta'an gulantaadhaan ilma dooriiti.Namni sadarkaa yookaan gulantaa doorii hin geenye yoo daa'ima dhalfate, daa'imni sun gulantaan isaa dabballee hin ta'u. Hanga gulantaa dabballee seenutti guduruu yookaan sulluda yookaan aallee jedhama. Mataa irratti rifeensa dhiisanii guduruu hubbee mataarraa qaba.Yoo gulantaa jalqaba dabballee gahu guduruu buufata. Daa'imman sadarkaa dabballee eeggumsaafi kunuunsa maatii isaanii jala waan jiraniif of danda'anii hin jiran. Ijoolleen gulantaa kana keessa jiran gaheen isaan siyaasa, diinagdeefi hawaasummaa keessatti qaban hin jiru. Ijoolleen sadarkaa kana keessa jiran mallattoo daa'imman gulantaa kanaa kan ta'e meeshaa dabballee jedhamee beekkamu kan elellaniifi gogaa irraa tolfamee bareedu kan mataatti kaayatan qabu. Ijoolleen kun dhuma gulantaa kanaa irratti jila maqabaasaa gaggeessuun gara gulantaa itti aanutti ce'u ( B.W.A.T.G.G, 2008, Daddachaa, 2006).

Qarreen gulaantaa sirna gadaa keessaa isa lammaffaa yoo ta'u, marsaan kun qarree duubaafi qarree duraa jedhamuun iddoo lamatti qoodama. Ijoolleen gulantaa kana umrii 9-24 gidduutti kan argamaniif gadaadhaan gadaa sadaffaadha (B.W.A.T.G.G. 2008). Qarreen duraa ijoollee umrii 9 -16 jiran yoo ta'an gadaadhaan gadaa lammaffaadha.

Ijoolleen sadarkaa kanaa bulchiinsa siyaasaa keessatti shora taphatan hin qaban. Gahee guddaan ijoollee sadarkaa kana keessa jiranii maatii isaanii gargaaruun bishaan waraabuu, qoraan cabsuu, daa'imman melqeeqqoo taphachisuu, mana keessa ergamuu, korboo taphachuu, jabbii qabuufi dhoogguu, jabbiifi loon diqqoo waarsuudha. (B.W.A.T.G.G, 2008, Daddachaa, 2006 ).

Qarreen duubaa immoo gulantaa sirna gadaa keessatti gulantaadhuma lammaffaa keessa ta'ee gadaadhaan garuu gadaa sadaffaadha.Umriin ijoollee gulantaa kanaa 17-24 yoo ta'an ijoolleen gulantaa kanaa yoo nama guddaa ta'an guyyaa abbootiin isaanii horii baddaafatan isaaniis duubatti ni ariirratu ( B.W.A.T.G.G,2008, Daddachaa, 2006 ).

Ijoolleen gulantaa kanaa yoo du'an awwaala ni qalaniif; akkasumas ni booyaniif. Gaheen Ijoolleen sadarkaa kanaa korboo (leenjii waraanaa) taphachuu, waldhaantoo qabachuu, of danda'anii foora, hayaa, fi hora godaanan. Bulchiinsa sirna gadaa keessaatti shora taphatan hin qaban. Miseensi sadarkaa kanaa umriin dabalaa, gulantaa garaa itti aanutti guddachaa deemuufi gara itti gaafatamummaa fudhachuutti dhihaachaa deemaa waan jiraniif, Uraagaa, Maattiifi Hookkuu keessatti Raaba Didiqqoo, Raaba Jiisaa, Doobbiifi Finiina jedhamuun maqaa adda addaatiin waamamu. Dhumarratti miseensi gulantaa kanaa jila qarree buufataa raawwachuun gara gulantaa itti aanutti darba.Miseensi jila kana raawwate yeruma sana qabeenya jalqabaa kan ta'e handhuraa goromsa yookaan raada lama fudhata. Loon handhuraa kennamuuf sunis qarreefi bobbaasii jedhamee moggaafamaa ( B.W.A.T.G.G, 2008, Daddachaa, 2006).

Kuusni miseensa qarree buufatee gara gulantaa kuusaatti ce'u yoo ta'u, gulantaa sirna gadaa sadaffaafi gadaa arfaffaa keessa ta'a.Miseensi kuusaa gulantaa kana keessa kan turu woggoota afur qofaaf waan ta'eef umriin isaanii waggaa digdamii shanii hanga digdamii saddeeti (25-28) qofa ta'a. Gaheen miseensa gulantaa kanaa yeroo baay'ee loltummaafi adamoo adamsuu dha ( B.W.A.T.G.G, 2008, Daddachaa, 2006).

2) **Sadarkaa ga'eessummaa:** Sadarkaan ga'eessummaa kun kan inni of keessaa qabu, Raabaa, Dooriifi Gadaa yoo ta'uu, sadarkaan kun sadarkaa itti gaafatamummaa gama hawaasummaa, diinagdeefi siyaasaa keessatti qooda murteessaa kan qabaniidha. **Raabni** gulantaa sirna bulchiinsa gadaa keessaa arfaffaa keessa kan jiru

yoo ta'u, gadaadhaan immoo gadaa shanaffaadha. Lubni gulantaa kanaa umriidhaan waggaa digdamii sagalii hanga soddomii jahaa (29-36)tti kan jiruudha ( Dhadachaa ,2006:37). Miseensi luba yookaan gulantaa kana keessa jiru waggoota sadeetiif gulantaa kana keessa tura. Miseensi luba kanaa samuufi qaamaan waan bilchaataniif, itti gaafatamuummaa gama hundaan (hawaasummaa diinagdeefi siyaasa) itti kennamu bahachuuf qophaa'odha.Miseensi gulantaa kanaa yeroo baay'ee lola irratti waan dabarsaniif loltuu cimaa jechamu ( B.W.A.T.G.G, 2008, Daddachaa, 2006,).

**Dooriin** immoo gulantaafi gadaa shanaffaa keessa luba jiruudha. Turtiin yeroo lubni kun gulantaa kana keessa turuu waggoota afur qofaadha.Umriin miessnsa gulantaa kanaa waggaa soddomii torbaa hanga afurtamaatti (37- 40) kan jiruudha ( Dhadachaa, 2006:37). Miseensotni gulantaa kanaa keessa jiran gulantaalee duraanii caalaa itti gaafatamummaa gama hundaa kan qabuufi yeroo itti ummata bulchuuf qophaa'aniidha. Miseensotni gulataa kana keessa jiru jila waddeessa muriinsaa raawwachuun gara gulantaa doori ce'uu isaa mirkaneeffata ( B.W.A.T.G.G, 2008, Daddachaa, 2006).

Gadaan gulantaalee sirna bulchiinsa gadaa keessaa isaa jahaffaa yoo ta'u, umiidhaan immoo waggaa afurtamii tokko hanga afurtamii saddeetii (41- 48 ) kan jiruudha. Lubni gulantaa kanaa gahee guutummaan guututti angoo ummata bulchuu kan fudhatuudha. Sababni isaan gulaantaalee adda addaa keessatti dandeettifi gahumsa gonfaachaa waan dhuufee dandeettii ummata bulchuu ni qaba.( Dhadachaa , 2006:37).

3) **Sadarkaa Maanguddummaa:** Sadarkaan kun Baatuu, Yuuba Diqqaa ,Fi Yuuba Guddaa kan of jalatti hammatuudha. **Baatuun** dhalootaan yookaan gogeessaan gadoomee baalliin kan irraa baate yookaan irraa fudhatamteedha.Gogeessi gadaa gulantaa kanaa kallattiidhaan bulchiinsa keessatti itti gaafatamummaa hin qaban. Umriin gogeessa kanaa yookaan Baatuu waggaa afurtamii sagalii hanga shantamii jahaatti (49- 56) kan jiraniidha. Gulaantaan Baatuu $8^{ffaa}$ yoo ta'u, gadaadhaan gadaa $7^{ffaa}$dha. Miseensi gulaantaa kanaa beekumsaafi muuxannoo guddaa waan qabaniif gorsa adda addaa bulchiinsaafi hawaasaaf kennuu keessatti gahee qabu. **Yuubni Diqqaan** immoo dhaloota yookaan gogeessa umrii shantamii torbaa hanga jaatamii afuriitti (57- 64) jiraniifi gulaantaa $9^{ffaa}$ fi gadaa $8^{ffaa}$ keessa kan jiran yoo ta'an ijoolleen isaanii sadarkaa kuusaa kan jiraniidha.**Yuuba Guddaan** sadarkaan

yookaan gulantaan gadaa 9$^{ffaa}$fi gulantaa 10$^{ffaa}$ yoo ta'u, umrii dhaloota kanaa jaatamii shanii hanga torbaatamii lammatti (65- 72) kan jiraniifi ijoolleen isaanii gulantaa raabaa irra kan jiraniidha. Dhalootni kun kallattiidhaan gaheen isaan bulchiinsa keessatti qaban hin jiru. Haata'u malee, seera lallabuu ,seera haaromsuufi kan kana fakkaatan keessatti hirmaachuu danda'u ( B.W.A.T.G.G, 2008).

4) **Sadarkaa Jaarsummaa:** Sadarkaan kun sadarkaa isaa dhumaa yoo ta'u, dhalootni sadarkaa kanaa gahee siyaasaa, diinagdeefi hawaasummaa keessatti qooda tokkollee hinqaban.Sababni isaas dhalootni kun umriidhaan baay'ee waan deemaniifidha. Sadarkaan kun kan of jalatti hammatuu, Jaarsaa Guduruu, Jaarsaa Qululluu Jaarsaa Raqeyafi Jaarsaa Ginyaadha. Jaarsi Guduruu sadarkaa gadaa 10$^{ffaa}$ yoo ta'u gulantaan immoo gulantaa11$^{ffaa}$dha. Dhalootni kun umriidhaan waggaa torbaatamii sadi hanga saddeettamaatti (73- 80) kan jiraniidha. Jaarsi Qululluun immoo gadaa 11$^{ffaa}$fi gulantaa 12$^{ffaa}$ yoo ta'uu umriidhaan dhaloota waggaa saddeettamaa hanga saddeettamii saddeetitti (80 – 88) jiraniidha. Jaarsa Ruqeya kan jedhamuu immoo dhaloota gadaa 12$^{ffaa}$fi gulantaa 13$^{ffaa}$ yoo ta'u, umriin isaanii waggaa saddeettamii sagalii hanga du'aatti kan jiruudha. (B.W.A.T.G.G, 2008)

**Gabatee 1. Gulantaalee Marsaa Gadaa Oromoo Gujii**

| Gulantaalee Guddinaa | Turtii Gulantaalee | | Gahee(phase) | Turtii (phase duration) | |
|---|---|---|---|---|---|
| | Waggaan | Baalliidhaan | | waggaadhaan | Baalliidhaan |
| Dabbalee | 1-8 | 1 | Dammaqaa mit. (Passive) | 1-24 | 3 |
| Qarree duraa | 9-16 | 1 | | | |
| Qarree duubaa | 17-24 | 1 | | | |
| Kuusaa | 25-28 | 1/2 | Dammaqaa dha(Active) | 25-48 | 3 |
| Raaba | 29-36 | 1 | | | |
| Doorii | 37-40 | 1/2 | | | |
| Gadaa | 41-48 | 1 | | | |
| Baatuu | 49-56 | 1 | Qooda olaanaa taphatu(retirement) | 49-72 | 3 |
| Yuuba | 57-64 | 1 | | | |
| Yuuba guddaa | 65-72 | 1 | | | |
| Jaarsa guduruu | 73-80 | 1 | | | |
| Jaarsa qululluu | 81-88 | 1 | Bilisa.(Extinctive) | 73-96 | 3 |
| Jaarsa | 89-96 | 1 | | | |
| Ginyaa | 97-du'aa | - | Bilisa | 97-du'aa | - |

(Dhaddachaa, 2006:37)

### 1.1.4.3. Lakkoofsa Ji'aa Oromoo Gujii.

Seenaa hawaasa keessaatti haalli jiruu fi jireenya keessa dabarsan walfakkaachuu baatullee leetoo yookiin jireenya ofii qaroominatti fiduudhaaf tattaaffiin godhamaa ture addunyaa tana jijjiiree jaarraa teekinoolojii keessaa galchee jira. Fakkeenyaaf jabana durii biyyoota baha giddugaleessaa keessatti qorannoofi qu'annoon umama irratti taasifamaa ture kan akka haala qilleensaa, aduu, ji'aafi urjii xiinxalli taasifamu kalaqaafi qorannoo jaarraa kana keessa samii irratti godhamuuf bu'uuradha. (B. W. A. T. G. G , 2008:54).

Ummatni tokko beekkumsa yookaan falaasama ittiin addunyaa kana yookaan wantoota mul'ataniifi wantoota hin mul'anne ittiin toa'atufi ibsu kan mataa isaa qaba.Oromoonis ummata Ardii Afrikaa keessa jiraatu tahee falaasama mataa isaa kan qabu, falaasama isaa keessaa ammoo akkaataa marsaa jireenya baraa ittiin lakkaa'u qaba. Kunis dhaha Oromoo jedhamee beekkama (Filee Jaalataa, 2016148-149).

Dahi Oromoo naannoofi lakkoofsa urjiiwwaniifi ji'a (moon) waliin akka wal qabatu Filee Jaalata (2016), Asmarom (1974) wabeeffachuun akkana jechuun yoo ibsu: " The Oromo have a calendar.The calendar is also used for the weather forcasting and divination purposes.Oromo calendar based on astronomical observations of the moon in conjuction with seven or eight particular stars or star groups called Urji Dhaha ( guiding stars )," jedha.

Daha Oromoo keessatti, guyyaan tokko sa'aatii digdamii afur yommuu qabatu,torban tokko immoo guyyoota torba yommuu qabatu, guyyootni kunneenis maqaa mataa isaanii qabu. Haatau malee maqaalee guyyoota torbanii kanneenii gosoota Oromoo adda addaa biratti maqaalee adda addaa qabu. Akka waliigalaatti maqaalee loogota Oromoo adda addaa jidduu jiru walii galchu: Dilbata, Wiixata, Kibxata, Roobii, Kamisa, Jimaataafi Sanbata guddaadha.Dabalataanis, Filee Jaalataa (achuma) Dhaha Oromoo keessatti baay'ina ji'ootaafi guyyoota waggaa tokko keessa jiranii haala asiin gadii kanaan kaaha.

> *Dhaha Oromoo Keessatti, waggaa tokko keessa ji'oota kudha lamatu jira. Ji'ootni kudha lamaan kunneenis tibbaawwan afuritti qodamu. Isaanis: Bona ,Arfaasaa, Gannaafi Birraadha. Ji'ootni kunniin maqaalee mataa isaanii kan qaban yommuu tahan guyyoonni ji'a tokko keessa jiran hundinuu maqaa dhuunfaa adda addaa qabu. Kana jechuun guyyaan jalqaba ji'aa tokko,lama,sadi .jedhe kan eegalu yookaan kan lakkaawwamu osoo hintaane lakkoofsi ji'a*

*jechaan kan eegalu tahee Boranaafi Gujii akkasumas Oromoota kanneen biroo biratti maqaan jalqaba ji'oota kun adda addaa tahuu mala.*

Ummanni Oromoo Gujiis ummata addunyaa uumamaa samii irratti qorannaa jaarraa dheeraa godhaa turuus lafa kaa'ameera. Fakkeenyaaf manguddoonni Oromoo Gujii uumama lafaatiin walqabatee "amalli dadamaa lafa hunbulaashaa ture**"** jedhu.Kana jechuun lafti naannoftuu jechuudha. Kana malees haala urjii (buusaa-7)**,** bakkalcha haala aduu, ji'a (moon system) ilaalanii ji'a, haala qilleensaa beekuuf, waqtiilee addaan baasuufi kan kana fakkataniif itti gargaaramaa turanii jiru. Xiinxala kana irraa ka'uudhaan ayyaantonni Oromoon Gujii sirna bulchiinsa gadaa keessatti gahee kana fudhachuudhan lakkoofsa ji'aa, guyyoota ji'a keessa jiranii fi amala qilleensaa ummataaf himu. Lakkoofsi ji'aa kun sochii ji'aafi urjii irratti kan hundaa'u yoo ta'u, sochii ji'aa iddoo sadeettiti adda baasanii guyyoota ji'a tokko keessa jiran maqaa itti moggaasuudhan lakkoofsa raawwatu Barruun W.A.T.G.G.(2008) Sadarkaalee sochii ji'aa haala armaan gadii kanaan kahaa.

Jalqabii ji'aa guyyaa 1^ffaa-------------------- Baatii lu'oo jedhama

Guyyaa 2^ffaa- 12^ffaa -------------------------- Baatii jedhama.

Guyyaa 13^ffaa---------------------------------- Qoti baha ji'aa jedhama

Guyyaa 14^ffaa- -------------------------------- Qoncoora jedhama.

Guyyaa 15ffaa--------------------------------- Goobana jedhama

Guyyaa16^ffaa------------------------------------ Durrisii/guyyaa tokkeessoo dukkanaa jedhama

Guyyaa 17^ffaa-19^ffaa ---------------------------- Dukkana jedhama

Guyyaa 30ffaa---------------------------------- Gadi dabara jedhama.

**1.1.4.4.Maqaa Guyyoota Ji'aafi Ayyaanotaa Oromoo Gujii**

Haala lakkoofsa guyyootaa ilaalchisee ji'a keessatti guyyoonni maqaan moggaafaman 27 kan jiran ta'ee guyyoonni ji'aa 24 hundi ayyaana 'bitaa qaraa, bitaa gidduu, fi bitaa eegee' jedhaman sadi kan qaban yoo ta'u ji'oonni Adoolessaa, Arraasaa, Badheessaafi Caamsaa ayyaanni bitaa gidduu osoo itti hindabalamiin bitaa qaraafi bitaa eegee qofa

qabu. Ayyaanotaa 24 irratti bitaan gidduu yoo itti dabalame ayyaanotni jiini ittiin lakka’aman 28 ta’a. Kanaaf ji’oota waggaa keessaa Adoolessi , Arraasni, Badheessifi Caamsaan guyyoota 27 yoo qabatan ji’oonni hafan saddeetan guyyoota 28 qabu. Akka lakkoofsa Oromoo Gujiitti waggaan tokko guyyoota 332 qabu (Barruu Baalli $74^{ffaa}$ wajiraa Aadaafi Turizimii Godina Gujii Guraandhala,2008).

Haaluma walfakkaatuun, Jamjam fi Dhaddacha ( 2011:327) yoo kaa’u ,“in each moth there are twenty-eight ayyana in some region ends and twenty seven at others permutated though the twelve months of the year” jedha.

Akka barruu baalli $74^{ffaa}$ Wajiraa Aadaafi Turizimii Godina Gujii (Guraandhala, 2008) irratti ibsametti guyyootta ji’aa yookiin ayyaanota kunneeniin lakkoofsi kan moggaafamu ta’ee, maqaa qabaachuu qofaa osoo hin taane qajeellummaafi hammeenyummaa guyyaan qabu ittiin kan ibsaman ta’a.Haalumaa kanaan ayyaanonni kunniin haala armaan gadiitiin ibsamaniiru.

Gabatee 2.Guyyootaa Fi Ayaanota Guyyootaa Oromoo Gujii

| | | |
|---|---|---|
| **1.** | Karaabicha----- | Guyyaa yaa’i godaanu, guyyaa kabajamaa mukni gogaan itti hin muramneedha. |
| **2** | Gardaadumaa - | Gaafa yaa’i ardaa jilaa qubatu. |
| **3** | Busaawaa qaraa | Guyyoonni sadan kun guyyaa bineensotaa jedhamee waamama. Daa’imman guyyaa kana dhalatan guyyaa gaariin ilaalamee akka guyyaa dhaloota isaanii ta’ee mogaafamaaf malee gaarii hin ta’u jedhamee amanama |
| **4** | Busaawaa jidduu | |
| **5** | Busaawaa eegee | |
| **6** | Gidaadaa ------ | Guyyaa dhaalaa miil’oo jedhama.Akka Oromoo Gujiitti guyyaa kanaa daa’imni dhalate hanga obboleewwaan isaa hundi du’anitti hin du’uu jedhamee amanama. |

| | | |
|---|---|---|
| **7** | Ruuda---------- | Guyyaa dubartii, akkasumas guyyaa loonii jedhamee waamama. Guyyaan kun guyyaa ayyaanni loon ilaallatu kamuu itti gaggeeffamuudha. Haata'uu malee, guyyaa kanatti cidhii hin gaggeeffamu. Akkasumas daa'imman akka dhalatan hin barbaadamu. |
| **8** | Areerrii badhoo | Areerriin laman kun guyyaa ayyaanoyni maqaa baasaa hin raaww atin itti raawwataniidha.Kanaaf ayyaannifi kadhaan namoota Qooddi kana keessaa jiraniis itti gaggeeffamuudha.Cidhii guyyaa kana hin gaggeeffamu/hinadeemsifamu. |
| **9** | Areerrii garbitti | |
| **10** | Adulaa qaraa-- | Guyyoonni kun guyyaa bareedaafi gammachuu ji'oonni arraasaa, Caamsaafi adoolessaa keessa jiruudha. Guyyoota kanatti jiloonni akka cidhaa, maq-baasaafi kkf…kan itti gaggeeffamaniidha. |
| **11** | Adulaa eegee-- | |
| **12** | Harraattuu----- | Guyyaa ardaa du'aatti bahaaniidha |
| **13** | Deettii --------- | Ayyaana mirgaati.Guyyaa duulanii ajjeesuun milkaa'anii itti galaniidha.Dabalataaniis guyyaa durba itti kadhataniifi araarri itti raawwatuudha. |
| **14** | Garba -------- | Guyyaa roobaa jedhama. |
| **15** | Bitaa qaraa | Guyyaa sadan kun guyyaa roobaafi dubartii jedhamee beekkama. Guyyaa kana jiloonni akkaa cidhaa,eebbaa maqbaasa fi kan biro hin gaggeeffamu |
| **16** | Bitaa gidduu | |
| **17** | Bitaa eegee | |
| **18** | Soorsaa--------- | Guyyaa dhiiraa jedhama.Ayyaana mishaa guyyoota keessa jiraniidha. Guyyaa waraana, adamoofi kudhaa itti geessaniidha. |
| **19** | Algaajimaa---- | Guyyaa yaa'i itti kadhatu, guyyaa dhaala miil'oo edhama. |
| **20** | Arba------------ | Guyyaa arbaa yookaan ideemsaa jedhama.Guyyaa kanatti cidhii hin gaggeeffamu.Sababni isaas dubartiin guyyaa kana heerumtee dhirsaa isheetiif jaalala hin qabaattu.Ayyanoonni aadaas hin Gaggeeffaman. |
| **21** | Baasa Qaraa | Baasaan lachuu guyyaa booyichaa jedhamaniiwaamamu. Kanaaf guyyaan guyyaa rakkoon guutameedha jedhama. |
| **22** | Baasaa Eegee. | |

| | | |
|---|---|---|
| **23** | Carrawwa------ | Guyyaan kun guyyaa daa, immaniiti.Dhimmooni daa’ imman ilaalaata guyyaa itti adeemsifamanidha. |
| **24** | Dureettii------- | Guyyaa loonii jedhamee waamama.Guyyaa fayyummaan isaaniif akka walhoran itti kadhatamuudha.Guyya kana ayyaana isaanii w aan ta’eef loon hinqalaman.Cidhi ni gaggeeffama. Da’imni guyyaa kana dhaltu sooressa ta’a jedhama; garuu obbleewwan isaa isaandura du’ u jedhama. |
| **25** | Dullattii ------- | Ayyaana nama guddaati. Guyya kana maatiin nama guddaa yookiin du’e gara aradaa_dhaalaa deemuun nama du’e sanaaf qalma gaggeessu.Namni guddaan guyyaa kana yoo du’e akka carraa gaariitti ilaallama; sababni isaas miseensonni maattii nama sanaaumrii namni tokko jiraachuu qabu nidhaqqaba jedhamae waan amanamuuf. |
| **26** | Shalbaana Bidirsaa: ----- | Guyyaa Waataa Birraa yookiin hojii harkaa .jedhamee beekkama Guyyaa kanniisaas jedhamee waamama. Bidirsaan waa moo’achudhaaf guyya humna qabeessafi injifannoo godhamee fudhatama. Daa’iimni guyyaa kana dhalatus dhimmoota kana waan guutuuf yoo eebbises bu’aa nibuusa jedhamee amanama. Cidhaafi waa ajjeesuudhaf guyyaa carraa qabeessa.Guyyaan kun guyyaa abbaafi ilmi durba kadhachuuf itti socho’anidha.Jila |
| **27** | Shalbaana Deettii:------ | gaggeessuuf garuu mijaawaa miti.Daa’imni guyyaa kana dhalatus carraa qabeessa ta’a jedhama.Daa’imni guyyaa kana dhalatus dhimmoota kana waan guutuuf yoo eebisise bu’aa buusa jedhamee amanama (JamjamUddeesaafi Gololchaa, 2011). |

### 1.1.4.5. Aadaa Fuudhaafi Heerumaa Oromoo Gujii

Gaa’elli hariiroo abbaa manaafi haadha manaa uumuuf dubartiifi dhiira gidduutti walitti dhufeenya uumamuudha. Kunis haalaa aadaa, duudhaafi seera hawaasichaarratti hundaa’uun fudhatama argata. Akka Taaddasaan (2006) kaahetti “ Ummata Oromoo Gujii keessatti akaakuu gaa’elaa afur kan jiru yoo ta’an, isaaniis:Kadhaa, Butii, Hawadii Adibaana jedhamu.

### 1.1.4.5.1. Kadhaa

Kadhaan seera fuudhaafi heerumaa Oromoo Gujii keessaa isa tokko ta'ee, kan abbaan gurbaa bifaafi qalbii intalaa akkasumas gosaafi haala jireenya warra ishii jaallatee maatii intalaa kadhatee ilma isaa fuusisudha. Sirni fuudhaafi heerumaa kadhaa kun adeemsa mataa isaa qaba. Dura abbaan gurbaa akka aadaa Gujiitti tamboofi buna xiqqaa qabatee gara mana abbaa intalaa dhaqee intalli nama biraatiin kadhatamuufi dhiisuu ishii gaafata. Yoo hin kadhatamne ta'e, intala isaanii ilma isaatiif akka jaallateefi akka kaayoo ilaalaniif gaafata. Akka kanaatti abbaan intalaa akka aadaa Gujiitti kaayoo ilaallatee yoo kaayoon kenniteef, akka kaayoon kenniteef beeksisuun akka kadhatu hayyamaaf. Yoo kaayoon gaarii hinta'iin garuu akka kaayoon kennuufi didde beeksisuun akka kan biroo barbaaddatu itti hima. Kaayoon kenniteefii Kan fuudhu yoo ta'e, kadhaadhaan waggaa tokkoo hanga waggaa sadiitti turuu nidanda'a.

Itti aansee kan dhufu gabbara gaafachuudha. Gabbaraaf abbaan intalaa goromsa lamaafi jibicha tokko (horii sadii) gaafata. Horiin erga kennamee booda, abbaan intalaa jila qopheeffatee firaafi ollaaw aammatee intala isaa jaalatee kennuu isaa beeksisa. Yeroo kennus si'a sadii "Intala koo jaaladhee ilma keessaniif kenneera," jedha. Itti fufee akka ija hinjaamsine, ilkaan hincabsine, harka hincabsine, miila hincabsineefi akka mataa hin dabsine erga dhaamee booda, akka horaniifi nagaan jiraataniif eebbisa. Kanaan warri gurbaa sirbaa intala fudhatee gala. Intalli heerumte yoo bantii dhabde goromsa warra isheetiif ergan gurra muranii ergu. Kanaan ala homtuu intalarra hin gahu.

### 1.1.4.5.2. Hawwadii

Hawwadiin akaakuu fuudhaafi heerumaa keessaa tokko ta'ee fedhii jara lamaanii (gurbaafi intaalaa) irratti kan hundaa'udha.Sirna fuudhaafi heerumaa kana keessatti warri gurbaas ta'ee warri intalaa qooda hinfudhatan. Akka aadaa Oromoo Gujiitti sirna fuudhaa kana keessatti gurbaatu intala ofii jaallatetti nama ergatee haasa'ata. Intallis gama isheen eenyummaa gurbaafi kan warra isaa qoratti.Qorattee duubni maatii isaa kan warra ishiifi gosa ishii hinsaalfachiifne yoo ta'eefi yoo jaalatte ta'e, 'tole,' jettee gara isaa dhaqxi. Yoo jibbite garuu nididdi. Erga intalli baatee guyyaa lama bulte booda abbaan gurbaa gara warra intalaatti jaarsa ergata. Jaarsis akkas jedha "Namni keessan badee ana bira jira, manaa hinbahinaa, malkaa hinbu'iinaa, hinbarbaadiina, manatti na eega anatu dhufa"

jedhee dhaama. Abbaan intalaa kana dhageenyaan guyyaa isaan itti deebi'an beellamee manatti eega. Guyyaa beellamaa abbaan gurbaa jaarsa fudhatee dhaqee ol seenee taa'a. Kana booda abbaan gurbaa abbaa intalaatiin "Abbaa ebeluu!" jedhee waama .Abbaan intalaas "Yaa" jedhee owwaata. Abbaan gurbaa yeroo afur irra deebi'ee "Jabbiin tee jabbii kiyya faana galteetti," jedha. Erga kan jedheen booda jaarsolii fudhatee dhufeen " Narraa araarsaa, kontoma Daarimuu, narraa qabaa,"jedhee gaafata.Jaarsoliinis abbaan gurbaa goromsa bantii yookiin jabbii tokkoofi jibicha lama akka kennu murteessu. Kanaan booda manguddoonni araarsanii soddaa waliif ta'uun firummaa jabeeffatu.

### 1.1.4.5.3. Addibaana

Akaakuu fuudhaafi heerumaa kun iddoo tokko tokkotti aseennaa jedhamuun beekkama. Akaakuun sirna fuudhaafi heerumaa kana keessatti intalli warra ishee dhiisuun osoo gurbaafi warri gurbaa hin beekin yooka quba hin qabaatin gurbaa jaalatti.Sana booda fedhii ishiitiin siinqee qabattee barii gara mana warra gurbaa dhaqxi.Yeroo achi geessu ala dhaabattee warra manaa waamtee nagaa erga gaafatteen booda ol seenti. Kana boda "Adda jabaadhaa, addibaana fakkaadhaa, taqeen abaluu eessaa?" jettee bakka ciisicha gurbaa gaafatti. Erga itti agarsiisaniin booda ol dabartee teessi. Gurbaan garaan isaa yoo intalatti addibaana dhufte kana hinjaalanne yoo ta'e diduu danda'a.Garuu yeroo hedduu walii galu. Sababni isaa intalli addibaana dhaqxu kan mudaa qabdu, tan nama fuudhu dhabde, haftuu yookaan jibbamtuu taatee osoo hintaane, jaalala gurbaa kan qabdu qofa waan ta'eefi. Kana yommuu jennu aadaa hawaasichaa keessatti kan mudaa qabdu adibaana hin dhaqxu jechuu miti. Gurbaan intalli addibaana itti dhaqxes akkuma warra kaanii jaarsa warra ishiitti ergee araarfatee daraaraa yookiin goromsaafi jibicha kenna.Kanumaan soddaa walii ta'u.

### 1.1.4.5.4. Butii

Butii sirnaa fuudhaafi heerumaa keessa tokko ta'ee kan gurbaan fedhii intaalaafi maatii isheetiin ala yeroo intalli qoraan, bishaan yookiin loonii galtu eeganii humnaan fudhatanii galuuniidha. Akaakuun fuudhaa kun seeraa ala kan raawwatu waan ta'eef hin jajjabeeffamu. Hanga araarri bu'utti warra intalaa fi gurbaa gidduutti waldhabbii guddaa uumuu danda'a.Erga butee fudhatee galeen booda, innis akkuma hawwaadii warra

intalaatti jaarsa ergata.Araarri butii garuu kaanirra nijabaata.Abbaan intala butamtee warra buterraa jabbii torba fudhata.Kanumaan walitti araaramanii soddoomu.

### 1.1.5 .Ibsa Gabaaabaa Haaala Ummata Uraagaafi Haala Jireenya Isaa

Qorannoon kun Aanaalee godinni Gujii keessaa Aanaa Uraagaa irratti kan xiyyeeffate waan ta'eef haala teessuma lafa aanichaafi haala jireenyaa ummaata aanichaa gabaabsinee ilaaluu yaalla.

Aanaan Uraagaa aanaalee godina Gujii keessaa tokko yoomuu taatu, kibba baha Oromiyaatti magaalaa gudditti Finfinnee irraa 434km , magaalaa gudditti godina Gujii Nageellee Boranaa irraa immoo 195 km kibba baha magaalaa gudditti godina Geediyoo kan taate magaalaa Dillaa irraa 69km fagaattee argamti. Aanaan kun kibba bahaan aanaa godina Gujii kan taate aanaa Daamaan fi Aanaa Booreetiin, Lixaan Aanaa Diimtuu Hamballaa, Kibbaan aanaa Oddoo Shaakkisoo, kaabaan naannoo sabafi sablamoota uummatootaa kibbaatiin daangeeffamtee argamti. Magaalli guddoo aanichaa Haro Waachuu ( maqaa duriitiin Soollamoo ) jedhamuun beekkamti. Magaalli Haroo Waaccuu sarara gadee (latitude) fi olee (longitude) digirii $60^{0}$9'60" kaabaa fi $38^{0}$34' 59" baha sara dalgee irratti argamti.

Olka'iinsa lafa fi haala qillensa naannichaa yoo ilaallu, irraa caalli lafa aanichaa olka'iinsa gidduu 1800- 2000 m qixa sirrii galaanaa irratti argamti. Lafti aanichaa bu'aa ce'ii , pilaatoowwaniin kan marfamteedha. Haalli qilleensa aanicha irra caalaan, baddaa, badda dareefi gartokkeen kibbaafi kibba bahaa gammoojjidha. Haalli qilleensa aanichaa haala qilleensa kibbaa biyyattii waliin kan walfakkaatu yoo ta'u, roobni gannaa olaanaan ji'oota waxabajjii hanga hagayyaatti rooba yoommuu argatu, rooba arfaasaa gad- aanaa oomishaa qonnaaf mijataa ta'e ji'oota bitootessa hanga caamsaatti kan argattuudha. Hammi rooba waggaa giddu galeessaan 1258mm yommuu ta'u, teempireecharii ol aanaan 27 % , gadanaan 16%dha. Aanichi laggeen gannaafi bona akkasumas wayitii gannaa qofa yaa'an hedduun qaxxaamuramti. Laggeen gurguddoon gannaa bona yaa'an kanneen akka laga Booyyee, laga Baanyeefi laga Sonqollee, lafa olka'oofi pilaatoowwan aanichaa jalaa madduun kallattii kibba bahaatti yaa'uun laga Daawwaatti makamu.

Diinagdeen ummata aanichaa qonnaa fi horsiisa loonii irratti kan bu'uureffateedha. Irra jireessaan gosoota midhaanii kanneen akka xaafii, garbuu, boqqoolloo, baaqelaa, fi ataraa ni oomishamu. Akkasumas kuduraafi muduraaleen kanneen akka dinnichaa, timaatimii kaarotii, hundee diimaa, maangoo, abookaadoo, muzii, fi kkf baay'inaan ni oomishamu. Kana malees miidhaa gabaaf oolu keessaa bunni haalaan oomishama.Miidhaa nyaataaf oolu keessaa inni beekkamaan warqeedha.

Gama horsiisa horiitiin yoo ilaalle, horii gaafaa, hoolaa, re'ee, kotte duudaa keessaa farda, baay'inaan horsiifamu. Aanichi bosonaan kan beekamuu ta'uu isaa irraa kan ka'e horsiisa kanniisaatiinis baay'ee beekkamti.

Akk ragaa istaatiksii (2015) waajiira barnootaa aanichaa irraa argame ibsutti aanichi mana barnootaa oolmaa daa'immanii 3 sadarkaa tokkoffaa 49, sadarkaa lammaffa 4, mana barnootaa qophaa'inaa 1 fi koollejjii barnoota leenjii teeknikaafi Ogummaa 1 kan qabduudha.Gama eeggumsa fayyaatiin aanichi buufata fayyaa 5 qofa kan qabuudha.

Akka ragaan istaatiksii (2007) irraa argame ibsutti aanaa Uraagaa keessa sabaafi sablamootni adda addaa kan jiraatan yoo ta'u irra caalaan Oromoo yoo ta'u (74.5%),Geedi'oo (23.26%), Ahmaara (1.49%) fi kanneen biroo (0.75%) ta'u. Haaluma walfakkaatuun Afaan Oromoo (75.16%), Afaan Geedi'oo (22.89), Afaan Amhaaraa (1.61%), kanneen biroo (0.34%) kan dubbatamuudha.

Gama amantiin immoo yoo ilaalle, aanichaatti hordoftoonni amantii adda adda kan jiraniidha. Amantoota kanneen keessaa amantiin Pirooteestantii (70.64%), amantii Ortodoksii (4.46%), Kaatoolikii ( 6.11%), Waaqeffannaa (13.05)fi Muslimni (2.32%) ta'u.

### 1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Ummanni kamiyyuu aadaa, dhuudhaa, safuufi falaasamaa mataa isaa qaba. Aadaan, duudhaan, safuufi falaasmni hawaasa tokkoo haala jiruufi jireenyaafi sochii walii galaa kan hawaasni tokko jireenya ofii ittiin gaggeeffatuudha. Gochoonni hawaasni tokko jireenya ofii gaggeessuuf raawwatuufi akkaataa itti raawwatu hundi aadaa, duudhaa, safuufi falaasama hawaasichaati.

Filee Jaalataa (2016:3), Maalummaa aadaa yommuu ibsu,"Aadaa jechuun mala yookaan akkaataa murni, hawaasniifi ummatni tokko jiruufi jireenya isaa ittiin gaggeessu; walii galu; ittiin kalaqu; ittiin mala dhahu; waliin jiraatu; waliif ibsatu; wal to'atu; wal abboomu; walumaa galatti; heeraafi seera ittiin bulmaataafi mallattoo hawaasicha yookaan murna aadaa sana aadeffatuuti jechuun ni danda'ama." jedha.

Haaluma walfakkaatuun Fileen (2016) Maalummaa aadaa ilaalchisee Georges fi Robert (1995) wabeeffachuun itti dabalee yommuu kaahu, "culture is the total way of life of a society. There fore, any human activity is culture. That is the way we walk, we talk and we dress are part of our culture,"jedha.

Akka yaada olii kanaatti, gochootni hawaasni tokko jireenya isaa gaggeessuuf raawwatu hundi aadaadha. Kana jechuun aadaan akkaataa uffannaa, akkaataan deemsaa, akkaataan akkaataan dubbannaa hundi aadaadha jechuudha.

Ummatni Oromoos ummata aadaa, duudhaa, amantaa mataasaa, falaasamaafi qoroomina mataa isaa qabu ta'uun beekkamadha. Aadaan Oromoos mallattoofi ibsituu eenyummaa saba Oromooti. Haa ta'u malee aadaa, duudhaafi falaasamni Oromoo ibsituu eenyummaafi maalummaa isaa ta'e kun gadi fageenyaan qoratamee dhaloota har'aafi dhaloota dhufuuf kaahameera jechuun hin danda'amu. Yaaduma kana kan cimsu Aadaam Kadiir(2008:1) akka armaan gadiiti kaahee jira.

> *Ummatni Oromoo akkuma ummata biroo aadaa boonsaa mataasaa akka qabu beekkamaadha. Aadaa boonsaa kanaa addunyaatti beeksisuuf tattaaffiin adda addaa godhamaa ture jira. Haata'u malee, aadaa, adda addaa filanii gadi faggeennan hojjachuufi dhaloota amma jiruufi kan uf dura dhufu aadaa isaa beekee akka itti fayyadamu gochuu irratti waa heddutuu hafa. jechuun ibsee jira.*

Yaada Aadam irraa hubachuun kan danda'amu,aadaan Oromoo kun gadi fageenyaan qoratamee dhalootni har'aa akka itti gargaaramuufi eenyummaa ofii beekee guddatu gochuufi dhaloota egereef hambaan aadaa kaahuuf gadi bu'amee wantootni qoratamuu qabu akka jiruudha.

Ummata Oromoo aadaa, duudhaa, amantaafi falaasamaa mataa isaa qabu keessaa tokko ummataa Oromoo Gujii yommuu ta'uu, aadaafi duudhaanfi beekumsi ummata kanaa gadi bu'amee qoratameera jechuun hin danda'amuu. Kanumaarraa ka'uun qorataan kun

mata duree “Xiinxalaa Beekkumsa Oromoo Gujii Moggaasa Maqaa dhuunfaa: Namaa, Beeyiladootaa, Biqolootaafi Simbiroota irratti qabu” jedhu irratti qorannoo gaggeessuuf murteesse. Beekkumsa hawaasaa jechuun muuxannoo hawaasni naannoo tokko jiruuf jireenya isaa keessatti horachuun afaaniifi gochaan dhaloota irraa dhalootatti dabarsaa dhufeedha. Karaa biraatiin, beekkumsi aadaa eenyummaafi ilaalchaa addunyummaa (world view) hawaasni naannoo tokkoo qabu kan calaqqisiisudha.

Grenie (1998) beekkumsa yommuu hiiku, “indigenous knowledge is refers to the uniqe traditional local knowledge existing with in the minds of the indigenous society and develops around specific conditions of a particular geograpica area,” jedha. Akka yaada kanaatti,beekkumsa jechuun beekkumsa aadaa naannoo tokko keessatti beekkamu, sammuu hawaasichaa aslii (original) keessatti uumamee kan jiru akka ta’eedha. Beekkumsi kunis dhaloota irraa dhalootatti dardarbaa kan dhufe ammas darbaa kan jiru afoolaan ta’uu isaati.

Dabalataanis, odeeffannoon toora interneetii irraa argame beekkumsaa yommuu ibsu akka armaan gaditti kaaha.

> *Traditional knowledge refers to the knowledge, innovations and practices of indigenous and local communities around the world. Developed from experience gained over the centuries and adapted to the local culture and environment, traditional knowledge is transmitted orally from generation to generation. It tends to be collectively owned and takes the form of stories, songs, folklore, proverbs, cultural values, beliefs, rituals, community laws, local language, and agricultural practices, including the development of plant species and animal breeds.(nafaforestry.org/forest-home/documents/tkdefs-FH-19dec06)*

Odeeffannoo armaan olii irraa hubachuu kan danda’amu,beekkumsa aadaa jechuun beekkumsa, kalaqa yookaan argannoofi muuxannoo hawaasaa naannoo addunyaa kanaa ta’uudha. Beekkumsi aadaa (indigenous knowledge) muuxannoo hawaasni bara dheeraaf horate irraa ka’uun, naannoofi aadaa hawaasa naannoo tokko keessatti kan guddateefi dagaage ta’uu isaa hubachuun ni danda’ama.Beekkumsi aadaa kunis: afseenaawwan, sirbootaa aadaa, durdurii, mammaaksota, aadaa, amantaa, ayyaanota (rituals) , duudhaa hawaasaa (safuu hawaasaa) ,afaan naannoo, hojiilee qonnaa,horiisa looniifi kunuunsaa naannoofi kan kana fakkaatan kan of jalatti hammate ta’uudha.

Kanaafuu qorataan kunis qorannoo kanaan beekkumsi Oromoo Gujii Moggaasa maqaa dhuunfaa: Namaa, Beeyiladootaa, Biqolootaafi Simbiroota irratti qabu maal akka fakkaatu kan xiinxaluun dha.Mataduree kana irratti qorannoo kana gaggeessuf ka'umsa kan naa ta'e, yeroon ogummaa barsiisummaatin Godina Gujii Aanaa Uraagaatti qacarame irraa kaasee loogaa addafi maqaa addaa barattootaafi ummataa naannichaa irraa dhagahu baay'ee adda natti ta'aa ture. Kanuma irraa ka'uun gaaffii Ummatni Oromoo Gujii maqaa dhuunfaa ijoollee maal irratti hundaa'ee Moggaasa? Hiikni maqaalee kanneeniis maal ta'a laata? gaafii jedhu natti uume? Kanuma irraa ka'uun mata duree kana irratti qorannoo akkan gaggeessu murteesse. Kanaafuu qorannoon kun gaaffiilee armaan gadii kanneen ni deebisa jedhamee abdatama:

- Oromoon Gujii maqaa dhuunfaa: (Namaa, Beeyilladootaa Simbirootaafi Biqilootaa maal irratti hundaa'ee moggaasa?
- Maqaa dhuunfaa (nama, belladootaa, biqilootaafi simbiroota) Oromoo Gujii hiika akkamii qaba?
- Maqaa dhuunfaa namaafi, biqiloota Oromoo Gujii gidduutti moggaafaman gidduu hariiroon jiru maal inni? Hariiroon jiru kunis garamii garamitti fuulleffata?
- Maqaa dhuunfaa daa'immanii Oromoo Gujii eenyuun moggaafama?
- Maqaan Simbiroota kaayoo jedhamuun hawaasa Oromoo Gujii biratti beekaman isaan kam? Kaayoo akkamiitiifis oolu?
- Maqaan biqiloota yookaan mukkeen jilaa jedhamuun Oromoo Gujii biratti bekkaman isaan akkamiti? Biqilootni yookaan mukkeen jilaa kunneen jila yookaan sirna akkamiitiifis oolu?

### 1.3. Kaayyoo Qorannichaa.

Qorannoon kun kaayyoowwaan gurguddoo lama galmaan gaha jedhamee amanamaa.

#### 1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon Gooroo qorannoo kanaa Beekkumsa Oromoo Gujii Moggaasa Maqaa Dhuunfaa: nama, belladootaa, biqilootaafi simbiroota irratti qabu xinxaluudha.

#### 1.3.2. Kaayyoo Gooree

Kaayyoon gooree qorannoo kanaa kanneen armaan gadiiti.

- Wantoota Oromoon Gujii maqaan dhuunfaa (Nama, Belladootaa, Biqilootaafi Simbirootaa) irratti hundaa'ee moggaasu addaan baasuun ibsuu.
- Hiika maqaa dhuunfaa (nama, belladootaa, biqilootaafi simbiroota) Oromoo Gujii addeessu
- Hariiroo maqaa dhuunfaa namaafi, biqilootaa Oromoo gidduutti moggaafaman gidduu jiru agarsiisuu.
- Maqaan dhuunfaa daa'immanii Oromoo Gujii eenyuun akka moggaafamu addaan baafachuu.
- Maqaa Simbiroota kaayoo jedhamuun hawaasa Oromoo Gujii biratti beekaman adda baasuun kaayoo akkamiitiif akka gargaaran ibsuudha.
- Maqaa biqiloota yookaan mukkeen jilaa Oromoo Gujii biratti beekkamanii addaan baasuun jila akkamii keessatti qooda akka qaban ibsuu

### 1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon kun qoratamee erga xumuramee booda qaamolee adda addaa kallattii adda addaatiin fayyaduu danda'a.Tokkoffaa, moggaasni maqaa dhuunfaa ( namaa, beelladaa, biqilootaafi simbirrootaa) Oromoo Gujii aadaa, beekumsafi falaasama hawaasni qabu dhalootni haaraan akka baraniifi itti fayyadamaaniif ni gargaara.Kanamalees namootni aadaa,duudhaa,safuufi falaasamaa hawaasa Oromoo Gujii hin beeknee akka madda odeeffannootti gargaaruu danda'a. Akkasumas Waajjirri Aadaa Fi Turizimii Godina Gujiifi Aanaa Uraagaa aadaa hawaasichaatiif xiyyeeffannoo kennee akka hojjatuuf ni gargaara.Kana malees qorannoon kun namoota mata duree kana irratti qorannoo gadi fagoo gaggeessuu barbaadaniif akka mada ragaatti gargaaruu danda'a.

### 1.5. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun kallattii lamaan (2)n kan daangeffame yoo ta'uu ; innis:bakkaafi qabiyyee qorannichaati. Qorannichi bakkaan Oromoo Gujii Uraagaa irratti qofa kan daangeeffameedha. Sababni ummata Oromoo Gujii Uraagaa qofa irratti xiyyeeffateef haganaawwaa ummata Oromoo Gujii sadan (Uraagaa, Maattiifi Hokkuu) keessaa Uraagaan hangafa waan ta'eef aadaan duudhaa, safuufi beekumsi ummata Uraagaa kanneen biroo bakka bu'uu danda'a jedhamee waan yaadameefidha.Gama qabiyyeetiin sababa hanqinaa yeroo fi baajataa irraa kan ka'ee xiinxala Beekkumsa Oromoo Gujii

Moggaasa Maqaa Dhuunfaa: (Namaa, Beelladootaa, Biqilootafi Simbiroota) Irratti Qabu jedhu qofa irratti daanga'uu danda'ee jira.

### 1.6. Hanqina Qorannichaa

Qorannoo gaggeeffamu tokko keessatti rakkooleen tokko tokko qorataa muudachuu danda'an jiraachuu malu. Qorannoo kana gaggeessuu keessattis rakkoolee tokko tokko qorataa muudachuu danda'anii jiru. Rakkoo kunis: Meeshaalee sakatta'a barruu mata duree qorannichaa waliin walqabatan gahaan argamuu dhabuun qorannaaf hanga tokko gufuu ta'uu danda'eera.Kana malees, odeeffannoo qorannoo kanaaf barbaachisaan funaanuu keessatti odeef-kennitootni odeeffannoo sirrii ta'e kennuu irratti fedhii guutuu dhabuun beellama irraa hafuufi kan kana fakkaatu qorataa muudachuu danda'eera. Kana malees, haala nageenya yeroo irraa kan ka'e tajaajilli intarneetii addaan cituun odeeffannoo qorannoo kanaaf barbaachisuu karaa toora interneetii irraa argachuu irratti danqaa guddaa ta'ee jira.Ta'us qorataan rakkoolee isaa muudatan hunda carraaqqii guddaa taasisuun bira taruun qorannichaa haaluma karoora isaatiin yeroo jedhame keessatti dhiheessuu danda'ee jira.

## Boqonnaa Lama: Sakatta'a Barruu

Boqonnaa kana jalatti sakatta'a barruufi yaaxxina qorannichaatu dhihaate.Sakatta'a barruu kanaan yaada beektonni adda addaa maalummaa maqaa irratti, madda yookaan dhuftee maqaa irratti, maalummaa maqaa dhuunfaa, hiika maqaa dhuunfaa namaa, qaamolee moggaasa maqaa gaggeessuu danda'an irratti, akkaataa moggaasa maqaafi muxannoo Oromoon moggaasa maqaa irratti qabantu dhihaate.

### 2.1 .Yaaxxina Qorannichaa

Afaan dhala namaa hunduu; aflattoon (sign language) alatti jechoota mataa isaanii qabu. Maqaan akaakuu kamiiyyuu jechootaa afaanichaa kanarraa moggaafama. Akka galmee jechaa 'Collins Shorter English Dictionary'jedhu kaahutti "a word is one of the units of speech or writing that is the smallest meaningful element of a language, although linguists would analyse these further into morphemes." Jedha.

Akka yaadaa kanaatti jechi unka afaanii xiqqaafi hiika qabeessa ta'ee kan afaan dubbiifi barreeffamaa keessatti tajaajiluufi akkasumas, dhamjechootatti qoodamuu kan danda'uu dha.Gama biraatiin maqaan ammoo jecha namni yookaan wantootni gamtaan yookaan dhuunfaan itti waamamaniidha.Maqaan amala aadaa (aspects of culture) dhala namaati. Aadaan Kan hawaasati; hawaasa jalatti hammatama. Kanaafuu hawaasni bu'uura aadaa ti. Aadaan hawaasa tokkoo afaan hawaasichaatiin baattama. Gama biraatiin immoo maqaan wanta tokkoo aadaafi eenyummaa hawaasichaa waliin walitti hidhata. Kanaafuu maqaan hawaasa irraa addatti bahee qoratamuu hindanda'u. Waan kana ta'eef qorannoon maqaa dhuunfaa yaaxxinaa qorannoon xinqooqaa hawaasummaafi ximaddaa jalatti ilaalamuu ni danda'ama.

Yaada olii kana ilaalchisee, (Kofi Agyekum, 2006), Algeo (1992:727) Wabeeffachuun akka ibsametti, " The study of personal names is referred to as anthroponomy. Anthroponomy is related to genealogy,sociology and anthropology. Anthroponomy falls under the umbrella of onomastics that deals with the study of proper names including their forms and use, " jedha.

Akka yaada armaan olii irraa hubachuun danda'amutti, qorannoon maqaa namaa 'antiroopponomii' (antrophonomy) waliin walqabata. Antrooponomiin immoo hidda latiinsa, hawaasummaafi xinmadda waliin walitti hidhata. Antrooponomiin dibaabee onomaastiikii kan waa'ee maqaa dhuunfaa, tajaajilaafi unka maqaa dhuunfaa qoratu jalatti hammatama. Kanaafuu 'Onoomaastikiin' saayinsii waa'ee maqaa dhuunfaa, Unkaafi tajaajilaa maqaa dhuunfaa qoratuudha jechuun ni danda'ama.

Haaluma walfakkaatuun, Machaba Mbali A. (2004) niin, akka ibsametti," Onomastics is defined as the scientific study of names.Names may include personal names, place names, birds' names, etc."Akka yaada armaan olii kanatti'Onoomaastikiin'qorannoo saayinsawaa waa'ee maqaa qoratuudha. Maqaan immoo maqaa namaa, maqaa bakkaa yookaan iddoowwanii , maqaa sinbirootaafi kan kana fakkaatan ta'uu danda'a.

Kanamalees, Machaba Mbali.A. (2004), Crystal (1985:314) wabeeffachuun akka ibsametti, "A branch of semantics which studies the etymology of institutionalized ('proper') names, such as the names of people ('anthroponomy') and places ('toponymy')." Jechuun kaaha.Yaada kana irraa hubachuu kan dandeenyu 'Onoomaastikiin' dameen xinhiikaa kan waa'ee maqaa dhuunfaa (proper names) kannneen akka maqaa namaa qoratuu (antroponomy) fi maqaa iddoowwanii qoratu immoo (toponomy) ta'uu isaati.

Haaluma walfakkaatuu, Machaba Mbali A. (2004), Ngubane (2000:17) wabeeffachuun akka kaahametti, "Onomastic is the study of names and involves a variety of complex naming techniques. Onomastic as a science has no ending but is open ended, accommodating new thoughts and innovations through naming in any of the languages of the people of the earth." Akka yaada olii irraa hubachuun danda'amutti, 'Onomaastikiin' (onomastic) qorannoo maqaafi tooftaalee moggaasuu maqaa garagaraa wal xaxataa ta'e hundaa kan ilaalu ta'uu isaati. Akka qorannoo saayinsawaatti 'Onomaastikiin' xumuura kan hinqabne, garuu banamaa (open ended), ilaaalchaa haaraa kan dhiheessuu (accommodating new thoughts)fi argannoowwan karaa moggaasuutiin afaan dhalaa namaa lafa kanarra jiraan kaminuu jiruu kan ilaalu ta'uu isaati.

Burchfield (1981:72),Chauke (1992:5) wabeeffachuun akka ibsametti, “onomastic is the scientific study of name as name, that of the human habit of naming.” Akka kanatti ‘onoomaastikiin’ qorannoo saayinsawaa kan waa’ee maqaa qoratuudha. Maqaan akka maqaatti amala dhalli namaa wantootaa ittiin moggaasudha. Akka yaada kanaatti namaafi wantoota addunyaa kana irra jiran maqaa moggaasuun kan ittiin waamu dhala namaa qofaadha.

Gama biraatiin, Machaba Mbali.A.(2004:25), Onomastic is abranch of sociolinguistic that comprises naming….Onomastic as study, goes beyond looking at the linguistic features of name, but also looks the sociocultural and psycho linguistically factors that influence the choice of a name given to an entities by namer,” jedha. Akka yaada kanaatti, Onoomaastikiin, dame xinqooqa hawaasummaa kan akka mooggaasuu, irra deebi’anii moggaasuu (renaming) hunda kan hammatuudha. Akka qorannootti, ‘Onomaastikiin’ amala xinqooqaa maqaafi hawaas aadaa akkasumas, sababeewwaan (factors) xiinsammuu filannoo maqaa irratti maq-baasaa irratti dhiibbaa taasisan hunda ilaaluu yaala.

Kana malees maqaan tokko sagalee kan qabu, waa tokko kan bakka bu’uufi hiika kan qabu ta’uu isaati. Akkasumas haaluma walfakkaatuun, Machaba Mbali .A. (2004), "Raper (1987:78) wabeeffachuun akka kaahetti,“Onomastic has as its object the study of proper names. A proper name, like any other linguistic sign, consists of a sound sequence, which may be represented graphically, and has a sense or meaning. It also has the function of referring to, or designating, an extra linguistic entity,” jedha.

Akka yaada oliitti kaahame kanaa irraa hubachuun danda’ametti, ‘onomastic’n maqaa dhuunfaa kan qo’atu ta’uudha. Maqaan dhuunfaa immoo akkuma mallattoo xinqooqaa kamuu duraa duuba, waa ibsuuf kan tajaajilu yookaan kan agarsiisu qaama xinqooqaa ta’uu isaati. Maqaan jecha namni fi wantootni addunyaa kana keessa jiran ittiin waamamaniifi beekkamaniidha.Namnis ta’ee wantootni addunyaa kana keessa jiran kun maqaa dhuunfaa isaaniitiin itti beekkaman kan mataa isaanii qabu. Maqaan namootni fi wantootni dhuunfaan ittiin beekkaman kunis maqaa dhuunfaa jedhamuun (proper name) jedhamuun beekkama. Maqaan namaa maqaa namni dhuunfaa

hawaasaa keessa jiraatu keessatti adda bahee ittiin beekkamuufi faayidaa namaaf hawaasichaaf qabu kan calaqqisiisudha.

### 2.2. Maalummaa Maqaa

Akkuma olitti ibsametti afaan dhala namaa afalaattoo (sign language)n alatti jechootaa mataa isaanii qabu. Jechoota afaanichaa keessaa tokko kan ta'e jechootaa maqaa namaa, bineensotaa, sinbirrootaa, iddoowwaniifi wantootaati. Maqaan itti waamama wantoota kanneen akka namaa, bineensotaa, sinbirrootaa, iddoowwaniifi wantoota adunyaa kanarra jiraniiti. Yaaduma kana galmeen jechootaa "oxford advanced learners dictionary" jedhu, name is aword or words a particular person, animals, places and things known by" jechuun kaaha. Maqaan jecha yookaan jechootaa namni, bineensotni, iddoowwaniifi wantootni murtaa'aan tokko ittiin beekkamaa akka ta'e yaada olii irraa hubachuun ni danda'ama. Maqaan yookaan ittiin waamamni wantootaa kunis jechootumaa afaanichaa irraa kan moggaafamaniidha.

Goodenough (1965:275), Aceto (2002:578), wabeefachuun yommuu ibsu, "Names are words that a person or an entity in the world is known by. Personal names are names which identify an individual in the society in which he lives and they reflect the values of the people and the society as a whole." Yaada kana irraa hubachuun kan danda'amu, maqaan jechoota namni yookaan wantootni addunyaa kana keessa jiran ittiin beekkamaniidha.Maqaan namaa maqaa namni dhuunfaan tokko hawaasaa keessaa jiraatu keessatti ittiin adda bahee beekkamuufi bu'aa namaafi hawaasaa akka waliigalatti kan calaqqisiisu akka ta'e ibsa. Kanaafuu ibsa olii irraa kan hubatamu maqaan ibsituu eenyummaa namaafi hawaasaa tokkooti jechuun ni danda'ama.

Haaluma walfakkaatuun K.Mphela (2010:1) "naming plays an important role in any human society.It portrays the cultural values and traditions of a particular society. Generally the naming approach used in naming varies from one to anther society." jechuun ibsaniiru. Akka yaada kanaatti moggaasni hawaasa kamiyyuu keessatti gahee olaanaa kan taphatudha. Innis aadaa fi barsiifataa yookaan duudhaa haawaasa tokkoo kan ibsuudha. Kana malees, maqaan biyyi tokko yookaan hawaasni tokko maal akka ta'eefi maal akka fakkaattu agarsiisuu keessatti humna olaanaa qaba.Kunis akkaatan moggaasa hawaasa tokkoo kan hawaasa biroo irraa adda addummaa qabachuu isaa mul'isa.

Maqaan jiruuf jireenya dhala namaa keessatti iddoo olaana kan qabuudha. Kunis maqaan namni tokko nama biroo irraa adda bahee akka beekkamuuf, hawaasa bal'aa waliin walitti dhuufeenya uumee akka jiraatuufi hiddi dhaloota isaas eenyu akka ta'ee beekuu keessaatti qooda olaanaa qaba.

## 2.3. Madda Moggaasa Maqaa

Moggaasni maqaa yoom akka eegaleefi eenyuun akka jalqabee beekuun rakkisaafi ulfaataa ta'uu danda'a. Kunis moggaasni maqaa umrii dhufaatii dhala namaa waliin kan walqabatu waan ta'eefi umrii dheeraa waan qabuufidha. Moggaasni maqaa guyyaa kana eegalee jedhamuus yoo baates, dhufaatiin isaa bu'uuraa amantaa akka qabu ni dubbatama. Kanuma dhugoomsuuf kitaaba qulqulluu kakuu moofaa (seera uumamaa 2:19) irratti akka ibsametti, " Waaqayyo gooftaan biyyoo irraa bineensa bakkee hundumaaf,warra qilleensa keessa balali'an hundumaaf bifa tolchee, maal jedhee akka inni isaan waamu ilaaluudhaaf gara namichaatti isaan fide; wanti namichi umama lubbuu qabaatee jiraatu ittiin waame hundinuu immoo maqaa ni ta'eef " jedha.

Yaada olii kana irraa hubachuun kan danda'amu, waqayyoo wantoota hundumaa bifa bifa isaaniitiin erga uumee booda gara Addaam fidun Addaam akka wantoota lubbuu qaban kanneniif maqaa moggaasuu kan godhe ta'uu isaati. Moggaasni maqaas haala kanaan kan eegale ta'uu nu hubachiisa.

## 2.4. Maalummaa Maqaa Dhuunfaa ( Proper Name)

Maqaan akaakuu adda addaa qabachuu danda'a. Isaan is: maqaa dhuunfaa, maqaa gamtaa, maqaa meeshaa, maqaa dimshaashaafi maqaa killayyaa kan jedhamaniidha. Qorannoon kun maqaa dhuunfaa (proper name ) irratti kan xiyyeeffatu waan ta'eef xiyyeeffannoon kiyyas maalummaa maqaa dhuunfaa irratti yaada hayyotaa kaasuun ilaalu ta'a.

Vermes A. P.(2001:92) Sciarone (1967:81) wabeeffachuun "when we use proper names we utilize the words for denotation of specific objects"jechuun ibsamee jira. Akka yaada kanaatti maqaan dhuunfaa kan jennu jechoota nuti wantoota murtaa'aa ta'e tokko ittiin ibsuuf itti gargaaramnuudha. Jechootni hunduu waan bakka bu'aan kan mataa isaanii qabu. Wantootni bakka bu'aman sunis jecha yookaan jechoota bakka isaan bu'aan sanan

wantoota biroo irraa addaan baafamuun bekkamu. Kanafuu maqaan dhuunfa jecha wanti dhuunfaa yookaan murtaa'aan tokko dhuunfatti ittiin waamamu jechuudha.

Haaluma walfakkaatuun, Vermes A, P. (2001:92) Greenbaum fi Quirk (1990:86-7) wabeeffachuun akka ibsametti, "proper nouns are basically names by which we understand the designation of specific people, places, and institutions […] .Moreover, the concepts extends to some markers time and to seasons that are also festivals (Monday, March, Easter Passover, Ramadan )" jedha. Akka yaada kanaatti maqaan dhuunfaa maqaa namootni, iddoowwan, dhaabbileen adda addaa, guyyootni, waqtiileen, ayyaanotni adda addaatiifi kkf. dhuunfaan ittiin adda bahanii waamamaniidha.

Kanamalees, Vermes A, P.(2001:93), Alexander (1988:38) wabeeffachuun akka ibsametti,"proper name (sometimes called 'a proper name') is used for a particular person, place, thing or idea which is or is imagined to be unique" jedha. Maqaan dhuunfaa nama ,iddoo, yaadafi wanta murtaa'aa tokko wanta biroo irraa adda gochuuf kan gargaaruu ta'uu isaa yaada armaan olii irraa hubachuun ni danda'ama.

Walumaagalatti yaadota armaan olitti kahaman kanneen irraa hubachuun kan danda'amu, maqaan dhuunfaa maqaan wantootni adda adda adda dhuunfaa isaanitti wantoota biroo irraa itti adda baafamanii beekkaman akka ta'aniidha.

### 2.5. Maqaan Dhuunfaa Namaa Eenyun Moggaafama?

Qaamolee moggaasa maqaa gaggeessan ilaalchisuun Machaba Mbali.A. (2004:110) yommuu ibsu, "The name giver is anyone who gives a name to an entity. Regarding anthroponomy this includes parents, relatives, strangers, ministers, school teachers and self. However with regards to toponyms, name givers comprise residents, government departments,provincial governments, etc" jedha.

Akka yaada kanaatti qaamni maqaa moggaasu akkaataa saayinsii moggasa maqaatti maatii, firoota, keessummaa, ministeerotaa, barsiisaa, ofiiffi akkasumas jiraattota naannoo, qaamota mootummaafi kan kana fakkaatuun moggaafamuu kan danda'u ta'uudha. Umrii ijoollummaatti namni ofiif maqaa moggaafatuu baay'ee kan hin mul'anne yoo ta'eeyyuu namootni yommuu guddatan sababa adda addaatiin maqaa ofii kan moggaafatan jiraachuu danda'a. Sababootni kunis, maqaan maatii daa'imummaan

isaaf/isheef baasan kan jibbsisuu yoo ta'ee, maqaa saba isaa ta'uu yoo baatee, dhiibbaan siyaasaa yoo irra jiraateefi waan kana fakkaatuun jijjiiratee ofiif baafachuu danda'a.

Arega (2005) Yaadumaa olii kana bifumaa walfakkaatuun yommuu ibsu, " daa'imman yoo dhalatan yeroo baay'ee maqaa kan moggaasan maatiifi firoottan dhiyoo yoo ta'u, maqaan ergaa yookiin dhaamsa dabarsuu barbaaddame sana dabarsuu danda'u filachuun kan moggafamu ta'uu ibsa.

Barruun W.A.T.G.G (2008:59) yeroo moggaasni itti taasifamuufi qaama moggaasa maqaa Oromoo Gujii gaggeessu ilaachisuun yommuu ibsu, "ilmi yookaan intalti dhaltee haati erga bishaan dhiqatten duuba, abbaan habbaaratee daa'ima dhalatee/tee dhungachuun raada yookaan sa'a kennuudhaan maqaa moggaasa" jechuun gabaabsee ibsee jira.

### 2.6. Akkaataa Moggaasa Maqaa Namaa

Ulaagaa moggaasa maqaa ilaalchisee Barruun W.A.T.G.G (2008:59) bahe yommuu ibsu "Maqaan moggaafamu ji'a itti dhalatan,bakka itti dhalatan,gaddaafi gammachuu maatiin yeroo ijoolleen dhalatan qaban, ayyana dhalatan, mallattoo daa'imman dhalatan qaban, gootummaafi yaadannoo akkoo, akaakoofi abuuboo giddu galeessa godhachuudhan moggaafama", jechuun ibsa. Akkuma yaada olii irraa hubachuun danda'amutti maqaan waan tokko lafaa kahee kan moggaafamuu osoo hin taane waa tokko irraa ka'amee akka moggaafamu nu hubachiisa. Kanaaf immoo ,iddoon dhalootaa, guyyaan daa'imman itti dhalatan,haalli maatiin yeroo sana keessa jiran,ayyaanotni daa'imman keessatti dhalataniifi k.k.f. qooda olaanaa akka qaban nu hubachiisa.

Gama biraatiin, Arega (2005) moggaasa maqaatiif wantootni ka'umsa ta'an bakkaafi yeroo daa'imman itti dhalatan,haala (circumstances) yeroo daa'imman dhalatan jiru, osoo hin dhalatin rakkoo maatii muudate, gammachuu maatii muudatee,waan gaarii gara duraa hawwaniifi kan kana fakkaatan ta'uu akka danda'an ibsee jira.

Haaluma walfakkaatuun Salamoon (2007:168) maqaan kan moggaafamu gochaawwan muudannoo seenaa (historical events), haala qabatama yeroo da'immaan dhalataanii, amalaafi bifa daa'immaniin, maqaa ayyaanotaatiin, guyyaa fi waqtii daa'imman dhalatanii fi kan kana fakkaatan irratti hundaa'uudhaan kan moggaafamu ta'uu ibsee jira.

Yaada kana irraa hubachuun kan danda'amu maqaan wanta tokkoo lafaa ka'amee kan hin moggaafamne ta'uufi maqaan kamiyyuu aadaafi falaasama hawaasichaa bu'uureffachuun kan moggaafamu ta'uu nu hubachiisa. Haalli akkanaa kunis osoo daa'imni hin dhalatiin duraa yookaan ammoo erga daa'imna dhalaatanii boodaa taateewwaa uumaman irratti hundaa'uu danda'a.

Kana malees Tasfaayee Guddataa (2014:20) "Names in this category can be bestowed on the basis of the circumstances at the birth of the baby. The circumstances are related with the place of birth, events taking place at the time of birth, day of birth, season of birth and etc," jedha yaada kana irraa hubachuun kan danda'amu maqaan haalaa (circumstance) irratti hundaa'ee moggaafamuu kan danda'uu fi haalli (circumstances) kunis taateewwaan yeroo dhaloota daa'imichaa waliin kan wal qabatu ta'uu isaati. Haalli kunis: bakka dhalootaa, taateewwaan yeroo daa'imni dhalatu uumamu, guyyaa dhalootaa, waqtii dhalootaa, fi kan kana fakkaatan waliin kan walqabatu ta'uudha.

Agyekum, K(1996:219) "there are certain names based on the circumstances surrounding the birth of child.These may relate to the places of birth, period or time, festivals or sacred days, manner of birth,etc."

Akka yaada kana irraa hubannutti maqaan haala adda adda yeroo daa'imni dhalootuufi erga dhalatee booda uumamuu irratti hundaa'uun moggaafamuu kan danda'amu ta'uudha. Haalli kunis bakka dhalootaa, yeroo dhalootaa, ayyaanotaa, haala dhalootaa, fi kan kana fakkaatan hammachuu akka danda'uu ifa godha. Kana malees, hayyuun kun,akkaataa moggaasa maqaa kana "(a) anthro-toponyms, (b) temporonyms, (c) manner of birth, and (d) death prevention and survival" names jechuu iddoo gurguddoo afuritti qooduun kaaha.

Akkaataa qoqqooddii kanaan 'anthro-toponyms'n bakka dhaloota daa'imaa waliin waqabata.'Temporonyms'n ammo guyyaa dhaloota daa'immanii waliin kan walqabatu yommuu ta'u; guyyaa kun guyyaa waaqeffannaa yookaan guyyaa kabaja ayyaana waggaa yookaan guyyaa sirni adda addaa itti raawwatu ta'uu danda'a. Inni sadaffaan (manner of birth) ammoo tartiiba dhaloota maatii waliin kan walqabatuudha. Inni dhumaa du'aa hoodaachuun (death prevention and survival names) jireenyaa hawwuu yaada jedhu

waliin wal hidhata. Inni kun maatii tokko tokko keessatti duuti yookaan hamtuun irra deddeebitee kan isa muudattuu yoo ta'ee du'a yookaan haamaa isaan muudatu kana hoodachuun ni jira. Fakkeenyaaf daa'imti guddachuufi yoo diddee hodachuu danda'u.Karaa wanta akkanaa ittiin godhamu keessaa ammoo moggaasni maqaa isa tokko akka ta'e bal'inaan lafa kahu.

### 2.7. Akkaataa Moggaasa Maqaa Dhuunfaa Beeyladootaa.

Akkaataa moggaasa maqaa beeyladootaa osoo hin ilaalin duraa beeyiladoota kanneen jedhman isaan kam akka ta'an beekuun barbaachisaa ta'a. Maalummaa fi akaakuu beeyiladootaa ilaalchisuu toorrii interneetii(**https://www.duhaime.org/.../Domestic Animal.as.../)** jedhu,"Domestic animal means an animal of species of vertebrates that has been domesticated by humans so as to live and breed in a tame condition and depend on humankind for survival."jechuun kaahee jira. Yaada kana irraa hubachuu kan danda'amu, beeylada kan jedhamu sanyii bineensota lafe qabeeyyii ta'ee kan jiraachuufi wal horuuf dhala namaatti madaquun jiraatu ta'uu isaati.

> *The name of some domestic animals are horses, pigs ,chickens, ducks, geese, pigeons, cattle, sheep, goats, cats, camels,ilmas,reinders,yaks and buffalo. These animals were first domesticated for their usefulness,as they provided meat,or fur,hunted vermin,helped catch game,helped plow fields,and carried or pulled burdens. Now some are kept for companionship,like,dogs,cats,and birds or for recreation,like horses. (**https://www.reference.com/...animals/...)***

Yaada olii irraa hubachuu kan dandeenyu, maqaan sanyii bineensota lafe qabeeyyii dhala namaa waliin madaqanii jiratan kaneen muraasa isaanii, fard, booyyee, lukkuu yookaan ilmoolee lukkuu, daakkiyyee, hoolaa, re'ee, adurree, harree, gaalaa, horii gaafaa ,sareefi kan kana fakkaatan ta'uudha. Beeyladootni kunneen jalqaba faayida qabeessummaa isaaniif jecha kan madaqsamaniidha. Kunis fooniif, gogaa yookaan rifeensaaf, eegumsaaf, aannaniif, geejjibaaf, lafa ittiin qotuuf, ba'aa baachuufi kana fakkaataniif akka oolaniif ta'uu isaati. Yeroo ammaa immoo beeyiladootni kanneen akka saree, adurree, simbirootaa nama walii hiriyyoomfachuun waliin taphachuufi ittiin booharuuf kan itti tajaajilaman ta'uudha.

Walumaa galatti beeyiladootni kunin kan dhala namaa irratti hirkatanii jirataniifi dhala namaatiif tajaajilaa guddaa kennaa kan turaniifi kennaa kan jiran ta'uu isaanii hubachuun ni danda'ama. Akkuma jireenyi isaanii dhala namaa irratti bu'uureffate; jireenyi

ilmoo namaas isaan irratti kan bu'ureeffateedha.Mata duree kana jalatti akaakuu maqaa beeyladootaafi maqaan isaanii maal irratti hundaa'ee akka moggaafamu ilaaluu yaalla.

Akkuma dhalli namaa maqaa dhuunfaan ittiin waamamu qabu,beeyiladoonis maqaa ittiin waamaman kan mataa isaanii qabaachuu danda'u. Dhalli namaa ilmoo isaaf maqaa moggaasee ittiin waama. Maqaa sanaanis nama biroo irraa addaan baasa. Beeyiladootni garuu dhala namaa irratti hirkatanii kan jiraatan waan ta'aniif, maqaan isaaniis namaan moggaafama malee akka ilmoo namaa dhala ofiitii maqaa moggaasuu hin danda'an. Namni beeyladoota kanas akka ilmoo ofiitti ilaala; kabaja; jaalatas. Kanuma irraa ka'ee akkuma namaa maqaa isaanii moggaasafi.

Kidaanuu Zallaqaa (2016:101), maqaa beeyiladaafi moggaasa maqaa beeyiladaa ilaalchisee akka armaan gadiitti kaahee jira.

> *Loon haaluma sadarkaa guddina isaaniifi saala (koorniyaa) isaaniin moggaasa gara garaagaraa qabu."jechuun kaahee jira.Jabbilee xixiqqoo (didiqqoo) kan reefu dhalatte, xalacoo,waatii,okeeytuu yoo jedhamtu,jabbiin reefu harma guutu orogaa (jabbii gorbaa)jedhamti. Sanarra darbees isheen dhaltuu raada yookiin goromsa inni dhiiraa jibicha jedhamu. Inni qonnaaf gahe immoo qotiyyoo,kan tumame immoo sangaa jedhama" jechuun kaahee jira.*

Beeyladootni maqaa gamtaafi maqaa dhuunfaa mataa isaanii qabu.Yaada olii kana keessatti maqaaleen beeyladootaa akkaataa sadarkaa guddinaa isaaniitinifi saalaa isaaniitin dhihaate maqaa gamtaa beeyladootni waliin qabaniidha. Xiyyeeffannoon qorannoo kana maqaa dhuunfaa beeyladootaa waan ta'eef maqaa dhuunfaa isaanii ilaaluu yaalla.

> Loon akkuma dhala namaa maqaa ni mogga'aaf. Dubartiin Arsii dhaltii (ameessa) elmattu marattuu maqaa baafti. Maqaan isaaniis haala hormaataa, bifa, eegee, amala,guyyaa dhalatanfi kan kana fakkaatan irratti hundaa'uun mogga'uufii danda'a. Fakkeenyaaf hortuu, bultuu, jiituu, xiilloo, booqee, gurree, daalee, filee, damboobee, dooluu, sambatee, kamisee, burree, diimee, jedhamuu danda'a. Abbaa nama kenne irratti hundaa'uun yeroo itti maqaan mogga'uufis ni jira. Fakkeenyaaf kan abbaan namaaf kenne 'aabbaa' kan obboleessi namaa kenne 'obbolee', kan jaalli namaaf kenne 'jaalii'jedhanii moggaasuu. Kidaanuu Zallaqaa (2016:107-108)

Yaada armaan olii irraa hubachuun kan danda'mu, maqaan dhuunfaa beeyladootaa keessaa tokko maqaa dhuunfaa loonii akka ta'eedha. Kunis loon akkuma namaa maqaa ittiin waamaman yookaan beekkaman kan mataa isaanii kan qaban ta'uudha. Akkauma maqaan namaa wanta irratti hundaa'ee moggafamu qabu, maqaan looniis waan irratti

hundaa'ee moggaafamu kan qabu ta'uu isaati. Ulaagaa moggaasa maqaa loonii keessaa isaan muraasni:bifaa isaanii, eegee isaanii,amala isaanii,mallattoolee adda addaa isaan of irraa qaban, bocaa gaafa isaanii, yeroo isaan itti dhalataniifi kana kana fakkatan irratti hundaa'uun kan moggaafamu ta'uu hubachuun ni danda'ama.

Kana malees, Hinseenee Makuriyaa (2010:75-76) "maqaalee loon ibsan: baakkuu, dullattii, goromsa, gu'eessa, harkuu, jibicha, korma (dullacha) Kululluu, Majisa, Mirgistuu, Mirgoo, Molgoo, Moyyee, Qulbaa, Raada, Sangaa, Taadhii, Waatii" jechuun tarreesse jira. Maqaalee loonii yaada kana keessaatti tarreeffame maqaa dhuunfaa fi maqaa gamtaa addaan baasee kan kaahe yoo ta'uu baateyyuu maqaalee loonii hanga tokko tuquu yaalee jira. Maqaaleen kaneen akka: baakkuu, dullattii, goromsa, gu'eessa, harkuu, jibicha, korma (dullacha) mirgoo, raada, sangaa tadhiifi waatii jedhan maqaa gamtaa looniiti. Maqaaleen kanneen akka: kululluu, mirgistuu, molgoo, moyyee, qulbaa, kanneen jedhan maqaa dhuunfaa loonii ta'uu danda'u. Maqaa dhuunfaa kunneenis bifa, boca gaafaa isaanii irratti kan hundaa'aniidha.

Dabalataanis, Hineenee Makuraa (achuma) " maqaalee gaafa loonii ibsan: baajii, bantee, buudee, cirmaa dagaagaa, doobbaa, godeessa, golomphoo, korophee, saalticha", jechuun tarreessuu yaalee jira.Yaadni olii kunis kan nu hubachiisu maqaan dhuunfaa loonii gaafaa isaanii irrattis hundaa'ee kan moggaafamuu ta'uu isaati.

Akaakuu beeyladootaa keessaa tokko farda. Fardis akkuma loonii maqaa ittiin waamamu qabachuu danda'a.Maqaan fardaa kunis akkuma kan loonii haala ittiin moggaafamu kan mataa isaa qaba. Isaan keessaa muraasni bifaafi mallattoolee isaan adda addaa kan isaan miilaafi adda isaanii irraa qabaniifi akkataa isaan itti deemaan irratti hundaa'uun bahuu danda'a.

> *Haala itti fardi socho'u irraa ka'uun fardi ni gulufa;ni garmaamaa;ni maaggala jechuunillee ni danda'ama. Bakka hedduuti akkuma loonii fardaafis maqaan ni mogga'a.Maqaan fardaas haala garagaraan moggaafama. Haala itti fardaaf maqaan mogga'u keessaa bifni isa tokkodha. Fardi miila arfan irraa adii qabu 'farda arfan muxaa jedhu'. Kana malees, daamaa,odolcha,bulloo,daalee,fi kan kana fakkaatuu jechuun bifaan adda bahu (Kidaanuu Zallaqaa 2016:69-70).*

Yaada olii kana irraa hubachuu kan dandeenyu, fardis akkuma beeyladoota isaan biroo maqaa ittiin waamamu kan qabu ta'uufi maqaan kunis haala adda addaa irratti

hundaa’uun kan mogga’u ta’uu isaati. Haalli kunis bifa, mallattoolee fardi miilaafi adda isaa irraa qabufi kan kana fakkaatu ta’uu isaati.

Walumaagatti beeyladootni hunduu maqaa gamtaas ta’ee maqaa dhuunfaa ittin waamaman kan qaban ta’uu isaanii hubachuun ni danda’ama. Maqaan isaanii kunis haala adda addaa irratti hunda’uun kan moggaafamu ta’uu isaa hubachuun danda’ameera. Haata’u malee maqaan isaanii kunis iddoo iddootti, hawaasa adda addaa biratti maqaafi haala adda addaa irratti hundaa’ee moggaafamuu danda’a. Beeyladootni hundi iddoo marattti argamuu dhiisuu danda’u;beekkamuu dhiisuu mala.Qorannoo kana keessatti maqaa beeyladoota Oromoo Gujii biratti argamaniifi beekkaman irratti qofa xiyyeeffata.

**2.8.Moggaasa Maqaa Simbiroota Kaayoo**

Galmeen jechootaa ‘Oxford Advanced Learners Dictionary,’jedhu, “birds are creatures that are covered with feathers and have two wings and two legs.Most birds can fly” jechuun kaahee jira. Akka galmee jechootaa kana irraa hubachuun danda’amutti, simbirroot kan jedhaman uumama koola lama qaban; kochoo lama qaban; miila lama qabaniifii irra caalaan simbirrootaa kan barrisaan ta’uudha. Simbirootni kunneen maqaa mataa isaanii kan qaban yoo ta’an, maqaan isaanii kunis naannoodhaa naannootti garaagarummaa qabachuu danda’a. Maqaan simbirootaa kun maal irratti hundaa’ee akka moggaafamu beekuun rakkisaa ta’uu danda’a. Haata’u malee ofduuba deebinee akkaata calqabii afaanii yommuu kaasnu yaaddiddamootaa afaanii jiraan keessaa afaan akkeessa sagalee uumamaa irraa uumame yaada jedhuun walbira qabnee ilaaluun danda’ama.Maqaan jechootaa afaan tokkoo keessaa tokko akka ta’e boqonnaa tokko keessatti ibsamuuf yaalameera.

Afaan akkeessaa sagalee uumaama irraa uumame yoo jennu, jechootni afaan tokkoo akkeessa sagalee uumamaa irraa akka ta’ee xiinxaluun ni danda’ama. Akka yaaddiddama kanatti yeroo ammaa jechootni afaan tokkoo amma jiran sagalee umaaman amma jiruu waliin kan wal fakkaatu ta’uu isaa ibsa. Akka fakeenyaati jechootni yookaan maqaaleen kanneen akka: didichuu, doqdoqqee, dibbee, culullee fi kan kana fakkaatan sagaleelee uumamaan wantootni kunneen qaban waliin kan walfakkatudha. Akka yaada kana irraa hubachuun danda’amutti, akkeessi sagalee uumamaa moggaasa maqaa simbirootaa keessatti qooda qabachuu akka danda’u hubachuun

ni danda'ama. Mata duree kana jalatti xiinxala moggaasa maqaa simbiroota kaayoof ilaalaman ilaalla.

Aadaafi amantaa hawaasa adda addaa keessatti simbirootni tajaajila aadaa (cultural values)fi tajaajila amantaa (religious values) adda addaa qabachuu danda'u. Akkasumas, aadaafi amantaa adda addaa keessatti simbirootni gariin wanta gaariitti kan fakkeeffaman yoo ta'an, gariin immoo waan gadhee yookaan badaatti ilaalamuu yookaan fakkeeffamuu danda'u. Fakkeenyaaf, amantaa kiristaanaa keessatti simbirroon gugeen yookaan makoodii yookaan handariin yookaan saphalisa jedhamtu garraamummaatti fakkeeffamti. Macaafa qulqulluu Luqaas(3:22) "Hafurrii qulqulluun bifa gugeetiin mul'atee irra bu'e; sagaleenis waaqa irraa dubbate, ati ilma koo isa jaalatamaadha; gammachuun koos sitti in raawwatama," jedhe. Macaafa Mathiyoos (10:16) keessatti Yesus itti dabalee, "kunoo, akka hoolotaa yeeyyii gidduu dhaqaniittan isin erga; eega akka bofaa abshaala; akka gugee immoo garraamii ta'aa" yaada jedhu argachuu dandeenya. Akka yaada olii kana irraa hubatamutti, simbirootni tajaajila aadaafi amantaa keessatti faayidaa akka qaban hubachuun ni danda'ama.

Yaada olii irraa akkuma hubatamu, gugeen garraamummaatti akka fakkeeffamtuufi eebbifamtuu ta'uu isheeti. Aadaafi amantaa ummata Oromoo keessattis simbirootni faayidaa adda addaa qabu.Ummanni Oromoo amantaa mataa isaa qaba. Amantaan isaa kunis waaqeffannaa jedhama.Waaqeffaannaa waaqa tokkichatti amanuudha. Umaafi Umaamaa walitti hidhe ilaala.

Yaaduma armaan kana ilaalchisee Dassaalany Fufaa (2013:59),Asmarom leggese(1973); Gada, (1999); Workineh, (2005) wabeeffachuun yommuu ibsu, "The Oromo were originally *Waaqeeffataa*.They believe in one God,Waaqa tokkicha and associate creatures with the creator"Yaada kana irraa hubachuun kan danda'amu, ummanni Oromoo waaqaa tokkicha kan amanuu fi uumama hunda uumaa waliin walitti fidee kan ilaalu ta'uudha.Ummata Oromoo amantaa waaqeeffataan bulu keessaa tokko ummata Oromoo Gujiiti.

Ummanni Oromoo Gujii akkuma ummata Oromoo biroo waaqa uumaa tokkichatti amanu. Sirnootni yookaan jilootni adda addaa amantii walqabatan hundi malkaa,

tulluufi mukkeen adda addaa jalatti raawwatama. Kana jechuu garuu ummatni wantoota kanatti amana jechuu osoo hin taane Waaqaa wantoota kanneen bareechee uume waaqeffata jechuudha. Yaaduma kana Dassaalany (2013:131) akkana jechuun ibsa, "Religiously, the Guji were/ are traditionally Waaqeeffata, who believe in Waaqaa (God) as do other Oromo groups. A number of ritual activities are carried out in different parts of the zone. The main tenet of the rituals or the worship is not to the physical features like trees but to Waaqaa, who created these beautiful and graceful physical features."

Yaadni olii kun kan dhugoomsu, ummatni Oromoo Gujii akkumma ummatoota Oromoo biroo amantaa waaqeffannaa kan hordofu ta'uu isaati. Kana malees kaayyoo guddaa gochaawwan amantaa ibsan yookaan jilootni amantaa adda adda agarsiisan wantoota kanneen akka mukkeeniifi kanneen biroo waaqessuu osoo hin ta'in, waaqa yookaan uumaa wantoota kanneen miidhaksee uume, waaqa tokkichatti amanuudha.

Haaluma walfakkaatun Dassaalany (achuma) Taaddasaa (1998) wabeeffatee akka kaa'etti, "the Guji do not worship physical objects but the spirit of *Waaqaa* that is believed to dwell in them. The *Qaalluu* of the Guji, a religious leader, seems to act as priest in Christianity for the people. The Guji also believe in the existence of *dursinee or durriisa /seexana*, devil whose main function is said to mislead people to do something wrong."Yaada olii kana irraas kan hubatamuu,Ummatni Oromoo Gujii wantoota qaamaa mul'atan fakkeenyaaf kanneen akka mukaa, malkaa, tulluufi kanneen kana fakkatanitti kan amanan osoo hintaane, waaqa wantoota kaneen hunda uumetti ta'uu isaati.

Akka Zalaalam Abbabaa, (2001:151) jedhutti, Qaalluun ummata Oromoo Gujii akka gaggeessaa amantaatti yookaan akka 'qeessiin' amantaa kiristaanoota keessaatti tajaajilu sanatti ilaalama. Qaalluun dursaa yookaan hogganaa amantaa waaqeffannaa Oromooti. Hayyootni hedduun gahee isaan qaban irraan ka'uun Qaalluu, Abbuuni (phaaphaasa) amantaa kiristaanaafi Imaama amantaa Musliimaa walfakkeessu. Qaalluufi Oromoon Gujii kunneen dursineen yookaan durrisa yookaan seexana kan hojiin isaa akka namootni hojii badaa yookaan cubbuu hojjatan taasisuu akka jiru ni amana.

Kanarraa kan ka’e uummanni Oromoo Gujii hojii isaa guyyaa guyyaan taasisu keessatti kaayoo ilaallachuun socha’a.

Kaayoon iddoo adda addaatti maqaa adda addaatiin beekaamuu danda’a. Iddoo tokko tokkotti milkii jedhamuu kan beekamu yoo ta’u, ummata Oromoo Gujii biratti immoo Kaayoo yookaan faroo jedhamuun beekkama. Kaayoo yookaan milkiin fiixaan bahiinsa karoora yookaan kaayyoo tokkoo jechuudha. Milkiin wanti karoorfame yookaan galmaan gahuun yaadame tokko milkaahuu yookaan fiixa bahuufi milkaahuu dhiisuu isaa irratti wantoota dhiibbaa gaarii yookaan dhiibbaa badii geessisaniidha (Filee Jaalataa, 2016:115) .

Milkiin dhiibbaa alaa (external force) sammuu namaa keessaatti wantoota gara fuula duraatti nama muudachuu dandahaniif xurree namatti kan ibsu yookaan raajudha. Mallattooleen milkiis wantootaa ijaan argamaniifi kanneen ijaan hin argamne yookaan kanneen lubbu qabeeyyiifi dhabeeyyii tahaniin ibsamuu yookaan bakka bu’amuu danda’u (Filee Jaalataa, 2016:115).

Haaluma walfakkaatun Hinnant, (1977); Tadesse, (1988); Van de Loo, (1991) wabeeffachuun yommuu ibsu, “There is also a concept called, “***kaayoo***”, which is not a thing but a symbolic representation of good or bad/evil.” Jecha.Yaadota olii kanneen irraa kan hubannu, kaayoon waan qabatamaa kan hintaaneefi garuu mallattoon isaa ijaa mul’atuun yookaan waan ijaan hin mul’anneen yookaan waan lubbuu qabuun yookaan waan lubbuu hin qabneen mul’achuu kan danda’u ta’uu isaati. Waan gaariifi gadhee ta’e kan bakka bu’u ta’uu isaati.Ummata Oromoo gara garaa keessatti wantootni lubbuu qaban yookaan lubbuu hin qabne kanneen kaayoo yookaan milkiif hawaasni itti gargaaramu garaagarummaa qabaachuu danda’a. Fakkeenyaaf ummata Oromoo Oromiyaa dhihaa biratti, wantootni kanneen akka ibiddaa, culullee, qeerransaa, bosonuufi kurupheen kaayoo badduuf akka itti gargaaraman (Filee Jalataa,2016:117-119) kaahee jira.

Haaluma walfakkaatun, Dhaddachaa Golollchaa (2006) , immoo faroon yookaan kaayoo yookaan milkiin maal akka ta’eefi ummataa Oromoo Gujii biratti wantootni faroo yookaan kaayoof ilaallataman kunneen maal akka ta’an yoo ibsu,

*Faroo is an omen of action or oracular construction as the instrument to forecast future. It is served in Guji by means of construing different warbling birds, together with the places at which they act, or of the act alone, or by construing change in the natural phenomenon from usual course of events. Faro is good where it so sound auspicious and contrary when it signified certain signals of prohibitive nature or sounds adversely"jedha.*

Yaada kana irraa hubachuun kan danda'amu faroon gochaa yookaan mallattoo akka meeshaa waan gara fulduraatti raawwatu ittiin tilmaamamuudha.Ummata Oromoo Gujii biratti faroon sagalee simbirootaa,bakka simbirootni taa'uun gareen yookaan dhuunfaan dhowan,yookaa mallattoo simbireen tokko dhuunfaan agarsiisu, yookaan jijjirama yeroo haala uumama simbirree irratti mu'atu irratti hundaa'uun ilaallama. Sagaleen simbirree fayyaalessa yookaan sagalee qulqulluu yoo ta'ee faroon gaarii, faallaa sanaa yoo ta'e immoo faroo badaa ta'a jedhamee amanama.

Walumaa galatti yaadotaa asiin olii kanneen irraa kan hubachuu dandeenyu,kaayoon yookaan milkiin,mallattoo waan gaarii yookaan gadhee gara duraa uumamuu danda'u tokko kan namatti akeeku ta'uudha.Kana malees,kaayoon gaariifi badii kan agarsiisu yoo ta'u,kaayoo gaariin abdii jireenya dansaa namaa gara fuula duraa kan namatti mul'isuudha.Kaayoon badii immoo kanneen jiruuf jireenya hawaasa yookaan nama dhuunfaa irratti ofitti amantummaa kanneen dhabamsiisan yookaan jireenya gaariif kanneen abdii kutachiisan ta'uudha.

Kana malees hawaasa adda addaa keessatti wantootni kaayoo namatti himan bakka bakkatti garaagarummaa kan qaban ta'uudha. Haalumaa kanaan Hawaasni Oromoo Gujii jireenyafi hojii guyyaa guyyaa isaanii keessatti sagaleen simbirootaa,kallatti simbirootni irraa sagalee dhageessisaniifi muka yookaan iddoo isaan taa'anii sagalee isaanii dhageessisan irratti hundaa'uun kaayoon sun kaayoo akkamii akka ta'e beekuu kan danda'an ta'uu yaada olii irraa hubachuun ni danda'ama. Qorannoo kana keessatti maqaan simbirroota Oromoo Gujii faroo ilaaluuf itti gargaaramanii maal akka ta'eefi kaayoo akkamiis akka isaan hima boqonnaa afur kessatti bal'inaan ni ilaalla.

### 2.9. Xiinxala Moggaasa Maqaa Mukkeen Jilaa

Ummanni Oromoo Gujii durii eegalee ummata amantaa waaqeeffataatiin buluudha. Waaqeeffannaan namoonni uumamaafi uumaa gidduu hariiroo jiru walitti fiduun hiika

kan ittii kennaniifi itti fayyadaman akka ta'e ilaallee jira. Akka duudhaa hawaasa tokkootti ummanni Oromoo Gujii amantaa waaqeeffannaantiin ijoolleen isaa, loon isaa, qe'een isaa akka nagaa ta'aniif, omishnii akka guddatuuf, roobni akka isaanii roobuufi rakkinni adda addaa hawaaasa keessatti isaan qunnamu akka dhabamu gochuuf sirna kadhannaa ittiin dhiheessaniidha.

Amantaa waaqqeeffannaa kanaan ummanni Oromoo akkasumas ummanni Oromoo Gujii durii kaasee waaqa tokkotti amana. Humni waaqa irraa bulee ummatatti dhihaatee kan mul'atu immoo qaalluudhaani. Innis ayyaana jedhama.

Akka Zalaalam Abbabaa (2001:153), Mohaammed (1994) wabeeffachuun kaahetti, "Qaalluun Gujii waaqa irraa bu'e.Yeroo gadi bu'u waan akka sabbata waaqaa jiruun maramee irraan gadee hiikkame.Erga Qaalluun lafa gahee booda,wanti sabbata waaqaa fakkaatu sun gara waaqaatti ol deebi'e"jedha. Akka yaada kanaatti qaalluun waaqaafi nama kan waliitti fidufi hogganaa amantaa waaqeffannaati jechuun ni danda'ama.

Asmarom Laggese (1973) waa'ee ayyaanaa ilaalchisee, "Ayyaanni uumaafi uumama gidduutti qunnamntii uuma" jechuun kaahee jira. Ummanni Oromoo sirnoota yookaan kabaja amantaa isaa kanas yeroo adda addaa keessatti iddoowwaan adda addaatti geggeeffata. Dassaalany (2013:131. " The main tenet of the rituals or the worship is not to the physical features like trees but to *Waaqaa*, who created these beautiful and graceful physical features."jedha. Yaada kanarraa hubachuun akka danda'amutti ummanni Oromoo Gujii durii kaasee amaantaa waaqeeffannaa yookaan amantaa duudhaa hordofaa akka tureefi hordofaa akka jiruufi, jilootni amantaan waliin wal qabatan hundi iddoowwan adda adda kanneen akka mukkeen adda addaa , laggeen , tulluuf kan kana fakkaatan akka ta'aniidha. Kaayyoo guddaan kabaja sirnoota amantaa kanaa wantoota kanneen waaqeessuuf osoo hintaane waaqa wantoota kanneen bareechee isaan uume kadhachuudha.

Ummanni Oromoo akkasuma ummanni Oromoo Gujii iddoowwan jila amantaa isaa itti gaggeeffatu kanaaf jaalalaafi kabaja guddaa qabaaaf. Kanaafuu iddoowwaan kanneenif eggumsa guddaas ni taasisaaf. Dassaalany Fufaa (2013:) Gemetchu, (1998:41) wabeeffachuun akka kaa'etti, "According to Oromo's view of the world,

the world consists of three elements : uumaa , ayyaana and safu" jedha.Yaada kanarraa kan hubachuu dandeenyu, akka ilaalcha addunyaawaa Oromootti, addunyaa kun caacculee yookaan elementoota gurguddoo sadi qabdi : umaa, ayyaanaafi safuudha. Dassaalany (2013) *(*Gemetchu,1998) wabeeffachuun waa'ee caacculee kanneenii yommuu ibsu," *Uumaa* has two meanings referring to *Waaqa* (the creator) and the entire physical world or the creation). *Ayyaana* refers to by which and through which *Waaqa* (God) creates every thing. *Ayyaana also* becomes that which it has caused to come into being."

Akka yaada olii kanatti uumaan hiika lama qaba. kunis waaqaa (umaa)fi qaama addunyaa (uumamaa) dha. Ayyaanni akkaataa waaqni yookaan umaan wantootaa addunyaa kanaa hunda itti uume kan ibsuudha. Gemetchu, (1998:42). *"Safuu* is basically a moral code or ethics by which human actions are judged as right or wrong. Hence, it is these three concepts which constitute the basis of the Oromo's view of the world" jedha.

Safuu jechuun akkaataa ummanni Oromoo jiruufi jireenya isaa ittiin gaggeessu, ittiin wal too'atu, wal kabaju, uumaafi uumama ittiin safeeffatu jechuudha. Gama biraatiin safuun naamusa hamilee gochaalee gaariifi gadhee dhala namaatiin raawwaatu tokko kan ittiin to'atamuu yookaan eeguuti. Safuun kun jiruufi jireenya hawaasa tokkoo kan to'atu yommuu ta'u safuun kunis gaariifi yookaan badii ta'uu dandaha.Kanaafuu safuun jiruufi jireenya hawaasa tokkoo kan to'atuufi kan qajeelchu,amala badii immoo kan mormu,amala gaarii immoo kan jejuudha. (Filee Jaalataa,2016:108).

Ummanni Oromoo Gujiis akkuma ummata Oromoo biroo ummataa safuufi duudhaa hawaasaa eegee jiraachaa tureefi jiraachaa jiruudha.Safuu ummanni Oromoo Gujii qabu keessaa tokko safuu iddoowwaan jilaa adda addaaf qabuudha. Akka aadaafi duudhaa Oromoo Gujiitti, jilootni adda addaa yeroo baay'ee mukkeenfi biqilootaa adda addaa jalatti raawwata. Mukkeen ummata Oromoo Gujii waliin hariiroo guddaa qabu. Jiloota adda addaa mukkeen jalatti jilifatu , moggaasa maqaa daa'immaniitiif itti gargaaramu, qorichaafi tajajila adda addaa hedduuf oolchu; kanaaf ummanni Oromoo Gujiifi mukkeen Hariiroo bara dheeraa waliin qabu jechuunn ni danda'ama. Kanaaf ummanni Oromoo Gujii mukkeeniif jaalaafi kabaja guddaas ni kennuuf.

Dassaalany (2013:40) Taaddasaa, (1995) wabeeffachuun akka ibsetti "The Guji had woyyuu (sacred shrines) associated with Gada rituals or myths of the origin. These sacred shrines were the common property of the whole group and were found all over the territory of Guji, covering vast areas of the land" jedha. Yaada kana irraa hubachuu kan dandeenyu, ummanni Gujii ardaalee jilaa woyyuu ta'an kan sirna gadaa waliin walqabatan kan qaban ta'uudha. Ardaalee jilaa kunniin qabeenya ummata Oromoo Gujii hundaa yoo ta'u iddoo heddu Godinichaa keessatti kan argamaniidha.

Iddoowwaan jilaa godina Gujii keessatti beekkaman gurguddoon kanneen akka: Adoolaa, Me'ee Bokkoo Futtoo, Haroo Gobbuu, Guutuufi Birbirsa Tuuttooti. Iddoowwaan kunneen akka masgiidaafi bataskaanatti iddoo tajaajili kadhannaafi ulfinni waaqaa itti dhihaatu dha .Nageessaa, (2011:33). "for instance, stated that,prayers are often made under *Mi"eessaa* tree in lowlands by the *Hookkuu, Uraagaa tree by the Uraagaa and Uddessa* tree by the *Maattii* groups" (Negessa, 2011: 33). Yaada olii kana irraa kan hubatamu, akka fakkeenyaatti mukni mi'eessaa jedhamu gosa Oromoo Gujii Hookkuutii, mukni Uraagaa jedhamu immoo Gosa Uraagaatiin, akkasumas mukni Uddeessaa gosa Maattiitin kadhannaafi galanni waaqaa kan jalatti dhihaatu ta'uu isaati. Kanaaf akka aadaa Oromoo Gujiitti mukken kanneen muruu safuudha.

Dassaalany (2013:40), (Taddesse, 1995: 142).wabeeffachuun yommuu ibsu," It was taboo among the Guji to cut trees, destroy forests or hunt in these areas. The Guji used these areas only for livestock grazing. Because of this religious devotion, forests and wildlife in and around holy shrines were protected very well until this Guji tradition was undermined" jedha.Yaada kana irraa hubachuun kan danda'amu, Oromoo Gujii biratti mukkeen kanneen muruun, bosona balleessuun yookaan mancaasuun safuu ta'uu isaati. Ummanni Gujii bakkeewwaan kanneen dheedichaa looniif qofa kan itti gargaaraman ta'uudha. Kunis sababa amantaan ummatichaa mukkeen jilaa, bosonaafi bineensota bosonaatiif eeggumsa guddaa godhuuf ta'uu isaati.

Dabalatan Dassaalany (2013), Nageessaa (2011:31-47) wabeeffachuun akka armaan gaditti kaahe akkana jedha:

> *The conservation and the management of forests have been deeply enshrined in Guji culture. They perform prayers under trees, in forests and around rivers.*

> *Many of the ritual activities related to name giving when one passes from one Gadaa grade to the other and other Gadaa rituals, wedding ceremonies and funeral process are done with the use of tress and their products, jedha.*

Eegumsiifi kunuunsi bosonaa aadaa Oromoo Gujii keessatti gadi fageenyaan kan xiyeeffatamuudha. Kunis kadhannaan adaa addaa muka jalatti, bosona keessatti, fi laggeen irratti kan gaggeeffatan waan ta'eefidha. Kana malees jilli garagaraa sirna maqabaasaa kan yeroo namni tokko gulantaa tokko gara gulantaa itti aanutti ce'u waliin walqabatufi jilli gadaa adda addaa, sirni cidhaa fi sirni awwaalchaa mukkeenifi bu'aa isaanii irratti hundaa'uun kan gaggeeffamuudha. Yaada kana caalmatti hubachuuf yaada Dasaalany (2013), Nageessaa (2011:47) wabeeffachuun akka armaan gadiitti kaahe akkana jedha:

> *Naming and other rituals by Abbaa Gadaa take place under Odaa. The Guji give names of culturally valued trees, shrubs and herbs like Ejersa, Birbirsa, Uraagaa, Odaa, Gololcha, Dhadacha, Dambii, Angadhii, Baddeessoo, Bisilee, to their babies. In a wedding ceremony, the bride and the groom are expected to sit under respected trees like Dhugoo, Mokonnisa, Haruu and Uddessa. Dhugoo is to mean "the man of truth", wishing the bride and groom to be honest and stand for truth. There is a tree called Ceekkataa, which is used only for digging a grave hole or to point out the place of grave hole. According to the Guji myth, a person killed another person using Ceekkataa. Starting from that day, the tree is considered as a tree of blood (Muka Dhiigaa) and used for funeral purposes. Therefore, trees which have different cultural values are conserved for different purposes.*

Yaada olii kana irraa kan hubatamu, moggaasni maqaafi jilli gadaa kanneen biroo muka Odaa jalatti raawwatama. Kana malees, Gujiin maqaa ijoollee isaatiif yoo moggaasu, mukkeen aadaa keessatti iddoo guddaa qaban kanneen akka: Ejersa, Birbirsa, Uraagaa, Odaa, Gololchaa, Dhaddacha, Dambii, Angadhii, Baddeessaa, Bisilee fi kan kana fakkaatan moggaasa. Akkasumas sirna cidhaa gaggeessuu keessatti misirroofi misirrichi mukkeen kabajamoo ta'an kanneen akka: Dhugoo, Mokkonnisaa, Harruufi Uddeessaa jala akka taa'an taasifama. Dhugoo muka dhugaati. Kunis immoo warri walfuudhaan amanamoo akka waliif ta'an hawuudha. Kana malees akka aadaa Gujiitti mukni ceekkataa jedhamu yeroo namni du'uu lafa kan ittii qotuuf gargaara. Akka aadaa dhugeeffannaa Oromoo Gujiitti dur namni muka ceekkataa jedhamu kanaan nama ajjeese; guyyaa sana irraa eegalee mukaa dhiigaati jedhamu lagatamuu eegale. Kanaaf mukni kun sirna awwaalchaa qofaaf kan tajaajilu ta'uu isaati.

Walumaa galatti, yaadota olitti bal'inaan ka'an irraa akka hubatamutti, aadaa Oromoo Gujii keessatti mukkeen jila adda addaa keessatti tajaajilaa kennan heddu kan jiran ta'uudha. Mukkeen sirna adda addaa keessatti qooda guddaa qaban kunneen hawaasa biratti gama aadaatiin eeggumsiifi kununsi garagaraa kan taasifamuuf akka ta'e hubachuun ni danda'ama. Mukkeen jilaa kanneen muruun, bobeessuun , safuu akka ta'ee hubachuun ni danda'ama.Qoranoon kunis mata duree " xiinxala beekumsa Oromoo Gujii moggaasa maqaa dhuunfaa: namaa, beeyiladootaa, biqilootaafi simbiroota jedhu kana jalatti maqaa mukkeen jilaa kanneenii maal akka ta'aniifi jilaa akkamii keessatti tajaajila akkamii keessatti tajaajila akkamii akka keennan gadifagenyaan kan xiinxalu ta'a.

## 2.10. Muuxannoo Oromoo Moggaasaa Maqaa Irratti.

Maqaan sababoota adda addaa wajjin walqabsiisuun yookaan muudannoowwan adda addaa irratti hundaa'uun moggaafama. Filee Jaalataa (2016:174) yaada kana Danesi (2004:104) wabeeffachuun yommuu ibsu: "Namni tokko yookaan hawaasni tokko maqaa kan moggaasu callisee osoo hin taane seenaa, muudannoofi beekkumsa isaa irraa ka'eeti" jedha. Itti dabaluudhan Fileen (achuma) maqaalee Orom-durii keessaa yeroo ammaa hiika isaanii sirriitti himuu hindandeenye, maqaaleen (dhaha Oromoo, guyyootaafi maqaaleen paatilee Gadaa tokko tokko) hedduun kan jiru ta'uu isaa ciminaan ibsa. Maqaan dhala namaas adeemsa kanaan ala tahuu hin dandahu.Moggaassni maqaa falaasama Oromoo keessatti seenaawwaan yeroo adda addaa waliin waqabachuu danda'a.

Muxannoo Oromoon moggaasa maqaa irratti qabu ilaalchiise Filee Jaalataa (2016) haala yeroodhaan bakkeewwan saditti qoqqooduun akka armaan gaditti kaahee haa ilaallu.

> *Inni duraa,biyyi Oromoofi Oromoonni gita bittaa abashootaa jalatti otoo hin kufin duraa bara (1840),Oromoon maqaalee daa'ima isaa moggaasaa kan ture aadaa hinfalloofneefi hinfaajjofne irratti hundaa'ee akkaataa falaasamaafi duudhaa Oromoo ibsuu dandahuun seeraafi heera eegee sirnoota akka hammachiisaatiin ture.Inni lammaffaan ammo,Oromoon gita bittaa abashootaa jalatti erga kufe booda maqaaleen hedduun maqaa kiristaanaafi maqaa amaaraatti inni kaan fedhiidhaan inni kanneen biroo immoo maqaa Amaaraatiin waamamuun akka ulfinaa, kabajaafi qaroomina guddaatti ilaaluudhan maqaalee sanyii,aadaa,falaasamaafi eenyummaa isaanii ibsan gadi gatanii yookaan dirqamanii akka maqaalee Amaaraa moggaafachaa akka turan ragaaleen seenaa ni ibsa.Inni sadaffaan ammoo moggaasni maqaalee Oromoo haala adda taheen maqaa yeroo ammaa mogga'aa jiru bara 1983 irraa eegaleedha.Sadarkaalee*

*kanatti maqaaleen Oromoo moggaasa maqaalee Amaaraafi kiristaanummaa irraa gara maqaalee Oromootti mimmiidhagoo duriitti yookaan ammoo maqaa ammayyaatti jijjiiramuudhaan jedha.*

Sirni moggaasa maqaa dhalootaa Oromoo biratti bakka guddaa qaba.Oromoon maqaa daa'ima isaa lafaa ka'ee callisee kan moggaasu osoo hin taanee akkaataa aadaa,duudhaafi amantaa isaatti yeroofi akkaataa ittiin moggaasu kan mataa isaa qaba.Yaaduma kana ilaalchisee Dr.Fileen Jaalataa (achuma) akkana jechuun ibsa: "Oromoon maqaa dhala isaa kan moggaasu mucaan yookaan mucayyoo erga dhalattee guyyoota shan boodadha. Sababni isaas akka falaasama Oromootti namni tokko dhalatee ulaagaa seera namummaa kan guutu guyyoota shan boodadha.Sirni moggaasa maqaa dhalootaa kunis shananii jedhamuun beekkama,"jedha.

Akka duudhaafi falaasama Oromootti maqaan dhalootaa yeroofi sababoota adda addaa isaanis: sa'aatii, guyyootaa, ji'oota, tibbawwaniifi bara dhalatan, sirna adda addaa yookaan paartilee gadaa, sanyii yookaan gosaa isaatiin yaadachuuf, yeroo ammaa kana keessa immoo maqaalee, siyaasaa, xiiqii siyaasaa, bilisummaa, abdii bilisummaa, eenyummaa ofii, seenaafi birmadummaafi kan kana fakkaatan waliin kanneen wal qabatanii moggaa famuu danda'a. (Filee Jaalataa, 2016:176)

Haaluma walfakkaatuun Tasfaayee Guddataa (2015:19), sirni moggaasa maqaa Oromoo biratti maal akka fakkaatuufi barbaachisummaa moggaasa maqaa Oromoo yommuu ibsu akkana jedha:

*Naming is a joyous occasion among the Oromo people because children are regarded as wealth and as means of continuity of lineage. People give a child a name which refers to courage, brave and wisdom. Personal names are important pointers of individuals in society. Parents of the child are principal actors. The name they give may generally be linked with the identity the child has grows. That means the name parents give emanate from the social fabrics of their life.*

Moggaasni maqaa Oromoo biratti lafumaa ka'amee kan hin moggafamneefi akkaataa aadaafi duudha hawaasichaa irratti hundaa'uun akkaataafi sirna ittiin moggaafamu qaba. Kunis sababa ijoolleen Oromoo birattii akka qabeenya guddaatti ilaalamaniifi itti fufiinsa hidda latiinsa sanyii tokkootiif murteessadha jedhanii waan yaadaniifidha.

Aadam Kadiir (2008:3) barbaachisummaa ijoolleen Oromoo birattii qabdu yommuu ibsu, “Ummanni Oromoo ijoolleef iddoo guddaa kenna. Ijoollee qabaachuun saba kana biratti,akka waa hunda qabachuuti laalama. Namni ijoollee qabu ni gammada,ni kabajamas. Kabajaafi gammachuu isaa kana irraa kan ka’een ijoollee isaatiif kabajaafi jaalala guddaa qaba.”jedha. Kabajaafi jaalala ijoolleef qabu kana irra ka’uun sirna moggaasa maqaa dhaloota ijoollee irratti xiyyeeffannoo guddaa godha.Kana irraa ka’uun maqaan ijoolleef baasanis kan ijoollee jabummaa, gootummaafi Ogummaa yookaan beekumsa isaanii kan ibsudha.

Aadam Kadiir (2008:9) muuxannoo Oromoon moggaasa maqaa irratti qabu ilaalchisee, yommuu ibsu: “Daa’ima dhalate kana eebbaa fi ulfina qofaan odoo hindhiisin maqaa mishaa baasaniifi handhuuraa kennaniifi.Ummanni Oromoo daa’ima isaati maqaa ka baasu lafaa ka’eeti miti,yeroo qunnamtii adda addaa,hawwii uf duraa,---wkf yaada keessa galcheeti.” jedha.

### 2.11. Akaakuuwwan Moggaasaa Maqaa Dhuunfaa Namaa

Maqaan akkaataa aadaa, duudhaafi falaasama kutaa hawaasa tokkoo fi hiika inni dabarsu irraatti hundaa’uun akaakuu adda addaatti qoodamuu ni danda’a. Kgabo Lawrance Mphela (2010) akaakuu maqaa dhuunfaa namaa, “names given at birth, family names, character names, praise names, nicknames, names given when getting married, names based on beliefs, names given at initiation, school, names given when starting school, names given during baptism” jechuun tarreessee jira. Kun kan nu hubachiisuu, maqaan dhuunfaa namaa, maqaa dhalootaa,maqaa maatii,maqaa ulfinaa, maqaa amalaa,maqaa masoo,maqaa gaa’elaa, maqaa mana barnootaa,fi maqaa amantaa jedhamuun akka qoodamuu danda’uudha.

Kana malees, Agyekum Kofi (2006) maqaan dhuunfaa hiikaafi tajaajila hawaas-aadaa saba‘Akan’ irratti hundaa’uun akaakuu maqaa dhuunfaa namaa saba ‘Akan’day names, family names, circumstantial names, theophorous names, flora and fauna names, weird and reincarnate names , religious , achievements, stoole names, occupational etc. names, insinuating and proverbial names, bodily structure and kinship etc names” jechuun tarreeffamee jira. Yaada olii kana irraa hubachuun kan danda’ame akaakuun maqaa armaan olitti tarreeffamee kun: maqaa guyyaa, maqaa maatii,

maqaa haala adda addaa irratti hundaa'uun moggaafamu, maqaa jiraachuu waaqaa yookan waaqummaa ibsu, maqaa biqilootaafi bineensotaan moggaafamu,maqaa muudannoo adda addaa, maqaa agiboofi maqaa sanyii fi kan kana fakkaatanitti qoodamuu kan danda'amu ta'uu isaati.

Gama biraatiin Tasfaayee Guddataa (2015) akaakuu maqaa Oromoo haala armaan gadiitiin kaahee jira.

> *Maqaa muudannoo adda addaa irratti hundaa'uun moggaafamu (circumstantial names), haala uumama qaamaafi amala yeroo dhaloota daa'ima irratti mul'atu, maqaa bineensota irraa moggaafamu, maqaa biqilootaan walqabatu, maqaa bineesotaa waliin walqabatu, maqaa hojii qonnaafi horsiisa loonii waliin walqabatu,maqaa guyyoota ji'aa waliin walqabatu, maqaa hawwiifi gammachuu waliin wal qabatu, maqaa waqtiilee ibsu, maqaa guyyoota torbanii ibsu , maqaa tartiibaa ijoollee dhalataniitiin bahu, maqaa iddoo dhalootaa waliin walqabatu , maqaa daa'imman lakkuu dhalatan waliin walqabatu, maqaa gosaan walqabatu, maqaa akkoo yookaan akaakayyuu yookaan akaakilee yookaan abaabayyuu isaanii waliin walqabatee bahuufi maqaa mukkeen waliin walqabatu, maqaa siyaasaa, fi kan kana fakkaatan akka ta'an ibsee jira.*

Walumaa galatti yaadota armaan olii irraa hubachuun kan danda'amu, maqaan dhuunfaa nama tokko yookaan saba tokkoo aadaa, duudhaa , afaan, amantaa, falaasama, hawaas-diinagdee, siyaasafi hawaasichaafi walumaa galatti haala jiruuf jireenya hawaasa irratti hundaa'uun akaakuun garagaraa qabaachuu danda'a. Akaakuun maqaa kunis aadaa, duudhaafi falaasamaa hawaasichaa irratti hundaa'uun walfakkaachuufi gargar ta'uu kan danda'u ta'uu hubachuun ni danda'ama. Qorannoo kana keessatti akaakuun maqaa dhuunfaa namaa Oromoo Gujii aadaafi falaasama isaanii irratti hundaa'ee moggaafamuu maal maal akka ta'e boqonnaa afur keessatti bal'inaan dhihaatee jira.

### 2.12. Sakatta'a Barruu Walfakkii

Mata duree kana jalatti hojiiwwaan adda addaa mata duree kana irratti karaa adda addaatiin namoota adda addaatiin yeroo adda addaa keessatti hojjatamaan kan itti sakatta'amuudha. Kunis hojiiwwan biyya keessaafi biyyoota adda addaa biroo keessatti gama mata duree kanaan hojjataman hanga tokka sakatta'uuf kan yaalu ta'a.

Kgabon Lawrance Mphela bara 2010 mata duree "An Analysis Of Personal Naming In The Moletjie Area Of The Limpopo Province: An Onomastic Approach" irratti guutinsa digirii lammaaffaatiif kan dhihaateedha.Kaayyoo qorannoo ulaagaa moggaasa maqaa

namaa naannoo Mooletjii tarreessuu, gahee aadaan moggaasa maqaa namaa irratti qabu ibsuu, fi gahee koorniyaan Moggaasa maqaa namaa irratti qabu murteessuudha. Qorannoon "Xinxala Beekkumsa Oromoo Gujii Moggaasa Maqaa Dhuunfaa (Namaa, Beeyiladootaa, Biqilootaafi Sim biroota Oromoo Gujii Uraagaa" jedhu kunis qorannoo olitti ibsame wal bira qabee yoon ilaaluu walitti dhufeenya guddaa kan qabuufi kan walde eggaran yoo ta'u, bakki garaagarummaa agarsiisus ni jira. Fakkeenyaf qorannoo kanaan wal hidhanni inni qabu, haala moggaasa maqaa dhuunfaa namaa kan jedhuu irratti yoo ta'u,bakki garaagarummaa agarsiisu immoo qorannoo armaan olitti dhihaatee xiinxala moggaasa maqaa namaa qofarratti kan xiyyeeffatu yoo ta'u, qorannoon kiyyaa immoo xiinxala Beekkumsa Oromoo Gujii moggaasa maqaa dhuunfaa: nama, beeyiladaa, boqilootaafi simbirootaa irratti xiyyeeffata.Kanaafuu qorannoon kiyya qaawwa gama kanaan jiruu guutuun beekumsa dabalataa ni laata.

Qorannoon inni lammataa immoo qorannoo Agyekum, K. (2006) mata duree "the sociolinguistic of Akan personal name" jedhu irratti gaggeeffame yoo ta'u xiyyeeffannaan isaa haala Moggaasa maqaa namaa warra 'Akan' irratti kan xiyyeeffatuudha. Qorannoon kunis qorannoo xiinxala Beekkumsa Oromoo Gujii Moggaasa maqaa dhuunfaa: Namaa, Beeyladootaa, Biqilootaafi simbiroota jedhu waliin wal fakkenyaan ni qabaata. Walfakkeenyi isaan qaban qorannoon olitti dhihaatee akaakuu maqaa namaa saba 'Akan' kan tarreessuudha. Kana malees, maqaan namaa saba 'Akaan' sirna moggaasafi beekumsa moggaasa maqaa namaa saba 'Akan' maal akka ta'ee kan ibsuudha.Sirni moggaasa maqaa saba Akan kunis duudhaa, aadaa, ilaalcha, amantaa fi falaasama ummata sanaa irratti kan bu'uureeffatee akka ta'e ni kaaha.

Qorannoon kun gama kanaan qorannoo Xiinxala Beekkumsa Oromoo Gujii Maqaa Dhuunfaa namaa jedhu waliin walfakkeenyaa kan qabu yoo ta'u, maqaa dhuunfaa namaa qofarratti xiyyeeffachuun isaa qorannoo koo irra adda ta'a. Akaakuun maqaa dhuunfaa beelladootaa, biqilootaa, simbirootaa maal irratti hundaa'ee akka moggaasuufi akaakuun maqaa dhunfaa beeyladootaa, biqilootaa, simbirootaa maal akka fakkatu hin ilaalle. Kanaafuu qorannoon xiinxala beekumsa Oromoo Gujii

Moggaasa maqaa dhuunfaa: namaa, Beeyiladootaa Biqiloota fi Simbiroota irratti qabu jedhu qaawwa gama kanaan jiruu guutuu danda’a.

Qorannoon inni sadaffaan immoo qorannoo Shifarraaw Kabbabaatiin bara 2008 xiinxala “Sirna Moggaasa Maqaa Oromoo Gujii”, jedhu irrattii guutinsaa digirii lammaffaatiif dhihaate yoo ta’u, kaayyoon qorannoo kana sirna moggaasa maqa namaa Oromoo Gujii maal akka fakkaatu,sirnicha irratti gosoonni fookloorii dhihaatu maal fa’a akka ta’an,sirni moggaasa maqaa kun yeroo akkamii akka adeemsifamuu fi kan kana fakkaataan ibsuu irratti xiyyeefata.Qorannoon kunis akkuma qorannoowwan olitti ilaallee xinxala sirna moggaasa maqaa dhunfaa namaa irratti qofa xiyyeeffata.

Walumaa galatti qorannoon Xinxalaa Beekkumsa Oromoo Gujii moggaasa maqaa dhuunfaa: Namaa, Beeyladootaa, Biqilootaafi Simbiroota irratti qabu jedhu kun qaawwa qorannoowwan armaan olii irratti mul’ate guutuun beekumsa dabalataa ni kenna.

# Boqonnaa Sadi: Mala Qorannoo

Boqonnaa kana keessatti saxaxa qorannoo, irraawwatama qorannichaa, mala funaansaa ragaa fi mala qaaccessaa ragaatu dhihaata. Kana malees haala dhiheenya qorannichaafi yaaxxina mala qorannichaa waliin walqabatan kan dhihaataniidha.

## 3.1. Saxaxa Qorannichaa

Qorattootni hedduun yeroodha gara yerootti damee qorannoofi gosa qorannoo isaanii irratti hundaa'uun gaaffii qorannoo isaaniif furmaataa barbaaduuf mala qorannoo adda addaa ni bocu yookaan saxaxu. Mala qorannoo isaanii keessatti mala qorannoo akkamtaa (qualitative) mala qorannoo ammamtaa (quantitative method) fi mala qorannoo makaa (mixed method) gargaaramuu danda'u. Haata'u malee malli qorannoo kunnin hanqinaa fi cimina mataa isaanii waan qabaniif qorataan tokko hanqinaa fi ciminaa isaanii addaan baasuun mala qorannoo isaaf mijataa ta'e gargaaramuu danda'a. Kanaafuu qorataan kun qorannoo isaa kana keessatti mala qorannoo akkamtaa kan gargaaramu ta'a. Kunis sababa malli qorannoo akkamtaa odeeffannoo mala funaansa ragaa adda addaatiin funaannamee qacceffameen booda mala ibsuutiin bal'inaan dhiheessuuf mijataa waan ta'eefidha.

Yaaduma armaan olii kana ilaalchisuun Jeeyilan Amaan (2013:89), Creswell, (2007:37) wabeeffachuun yoo ibsu,

> *Qualitative research is a type of scientific research, which seeks answers to a research question through data collected from the natural settings where the participants have experienced the issues or problems employed in the study. It employs various data collecting techniques to understand a given research problem or topic from the perspectives of the local population it involved. As a result, it is effective in obtaining culturally specific information about the values, opinions, behaviours and social contexts of particular populations, jedha.*

Yaada asii olii irraa hubachuun kan danda'amu, qorannoon akkamtaa akaakuu qorannoo saayinsawaa ta'ee kan deebii gaaffii qorannoo barbaaduuf odeeffannoo mala funaansaa ragaa adda addaatti gargaaramuun yoomessa uumamaa bakka iddattoowwaan dhimma qorannoo irratti muuxannoo qaban irraa walitti qabamee qaacceffame ibsuun dhiheessu dha. Malli qorannoo kun mala odeeffannoo murtaa'aa waa'ee aadaa, safuu ,amalafi haala hawaasa murtaa'aa tokkoo argachuu keessatti bu'a qabeessa akka ta'eedha.

### 3.2. Irraawwatama Qorannichaa.

Qorannoon tokko irraawwatama yookaan madda ragaan irraa argamuu qabaachuun barbaachisaadha. Kun ammoo namootaafi dhimoota qorannoon irratti gaggeeffamu irratti kan bu'uureffatuudha. Haaluma kanaan qorannoon kun ummataa Oromoo Gujii Uragaa irratti kan raawwatu yoo ta'u, qorataan madda ragaa tokkooffaa fi lammaffaatti gargaaramee jira. Maddi ragaa tokkoffaa iddattoo qorannichaa irraa odeeffannoo sadarkaa tokkoffaa kallattiin argachuuf kan gargaaru yoo ta'u maddi ragaa lammaffaa immoo qorataan dookimantiiwwan adda addaa garagalchuun odeeffannoo qorannichaaf barbaachisuu argaachuuf kan gargaarudha. Kanaafuu qorataan kun odeeffannoo sadarkaa tokkoffaa maanguddotaafi namoota moggaasa maqaa fi aadaa hawaasichaa irratti odeeffannoo na kennuu danda'u jedhe yaade irraa odeeffannoo fudhatee jira. Akkasumas odeeffannoo odeefkennitoota irraa argatee gabbisuuf daawwannaa dirree gaggeessee jira.

### 3.3. Iddatteessuu

Akka Anbasu Biazen (2004:107) fi kanneen biroo Picciano (2002) wabeeffachuu yommuu ibsan,"sampling is selecting a group (sub group) from a much larger population that is similar in its trait (gender,ethnicity,age,income etc) distribution of the larger population. Findings made from the studying the group can then be generalized to the larger population."jedha. Akka yaada kanaatti, iddatteessuun garee hawaasaa lakkoofsaan bal'aa ta'ee amala walfakkaataa ta'e kan akka (koorniyaa,qomoo,umrii ,galii…) qaban irraa garee yookaan jamaa hawaasa bal'aa bakka bu'uu danda'u filachuudha. Argannoon qorannoo garicha irraa argamuus hawaasa bal'aa bakka bu'uu kan danda'u ta'uu isaati.

Haaluma walfakkaatun Anbasu Biazen (2004:107), Ary (1990 wabeeffachuun maalummaa iddatteessu yommuu ibsan, "the small group that is observed is called a sample and larger group about which the generalization is made is called population." Jedhu. Kana irraa hubachuun kan danda'amu, garee xiqqaan garee bal'aa bakka bu'e iddattoo yommuu jedhamu, gareen bal'aan immoo ummata (population) kan jedhamu ta'uu isaati.

Kana malees, Dastaa (2013:132), Trochim (2006) wabeeffachuun kaa'etti " sampling is the process of selecting units (example, people, organizations) from a population of interest so that by studying the sample we may fairly generalize our results back to the

population from which they are chosen.” jedha. Akka yaada kanaatti iddateessuun adeemsa jamaa tokko keessaa odeeffannoo argachuuf namoota yookaan qaamota jamaa sanaa filachuudhaan dhimma barbaadameefi itti gargaaramuudha.

Yaaduma kana Addunyaa (2011:65) akka ibsetti,“namoota dhimmi ilaallatu hunda irraa odeeffannoo funaanuun rakkisaa waan ta’eef , iddattoo filataman irraa odeeffannoo argachuun bu’uura taasifachuun argannoo isaa qaamolee dhimmichi ilaallatu maraaf oolchuun ni danda’ama”, jedha.Yaada kana irraa hubachuu kan dandeenyu , odeeffannoo qorannoo tokkoof barbaachisu hunda qaama dhimmi ilaallatuu hundaa irraa funaanuun rakkisaa waan ta’uuf qaamota namoota hunda bakka bu’uu danda’an filachuun dhimma itti bahuun barbaachisaa akka ta’eedha. Akaakuu qorannoo adeemsifamuu irratti hundaa’uun malli iddatteessuun akaakuu adda addaa ta’uu danda’a.

Anbasu Biazenfi kanneen biroo (2004:113), .Anthony G.picciano (2001:121) wabeeffachuun yaaduma olii kana ilaalchisee akka kaahanitti,“various sampling techniques can be used depending on types of research to be conducted. The two major types of techniques are probability sampling and non probability sampling.” Yaada olii kana irraa hubachuun kan dand’amu, akaakuu qorannoo gaggeeffamuu irratti hundaa’uun malli iddatteessuu garagaraa kan jiru ta’uufi gosonni iddatteessuu gurguddoon lama yommuu ta’an, isaaniis: Mala carraa fi Mit-carraa akka ta’aniidha. Kanaafuu qorataan kun qorannoo isaa keessatti mala iddatteessuu mit carraa gargaaramee jira. Sababni isaas malli iddatteessuu mit- carraa kun mala iddatteessuu akkayyoo (purposive sampling), iddatteessuu ammargee (convenient sampling)fi iddatteessuu darbaa dabarsaa (snow ball sampling) kan of jalaa qabu waan ta’eef qorataan kun qorannoo isaa kana keessatti mala iddateessuu akkayyootti gargaaramee jira. Sababni malli iddatteessuun akkayyoo dhimma qoratamuu irratti namoota muuxannoo fi hubannoo gahaa na kennu jedhee itti amane ofumaa wanaan itti amaneefidha.

Dhimma kana ilaalchisee Adunyaan (2011:67) Beg (2001:32), wabeeffachuun yommuu ibsu,“ when developing a purposive sampling, the researchers, use their special knowledge or expertise about some group to select subjects who represent this population ,” jedha. Akka yaada kanaatti namni odeef kennitoota filatu tokko beekumsaafi muuxannoo qabutti fayyadamuun iddattoo warra kaawwan bakka bu’uu

danda'an filachuu qaba. Haaluma kanaan qorannoo kana keessatti qorataan kun namoota odeeffannoo gahaa na kennu jedhe namoota 35 irraa odeeffannoo fudhatee jira.

### 3.4. Meeshaalee Funaansa Ragaa

Adeemsa qorannoo gaggeessuu keessatti qorataan odeeffannoo qorannoo isaaf barbaachisan meeshaalee funaansa ragaalee adda addaatti gargaaramuun walitti qabachuu danda'a. Meeshaalee funaansa ragaalee adda addaatti gargaaramuun dhugummaa odeeffanichaa nicimsa. Meeshaaleen funaansa ragaa kun gosa qorannoo irratti hundaa'ee garaagarummaa qabaachuu danda'a. Kana jechuun meeshaaleen funaansa ragaa qorannoo akkamtaa fi ammamtaa adda adda ta'uu danda'a. Kanaafuu qorataan kunis qorannoon isaa gosa qorannoo akkamtaa waan ta'eef mala funaansa ragaa gosa qorannoo akkamtaaf mijataa ta'e kanneen asiin gadiitti dhimma bahee jira.

#### 3.4.1. Afgaaffii

Afgaaffiin meeshaalee funaansa odeeffannoo qorannoo keessaa tokko ta'ee kan qorataafi odeef- keennan fuulletti walarguun waliin dubbii afaanii taasisuun qorataan odeeffannoo fudhatuufi odeef-kennaan immoo odeeffannoo itti kennuudha.Yaaduma kana dhugoomsu Jeeyilaa Amaan (2013:95), yoo ibsu, "An interview is one of the research tools used to collect straight forward information in a real situation through conversations that take place between an interviewer and a number of interviewees. The interview is worthwhile and better exploited when it is applied to the investigation of more complex and subtle phenomena,"jecha. Yaada kanarraa hubachuun kan danda'amu, afgaaffiin meeshaa funaansa odeeffannoo keessaa tokko ta'ee qorataafi odeefkennaan kallattiin walitti dhufuun waliin haasa'uun odeeffannoo sirriifi dhugaa ta'e kennuufi fudhaachuuf mala gargaaruu ta'uu isaati.

Haaluma walfakkaatun, Dastaan (2013:113) Yaalew (2006) wabeeffachuun yoo ibsu , yeroo afgaaffin odeeffannoon funaannamu, sochii odeef-kennaa irraas odeeffannoon dabalataa argamuu danda'u, odeef kennitootni deebii kennuuf shakkii yoo qabatan qorataan kaayyoo isaa sirriitti ifa gochuudhaan akka ifa ta'anii deebisaniif gochuu akka danda'u lafa kaa'ee jira.Kana malees, Jeeyilan Amaan (2013), Denscombe (2007:174) wabeeffachuun yaada olii kana kan deeggaruu haala asiin gadii kanaan kaa'ee jira. "The interview will most likely provide a more suitable method attuned to the intricacy of the

subject matters when the researcher needs to gain insights into respondents' feeling, opinions, emotions and experiences.Thus, an interview enables the researcher to deduce the implied information from the respondents'feelings, actions, expressions and intended responses",jechuun kaa'ee jira.

Yaada kana irraa hubachuu kan dandeenyu, afgaaffiin mala odeeffaanoo qorannoo itti funaanuuf mijataa ta'eefi qorataan miira, yaada, muuxannoofi ilaachaa odeef- kennaa xiinxaluun odeeffannoo itti argachuun danda'amuu ta'uu isaati.

Dhugaa dhuma armaan olii kana irraa ka'uudhaan qorataan kunis qorannoo isaa kana keessatti afgaaffiitti dhimma kan bahe yoo ta'uu afgaaffii hincaaseffamne namoota moggaasa maqaafi aadaa hawaasaa irratti beekumsaa fi muuxannoo qaban jedhaman waliin afgaaffii taasisee jira. Kana yommuu taasisuu qorataan duraan dursee maqaa namaa kan Oromoo Gujii galmee barattoota Mana Barnootaa Uraagaa Sadarkaa Lammaffaafi Mana Barnootaa Qophaa'inaa Uraagaa bara 2004- 2009tti jiran fudhachuu dhaan maqaa Oromoo Gujii kan ta'e koorniyaadhaan addaan baasee qabachuudhaan hiika maqaalee kanneeniifi wantoota maqaaleen kunniin irratti hundaa'uun moggafamu, maqaalee kanneen eenyu akka moggaasu, akkasumas maqaalee korniyaa lachuufi moggaafamuu danda'u kam akka ta'efi k.k.f. irratti namoota muxannoo qaban walii afgaaffii taasisee jira. Akkasumas hiika fi wantoota maqaa dhuunfaa beeyiladootaa ,biqilootaa sirnaaf yookaan jilaaf oolaniifi sinbiroota kaayoo yookaan faroo yookaan milkiif olaan irratti hundaa'uun moggaafamaniifi kaayoo akkamii akka isaan himan irratti namoota muuxannoo qabu jedhamaan waliin afgaaffii taasiseen jira. Suuraa ragaa kana deeggaru Dabalee D (Suuraa 1-4) ilaaluun ni danda'ama.

### 3.4.2. Daawwannaa

Daawwannaan mala qorataan odeeffannoo qorannoo isaaf barbaachisu bakka qorannoon itti gaggeeffamu deemuun qaama qorannicha irratti gaggeessu sana fana bu'ee yookaan hordofee ijaan ilaaluun odeeffannoo funaannatuudha.Yaaduma kanaan kan waalqabate Jeeyilan Aman (2013), O'leary, (2004:170) wabeeffachuun yommuu ibsu,"An observation is a systematic method of collecting data that rely on a researcher's ability to gather data through his or her senses." jedha.Yaada kanarraa hubachuun kan danda'amu

daawwannaan mala funaansa ragaa qorannoo sirna qabeessa ta'ee kan dandeetti qorataan tokko odeeffannoo qorannoo isaa yookaan ishee miraa ofiitti gargaaramuun funaanuu irratti xiyyeeffatu ta'uu isaati.

Haaluma walfakkaatuun, Sarantakos (2005:234) akka ibsametti, " observation provides information when other methods are less effective complicated and time consuming and offers collection of wide range of information" jedha. Akka yaada kanaatti, daawwannaan mala funaansa ragaa yeroo odeeffannoon mala ragaa birootiin funaanname gahaa ta'uu didee,walxaxaa ta'eefi yeroo kan fudhatu yoo ta'eefi odeeffannoo bal'aa argachuuf mala gargaaruu ta'uu isaati.

Qorannoo kana keessatti qorataan dhimmoota daawwannaa barbaachisu maqaa beeyilaadootaa bifa,mallattoo adda addaa qaama isaanii irratti argamuufi boca gaafa isaanii irratti hundaa'uun moggaafamu addaan baasuuf Ebla 10,2009 gabaa loonii Haroo waaccuu deemuun loon bifa, mallattoofi boca gaafa isaaniitiin addaan baasee suura isaanii fudhachuudhan maqaan isaanii maal akka jedhamu odeefkennitoota kiyyaaf afgaaffii taasiseen jira.Kana malees Waxabajjii 10,2009 Marii garee xiyyeeffannoo ganda Goraa Boraa qe'ee Obbo Jiloo Dheeraatti taasiseen boodaa,lafa loon dheedan deemuun loon maqaa loon isaanii bifa,mallattoolee qaama isaanii irratti argamaniifi bocaa gaafa isaanitin addaan baasee daawwadheen jira.

Kanamalees Waxabajjii 15,2009 marii garee xiyyeeffannoo taasisuuf jecha ganda Gamamaa Goljaa qe'ee obbo Duubee Kelootti taasisuuf yommuun deemetti, mukken jilaafi woyyuu Oromoo Gujii maal akka fakkaatan gargaarsa obbo Aanolee Duubee Kelootiin daawwanna taasisuun suura isaanii fudhadheen jira. Mukeen jilaa irratti daawwanna gargaaramee suuraa isaanii fudhachuudhan maal akka isaan fakkaatan addaan baasuun ragaa fudhatee jira. Dabalee "F fi G" ilaaluun ni danda'ama.

### 3.4.3. Marii Garee Xiyyeeffannoo

Marii garee irratti mata duree qorannoo kanaaf odeeffanoo sirrii kennuu kan danda'an manguddootafi namoota aadaa sana keessatti guddatanii beekumsaa aadaa qabaniidha. Kanaafuu qorataan kun milkaa'ina qorannoo isaa kanaaf manguddootaafi namootaa beekumsaa aadaa qaban kanarraa odeeffannoon akka funaanamu ta'eera. Kunis

muuxannoofi beekumsa isaanii kana qorannoo kana keessatti dhimma bahuuf gargaara. Yaada Kana ilaalchisee Kotheri (2004:98) yoo ibsu, "*Focused group interview is meant to focus attention on the given experience of the respondent…*," jechuun kaa'a.

Marii garee xiyyeeffannoo kana gaggeessuuf qorataan kun dursee namoota beekkumsaa aadaa gadifagoo qaban namoota qorachuudhan haala kamiin isaan argachuu akka kana danda'u haala mijeeffate. Haaluma kanaa marii garee marsaa duraa deeggarsa W.A.T.A.U. sirna eebba dallaa waajjiira yookaan godambaa Aanaa Uraagaa irratti argaa muun abbootii gadaa achitti argaman waliin mukkeen jilaafi jila akkamiif akka gargaaran irratti marii taasisuu danda'eera.

Haaluma walfakkaatun marii lammaffaa gaggeesse deeggarsa bulchaa ganda Sonqollee Kallatoo kan ta'an Obbo Baqqalaa Beettisaatin mana Obbo Beettisaa Tumaatti gaafa Ebla 16,2009 giddu galeessan namoota sadi (3)_hanga shanii (5) ta'an waliin marii gaggeessuu danda'eera. Dabalataanis, marii garee marsaa sadaffaa ganda Goraa Booraatti deeggarsa jarsaa biyyaa kan ta'an obbo Jiloo Dheeraatiin mana isaanitti gaafa Waxabajjii 10,2009 isaaniifi manguddoota naannoo isaanii jiran namoota afur waliin marii taasiseera. Dalataanis Deeggarsa Obbo Jiloo Dheeraatiin gaafa waxabajjii, 10, 2009 ganda Gagamaa Goljaatti mana obbo Duubee Kelootti namoota torba (7) waliin marii taasiseera.

Walumaa galatti qorataan marii garee xiyyeeffaannoo gaggeesse kanaan dhimoota maqaalee mukkeen jilaafi jila isaan olaaniif maqaa simbirrootaa faroofi faroo akkamiif akka isaan oolaniifi moggaasa maqaa dhuunfaa namaa irratti marii guddaan taasifameera.Suuraa ragaa kana deeggaran Dabalee E (Suuraa:5-8) ilaaluun ni danda'ama.

### 3.5. Adeemsa Funaansa Ragaa

Odeeffannoo qorannoo kanaaf barbaachisoo ta'an funaanuu keessatti qoratan tooftaaleen asiin gadii gargaaramee jira.

### 3.5.1 .Haala Funaansa Ragaa

Ragaa odeefkennitoota qorannichaa irraa funaanuu keessatti yaadannoo dhuunfaa qabachuu, sagalee waraabuu fi suuraa fudhachuudhaan ragaan akka funaanamu ta'eera. Kunis odeeffanoon waraabame ragaaf akka taa'u ta'eera.

### 3.5.2 .Akkaataa Odeefkennitootni Ragaa Itti Kennan

Maanguddoota irraa odeeffannoo yookaan raga funaanuun duraa dhimma ragaan sun barbaadameef yookaan kaayyoo qorannichaa ilaalchisee hubannoon kennameefii jira. Akkasumas, akkaataa yaada isaanii itti ibsaniifi ragaa sirrii ta'e kennuu keessatti haala qabatamaa aadaa isaanii irratti bu'uureeffatanii yaada kennaniif hirmaattotaaf ibsi gahaan karaa qorataatin kennameera. Haaluma kanaan marii garee irratti yaada walharkaa fuudhuun isaa tokko dagateefi karaa irraa gore karaatti wal deebisuun walsirreessaa yaada sirriifi qulqulluu ta'e akka kennan hubannoon kennameefi jira.

### 3.5.3. Mala Qaaccessa Ragaalee

Ragaaleen odeefkennitoota yookaan manguddotarraa tooftaa adda adddaatiin (afgaaffii, marii garee xiyyeeffannoofi daawwannaa) tiin funaanaman kaayoo qorannichaa irratti hundaa'uun xiinxalamanii ibsamanii jiru.

# Boqonnaa Afur: Qaaccessa Ragaalee

Boqonnaan kun odeeffannoon karaa marii garee xiyyeeffannoo,afgaaffiifi daawwannaa direetiin sassaabamee kan itti qaacceffamuudha. Odeeffannoon karaa adda addaatiin walitti sassabame kunis kutaalee gurguddoo shanitti qooduu dhiheessee jira. Kutaan isaa jalqabaa keessatti haala moggaasa maqaa dhuunfaa namaa Oromoo Gujiitu dhihaate. Kutaa lammaffaa boqonnaa kanaa jalatti ammoo xiinxala haala moggaasa maqaa dhuunfaa beeyladootaa Oromoo Gujiitu dhihaate. Kutaa sadaffaa keessatti xinxaala maqaa biqilootaa yookaan mukkeen jilaa Oromoo Gujiitu dhihaate. Mata duree kana jalatti maqaa biqiloota woyyuu ta'anii, maqaa biqiloota laguu ta'anii maqaa biqiloota moggaasa maqaa namaa keessatti beekkamaniitu dhihaate. Kutaa afraffaa keessatti immoo maqaa simbiroota Oromoo Gujii Uraagaa biratti kanneen kaayoo adda addaaf ilaalamaniitu xiinxalama. Kutaa isaa shanaffaa fi isaa xumuraa boqonnaa kana jalatti immoo hiika maqaa namaa Oromoo Gujii Uraagaatu dhihaate.

### 4.1. Haala Moggaasa Maqaa Dhuunfaa Namaa Oromoo Gujii

Moggaasni maqaa namaa Oromoo Gujii haala adda addaa irratti hundaa'ee kan moggaafamu ta'uu odeeffannoo argame ni mul'isa. Moggaasni maqaa namaa kun duudhaa hawaasaa, aadaa hawaasaa , amantaa hawaasaa , faalasama hawaasaafi ilaalcha hawaasni naannoo isaatiif qabu hunda giddugaleessa kan godhateedha. Mee armaan gaditti ulaagaalee moggaasa maqaa Oromoo Gujii kana tokko tokkoon haa ilaallu.

#### 4.1.1. Maqaalee Yeroo Daa'imnan Dhalatan Irratti Hundaa'uun Moggaafaman.

Yeroon daa'imman itti dhalatan moggaasa maqaa namaa keessatti qooda guddaa qaba. Yeroon kun barii barraaqa, obboroo, ganama, waaree dura, guyyaa, guyyaa saafa'a, waree booda, galagala, galgala dimimmisaa, halkan dukkana, halkan waarii, fi barii lafaa ta'uu danda'a. Yeroo kanneen irratti hundaa'uun maqaan mogga'uufi danda'a.Yaaduma kana ilaalchisee Tasfaaaye Guddataa (2015:24) "the term tempronyms is used to refers to the period, day and time at which the baby was born. The Oromo bestow names based on the time of a day, day, weekend, season, and period in which the baby was delivered." jedha. Yaada kana irraa kan hubannu Oromoon maqaa daa'immanii yeroo guyyaa keessa jiran, guyyaa itti dhalatan, torbee itti dhalataniifi wayitii itti dhalatan irratti hundaa'uun kan moggaasu ta'uudha. Ummanni Oromoo Gujiis akkuma Oromoota biroo yeroowwan

olitti tarreeffame irratti hundaa'ee maqaa dhuunfaa namaa moggaasu kan mataa isaa qaba.Mee maqaa ummanni Oromoo Gujii maqaa yeroo daa'imman dhalatan irratti hundaa'uun moggaasu haala asii gadii kanaan haa ilaallu.

**Gabatee 2: Maqaalee Yeroo Daa'iman Dhalatan Irratti Hundaa'uun Moggaafamu.**

| T.L | Maqaa | Koorniya | Sababa maqichi moggaafameef |
|---|---|---|---|
| 1. | Barraaqoo | Dhiira | Daa'ima barii barraaqa dhalateef maqaa moggaafamuudha |
| 2 | Bariisoo | Dhiira | Barii lafaa mucaa dhalateef maqaa mogga'uudha. |
| 3 | Bariitee | Dubara | Barii lafaa intala dhalatteef maqaa mogga'uudha |
| 5 | Ganamoo | Dhiira | Maqaa daa'imman ganama erga lafti bari'ee dhalataniif maqaa moggaafamuudha. |
| 6 | Ganamee | Dubara | |
| 7 | Borisee | Dhiira | Maqaaleen kun maqaa yeroo lafti bari'uuf jedhu yookan yeoo boroon ifu dhalataniif maqaa moggaafamuudha. |
| 8 | Boruu | Dhiira | |
| 9 | Baanataa | Dhiira | Maqaan kun daa'ima barii yeroo loon jalaa karra banana- tan daa'ima dhalatuuf maqaa moggaafamuudha. |
| 10 | Waaree | Dhiira | Maqaaleen kunneen lamaan immoo maqaa yeoo loon waaree ciisan dhalataniif maqaalee moggaafamaniidha. |
| 11 | Waaritee | Dubara | |
| 12 | Guyyee | Dhiira | Maqaaleen kunniin ammoo akkumaa maqaalee irraa huba chuun danda'mu maqaa daa'imman guyyaa dhalataniif moggaafamaniidha. |
| 13 | Guyyoo | Dhiira | |
| 14 | Guyyaatu | Dubara | |
| 15 | Saafoyii | Dhiira | Maqaaleen kunnn maqaalee daa'imman guyyaa saafaa yeroo aduun cimu naannoo sa'aa torbaa hanga sagalitti dhalataniif maqaalee moggaaafamaniidha. |
| 16 | Safoo | Dhiira | |
| 17 | Saafee | Dubara | |
| 18 | Galgaloo | Dhiira | Maqaaleen kunnis akkumaa jechoota maqaa kanneen irraa hubachuun danda'amutti maqaa ijoollee yookaan daa'imman galgala dhalataniif moggaafamuudha. |
| 19 | Galchuu | Dhiira | Maqaan kun maqaa daa'ima galchaa loonii irratti dhalatani if maqaa moggaafamuudha. |
| 20 | Elemoo | Dhiira | Akkaataa Moggaasa maqaa Oromoo Gujiitti maqaaleen kunneen ijoollee yeroo loon elmaman dhalataniif maqaa moggaafamuudha. |
| 21 | Elemaa | Dhiira | |
| 22 | Dukkallee | Dhiira | Maqaa daa'ima yeroo lafti dukkanaa'e namni fagootti wal arguu hin dandeenye dhalataniif kan moggaafamuu dha. |
| 23 | Halakee | Dhiira | Maqaan kun maqaa daa'imman halkan walakkaa dhalatanii f maqaa moggaafamuudha. |
| 28 | Hoxxeessa a | Dhiira | Maqaaleen kenneen Oromoo Gujii biratti maqaa ijoollee halkan walakkaan booda yeoo lukkuun iyyitu yookaan iyya lukkuu dhalataniif maqaa moggaafamuudha |
| 24 | Hoxxee | Dubara | |

Akkuma gabatee armaan olii irraa hubachuun danda'mu,ummatni Oromoo Gujii maqaa ijoollee yeroo irratti hundaa'uun moggasuu qaba jechuudha.Maqaaleen kunneenis wantoota yeroo sana keessatti dalagaman waliin walqabatees kan moggaafamu

danda'a.Fakkeenyaaf maqaan Galchuufi Elemaa jechaman yeroo loon galaniifi saawwan elmatan daa'imman dhalataniif kan moggaafamu ta'uu hubachuun ni danda'ama.

### 4.1.2.Maqaalee Guyyaa Dhaloota Daa'immaniin Moggaafaman

Maqaan guyyaa dhaloota daa'immatiin moggaafamu kan jedhamu maqaa guyyoota torbanii isaan dhalatan irratti hundaa'uu isaaniif moggaafamuudha. Maqaalee guyyoota torbanii kunis: Sanbata, Dilbata, Wiixata, Kibxataa, Roobii, Kamisaafi Jimaatadha. Daa'imman guyyoota kana dhalatanii maqaa guyyoota kanaatiin maqaan moggaafamuufi danda'a.

Yaaduma Agyekum (2006:213). "Birthday names are names given to children based on the day of the week on which they are born. The general practice is to give a birthday name as the first automatic name to a child as soon as he/she is born." Yaada kana irraa hubachuun kan danda'amu, maqaa guyyaa dhaalootaa kan jedhamu maqaa guyyoota torbanii jiraan keessaa guyyaa daa'imni dhalate/tte irratti hundaa'ee maqaa moggaafamu ta'uudha. Maqaa guyyaa dhaloota daa'ima tokkootiin moggaafamu kunis maqaa battaluma daa'imni dhalatee sana moggaafamu ta'uudha. Maqaan akkana kun yeroon booda jijjiiramuu yookaan isumaan kan itti fufu ta'uu hubachuun nidanda'ama.

Akka odeeffannoon manguddoota Oromoo Gujii irraa argame mul'isutti, ummanni Oromoo Gujii maqaa daa'imaa guyyaa dhaloota isaatiin moggaasuun kan baratame akka ta'edha.Maqaalee Oromoo Gujii biratti guyyaa dhalootaa irratti hundaa'uun moggafaman muraasni asiin gaditti dhihaatanii jiru.

**Gabatee 3:Maqaalee Guyyaa Dhaloota Daa'immanii Irratti Hundaa'uun Moggaafaman**

| T.L | Maqaa | Koorniyaa | sababa moggaa'eef |
|---|---|---|---|
| 1. | Sanbatoo | Dhiiraa | daa'ima dhiiraa guyyaa sanbataa dhalataniif maqaa moggaafamuudha |
| 2 | Sanbatee | Dubara | Daa'ima durbaa gaafa guyyaa sanbataa dhalatteef maqaa moggaafamuudha. |
| 3 | Jimaa | Dhiira | Maqaa daa'ima guyyaa jimaataa dhalataniif maqaa moggaafamuudha. |
| 4 | Jimaatee | Durba | Maqaa ijoollee dubaraaf gaafa guyyaa jimaataa dhalataniif moggaafamudha. |

### 4.1.3. Moggasaa Maqaa Waqtiilee Irratti Hundaa'uun Moggaafamu

Waqtiileen ulaagaa moggaasa maqaa keessaa isa tokkoodha. Waqtiilee kan jedhamanis: Ganna, Birraa, Bonaafi Arfaasaadha. Ummanni Oromoo Gujiis waqtiilee daa'imman itti dhalatan irratti hundaa'uun maqaa moggaafaman kanneen armaan gadii qaba.

**Gabatee 4: Maqaalee Waqilee Irratti Hundaa'uun Moggaafaman Agarsiisu**

| T.L | Maqaa | Koorniyaa | sababa moggaa'eef |
|---|---|---|---|
| 1. | Arraasaa | Dhiira | Maqaan kun maqaa ijjoollee waqtii arfaasaa keessa dhalataniif maqaa moggaafamuudha |
| 2 | Arraasoo | Dhiira | |
| 3 | Badheessaa | Dhiira | Maqaan kunis akkuma maqaa irraa hubachuun danda' amuti maqaa waqtiilee arraasaa yookaan arfaasaa erga roobni badheessaa roobee dhalataniif moggaafamuu dha |
| 4 | Badheesso | Dhiira | |
| 5 | Birrituu | Dubra | Maqaaleen kunniin immoo maqaa daa'immaan waqtii birraa keesaa dhalataniif maqaa moggaafamaniidha |
| 6 | Birroo | Dhiira | |
| 7 | Boneyyaa | Dhiira | Maqaaleen kunneen maqaa ijoollee wayitii bonaa dhalataniif maqaa moggaafamaniidha. |
| 8 | Boneyyoo | Dhiira | |
| 9 | Gannaalee | Dhiira | Maqaaleen kunniinis akkuma maqootaa irraa hubachuun danda'amutti maqaalee waqtii roobaa waliin walqabatuudha. |
| 10 | Gannoo | Dubra | |

### 4.1.4.Maqaalee Addeessa Yookaan Ji'a Irratti Hundaa'uun Moggaafaman

Oromoo Gujii akkaataa maqaa itti moggaasu keessaa tokko haala ji'aa yookaan addeessa irratti hundaa'udhaan. Haalli ji'aa kunis yeroo baatiin yookaan jinni baatee irraa kaasee hanga goobana ji'aatti kan jiruudha. Haaluma kanaan Oromoo Gujii maqaalee gabatee gadii keesaatti dhihaate haala ji'aa irratti hundaa'uun moggaasa.

**Gabatee 5: Maqaalee Addeessa Yookaan Ji'a Irratti Hundaa'uun Moggaafaman**

| T.L. | Maqaa | Koorniyaa | **sababa moggaa'eef** |
|---|---|---|---|
| 1 | Baatii | Hin foo'u | Maqaaleen kunnniin maqaa ijoollee yeroo ji'ni yookaan baatiin reefu tana baatuuf maqaa moggaafamuudha. Culuqqee maqaan jedhu baatii reefu 'culuq' jettee baatu ijoollee dhalataniif moggaafamuudha. Yeroon kun akka Oromoo Gujiitti baatii lu'oo jedhama.Baatii lu'oo jechuun jalqabbii ji'aa guyyaa tokkoffaa jechuudha. Kanaafuu maqaalee kunnin guyyaa baatiin baatee jalqabee hanga guyyaa 12^ffaa^tti yeroo jiruu keessatti kan moggaafaniidha. |
| 2 | Addeessa | Dhiira | |
| 3 | Culuqqee | Dhiira | |
| | Dukkalee | Dhiira | Maqaan kun maqaa goobana ji'aa waliin walqabatee moggaafamuudha. Dukkalee jechuun dukkana jecha jedhurraa kan fudhatameedha. |

### 4.1.5.Maqaa Tartiiba Dhalootaa Ijoollee Irratti Hundaa’uun Moggaafaman

Ummanni Oromoo Gujii maqaalee gabatee armaan gadii keessatti tarreeffaman kanneen tartiiba walduraa duuba daa’imman dhalatan irratti hundaa’ee kan moggaasudha.

**Gabatee 6: Maqaa Tartiiba Dhaloota Ijoollee Irratti Hundaa’uun Moggaafaman**

| T.L | Maqaa | Koorniyaa | Sababa moggaafameef |
|---|---|---|---|
| 1 | Dursaa | Dhiira | Maqaaleen kunniin ummata Oromoo Gujii Uraagaa biratti maqaa ijoollee hangafaatif moggaafamuudha. Dursee kan dhalate/te jechuudha. |
| 2 | Dursituu | Dubra | |
| 3 | Lammeessaa | Dhiira | Maqaaleen kunnin yeroo baay’ee maqaa ijoollee lammaffarratti dhalataniif maqaa moggaafamuu dha.Lammeessaan lama jecha jedhuurraa kan dhufee yoo ta’u dabalaan dabalataan kan argataniif mog gaafamuu danda’a. |
| 4 | Dabalaa | Dhiira | |
| 5 | Sallii | Hin foo’u | Maqaan ‘Sallii’ jedhu Gujii biratti maqaa baay’ee beekkamuudha. Maqaan kun ijoollee saglaffaa irratti dhalataniif maqaa moggaafamuu dha. Maatiin tokko gaafa Sallii uummatan ni falatu. Maaliif akka falataniifi akkamitti akka falatan armaan gaditti dhihaatee jira |

Tartiibni dhaloota ijoollee moggaasa maqaa daa’immanii irratti qooda mataa isaa qaba. Tartiibni kunis ilma /intala hangafaa irraa kaasee hanga ilma /intala quxusuu yookaan maandhaatti kan jiruudha.Tasfaayee Guddataa ( 2015) ,Maqaa tartiiba dhalootaa irratti hundaa’uun moggaafamu ilaalchisee akkana jedha: “There are a few Oromo personal names which indicate the birth order”, jechuun kaahee jira. Yaada kana irraa kan hubatamu,Ummata Oromoo biratti maqaa tartiiba dhaloota ijoollee irratti hundaa’uun moggafamu kan jiru ta’uudha.

Akkuma gabatee 6^ffaa keessatti ibsamuuf yaalametti, Salliin maqaa daa’imaa sagalaffaa irratti dhalataniif moggaafamuudha. Maatiin tokko gaafa Sallii uummatan nifalatu. Akka Obbo Jiloo Dheeraa (Waxabajjii,102009) jedhanitti, Sababni gaafa Sallii uummatan falachuun barbaachiseef, akka ilaalchaafi amantaa hawaasichaatti Salliin yookaan daa’imti sagallaffaa dhalat/tte maatii dhiiba yookaan maatii hinbulfatu jedhamee amanama. Maatii hinbulfatu yookaan hin baatu jechuun abbaa yookaan haati takka erga Sallii godhatanii yookaan dahanii booda umrii dheeraa hinjiraatan jedhamee

amanama. Kanarraa kan ka'e maatiin tokko gaafa Sallii godhatani beekaa yookaan hayyuu baasnii jilaa qopheeffatanii falatu. Falli sallii kunis adeemsa fi haala itti raawwatu kan mataa isaa qaba. Jalqaba namoota afur namoota Sallii faluu qaban barbaadanii fidu.Namootni kunneenis dhiiraa lamaafi dubartii lama. Namootni Sallii faluuf waamaman kunneen namoota Sallii uummatanii salliin isaanii guddateedha. Itti aansuun haadha Saalli deessetti sa'a dullacha sagal yookaan isaa ol dhaleefi aannan qodaa sagal gumeessu. Itti aansuun erga sa'a qalanii booda dhiiga qeensaanii haadha Sallii deetteefi abbaa Sallii uummatee sana dhiiga lubbuu kokkee isaaniitiin qabanii eebbisu. Kaayyoon lubbuu dhiiga qabuu kanaa, hamtuun dhufte lubbuu namichaa dhiiftee dhiigicha fudhaatte akka irraa deebitu taasisuudha.

**Sallii tana bulfadhu!**
**Salliin si bulfattu**
**Bulii olli!**
**Oolii buli!**
**Bulee laalaa ta'i!** jedhanii eebbisu.

Sana booda gogaa sa'a qalamee irraa qallisanii baksuu/baqaqsuun morma haadhaa sallii deette sanirra kaahu. Sana booda aannan ciicoo lama lama guddeeda haadhaafi abbaa irra kaahanii aannan itti biifanii eebbisu.Aannan qodaa afur warra Sallii faluu dhufeef kennu. Qodaa tokko nama Sallii dhalateef kennama. Qodaa tokkicha hafe immoo abuyyaa annuu dhalatteef kennama.Warra Sallii falaniif gaafa galan foon hamma gumaa gumaa muraniifi kennuf. Foon sa'aa cinaacha tokkoofi tafa tokko haadha Sallii deettef kennama . Isheenis foon kana itti baachisanii qabattee galti.Haala kanaan Sallii falu (Jiloo Dheeraafi Duubee Keloo,waxabajjii 15,2009).

### 4.1.6. Maqaalee Bakka Dhalootaa Irratti Hundaa'uun Moggafaman

Bakki dhalootaa moggaasa maqaa keessatti qooda mataa isaa qaba. Maqaan bakka dhalootaan moggafamu kunis, maqaa ganda, aanaa, magaalaa, naannoo, biyyaafi kan kana fakkaatu ta'uu danda'a. Tasfaayee Guddataa (2015), moggaasa maqaa bakka dhalootaa irratti hundaa'uun moggafamu kana ilaalchisee akka armaan gadiitti kaaha.

> *This is a location (toponymic, habitation) names which is derived from the inhabited location associated with the person given that name. The personal names that belong to this category encode the feelings of the name-giver towards the birth place. When a name is given after a city or a country, it reflects the feeling that the name giver likes the city, birth place or country,"jedha.*

Yaada isaa kana irraa kan hubatamu, bakki dhalootaa kun bakka jireenyaa maatii maqaa sana moggaasee yookaan immoo bakka daa'imni sun yeroo sana itti dhalatee ta'uu danda'a. Maqaan nama bakka dhalootaatiin moggaafamu ilaalchaa maqaa baasaan /namni maqaa sana baasu/ iddoo sanaaf qabu calaqqisiisuu danda'a. Fakkeenyaaf maqaan moggaafame maqaa magaalaa yoo ta'ee maqa-baasaan magaalaa sana jaalatee yookaan yaadannoo adda irraa qabatee ta'uu danda'a. Oromoo Gujii birattis maqaan bakka dhalootaan moggaafamu heddu kan jiru ta'uu manguddootni ni dubbatu.

Akka Obbo Duubee Dhugoo, Aade Halakuu Kelkeloofi (Ebla16,2009) maqaa Oromoo Gujii bakka dhalootaa irratti hundaa'uun moggaafamu ilaalchisuun jedhanitti,Yeroo baay'ee Oromoon Gujii maqaa iddoo dhalootaan yommuu moggaasu, bakka ofii jiraatuun hin moggaasu, akka tasaa bakka biraa yookaan biyya biraa deemee achitti yoo dhalate yaadanoo bakka sanaaf jecha bakka itti dhalate saniin moggaasa. Fakkeenyaaf jedhan, Obbo Duubee Dhugoo, naannoo keenya kana namni maqaa Uraagoo hedduudha. Namootni kunnin baay'een isaanii namoota biyya kana jiraata turaan osoo hin taane namoota dhimma hojiitiif iddoo biraa irraa dhufuudhan daa'imaa asitti godhatantu ijoollee isaanii maqaa kanan moggaafata jedhu. Gama biraatiin jedhu manguddoon kun namni tokkoo aanaa Uraagaa irraa tasaa (fakkeenyaaf: fira gaafii, nama yaalaa deemee, jila adda addaa deemee kkf…) Adoolaa yookaan bakka biraa deemee achitti dhalatee yoo gale maqaa bakka sanatiin maqaa baafachuu danda'a jechan. Haaluma kanaan maqaalee Oromoo Gujii biratti maqaa bakka yookaan iddoo dhalootaan maggaafaman haala asiin gadii kanaan haa ilaallu.

**Gabatee 7:Maqaalee Bakka Dhalootaa Irratti Hundaa'uun Moggafaman Agarsiisu**

| T.L | Maqaa | Koorniyaa | Sababa moggaafameef. |
|---|---|---|---|
| 1 | Harsuu | Dhiira | Maqaa lafa godinaa Gujii keessatti argamuu irratti hundaa'uun moggaafameedha. |
| 2 | Adoolaa | Dhiira | Maqaa magaalaa godina Gujii keessatti argamtuun moggaafameedha. |
| 3 | Uraagaa | Dhiira | Maqaa gosa Oromoo Gujii Uraagaatiin moggaafameedha. Akkasumas lafti Ummatni kun irratti qubaatee jiru maqaa gosaa kanaatiin moggaafame. |
| 4 | Aanolee | Dhiira | Maqaa lafa ardaa jilaatiin moggaafameedha. |
| 5 | Nageellee | Dubra | Maqaa magaalaa guddoo godinaa Gujiitiin moggaafa meedha. |

### 4.1.7. Maqaalee Umrii Irratti Hundaa'uun Moggaafaman

Akkaataan moggaasa maqaa namaa uumrii maatii daa'ima dhalataanii irratti hundaa'uun moggaafamuu danda'a.Umrii kunis umrii maatii daa'imichaa, daa'imicha itti argatan (dhalan) irratti kan hundaa'uudha. Fakkeenyaaf maatiin tokkoo waggaa dheeraa daa'ima osoo hin argatin turuun erga umriin isaanii gara dullumaatti siqee daa'ima argachuu danda'u. Umriin kun yeroon maatiin kun deeggarsaa yookaan gargaarsa itti isaan barbaachisu ta'uu danda'a. Maatiin tokko daa'ima umrii dullumaa keessatti argatan kanas umriifi gargaarsa umrii sanatti ijoollee isaanii irraa barbaadan waliin walqabsiisanii moggaasuu ni danda'u

Tasfaayee Guddataa ( 2015:20) Maqaa umrii irratti hundaa'ee moggaafamu ilaalchisee yommuu ibsu, "Personal naming pattern marks the time (year) in which a baby was born. Oromo people have different names for the baby they bear at old age. For instance, if the parents get a child at old age, the names they give indicate their age or the support they get from a child"jedha. Yaada kana irra kan hubachuun danda'amu, maqaan umrii waliin walqabatee moggafamu umrii namootni yookaan maatiin tokko ijoollee itti argatan yookaan gargaarsaa maatiin sun umrii sanatti ijoollee irraa argatan kan ibsu ta'uudha.

**Gabatee 8: Moggaasa Maqaa Umrii Waliin Walqabatee Moggaafamu Agarsiisu**

| T.L | Maqaa | Koorniyaa | Sababa moggaafameef |
|---|---|---|---|
| 1 | Dullachaa | Dhiira | Maqaaleen kunniin akkuma jechoota isaan irraa moggaafaman irraa hubachuun danda'amutti maqaa umrii waliin walqabatee moggaafamuudha."Dullachaa"kan jedhu, dullumaa keess mucaa dhalateef kan mog gaafamu yoo ta'u "Jaarsoo" kan jedhu immoo umrii jaarsummaa keessa kan dhalateef kan moggaafamuudha. |
| 2 | Jaarsoo | Dhiira | |
| 3 | Galgaloo | Dhiira | Maqaaleen kunnis maqaalee umriin wal qabatanii moggaafaman yommuu ta'an dulluma keessaa ijoollee argataniif maqaa moggaafamudha. Maqaaleen kunniin yeroo daa'imman dhalatan irratti hundaa'uunis ni mog gaafamuu |
| 4 | Galgalee | Dubra | |

### 4.1.8.Maqaalee Ayyaana Daa'imman Dhalatan Irratti Hundaa'uun Moggaafaman.

Guyyoonni ji'a keessa jiran hundumtuu maqaafi hiika mataa isaanii qabu. Daa'imni dhalatu /dhalattu tokko kan maqaan mogga'uuf maqaa fedhaniin osoo hintaane, guyyaa dhaloota daa'imaa sun carraa guyyichaa wajjiin ilaallameetidha. Amalli namni tokko

qabu ayyaana guyyaa inni dhalateen walqabata jedhameea amanama. Yaaduma kana kan dhugoomsu, Hinseenee (Makuriyaa 2010: 66) “Akka aadaa Oromootti guyyoonni ji’a hundi isaanii maqaafi ayyaana mataa isaanii qabu.Akka guyyaa dhaloota isaanittis maqaan ijoolleedhaaf kennamu gargaara,” jechuun ibsa. Ummanni Oromoo Gujiis akkaataan maqaa dhuunfaa ijoollee isaa ittii moggaasu keessaa tokko guyyaa ayyaana daa’imman itti dhalatan irratti hundaadhani.

**Gabatee 9. Maqaalee Ayyaana Daa’imman Dhalatan Irratti Hundaa’uun Moggaafaman**

| T.L | Maqaa | Koorniya | Sababa moggaafameef |
|---|---|---|---|
| 1 | Adulaa | Dhiira | Akka aadaa Oromoo Gujiitti daa’imman guyyaa kana dhalataniif maqaa Adulaa jedhutu moggaafama. Guyyoonni kunniin guyyaa bareedaafi gammachuuti jedhamee amanama. |
| 2 | Areerii | Dhiira | Guyyaan kun guyyoota ji’aa Oromoo Gujii keessaa tokko ta’ee guyyaa ayyaanni maq-baasaa hin raawwatin itti raawwaatuudha jedhama. Daa’imman guyyaa kana dhalatan yookaan sirni maqaa baasaa isaanii guyyaa kanatti raawwatameef maqaa kanatu moggaafamaaf. |
| 3 | Baasaa | Dhiira | Maqaaleen kunniins guyyaa ayyaana baasaa qaraafi baasaa eegee dhalatan itti moggaafamuudha. Akkaa ilaalchaa Oromoo Gujiitti guyyaan kun guyyaa boo’ichaa jedhamuun bekkama. Baasayyee jechuun maqaa qooqqifannaati. |
| 4 | Basaayyee | Dhiira | |
| 5 | Bidirsaa | Dhiira | Maqaan kunis maqaa daa’imman ayyaana yookaan guyyaa shalbaana bidirsaa dhalataniif maqaa moggaafamuudha. Guyyaan kun guyyaa kanniisaa jedhamees ni beekama. Daa’imman guyyaa kana dhalatan goota/injifannoo/ni gonfatu jedhamee amanama. |
| 6 | Busaawaa | Dhiira | Maqaaleen kunnis maqaa ayyaana busaawaa qaraa, busaawaa gidduufi busaawaa eegee dhalataniif maqaa moggaafama |
| 7 | Busaawoo | Dhiira | |
| 8 | Carrii | Dhiira | Maqaan kunis maqaa ijoollee guyyaa carraawwa dhalataniif moggaafamuudha. Guyyaan kun guyyaa daa’immanii jedhamuun beekkama. Dhimmoonni daa’immaniin walqabatan guyyaa itti gaggeeffamuudha. |
| 9 | Dullachaa | Dhiira | Maqaaleen kunniinis maqaalee ayyaana dullattii dhalataniif maqaa moggaafamuudha.Guyyaan kun guyyaa nama guddaa jedhamuun beekkama. |
| 11 | Dullattii | Dubra | |
| 12 | Dureessaa | Dhiira | Maqaaleen kunniin immoon maqaa ijoollee guyyaa ayyaana dureettii dhalataniif moggaafamuudha. |
| 13 | Dureetti | Dubra | |
| 14 | Duuloo | Dhiira | Maqaan kunis maqaa ijoollee gaafa guyyaa ayyaana dullattii dhalataniif maqaa moggaafamuudha. |
| 16 | Sorsaa | Dhiira | Maqaan kunis maqaa ijoollee ayyaana /guyyaa/ soorsaa dhalataniif moggaafamuudha. |

### 4.1.9. Maqalee Sirna/Jila /Adda Adda Waliin Walqabatanii Moggaafaman

Ummanni Oromoo Gujii ummata sirna gadaatiin bula. Bulchiinsa sirna kanaa keessatti sirna yookaan jilli adda adda ni kabajama. Sirnoota yookaan jilawan ummata Oromoo Gujii biratti sirna gadaa waliin walqabatee gaggeeffaman keessaa muraasni kanneen akka: sirna maqabaasaa, sirna walharkaa fuudhiinsa baallii, sirna gadaa, sirna uddeessaa muriinsaa, sirna qumbii nyaachisuu, sirna soorsa dibachuu, sirma muudaa, fi kan kana fakkaatan heddu kaasuun ni danda'ama. Oromoon Gujii maqaa ijoollee isaa sirnoota jilawan kanneen irratti hundaa'uun maqaa moggaasu qaba. Yeroo kabaja sirnoota yookaan jilawan kanaa daa'imman dhalatanis maqaa sirna kanaan walqabatan moggaafamu. Maqaan Oromoon Gujii jilawan adda addaa waliin walqabsiisee moggaasu maal akka fakkaatu haala asiin gadii kanaan haa ilaallu.

**Gabatee 10: Maqalee Sirna Yookaan Jila Adda Addaa Waliin Walqabatanii Moggaafaman**

| T.L | Maqaa | Koorniya | Sababa moggaafameef |
|---|---|---|---|
| 1 | Baallii | Dhiira | Maqaan kun maqaa ijoollee yeroo sirna wal harkaa fuudhinsaa baallii dhalataniif kan moggaafamuudha. |
| 2 | Bokkoo | Dhiira | Bokkoo jechuun bakka abbootii gadaa Oromoo Gujii waaggaa sadeeti sadeetitti itti wal gahaniidha. Kanaafuu maqaan kun maqaa ijoollee bakka irratti hundaa'ee moggaafamuufi maqaa ijoollee yeroo yaa'i abbooti gadaa bakka kana qubatan dhalataniif maqaa moggaafamuudha. |
| 6 | Gumii | Dhiira | Maqaan kunis yeroo yaa'i gadaa Gumii Bokkootti wal gahee mari'atu ijoollee dhalataniif maqaa moggaafamuudha |
| 8 | Qumbii | Dhiira | Maqaan kun maqaa ijoollee yeroo abbaan isaanii sirna qumbii nyaatu yookaan ijoollee erga abbaan isaanii qumbii nyaatee booda dhalataniif maqaa moggaafamuudha. Akka aadaa sirna gadaa Oromoo Gujiitti sirna qumbii nyaachuu jechuun maal akka ta'e gaditti ibsameera. |

**Sirna qumbii nyaachuu:** Akka Obbo Damissee Tuqaa Shaandheen Gannaalee (Waxabajjii 21, 2009) fi Duubee Dhugoo (Waxabajjii 16, 2009) jedhanitti, akka aadaa sirna gadaa Oromoo Gujiitti qumbii nyaachuu jechuun sirna kakuu galuu abbootii gadaati. Akka maanguddoonni kunneen jedhanitti , namni tokko erga qumbii nyaachisanii hayyoome jechuudha.Namni qumbii nyaate kun dhimma hawaasummaa kamiyyuu keessatti nama dhugaa dubbatuufi dhugaan buluudha. Namni kun erga qumbii nyaatee dhara hin dubbatu, nama hundaa ija tokkoon ilaala, kun obboleessaa kiyya, kun

immoo alagaadha jechuun hin jiru; dhugaa qofa irratti hundaa'uun dhimma nama kamiiyyu fura. Gama biraatiin jedhu manguddootni kunneen: sirni qumbii nyaachuu jechuun sirna amantaa kiristaanummaa keesasatti namni umriin yeroo deemu **'sirna qorrobuu'** yookaan **'qurbaana fudhachuu'** waliin kan walfakkatudha jedhu.

> *Angaa'oonni bulchiinsa sirna gadaa Gujii kan filataman yookaan kadhimaman jila Odaa buliinsaa yookaan gaafa yaa'i Odaa bulu yaa'ii hayyuutiin kaadhimaamu. Halkan yaa'i Odaa bulu, kadhimaamtootni yaa'ii hayyuutiin erga kadhimaamanii booda yaa'aaf beeksifama.Yeroo aanga'oota yaa'aaf beeksisanii boodaa abbaan gadaa marii yookaan yaa'ii gaggeessuu dhiisee ka'ee yaa'aa keessaa taa'a.Yeroo kana walgahii kan gaggeessu faga angaftichaati. Yeroo angayoota kana ummataaf /yaa'aaf/ beeksisan ulaagaa isaa, fira, mana isaa hunda yaa'aaf ibsan. Abbaan murtii yookaan gadaa yeroo yaa'aan mirkaneessa dursa jaldhaabni qeexalan fiddee yaa'a dura teessisuudhan* ***qumbii nyaachisanii*** *(kakuu galchanii) haganaa itti gombisanii (kallacha itti hidhan). Sana booda abbaan murtii raabaa yookaa doorii yookaan abbaa gadaa ta'uudhaan ummataa bulcha yookaan luba hoggana. Angawootaa keessaa faga qofatuu qumbii hin nyaanne. Sababni isaa inni duruu hadhaa (woyyuu); hadhaa (woyyuu) hin lammeessan jedhama. Angawoota kanneen yeroo qumbii nyaachisan,*

Dhugaa afaan sikaaye!
Dhara afaani si fuudhe!
Daba hin qorin!
Qorii mooqaan hin qoriin!
Buna bulluqaan hin qorin!
Haqa hiyiyyaan hinqorin!
Fira worraan qorin !
Dhugaa waaqaa lafaa qorii!
Yoo daba qorte afaan dabi!

Jedhanii aangawoota isaanii hunda kakuu galchanii yookaan qumbii nyaachisanii tajaajila ummataaf dabarsanii kennu. Dhugaa afaan si kaahe jechuun dhugaa qofa akka dubbattu si abboome jechudha, dhara afaanii si fudhee jechuun immoo afaan keetiin dhara akka hin dubbanne si abboome jechuudha. Daba hin qorin jechuunis dhugaa hin jallisin jechuudha.Qorii moqqaan hin qoriin, buna bulluqaan hin qorin jechuun hawaasa tajaajiltu keessatti isa tokko ofitti qabdee isa biraa hin jibbin, hunda ija tokkoon ilaali jechuudha. Haqa hiriyyaan hin qorin, fira worraan /warraan/ hin qorin jechuunis hawaasa tajaajiltu keessatti kun hiriyyaa kiyya, kun fira kiyya kun immoo alagaadha jettee haqaa hin jallisi, dhugaa waaqaa lafa qofaaf dhaabbadhu jechuudha.Yoo daba qorte afaan dabi jechuun dhugaa waaqaa lafaa yoo dabsite afaan kee haa dabu yookaan afaan keen mudaa yaa

godhatu jechuudha. Sababni aangawootni kunniin fi gogeessi isaanii qumbii nyaataniif (kakuu galaniif tajaajila ummataaf waan qophaa'aniif tajaajila ummataa dhugaa qofa dubbachuufi murteessuu,heeraaf seeraaf amanamaa ta'uufi olaantummaa seeraa qofaa mirkaneessuudhaaf kakuun kun barbaa chise.(W.A.T.G.G.2008:29)

### 4.1.10.Maqaalee Maqaa Ardaalee Jilaatiin Moggaafaman

Maqaa ijoollee ardaalee jilaatiin moggaafaman ilaaluun duraa ardaalee jilaa haaganaawwan gadaa Oromoon Gujii qubachuun jilaa adda adda itti gaggeessu ilaaluun dansaa ta'a. Iddoowwaan jilaa godina Gujii keessatti beekkaman gurguddoon kanneen akka, Adoolaa, Me'ee Bokkoo, Futtoo, Haroo Gobbuu, Guutuufi Birbirsa Tuuttooti. (Nageessaa, 2011:33). Haaluma walfakkaatuun Obbo Jiloo Dheeraa (wabajjii 10,2009)fi Shaandhee Gannaalee (waxabajjii 16,2009),jedhanitti,ardaalee jilaa ummata Oromoo Gujii godinichaa keesatti argaman gurguddoon kanneen akka: Me'ee Bokkoo (Ka‷iso), Odaa Adoolaa,Samarroo (Fuutoo), Haroo Gobbuu, Aanolee ,Girjaa, Aanoonuu Qundhee, Moolicha, Otticha karrayyuu, Daraartu, Irrattee, Odaa Adoolaafaadha. Ardaaleen jilaa kunneen isaan gurguddoo haa ta'an malee, haganaawwaan Oromoo Sadan (Uraagaa, Maattiifi Hokkuu) ardaalee jilaa mataa isaanii qabu.Ardaalee jilaa kunneen ardaalee yeroo baallii galchaniifi baalli fudhachuuf deeman itti qubachaa deemaniidha. Armaan gaditti ardaaleen jilaa yaa'i /haaganaan/gadaa Uraagaa yeroo baalli gadaa fudhuuf/galchuuf deemsa gara me'ee bokkuutti taasisan itti qubatan kanneen armaan gadiiti.

**Yeroo Baallii Fudhachuuf Deeman :**

Heemma Qarsaa → Bulee Camarri → Abbayyii → Tooma Turqumaa→ Garba Aannoo → Heera Kameeyaa → Heera Dibbee Sorsaa → Baanqoo →Qorqee → Hulaa Duulaa → Corsoo Geeshee →Toora Bokkuu → Bocceessa → Mudhii muka yaa'aa → Marmaara → Baallii Booree Kormaa → Sonqollee Horaa → Harsuu Hanquu → Solooloo Habbee → Me'ee Bokkuu ti.

**Yeroo baalli kennuuf deeman immoo:**

Heemma Qarsaa → Bulee camarrii → Abbayyii → Tooma Turqumaa → Garba Aannoo → Heera Kameeyaa → Heera Dibbee Sorsaa → Baanqoo→ Qorqee Hulaa Duulaa → Corsoo Geeshee → Toora Bokkuu → Bocceessa→ Mudhii muka yaa'aa →

Marmaara → Uddeesaa → Gagamaa → Gaadi’oo → Aanolee Raaroo→ Me’ee Bokkooti

**Ardaalee jilaa abbaan gadaa Uraagaa yeroo baallii fudhatee galuu irra qubachaa galu:**Me’ee Bokkuu → Haroo Basaayee → Adoolaa Daraartuu → Sutanee → Girjaa Abaabaa → Karra Ejersaa → Xibirroo Dhibbaa → Kombolcha Iyyoo → Darraa xibirroo → Haroo Garbichoo → Xaaxessaa Hancullee → Daamaa Quufii → Qooccee gufuraa → Uddeessaa Mudhii → Marmaaraa → BocceessaToora Bokkuu → Corsoo Geeshee → Boonqaa Laalessaa→ Gadab Dibbee Dhugootti galee Kora yaa’a baasa. Dibbee naannesse dhufee malli maali jedhee warra isaan duraa gaafata. “Dibbee barguddaatti kormaa qali, Odaa bakakkootti korma qalii,”.jedhanii gorsu .Odaa bakakkootti korma erga qalee booda Heemmaa Tuulitti koraa yaa’aa taasisa.Turtii isaa Hemmaa Tuulii erga fixate booda barri jila suruurrannaa (dhaqna qabanaa yoo gahe doorii waliin gara Me’ee Bokkuutti godaana. Dooriin duuba duuba deema. Dooriin waddeessa muratee Midhoo dhowata. Midhoon sibiila fuulafi mormaa dubartii dooriitti hidhamuudha. Sibilichi dubartiin sun dubartii doorii ta’uu ishee garsiisa. “Doorii Haboo Duuloo! Beeraa Doorii Dansaa morma Duuloo” jedhamuun beekkamu. (Shaandhee Gannaalee, Waxabajjii, 16, 2009)

Erga ardaalee jilaa godinaa Gujii keessa beekkaman gurguddoofi ardaalee jilaa abbaan gadaa Uraagaa irraa qubatuu irra ilaallee booda maqaa ijoollee Oromoo Gujii maqaa ardaa jilaa kanneeniin moggaafamuu ilaaluun ni danda’ama. Maqaalee Oromoo Gujii maqaalee Ardaa jilaatiin moggaafaman kanneen muraasa ta’an kanneen armaan gadiiti.

**Gabatee 11: Maqaalee Maqaa Ardaalee Jilaatiin Mogaafaman Agarsiisu**

| T.L | Maqaa | Koorniyaa | Sababa moggaafameef |
|---|---|---|---|
| 1 | Aanolee | Dhiiraa | Maqaaleen kunneen maqaa ardaalee jilaa godinichaa keessatti argamuun kan moggaafamaniidha. Abbayyiin akkasuma maqaa mukaatiinis ni moggaafama. |
| 2 | Abbayyii | Dhiiraa | |
| 3 | Daraartuu | Dubara | Maqaaleen kunneen immoo maqaa ardaalee jilaatiiin moggafamaniidha. Daraartuun maqaa gosaas ta’uu danda’a. |
| 4 | Adoolaa | Dhiiraa | |

**4.1.11.Maqaalee Mukkeen Irratti Hundaa'uun Moggaafaman.**

Ummanni Oromoo Gujii qabeenyaa uumamaatiif iddoo olaana qaba keessattu mukkeeniif jaalalaafi ulfina guddaa qaba. Akka maanguddoon Oromoo Gujii jedhanitti mukkeen ummaticha biratti akka ilmoo /finna / ofiitti ilaaluun kununsa guddaa godhaaf. Jiruuf jireenyi ummatichaa keessatti mukkeen gama hundaan hariiroo guddaa qabu. Fakkeenyaaf, gama diinagdee, aadaafi duudhaa hawaasaa keessatti mukkeen fayidaa guddaa qabu. Faayidaa isaanii kanneen irraa ka'uun mukkeen tokko tokko hawaasicha biratti woyyuu /safuu/ ta'anii kunuunfamu.Hariiroo mukkeeniifi ummata Oromoo Gujii gidduu jiru ilaalchisee,(Dassaalany Fufaa (2013:37), (Workineh, 2005: 8) wabeeffachuun haala asiin gadii kanaan kaahee jira.

> *According to the teachings of the indigenous Oromo religion (Waaqeffannaa), the land and the resources around ritual places are viewed as sacred and they are well protected. Accordingly, the Oromo believe that cutting the sacred trees down is tantamount to the violation of the will of Waaqaa.For instance, Korma Korbeessa tree is a sacred tree under which a bull or a goat is sacrificed in different parts of Borena. The Borena also worship Waaqaa under the tree. As a result, the tree cannot be felled,jedha.*

Yaadni kun kan nu hubachiisu akka amantaa waaqeffannaa ummata Oromootti iddoowwaaniifi mukkeen jilaa akka woyyuutti ilaalamuun haala gaariin kunuunsamu Akka amantaa Oromootti mukkeen iddoolee jilaa kanneen muruun waaqa muufachiisuu akka ta'eetti ilaalu. Akka fakkeenyatti, mukni korma korbeessaa jedhamu ummata Booranaa heddu biratti muka kormifi hoolaan jalatti qalamuudha. Ummanni Boorana kana malees, waaqaa isaanii muka jalatti kan waaqesssan ta'uu isaati. Sababa kanaaf muka kana muruun hindanda'amu.

Haaluma walfakkaatuun ummanni Oromoo Gujiis mukkeen waliin hariiroo cimaa qabu Ummanni Oromoo Gujii amanataa waaqeffan naan bulaa turaaniifi ammas bulaa kan jiraan kan ta'eef amantaa isaanii kana muka jalatti waaqessu. Oromoo Gujii mukkeeniifi iddooleewwan jilaa adda addaatiif kenuunsa olaanaa kennu. Akka woyyuuttis ilaaluun eeggumsa gaarii godhuuf.Fakkeenyaf mukni Dhugoo jedhamu muka dhugeeffannaati. Kanaaf muka kana muruun dhoorkadha.Mukni kun woyyuudha jechuudha. Kana malees ummatni Oromoo Gujii jaalalaafi kabaja mukkeeniif qaban irraa ka'uun maqaa ijoollee isaanii maqaa moggaasu.Yaaduma kana kan dhugoomsu yaada Dassaalany Fufaa (2013:40) akka armaan gadiitti kaahe kana haa ilaallu

*Naming and other rituals by Abbaa Gadaa take place under Odaa. The Guji give names of culturally valued trees, shrubs and herbs like Ejersa, Birbirsa, Uraagaa, Odaa, Gololcha, Dhadacha, Dambii, Angadhii, Baddeessoo, Bisilee, to their babies. In a wedding ceremony, the bride and the groom are expected to sit under respected trees like Dhugoo, Mokonnisa, Haruu and Uddessa. Dhugoo is to mean the man of truth", wishing the bride and groom to be honest and stand for truth,jedha.*

Yaada kana irraa hubachuun kan danda'amu, ummanni Oromoo Gujii mukkeen waliin hariiroo cimaa akkka qabaniidha. Abbaan gadaa sirna maqabaasaa yookaan moggaasa maqaa kan taasisu muka Odaa jala taa'eeti.Kanamalees,Oromoon Gujii ijoollee isaanitiif maqaa isaanii mukkeen akka aadaatti iddoo olaanaa qaban kanneen akka : Ejersaa, Birbirsaa, Uraagaa, Odaa, Gololchaa, Dhaddachaa, Dambii, Angadhii, Baddeessoo, Bisilee,fi kan kana fakkataniin moggaasa. Sirna gaa'eela keessa misiroon lamaan mukkeen akka Dhugoo, Mokkonnisaa, Harruufi Uddeesaa jala akka taa'an taasifamu. Dhugoo jedhuun dhugaa jechuudha. Kaayyoon muka kana jala akka taa'an taasifamaniifis jarri walfuudhan waliif amanamoo akka ta'aniifidha.

Yaaduma asiin olii kana kan dhugoomsu, Obbo Damissee Tuqaafi Shaandhee Gannaalee (Ebla 21,2009) akka jedhanitti, ummanni Oromoo Gujii osoo amantiin jabanaa kun hin babal'atiin dura waaqa isaanii mukkeen adda addaa jalatti waaqeffatu. Yeroo ammaas haala duriitiin ta'uu baatus malee gaggeeffamaa jira. Mukkeen jalatti dhugeeffatan kanaaf ulfina olaana kennu. Fakkeenyaaf mukni Dhugoofi Uraagaa jedhamu Ummata Oromoo Gujii biratti mukkeen dhugeeffannooti. Dhimmota yookaan jila adda addaa mukkeen kanneen jalatti raawwatu. Iddoo mukkeen kunneen hin jirretti immoo iddoo mukkeen kanneenii mukkeen kanneen akka:Uddeessaa, Odaa,Gololcha,Dhaddacha Dambii, Angadhii, Baddeessoo, Bisileefi kan kana fakkatan gargaaramu. Dhimmootni yookaan jilli ijoolleen walqabatan mukkeen kanneen keessa tokko jalatti kan gaggeeffa man yoo ta'e maqaan ijoollee kanneenii maqaa muka jalatti jiliffatan sanaan moggaafama.

Kanamalees,Akka aadaa Oromoo Gujiitti maatiin tokko daa'imni guddachuufii yoo didde daa'ima qabatanii muka uddeessaa jalatti bahu. Mukni Uddeessaa kan hin jirre yoo ta'e immoo mukeen armaan olitti eerama keessaa kan jiru jalatti bahanii dhugeeffatu yookaan wareegama kaffalu. Maqaa daa'ima kanaas maqaa muka jalatti kadhannaa taasisan

sanaan moggaasu.Kanaafuu akka aadaa Oromoo Gujiitti maqaalee Oromoo Gujii maqaa mukeeniitiin moggaafaman kanneen asiin gadii haa ilaallu.

**Gabatee 12: Maqaalee Mukkeen Irratti Hundaa’uun Moggaafaman Agarsiisu.**

| T.L | Maqaa | Koorniyaa | Sababa moggaafameef |
|---|---|---|---|
| 1 | Birbirsaa | Dhiira | Daa’ima dheeraa ta’eef yookaan ni dheerata jedhanii yaadaniif maqaa moggaafamuudha. |
| 2 | Odaa | Dhiira | Odaan muka jilaati. Jaalala yookaan ulfina Odaaf qaban irraa ka’uun maqaa moggaafamuudha. Kanamalees, Odaan muka dame guddaati;dagaagadha;kana irraa ka’uun maatiin hawwii guddinaa/dagaaginaa ijoollee isaaniif qaban irraa ka’uun moggaasuu danda’u.. |
| 3 | Mokkon naa | Dhiira | Daa’iman mokkonnisa jalatti yookaan bakka mokkonnisni jirutti dhalatee /tteef maqaa moggaafamuudha. Maatiin tokko muka mokkonnisaa jalatt kan dhugeeffatan yoo ta’e maqaa daa’imichaa mokkonnaa jechuun moggaasu. |
| 4 | Uddeessaa | Dhiira | Uddeessaan muka dhugeeffannaati.Maatiin tokkof finni yoo uddaa’uu didde, muka kana jalatti bahanii kadhatu . Daa’ima dhalate qabatanii muka uddeessa jalatti yoo bahan/muka Uddeessaa jalatti bahanii kadhatanii yoo dhalate jiraate, maqaa Uddeessaa jedhutu moggafamaaf. |
| 6 | Abbayyii | Dhiira | Abbayyiinis akkuma mukkeen biroo muka jilaati.Yaa’i gaafa ardaa jilaa bulu muka kana gabbifata yookaan qabsiifata (bobeeffata) Dhibaayyuus ibidda qarqaratti yeroo dhibaafatu muka kanatti dhibaafata. Kanamalees, gaafa jila maq baasaa muka kana balbala duratti dhaabbatu. Kanaafuu aadaa keessatti tajaajila mataa isaa qaba. |
| 6 | Waddees saa | Dhiira | Daa’imaan yeroo abbaan waddeessa muratu dhalataniif maqaa moggaafamuudha. |

### 4.1.12. Maqaalee Hawwii Maatii Irratti Hundaa'uun Moggaafaman

Ummanni Oromoo ijoolleef jaalala guddaa akka qabu asiin olitti ibsamuuf yaalameera. Jaalalaafi hawwii isaanii kana irraa ka'uun maqaa dhuunfaa ijoollee isaanii maqaa hawwii isaanii ibsuuf gargaaaruun maqaa isaanii moggaasu.Yaada kana kan dhugoomsu, Guma, Mthobeli. (2001.) "The name-givers are expressing their appreciation, aspiration and wish for the bearers, parents, family, and the community at large through the name. Names reveal a particular emotion on the parts of the givers." Yaada kana irraa hubachuu kan dandeenyu, maatiin tokko yookaan maqabaasaan tokko hawwii isaa, jaalala isaa, gammachuufi dinqisiifannaa isaa firaaf isaaf maatii isaafi hawaasa bal'aaf maqaa baasuun ibsachuu kan danda'u ta'uu isaati. Maqaan miira maqa baasaa yookaan maatii murtaa'aa tokkoo ibsuu danda'a jechuudha.Ummatni Oromoo Gujiis ijoolleef hawwii guddaa qabu. Hawwii isaanii kana irraa ka'uunis maqaalee armaan gadii kana ijoollee isaaniif moggaasu.

**Gabatee 13:Maqaa Hawwii Maatii Irratti Hundaa'uun Moggaafamu**

| T.L | Dhiiraaf | Dubaraaf |
|---|---|---|
| 1 | Dharroo | Dharroo |
| 2 | Mijuu | Mijuu |
| 3 | Dureessaa | Dureettii |
| 4 | Guutamaa | Guuttoo |
| 5 | Ayyaanoo | Ayyaantuu |

Akkuma gubbaatti ibsamuuf yaalame maqaalee armaan olii hawwii maatiin tokko ijoolleef qabu irratti hundaa'uun maqaa moggaafamuudha. Maqaan Dharroo jedhu maqaa yeroo maatiin tokko ijoollee dhiiraa qofa qabaatee ijoollee dubraa yeroo dheeraaf erga dhabee boodaa yoo argate yookan immoo ijoollee dubraa heddu qabatee ijoollee dhiiraa yeroo dheeraaf osoo hin argatin turee, yeroo booda yoo argate maqaa moggaafamuudha. Maqaaleen kanneen akka 'Mijuu, Dureessaa, Dureettii, Ayyaantuu,'jedhan kun immoo maatiin tokko tokko ijoolleen dhalattu milkii yookaan kaayoo gaarii faana dhalachuu dandeessi yaada jedhu qabu.Fakkeenyaaf maatiin tokko tokko yeroo dheeraaf qabeenya kan hinqabne yookaan iyyeessa yoo ture daa'imni dhalatu kun carraa yookaan milkii gaaarii qabate naa dhalata jedhee yaaduu danda'a. Kana irraa ka'uun maqaalee kanneen ijoollee isaatiif moggaasuu danda'a.Maqaan Mijuu jedhu yeroo maatiin sun jila adda

addaa qabu daa'ima dhalateef moggaafamuu danda'a. Kana malees, mijuu jechuun wanta guutuu ta'ee tokkoodha.Hawwii keenya nu guutte yaada jedhu irraa moggaafamuu danda'a. Dhibbaa jechuun maqaa qarshii abbaa dhiibbaa irraa moggaafameedha. Hiikni maqaa kanaaf guutuu yookaan guddaa jechuudha.

#### 4.1.13.Maqaalee Haala Qaama Daa'imman Yeroo Dhalatanii Ilaaluun Moggaafaman

Namni kamiyyuu amalaafi haala uumama qaamaa yookaan dhaabbii mataa isaa qabatee dhalata. Amalaafi haala uumaama qaamaa daa'imni yeroo dhalatu irratti hundaaa'uun maqaan moggaafamu ni jira. Maqaan haala kanaan moggaafamu kunis amalaafi haala uumama qaama daa'ima sana ibsuu danda'a.Amala kan jedhamu sansaka nama tokkoo isa alaafi keessoo namaatti argamuudha. Galmee jechootaa 'Advanced Learners Dictionary' jedhu, character is a quality of a person, jechuun hiika. Kanaafuu maqaan haala kanaan moggaafamu amala alaafi keessoo nama tokko calaqqisu irratti hunda'eti jechuudha. Haala dhaabbii nama tokkoos yommuu ilaalle, namni hundi walfakkaataa miti.Tokko dheeraa yoo ta'u gariin immoo gabaabaa ta'u,gariin furdaa yoo ta'u , gariin qallaa ta'u danda'a. Akka ilaalcha namoota tokko tokkootti, inni tokko miidhagaa yoo ta'u, inni biroo immoo fokkataa ta'uu danda'a. Kanaafuu, maqaan haala kanaan moggaafamu wantoota kanneen irratti xiyyeeffachuudhan ta'a jechuudha.

Dabalataan,Tasfaayee Guddataa (2015:26) Maqaa haala uumama qaamaa daa'ima tokkoo irratti hundaa'uun moggaafamu ilaalchisee haala armaan gadii kanaan kaahee jira.

> *Names encode the physical and behavioral characteristics of a baby during the first week after delivery.Naming does not usually take place on the very first day of birth. It takes place after a few days of birth. This depicts, people give a name to a baby without knowing whether the baby will grow short, tall, or attractive. Such kinds of names have metaphorical /extended meaning", jedha.*

Yaada kana irraa kan hubatamu, maqaan haala uumama qaamaa daa'ima tokkoo irraatti hundaa'uun moggaafamu amalaafi haala qaama daa'ima yeroo dhalatuu kan ibsu ta'uudha.Daa'imni tokko har'a dhalatee har'uma maqaan kan itti moggaafamu miti.Erga daa'imni tokko dhalatee booda yeroo muraasa erga turee raawwatama.Yeroo kana keessatti daa'imichi dheeraa yookaan gabaabaa,furdaa yookaan qallaa, miidhagaa yookaa fokkataa,hawwataa,yookaan immoo jibbisiisaa ta'uu isaa amma tokko tilmaamuun ni danda'ama. Haalota olii kana irraa ka'amee maqaan daa'ima tokkoof moggaafamuu

danda’a jechuudha. Haaluma kanaan Oromoon Gujii maqaan haala kanaan moggaasu maal akka fakkaatu haala armaan gadii kanaan dhihaateera.

**Gabatee 14. Maqaalee Haala Qaama Daa’imman Yeroo Dhalatanii Ilaaluun Moggaafaman Agarsiisu.**

| T.L | Maqaa | Koorniyaa | Sababa moggaafamuuf |
|---|---|---|---|
| 1 | Kuyyuu | Hin foo’u | Maqaaleen kunniin maqaalee hojjaa ijoollee ilaaluun moggaafamaniidha.Haaluma kanaan maqaalee kunnin maqaa ijoollee qaama /hojjaa gabaabbataniif moggaafa muudha. |
| 2 | Tunnusee | Hinfoo’u | |
| 3 | Deggelaa | Dhiira | |
| 4 | Huqqaa | Dhiira | Maqaan kun immoo maqaa ijoollee qaamni isaanii huq qataa ta’aniif moggaafama. |
| 5 | Lookoo | Dubra | Maqaaleen kunniin immoo maqaa ijoollee qaamni isaanii qallaa ta’aniif maqaa moggaafamuudha.Lootuufi Lookoon maqaa ijoollee dubraa qaqalloo dheertuufi bareedduu ta’aniif maqaa moggaafamuudha. |
| 6 | Lootuu | Dubra | |
| 7 | Kottoolaa | Dhiira | Maqaan kun immoo miila ijoollee ilaaluun maqaa mogaa’uudha. Maqaan kun ijoollee miila fufurdaataniif kan moggaafamuudha. |
| 8 | Bidoo | Dhiira | Maqaaleen kunneen maqaa ijoollee mallattoo garagaraa qabaniif maqaa moggaafamuudha.Maqaaleen kunneen maqaa ijoollee mallattoo akka gurraachaa qaama isaanii irraa qabaniif moggaafamuudha. Mallattooleen akkanaa kun iddoo tokko tokkotti maaramiituu dhungatee jedhamee amanama. |
| 9 | Biduu | Dubra | |
| 10 | Caaccuu | Dhiira | Caaccuun immoo maqaa ijoollee harka,miilaafi gurra isaanii irraa dhankuu yookaan quba jahaffaa qabaniifi gurra biraa immoo mallattoo akka gurraa dabalataan qabaniif maqaa moggaafamuudha. |
| 11 | Ruufoo | Dubra | Maqaan kunis maqaa rifeensaa ijoollee irratti hundaa’u un moggaafamuudha.Yeroo baay’ee ijoollee rifeensi isaanii fuularra gahuuf moggaafama. |
| 12 | Saatanaa | Dhiira | Maqaaleen kunniin immoo maqaa sochii qaama ijoollee yeroo dhalatanii yookaan erga guddatanii agarsiisan irratti hundaa’uun maqaa moggaafamuudha.Saatanaan daa’ima ariitiidhaan deemuuf maqaa moggaafamuudha. Maqaaleen kuniin sochii daa’imaan agarsiisan jaalachu un kan moggaafamu yoo ta’uu jaalala agarsiisa. |
| 13 | Simbirree | Dubra | |
| 14 | Billaachaa | Dhiira | |
| 15 | Ideemaa | Dhiira | |
| 16 | Shelluu | Dhiira | |
| 17 | Unnutee | Dhiira | Maqaalee kunniin maqaa ijoollee gootummaafi jabina qaamaa qabaniif maqaa moggaafamuudha.Unnutee jechi jedhu abbaa humnaa akka jechuuti. Dhakaa maqaan jedhu immoo jabaa akka dhakaa yaada jedhuu irraa kan fudhatame yoo ta’u Neenqoo jechuun goota jechuudha.Neenqishoo kan jedhus goota jechuu yoo ta’u maqaa qooqqifannaati. |
| 18 | Dhakaa | Dhiira | |
| 19 | Neenqoo | Dhiira | |
| 20 | Neenqishoo | Dubra | |

### 4.1.14.Maqaalee Maqaa Gosaatiin Moggaafaman

Ummanni Oromoo saba tokko ta’ee gosaafi balbalaa adda addaa qaba.Maqaa gosaa yookaan qomoodhaan moggaafamu kun maqaa gosaa daa’imichaa irratti hundaa’uudhaan namni tokko jaalala gosaa isaa/ishee/tiif qabu/du irraa ka’uun maqaa moggaafamuudha.Ummannni Oromoo Gujiis gosaafi balbala mataa isaa qaba.Akkuma mata dureewwan darban keessatti kaasuuf yaalame, Ummammi Oromoo Gujii Uraagaa balbala torba kanneen akka: Galalchaa, Waajittuu, Sabboortuu, Hangaatuu, Daraartuu, Gollaafi Halloo kanneen jedhaman yommuu ta’u kan Maattii immoo Insaallee,Handoyyaafi Harqaatuu Yommuu ta’an kan ammoo Hookkuu: Galalchaa, Oborraa, Michillee, Heeraa, Bundhituu, Ballaafi kinnoodha. Ummanni Oromoo Gujii jaalalafi kabaja gosa isaatiif qabu irraa ka’uunis maqaa ijoollee isaanii maqaa gosoota kanneeni ni moggasu.Maqaalee Oromoon Gujii gosafi balbala isaa irratti hundaa’uun moggaasuu kanneen asiin gadii akka fakkeenyaati haa ilaallu.

**Gabatee 15.Maqaalee Maqaa Gosaatiin Moggaafaman Agarsiisu.**

| T.L | Maqaa | Koorniyaa | Sababa moggaafamuuf |
|---|---|---|---|
| 1 | Uraagoo | Dhiira | Maqaa gosa Oromoo Gujii Uraagaatiin moggaafamee dha. |
| 2 | Galalchaa | Dhira | Galalachi gosa Oromoo Gujii Hokkuu keessaa isa hangafaati. Maqaan kunis maqaa gosa Oromoo Gujii Hokkuutiin kan moggaafamuudha. |
| 3 | Waajjituu | Dubra | Maqaa gosa Oromoo Gujii Uraagaatiin moggaafa-meedha. |
| 4 | Girjaa | Dhiira | Maqaa hortee Oromoo Gujiitiin moggaafamee dha. |
| 5 | Handooyya a | Hin foo’u | Maqaa gosa Oromoo Gujii Maattiitin moggaafa-meedha. |
| 6 | Daraartuu | Dubra | Maqaa gosa Oromoo Gujii Uraagaatiin moggaafamee dha. |
| 7 | Halloo | Dubra | Maqaa hortee Oromoo Gujii Halootiin moggaafamee dha. |
| 8 | Hangaatuu | Dubra | Maqaa gosa Oromoo Gujii Uraagaatiin moggaafamee dha |
| 9 | Gujoo | Hin foo’u | Maqaa Hortee Oromoo Gujiitiin moggaafamee dha. |

Maqaaleen kunneen maqaalee Oromoo Gujii Uraagaa biratti jaalala gosaa ofii qaban irraa ka’uunn moggaafamuudha.

### 4.1.15.Maqaalee Yaadannoo Hidda Dhalootaaf Moggaafaman.

Maqaan haala kanaan moggaafamu maqaa yaadanoo akaakoo, akaakileefi abaabileef jedhamee moggaafamuudha. Maqaan haala kanaan moggaafamu kun lafumaa ka’ee yaadannoo akaakayyuu yookaan abaabayyuu daa’imichaaf moggaafama osoo hin taane, daa’imichi dhalatuu kun amala tokkoo akaakoo yookaan abaabayyuu isaa fakkaachuu danda’a . Yeroo daa’imichi dhalate akaakayyuu isaa fakkatee maqaa akaakayyuu isaa moggaasu, haaluma walfakkaatuun daa’imichi dhalate sanyii yookaan hidda dhalootaa isaa keessaa tokko yoo fakkaate maqaa nama sanaatiin moggaafama.

Filee jaalata (2016:176), Yaadumaa armaan olii kana kan dhugoomsu akkana jedha: “Oromoon sanyii isaa yookaan gosaa isaa ittiin yaadachuudhaaf, maqaa dhala isaa maqaa sanyii isaatiin moggaasa,” jechuun ibsa.

Haaluma walfakkaatuun Tasfaayee Guddataa (2015:28) ,Moggaasa maqaa yaadannoo sanyii yookaan hidda dhalootaa irratti hundaa’uun moggaafamu ilaalchisee akka armaan gadiitti kaaha.

> *Some Oromo give the personal names of the deceased (the ancestors) to their babies since the babies resemble the features of grandfather or mother. Such kind of naming is a sign of remembrance of the forefather or mother. Besides, people choose the ancestors’ name for the newborn baby since they realize certain features in the child are similar to those of the deceased. They also name their babies with the name of their ancestor to indicate the love they have for him/her. Through this name people remember the existence of the deceased people in their memory. Therefore, when parents decide to name their child in this way, the deceased should be a very close relative of the family, such as a great-grandfather or great-grandmother whom they like most,jedha.*

Yaada olii kana irraa hubachuu kan dandeenyu Ummanni Oromoo maqaa dhuunfaa namaa yaadannoo akaakayyuu yookaan akaakilee yookaan abaabilee isaa maqaa ijoollee isaatiif moggaasa. Maqaaleen kunniin maqaalee mallattoo yaadannoo hiddaa dhaloota isaaniti jechuudha.Namootni maqaa akkaana kan filatan lafumaa ka’anii osoo hin taane, daa’imni haaraan dhalate mallaattoo yookaan amala muraasa akaakayyuu, akkoo, akaakileefi habaabilee isaa kan agarsiisuu yoo ta’eedha. Kanamalees, maqaan akkanaa kana jaalala akaakayyuu/akkaakilee isaaniif qaban irraa ka’uun ni moggaasuu.Maatiin tokko maqaa haala kanaan daa’ima isaaniif moggaasuu namni maqaan isaa fudhatame sun fira dhiigaa yookaan firaa dhiyoo yoo ta’eedha.

### 4.1.16. Maqaalee Muudannoo Adda Addaa Irratti Hundaa’uun Moggaafaman

Akka Aadde Warqinash Hirbaayyee Barraaqoo (Ebla 10, 2009)fi aadde Halakuu Kelkeloo Hobboxee (Ebla,2009) akka jedhanitti haati takka yookaan maatiin daa’ima tokko yeroo ulfaa irraa eegalee hanga da’uumsaafi da’uumsaan boodaas wantootni adda addaa ishee muudachuu danda’a. Muudannoo ishee/isaa/isaanii kana irraa ka’uun mucaa /daa’imaa/ isaanitiif maqaa muudannoo isaanii waliin walqabatan moggaasuu danda’u. Maqaalee asiin gadii kunis haalumaa kana irratti hundaa’uun maqaalee moggaafamaniidha.

**Gabatee 16: Maqaalee Muudannoo Adda Addaan Waliqabatanii Moggaafaman Agarsiisu.**

| T.L | Maqaa | Koorniyaa | Sababa moggaafameef |
|---|---|---|---|
| 1 | Duubee | Dhiira | Ijoollee dhiiraa abbaa duuba yookaan bakka abbaan hin jirretti dhalatanii eeganiif maqaa moggaafamuudha. Akka addaa Oromoo Gujiitti ilmi abbaa duuba yoo dhalatee abbaa dhiiba jedhama. Kanaaf Gujii ilmi abbaa duubaa yoo dhalatee beekaa baasee falata. |
| 2 | Tasoo | Dubra | Tasoo maqaa ijoollee dubra abbaa duuba yookaan bakka abbaan hin jirretti tasa dhalatanii eeganiif maqaa moggaafamuudha.Tasoon akka Duubee fala hin qabdu.Sabani isaa dubarti kan ambaa/ormaati/ jedhamti. |
| 3 | Diddigaa | Dhiira | Maqaan kun muudaannoo haadha takka yeroo ulfaa ishee muudatee irraa ka’uun maqaa moggaafamuudha. Haadha ulfaa takka yeroo ulfaa dhukkubbii adda addaa itti dhagahamuu yookaan muudachuu danda’a. Dhukkubbii yeroo ulfaa dubartoota muudatu keessaa tokko ol deebisiisuu/haqqisiisuudha.Maqaan Diddigaa jedhamu kunis kanaan walqabatee kan moggaafamuu dha. |
| 4 | Roobaa | Dhiira | Maqaa ijoollee roobaa keessa dhalataniif moggaafamu dha. |
| 6 | Diidoo | Dhiira | Maqaa ijoollee diidatti yookaan manaan alatti akka tasaa dhalataniif moggaafamuudha.Fakkeenyaaf, haati takka osoo gabaa galtuu karaatti yoo deesse, bishaan waraabbachuu deemtee,karaatti yoo deesse,qoraan cabsachuu deemtee yoo deessefi kkf ta’u mala. |
| 7 | Diidolee | Dhiira | |
| 8 | Diidduu | | |

Akkuma gabatee armaan olii keessatti ibsamuuf yaalame, akka aadaa Oromoo Gujiitti ilmi tokko abbaa duuba yoo dhalate maqaa isaa Duubee moggaafama. Akka aadaa fi ilaalcha hawaasichaatti ilmi abbaa duuba yoo dhalatee abbaaf gaarii miti yookaan abbaa

dhiiba yookaan abbaa hin baatu jedhamee waan amanamuuf abbaan gaafa gale faloo falata. Faloon kunis adeemsa mataa isaa qaba.Jalqaba abbaan beekaa waammatee ilmatu nan duubaa dhaltee waan ilmi na duubaa dhalatee na baasaa jedhe jila qopheeffata. Jila kanaaf barbaachisu kan akka: korpheessaa hoola dharawaafi daadhii naqatee qopheeffata. Matooma abbaan maanguddoota dhufaniin ilmatu nan booda dhalatee waan ilmi naan booda dhalateef na baasi! ilma nan duuba dhalate na bulfachiisi! lubbuu tiyyaa na baasi! jedhee dhaadhii kennata.Sana booda manguddootni faroo irraa baasuuf dhufan,

**Waan ilmi si duuba dhalatee bahi!**
**Ilma si duuba dhalate bulii bulfadhu!**
**Hamtuu dhuftee bahi!**

jedhanii erga eebbisanii booda daadhii itti maxxatu. Daadhii maxxachuu jechuun sirna daadhii kallachaa yookaan adda namaa irratti naquun nama faroo itti badde sana irraa faroo baasuti. Erga daadhii itti maxxatanii booda yeroo daadhii sun irraa gogdu hoolaa dharawa itti qalu.Hoolaa erga itti qalanii booda, abbaa ilmi duuba dhalatee sana miila isaa qabanii, “lafa tanarra buli! Hirba lafatti dhaabadhu!” jedhanii miila isaa dhiigaan xuqu. Itti aansuun harka isaa qabatanii, **“**Harka kanaan waan gaarii qabadhu! Badduu dhuftee bahi” jedhanii harka isaa lamaan dhiigaan xuqu. Sana booda lubbuu yookaan kokkee isaa qabanii, “lubbuu teetiin ooli” jedhanii dhiigaan xuqu. Kanatti aansuu immoo afaan isaatiin qabanii, **“**afaan kanaan waan gaarii nyaadhu! Ila / ija / kanaan waan gaarii argi!”, Gurra kanaan waan gaarii dhagahi!” jedhanii dhiigaan xuqu. Dhumarratti kallachaa isaa dhiigaan xuqaanii, kallacha kanaa nagi! Xuruurradhu hori! Xuruurradhu le’i! jedhanii mataa isaa ol xuruuranii eebbisu.

Abbaa ilmi duuba isaa dhalatee haala kanaan erga falanii booda ilma abbaa duuba dhalate falu.Ilma abbaa duuba dhalateen immoo,

Abbaa kee baadhu!
Haadha kee baadhu!
Ilma abbaa baatu ta’i!
Ilma haadha baatu ta’i!
Guddadhu! Badduu dhuftee bahi!

Jedhanii kallacha isaa dhiigaan erga xuqanii booda maqaa isaa duubee itti baasu.Faloon ilmaa abbaa duuba dhalatees gabaabumatti haala kanaan taasifama.Dhiigni mallattoo

araaraati, mallattoo nageenya, mallattoo fayyinaati jedhama.Hoola arrofti hoolaa ateeteeti jedhama. Ateeteen immoo nageenya; hormaata; le'iidha. Kanaafuu hoola arrofti nageenyafi hormaata bakka bu'a jecchuudha (Obbo Jiloo Dheeraafi Duubee Keloo, Waxabajjii 15,2009).

### 4.1.17. Maqaalee Du'a Balaaleffachuuf Moggaafaman.

Ummanni Oromoo rakkoo deddeebi'ee maatii tokko irratti mul'atu ni hoodata. Hoodachuu jechuun immoo balaaleffachuudha.Fakkeenyaaf Oromoon daa'imni akkuma dhalatteen yoo gufatte (duute) hin boohu; ni hoodata. Sababni isaas yoo boohan namatti deebi'a jedhamee sodaattama. Kun ammo hoodachuu jedhama.Maatiin tokko daa'imni dhalattee guddachuufi yoo didde ni balaaleffata.Maqaa du'aa hin dhahan.Daa'ima dhalatus maqaa muudannoo kanaan walqabatu moggaasu. Maqaan daa'ima sanaaf moggaafamu kun maqaa fokkataa, maqaa bineensotaafi maqaa namaaf hin moggafamne ta'uu danda'a.Wanti maqaa akkasii moggaasun barbaachiseef duuti jibbitee akka irraa haftuuf yaaddameeti dha.

Guma,Mthobeli.(2001:270) maqaa du'a balaaleffachuuf moggaafamu ilaaichisee yommuu ibsu akka armaan gadiitti kaaha.

> *There are a series of names that also represent the socio-cultural, lived-in experience. Names may denote repeated death in the same family, especially that of children. Here, the child may be presented with a name that is expected to have an opposite (meaning) result from the literal meaning of the given name. These are usually derived from nonhuman phenomena such as animals,jedha.*

Yaada olii kana irraa hubachuun kan danda'amu maqaan hawaasaa aadaa fi muuxannoo jireenyaa bakka bu'u qabaachuu isaati. Maqaan du'a maatii tokko keessaattu ijoollee irratti deddeebi'ee muudatu ibsuu danda'a. Maqaan ijoollee akkanaa bakka bu'uu kun hiikaa faallaa hiika sirrii maqaa sirrii ijoolleef moggaafamee qabaachuu mala. Akka yaada olii kana irraa hubatamutti maqaan akkanaa yeroo baay'ee wantoota dhala namaa hin ta'in kanneen akka bineensotaa irraa fudhatama.

Haaluma walfakkaatuun, Rashidat Edem Abdul (2014: 57) "Special names are names given to children born under certain special conditions.Special names as names given to children born after their dead siblings.A child who is born after another child who passed

away is regarded as the dead child who has reincarnated,jedha.Yaada kana irraas kan hubachuun danda’amu, maqaa addaa /special name) jechuun kan kaahamee kunis maqaa ijoollee haala adda addaa keessatti dhalataniif maqaa moggaafamuudha. Daa’imni erga daa’imni isa dura jiru karaadhaa deebi’ee yookaan du’ee booda daa’imni dhalatu,akka daa’imni dura du’ee sun deebi’ee dhalateeti kan ilaalamuu ta’uu isaa nu hubachiisa. Akka ilaalchaa ummata Oromootti daa’imni kan waaqaati; waaqatu guddisa; waaqatuu fu dhatas; akkasumas waaqatu namaaf kenna jedhamee amanama.

Kanaafuu daa’imni takka yoo karaadhaa deebite, daa’ima sana boodaa dhalatuuf maqaa addaa moggaasu. Kunis daa’imni dhalatee deebi’ee akka hin badneef jechuudha.Maqaa haala akkanaa irraa ka’uun moggaafamu kanaanis maqaa du’aa ittisuuf moggaafamuu jeechuudhaan waraqaa qorannoo kana keessatti gargaarameera .Ummata Oromoo Gujii biratti maqaan haala akkanaa irratti hundaa’uun moggaafamu maal akka fakkaatu asiin gaditti dhihaate mee haa ilaallu.

**Gabatee 17: Maqaalee Du’a Balaaleffachuuf Moggaafamu Agarsiisu.**

| T.L | Maqaa | Koorniyaa | Sababa moggaafameef |
|---|---|---|---|
| 1 | Uddeessaa | Dhiira | Maqaaleen kunniin maqaa daa’ima erga daa’imni isaa duraa karaadhaa deebitee booda dhalataniif moggaafaman yoo ta’u, hiikni isaa, urgaahi! guddadhu! jechuudha. |
| 2 | Uddoo | Hin foo’u | |
| 3 | Hirbaayyee | Dhiira | Maqaaleen kunneenis akkumaa maqaalee armaan olii maqaa daa’ima erga daa’imni isa duraa du’ee booda dhalate yookaan dhalattee maqaa moggaafa muudha. |
| 4 | Hirphee | Dubra | |
| 5 | Jibboo | Dhiira | Maqaalee kunniin immoo maatiin tokko sodaa qabu irraa ka’uun maqaa fokkataafi maqaa jibbama itti moggaasu danda’u.Sodaan isaanis akka daa’ima isaa duraa nu jalaa du’uu danda’a yaada jedhu irraa ka’uun maqaa fokkataa itti moggaasuu danda’u. |
| 6 | Jibbaa | Dhiira | |

### 4.1.18. Maqaalee Jiraachuu Waaqaa Yookaan Ulfina Waaqaa Ibsuuf Moggaafaman

Akkuma mata dureewwaan asiin olitti tuqaman keessatti ibsamuuf yaalametti ummanni Oromoo amantaa mataa isaa akka qabuufi amantaan isaa kunis amantaa waaqeffannaa akka jedhamuudha.Umanni Oromoo waaqa tokkicha waan hunda uumetti amana. Akkasumas jiraachuuf guddummaa waaqa isaanii kana kan ibsu maqaa ijoollee isaaniif moggaafamu irraa hubachuun ni danda’ama

Tasfaayee Guddataa (2015:29) Yaaduma armaan olii kana ilaalchisee yommuu ibsu akkana jedha: “There are Oromo personal names which recognize the existence of God. Oromo people believe in super natural power which is called God. They bestow personal names that refer to belief they have in God,”jedha. Yaadicha irraa kan hubachuu dandeenyu, maqaan Oromoo jiraachuu waaqa ibsu/mirkaneessu jiraachudha. Akkasumas ummanni Oromoo humna guddaa waan hunda uume kan waaqa jedhamutti kan amanu ta’uudha.Ummanni kun maqaa amanta yookaan ulfinaa fi kabaja waaqaaf qaban irraa ka’uun maqaa dhuunfaa namaa maqaa isaatiin moggaasu.Ummatni Oromoo Gujiis ummataa amanataa waaqeffannaa hordofa turannifi ammas guutummaan guututti ta’uullee yoo baate hordoffaa jiraniidha.Akkasumaas waaqni guuddaan waan hunda uume akka jirutti amanu. Kanuma irraa ka’uun ijoollee isaanii kabajaafi ulfinaa akkasumas galata isaaf qaban irraa ka’uun maqaan moggaasan ni jira.Mee maqaan kunneen maal akka fakkatan armaan gaditti haa ilaallu.

**Gabatee 18: Maqaalee Jiraachuu / Ulfina Waaqaa Mul’isuuf Moggaafaman.**

| T.L | Maqaa | Koorniyaa | Sababa moggaafameef |
|---|---|---|---|
| 1 | Waaqoo | Dhiira | Maqaaleen kunniin maqaa ulfina waaqaa yookaan jiraachuu waaqaa mirkaneessudha. Waaqoo yookaan waaqayyoo kan jedhu maaqatu naaf kennee yaada jedhu of keessa qaba. |
| 2 | Waaqayyoo | Dhiira | |
| 3 | Badhaasoo | Dhiira | Maqaaleen kunniis hiika maqaa ulfina waaqaa yookaan jiraachuu waaqaa agarsiisan yoo ta’an, hiika waaqaa kiyyatu na badhaase jedhu of keessaa qaba. |
| 4 | Badhaanee | Dhiira | |

### 4.1.19. Maqaalee Gaa’ila Irratti Hundaa’uun Moggaafaman

Akka Dr Filee Jaalataa (2016), jedhutti, “Sirna maoggaasni maqaalee itti raawwatamu keessaa inni olaanan tokko moggaasa gaa’elaati.Moggaasni gaa’elaa kun hintalli heerumtee gaafa guyyaa shanaffaa yommuu tahu, kunis shananii jedhama.”

Sirni moggaasafi yeroon sirni moggaasa maqaa gaa’elaa kun ummata Oromoo garagaraa biratti garaagarummaa qabachuu danda’a.Ummata Oromoo Gujii biratti sirna moggaasaa maqaa taasifamu keessaa tokko maqaa gaa’eelati. Akka aadaa Oromoo Gujiitti gurbaa gahe tokko intala karaa seera qabeessaafi aadaa isaa eegee intala takka fuudhee yoo galu Maatiifi firri gurbaa walgahee intala haaraa isaanitti makamte sanaaf kaayoofi carraa

ishee duukaa dhufu xiyyeeffannoo keessaa galchuun maqaa isheef ta'u moggaasufi. Maqaaleen kunneenis: Birrituu, Hortuu, Badhaatuu, Ayyaantuu fi kan kana fakkaatanii dha.Maqaaleen kunneen kaayoo gaariifi jireenya dansaan akka ishee duukaa dhufu hawwuun maqaa moggaafamuudha.

### 4.2. Moggaasni Maqaa Oromoo Gujiin Eenyuun Raawwata?

Akka ragaan monguddoota irraa argame mul'isutti maqaan dhalootaa daa'immanii Oromoo Gujii biratti abbaa daa'imichaatiin moggaafama. Akka obbo Baarree abbaa Nutee (Ebla,08,2009)fi Duubee Keloo (Waxabajjii,15/10/2009) jedhanitti, daa'imni dhalatee gaafa guyyaa sadaffaa erga haatii dhaqna dhiqattee booda, gaafa guyyaa afraffaa abbbaan dhoqqee dhowata. Dhoqqee kanas baala biqilaa biliyyoo, baala biqila, qaarreessaafi baala muka Uddeessatti qabate dhoqqqe dhowata. Dhoqqee dhowachuu jechuun adeemsa abbaan manaa daa'ima dhalatteef maqaa moggaasuun handhuuraa kennuuf jecha dursee dhoqqee loonii qabatee miilaafi harma haadha warraa dhoqqeen tuquuti. Baalli mukkeen sanaas hiika mataa isaanii qabu. Buliyyoo na bulchi! Uddeessaa Uddeessi! Jechuudha.Yeroo dhoqqee dhowatus buliyyoo na bulchi! Uddeessaa na uddeessi! Jechaa dhowata. Erga dhoqqee dhowatee booda mucaa koo naa kenni jedhan. Jalaa callisti.Yeroo sadii erga irra deddeebi'ee mucaa koo naa kenni jedhan. Arfaffaa irratti jalaa awwaatti. Mucaa koo maaliin hambaarta jettiin. Horii kennuuf sana maqaa isaa itti hima. Mucaa itti kenniti. Innis mucaa irraa fuudhee hambaaree dhungatee maqaa moggaasee itti deebisa. Kanaafuu Oromoo Gujii biratti maqaan haala kanaan waan moggaafamuuf gahee maqaa moggaasuu kan qabu abbaadha.

### 4.3. Xiinxala Maqaa Simbiroota Kaayoof Yookaan Faroof Ilalamanii

Aadaafi amantaa hawaasa adda addaa keessatti simbirootni tajaajila aadaa (cultural values) fi tajaajila amantaa (religious values) adda addaa qabachuu danda'u. Akkasumas, aadaa fi amantaa adda addaa keessatti simbirootni gariin wanta gaariiti kan fakkeeffaman yoo ta'an gariin immoo waan gadhee yookaan badaatti ilaalamuun fakkeeffamuu danda'u. Akka fakkeenyatti amantaa kiristaanaa keessatti gugeen yookaan makoodii yookaan handariin yookaan saphalisa simbiroon jedhamtu garraamummaatti fakkeeffamti. Macaafa qulqulluu Luqaas (3:22) irratti "Hafurri qulqullun bifa **gugeetiin** mul'atee irra bu'e; sagaleenis waaqa irraa dubbate, ati ilma koo isa

jaalatamaadha; gammachuun koos sitti in raawwatama," jedhe. Macaafa Mathiyoos (10:16) keessatti Yesus itti dabalee,"kunoo, akka hoolotaa yeeyyii gidduu dhaqaniittan isin erga; eega akka bofaa abshaala; akka **gugee** immoo garraamii ta'aa" yaada jedhu argachuu dandeenya. Yaada olii irraa akkuma hubatamu, gugeen garraamummaatti akka fakkeeffamtuufi eebbifamtuu ta'uu isheeti.

Aadaafi amantaa waaqeffannaa ummata Oromoo keessattis simbirootni faayidaa adda addaa qabu. Faayidaa isaan aadaafi amantaa Ummataa Orommoo keessatti qaban kunis sochii jiruufi jireenyaa ummatichaa waliin kan walqabatuudha.Ummatni Oromoo sochii jiruufi jireenya guyyaa guyyaan taasifatu keessatti kaayoo yookaan milkii ilaallachuun socho'a. Filee Jaalataa (2016:1140), maalummaa milkii ilaalchisuun yommu ibsu,"Milkii jechuun fiixaan bahiinsa karooraa yookaan kaayyoo tokkoo jechuudha. Wanti karoorfame yookaan galmaan gahuuf yaadame tokko milkaa'uufi milkaa'uu dhiisuu isaanii irratti wantootaa dhiibbaa gaarii yookaan dhiibbaa badii geessisaniidha," jedha.Wantoota ummataa Oromoo biratti kaayoo ilaallachuuf itti gargaaraman keessaa tokko simbirootadha.

Ummatni Oromoo sochii jiruuf jireenya isaa keessatti kaayoo ilaallachuun socho'u keessaa tokko ummata Oromoo Gujiiti.Ummatni Oromoo Gujii yeroo adamoof karaa bahu, yeroo waraanaaf deemu, yeroo jila adda addaa kanneen akka: sirna fuudhaafi heerumaafi jilaa aadaa adda adda taasisu keessatti duraan dursee kaayoo ilaallachuun manaa baha. Oromoo Gujii waca simbirrootni gareen yookaan dhuunfaa taasisaaniifi jijjiiramaa amalaa isaan agarsiisan irratti hundaa'uun kaayoo ilaallata.

Mata duree boqonnaa kanaa jalatti maqaan simbiroota kaayoo Oromoo Gujii biratti beekkaman isaan kam akka ta'an, kaayoo akkamii akka himaniifi akkamiitti akka isaan himan haala armaan gadiitiin bal'inaan kan ilaallu ta'a.

**Jajjuu.** Jajjuun akaakuu simbirootaa koolaa jedhaman keessaa tokko yommuu taatu, mataa ishee irraa waan akka gurraa fakkaatu kan qabdu, bifa gurraacha burree fakkaatu kan qabdu, koola gurraachaa fakkaachuu fedhufi qaccee irraa addeenaa kan qabdu, fixee eegee ishee irraa hirboora kan qabduudha. Maqaan jajjuu jedhu kun jecha jajuu jedhuu irraa kan dhufeedha. Jechi jajuu jedhu hiikaa faarsuu, maqaa isaa ol kaasanii irra deddeebi'uun dhahuu hiika jedhuun walfakkaata. Kanaafuu maqaan simbiraa kana

sagalee isheen irra deddeebitee faarsituu irraa ka'uun kan kennameef jechuun ni danda'ama.

Jajjuun yeroo baay'ee guyyaa guyyaa kan hin mul'anneefi halkaan halkaan qofa mukaa gubaa teesse kaayoo du'aa kan dhooftudha. Akka ilaalcha Ummata Oromoo Gujiitti yeroo simbirreen kun halkaan muka qe'ee namaa jirutti galuun yoo jajju qe'ee sanaa namaatu du'a jedhamee amanam. Akka falaasama Ummataa kanatti jajjuun fagoodhaa yoo dhofte namatu fagoodha du'a. Qe'eetti dhihaatee yookaan qe'ee namaatti galuun halkan halkan kan jajju yoo ta'e, warra sanatti du'aa waamti jedhamuun amanama. Fakkeenyaaf qe'ee namaatti galtee mukaa heexoo gubbaa teesse yoo dhooftee haadhatu du'a jedhamee sodaatama. Kana malees Muka uddeessaa gubbaaa teessee yoo dhoofte abbaatu du'a jedhama. Gama biraatiin immoo jirma mukaa kamirrayyuu teessee yoo dhoofte haadhaafi abbaaf sodaachisaadha. Damee mukaa irraa teessee kan dhooftu yoo ta'ee waa'ee ijoollee isaanii dhoofti.Yeroo damee mukaa irra teessee dhofte fagoodhas ta'ee dhiyoodhaas ta'uu du'aa ijoollee himti jedhamun sodaattama.

Maatiin tokko kaayoo hamtuu simbiroon kun dhawu kana kan beekan yoo ta'an faloodhaan baafatu. Faloodhaan akkamitti baasuun akka danda'amu mata duree biraa jalatti ilaalla (DamisseeTuqaafi Shaandhee Gannaalee Ebla21, 2009, Beettisaa Tumaa, Warqinesh Hirbaayyee, Boruu Waaqoo, Ebla 10,2009,Jiloo Dheeraafi Duubee Keloo Waxabajjii 15,2009).

**Urunguu**:Urunguun gosa simbiraa keessaa isa tokko ta'ee dugdi ishee gubbaan daaluu, garaa jalli daalatti burree, koolli ishee daalatti, ija xixiqqoo hanga ija namaa gahuufi fuula ishee keessa yoo ilaalan nama kan fakkaatudha. Simbirree kun ummataa Oromoo Gujii biratti kaayoof ilaalatamti.Gosti simbiraa kun oduu himti. Oduu hamaa himti. Oduun hamaan kunis waan lubbuu yookaan du'a, dhibee yookaan dhukkubaa baraa yookaan dhukkuba tasa uumamuun naannoo tokko yookaan biyya tokko yeroo gabaabaafis haa ta'uu turuun ummataa miidhuu danda'u himti jedhamee fudhatama.

Haata'u malee, simbireen kun yeroo baayee kaayoo hamtuu dhoofti. Kaayoon hamtuun isheen dhooftu kunis waan lubbuuti. Fakkeenyaaf namni tokko dhibamee yookaa dhukubsatee yeroo gaafachuuf deeman simbirreen tun kallatti mirgaati sagalee hamaadhan yoo dhoofte namni sun kan du'u ta'uu isaa himti. Faalla kanaa kallatti bitaa

irraa fageessitee sagalee qulqulluun yoo dhoofte kaayoon sun hoseedha jedhamee fudhatama.Simbireen Urunguun tun qe'ee namaatti galtee yookaan qe'ee namaa dhaqtee yoo dhoofte warra sanaaf kaayoo hamtuu himti. Maaatii warra sanaa keesaa tokko du'uu danda'a jedhamee amanama (Obbo Beettisaa Tumaa, Ebla, 10/2009), Baarree Abbaa Nutee ,Ebla16,2009) , Obbo Jiloo Dheeraafi Dubee Keloo,Waxabajjii 15,2009).

Kanamalees, Simbirreen kun kallatti bitaatii barrisaa dhufee barrisaa kallattii dhufetti yoo deebi'e, kaayoo hamtuu qabatee dhufe sana fudhatee deebi'ee jedhamuun amana. Kana ta'uu baatee kallattii bitaatii dhowee akkasumaan kallatti mirgaatti yoo ce'ee ajjeese yookaan namatuu du'a jedhama. Simbirreen kun iddoo biraati dhowaa dhuftee akkasumaan yoo darbite du'aa iddoo biraa yookaan fagoodha dhagamu himti. Garuu qe'ee namaa dhuftee yoo dhoofte yookaan qe'ee namaatti yoo galte du'aa warra sanaa himti.Warri sun kaayoon sun hamtuu ta'uu kan beekan yoo ta'e beekaa baasanii qalatanii ofirra dabarsu (Obbo Beettisaa Tumaa, Ebla10 , /2009, Baarree Abbaa Nutee , Ebla 16, 2009, Obbo Jiloo Dheeraafi Dubee Keloo ,Waxabajjii 15, 2009).

**Cirrichoo:** Simbirri kun simbiraa halkaanii jedhamuun beekkama. Maqaan simbira kanaas kan dhufee sagalee ishee **cir-cir-cir, cirri** jetttu irraa akka ta'ee manguddootni ni dubbatu.Simbirri kunis akkuma simbira kanneen biroo kaayoo dhaha. Oromoon Gujii simbira kana kaayyoo adda addaaf itti gargaarama. Kaayoon kunis kaayoo du'aa, kaayoo hattuu, dhufaatii roobaa, fi kan kana fakkaatan dhoofti. Mee kaayoo kanneen tokko tokkoon haa ilaallu. Simbirreen kun halkaan qofaa kan deemtu yoo taatu sagalee ishee, kallattii isheen irraa dhooftu yookaan olfageenyaa isheen lafa irraa olfagaatee dhooftuufi kan kana fakkatu irratti hundaa'uun kaayoo adda addaa himuu dandeessi. Simbirreen kun halkan samii keessaa gadi barrisaa dhuftee mana namaa duratti lafa dhooftee yookaan gadi dhihaattee yoo ol deebite warra sanaaf kaayoo du'aa himte jechuudha. Maatii warra sanaa keessaa yookaan qe'ee warra sanaatii namatu du'a jedhame amanama.Warri sun kaayoo hamtuu dhufte sana yoo beekkatan dafanii falachuun ofirra dabarsu. Akkaataa itti falatan garaa boodatti kan ilaallu ta'a.

Kanamalee, simbirreen tun kaayoo hattuu yookaan hattuun dhufuu ishee abba loonitti himti jedhama. Akkasumas nama hannaaf deemuufi namaa qabeenyi isaa hatamuuf deemu sanaaf oduu yookaan kaayoo himti. Namni hannaaf deemu milkaa'uufi milkaa'uu

dhabuu isaa simbira kanan kaayoo ilaallata. Simbirri kun hattuu yookaan nama hannaaf deemu sana dura goree yoo itti dhohe ni qabama jedhama. Nama kaayoo ilaallachuu beeku yoo ta'e ni deebi'a. Kaayoo kanarra darbee deemnan hin milkaa'u jedhamee amanama. Akka manguddootni Oromoo Guji jedhatti yeroo baay'ee dhugaa ta'ee mul'ata. Kanaaf, hawaasni hiika guddaa itti laata. Kana malees simbirri kun nama qabeenyi isaa hatamuuf jedhu sana karra duraa yookaan bakka irriba isaa duraa barrisuun sagalee dhowuun dhufaati hattuu itti himti. Namni kaayoo simbirri kun himtu kan beekuu yoo ta'ee, ka'ee mooraa loonii keessa taa'ee hattuu dhufaa jirtu eeggata. Hattuu dhuftes qabuun ni danda'ama jedhama.

Inni sadaffaan immoo kaayoo bokkaa dhoofti. Simbirri kun samii keessa olfagaattee yeroo sagalee dhoftu bokkaatu rooba jedhamee fudhatama. Asirratti wanti hubatamuu barbaachisu, simbirreen tun sagalee ishee jijjiirachuuniifi akkaataan dhufaatii yookaan kallattii isheen dhuftu irratti hundaa'uun kaayoo adda addaa kan himtu ta'uudha ( Obbo Beettisaa Tumaa , Ebla 10 2009, Baarree Abbaa Nutee, Ebla16, 2009, Obbo Jiloo Dheeraafi Dubee Keloo, Waxabajjii 15, 2009).

**Simbiree Doogoo:** Simbirreen kun mataa isaa irraa booqaa xiqqayyoo kan qabu, dugdi isaa gubbaan gurraacha kan ta'e, cinaachi isaa lamaan burree, garaa jalli adii, koolli isaa adii , kan adii kana uwwisee jiru guurraacha kan ta'eefi eegee kan qabu yoo ta'u, eegee isaa keessaa lama qaqallattee dheerattee kan baahedha. Maqaan simbirree kanaa sagalee simbirroon kun gareen ta'ee dhowu irraa kan moggaafameedha. Doogoo jechuun wal jalaa qabanii sagalee dhageessisuu yookaan dhowuu yookaan immoo hurrubuu jechuudha (Jiloo Dheeraafi Duubee Keloo,Waxabajjii 15,2009).

Akka maanguddonni Odeeffannoo naa kennan jedhanitti, Simbirreen Doogoo jedhamu kun yeroo kaayoo himu kallattii inni irraa dhowe irratti hundaa'uun kaayoon sun kan akkamii akka ta'e beekuun ni danda'ama. Akka Obbo Damissee Tuqaafi Shandhee Gannaalee, Ebla 21, 2009), Beettisaa Tumaa, Ebla 10, 2009), Baarree Abbaa Nutee , Ebla 16,2009), Jiloo Dheeraafi Duubee Keloo, Waxabajjii 15, 2009) jedhanitti, Simbirreen kana sagalee isaa irratti hundaa'uufi kallattii inni namatti dhowu irratti hundaa'uun kaayoo hoseefi hongee ta'uu isaa addaan baasuun ni danda'ama.Yeroo namni tokko yookaan jilli yookaan yaa'i dhimma adda addaatiif karaa deemu, fakkeenyaaf, nama

dhukkubsate gaafachuuf karaa deeman, intala takka kadhaaf karaa deeman, jilaa adda addaa jilifachuuf karaa bahan, bitaadhaan manaa bahu jedhama. Aadaa Gujii keessatti, bitaan kan mana namaa ittiin dhaqaan yoo ta'u, middi yookaan mirgi kan mana ofiitti ittiin galaniidha.Yeroo dhimma adda addaatiif karaa bahanii simbirreen kun matoomaa bitaachaa irraa dhowee, kan middichaa (mirgaa) tti dabarsee kenne kaayoon hoseedha jedhama. Yeroo kana namni yookaan yaa'i karaa deemuuf manaa bahu "**Bittaachaatti na baasi! middichatti na galchi**" jedhee manaa baha.Osoo karaa deemaa jiruu simbirreen kun matoomaa bitaa irraa dhowee isaa middichaatti yoo dabarsee, kaayoon hose waan taatef gammachuun deemsaa isaa itti fufa.

Gama biraatiin immoo simbirreen matooma akkumaa inni deemsa eegaleen duraan dursee simbirreen middicha irraa jiru dhowee isaa mirgaatti yoo dabarsee, kaayoon sun hongeedha jedhamaa. Namni deemsaaf manaa bahe sunis iddoo ka'eef sana oluun akkaatadhumaa hammeenyaa kaayoo sanaa irratti hundaa'uun daadhii yookaan immoo kaayoon sun daraan hamtuu yoo ta'e, hoolaa qalachuun dhiiga lafa buusee, faroo baafatee guyyaa biraa deema. Iddoo ka'eef kana hafuu hindanda'uu yoo ta'ee harka bitaatin muka gogaa lafaa fuudhee yookaan biyyee lafaa hammaaree si'a sadi ofiin marsee marsee gara simbiara sanaatti sitti haa deebi'tu jedhee itti darbata (Baarree Abbaa Nutee, Ebla16,2009).

Simbireen Doogoo sagaalee yeroo kaayoo himu, sagalee adda adda sadi dhageessisa jedhama.Yeroo tokko tokkoo ni xoo'isaa, yeroo tokko tokko immoo ni finco'aa, yeroo kaan immoo ni yuukkifata.Sagaleen kunneen sadanuu kaayoo adda addaa himu.

**Xoo'isuu:** Jechuun gugumuu, loluu, yookaan gorori'uu akka jechuuti. Simbirri kun yeroo xoo'isu dubbii hima jedhama. Dubbiin inni himu kun dubbii hamtuudha. Dubbiin kunis namni wal loluu danda'a, yookaan namuma kaayoo arge sun namaan wal loluu mala; yookaan namatu wal himata; yookaa namatuu namumaa kaayoo arge sanaa himata; yookaan ammoo namumaa kaayoo arge santu nama himata ta'a. Simbireen kun erga xoo'iseen booda yoo finco'e immoo dhiiga hima jedhamee amanama. Dhiiga hima yommuu jedhamu, wanta dhiigaan wal qabate hunda argita jechuudha. Fakkeenyaaf, horii qalamaa jirutti dhufuu, nama wallolee wal xaretti yookaan wal buruqsetti dhufuu, yookaan namaan wal loltee namni si xaruu yookaan buruqsuu, yookaan ati nama

buruqsuufi kan kana fakkaatu himuu danda'a jedhama. Kana malees, yeroo fiinca'u dhugaatii yookaan quufa himuu danda'a jedhama. Iddoo kanatti wanti adda bahuu qabu, yeroo simbirreen kun finco'u akkamiin akka dhiigaa himuu isaafi quufaa yookaan dhugaatii himuu isaa addaan baasuu dandeenya kan jedhuudha. Simbirreen kun xoo'isee ka'ee akkasumaan sagalee isaa gara finco'uutti yoo jijjiire, dhiiga hima. Xoo'isuun dubbiidha jennee jirra; akkasumaan yoo finco'e dubbii santu gara dhiigaatti guddate jechuudha. Gama biraatiin osoo hin xoo'isin lafumaa ka'ee yoo finco'ee dhugaatii yookaan quufa hima jedhama.Waa'ee dhugaatii kanaan walqabatu iddoo biraatti yoo bookeen yookaan tisisni qoonqoo nama bu'e farsoon dhugaa yookaan farsoo dhugda namaan jedhamee amanama.

Sagaleen simbirreen kun dhageessisuu keessaa inni sadaffaa yuukkifannaadha.Simbirreen kun yeroo yuukkifatu du'a hima jedhamuun amanama. Fakkeenyaaf, namni dhukubsatee gaafachuu deemta yoo ta'e, namni sun kan du'u ta'uu isaa hima jedhama. Simbirroon tokko mukaa fiixee taa'ee yoo dhowe yookaan yuukkifate, namni sun xinnoo umrii kan qabu yookaan dafee kan hin dune ta'uu isaa hima.Muka sana gadi hiiqee gara lafaatii yookaan lafa taa'ee yookaan awwaala irra taa'ee yoo dhowee namni sun kan du'u yookaan kan hin fayyine ta'uu isaa hima (Jiloo Dheeraafi Duubee Keloo, Waxabajjii, 16, 2009).

Kaayoon simbireen Doogoon dhowu kanaan kaayoon sun kan mataa ofii yookaan kan nama biroo ta'uu isaa beekuun ni danda'ama. Akkuma namaa baatee osoo fagoo hin deemin simbireen kun middichaa irraa yoo sitti dhowee , kaayoo hongeen sun kan mataa keetiti. Erga deemsa haleeltee mana warra baateef sana gahuu erga geessee middicha irraa sitti yoo dhowe, kaayoo hoseen sun kan warra dhaqxuuti. Kaayoo hoses yoo ta'ee akkanaan kan ofii yookaan kan warra dhaqxuu ta'uu isaa beekuun ni danda'ama jedhama. Kanamalees, karaan kaayoon sun kan ofii ta'uu fi kan nama biraa ta'uu isaa tilmaaman keessaa tokko kallatti inni irraa dhawuudha.Yeroo gara mana keetii deemtuu waa'ee kee dhowa.Yeroo waa'ee kee dhowu kallatti middaa (mirgaa) ti gabaabsee sii dhowa. Kana malees, duraa kee bu'ee kallachaa kee duraatti yoo dhowe, waa'ee kee yookaan waa'ee qe'ee keeti hima jedhama.Yeroo waa'ee abbaafi haadha keeti dhowu immoo, jirma mukaa walakkaa taa'ee dhowa.Yeroo waa'ee ijoollee keeti dhowu yookan himu immoo, damee mukaa irra taa'ee dhowa (sagalee dhageessisa). Akkuma dameen mukaa jirma isaa

irraa ba’u ijoolleen immoo hadhaafi abbaa irraa waan bahaniifidha.Yeroo simbireen kun mukaa Heexoo irra taa’ee dhowe haadhatu du’aa jedhama. Mukni heexoo hadhaa waan ta’eefidha.Walumaa galatti, simbirreen kun sagalee isaa jijiiruun, kallattii irraa dhowu jijjiiruun, fageenya irraa dhowu irratti hundaa’uun kaayoo adda addaa himuu danda’uu isaa hubachuun ni danda’ama.

**Qillisaa**:Qillisaan immoo akkaakuu simbiraa ta’ee kaayoo adda addaa ilaalachuuf gargaara. Maqaan simbiraa kanaa sagalee simbirri kun dhowu yookaa dhageessisuu irraa kan dhufeedha. Hawaaasni sagalee simbira kanaa “qilil-qilil-qilil” jedhu irraa ka’uudhan qillisaa jedhanii waamu danda’an jedhama. Akka ilaalchaa Oromoo Gujiitti , simbirri kun iyya hima jedhama. Halkaan sagaleen simbira kanaa dhagananii yoo gad bahan, dhiyoodha ta’ee yookaan fagoodhaa sagaleen iyyaa hindhibu jedhu maanguddootni odeeffannoo kana naaf kennan. Simbirree kun guddatee sadarkaa muka gogaa uree itti galuu yoo jalqabe tumaaddisa jedhamuun waamama. Tumaaddisnii naannoo qe’ee namaatti dhihaatee yoo iyye namatu qe’ee sana du’a jedhamee amanama.Kana malees bosona walakkaadhaa yookaan qe’ee namaa irraa fagaatee yoo iyye rooba dhaha jedhamee fudhatama (Obbo Baarree Nutee Dhugoo , Ebla 16, 2009).

**Haadha Walee: “**Haadha Walee koolaan dhahi; haphiin teeti”, jechamni kun jechama hawaasni Oromoo Gujii naannoo simbirreen itti argamtu jiraan itti fayyadamaniidha. Jechamni kun walitti dhufeenya ummataa naannoo sanaafi haadha Walee gidduu jiru irraa kan maddeedha. Walitti dhufeenya ummata naannoo sanaafi simbirri kana gidduu jiruu ibsuun duraan simbiroon tun naannoo akkamiitti akka beekamtuu beekuun barbaachisaadha.

Akka manguddoo Obbo Baarree Abbaa Nutee Dhugoo (Ebla,16/2009) fi Jiloo Dheeraa (Waxabajjii,15/2009) waa’ee simbira kanaa ilaalchisanii jedhanitti “simbirreen kun naannoo gammootti kan argamuudha.Naannoo gammoojjii kanatti kanniisni damma isaa holqaa mukaa fi holqaa dhagaa iddoo namni arguu hin dandeenyetti galuun dammeessa. Damma kannisni holqa adda addaa keessatti dammeessu kana kan beeku Haadha Walee qofaadha. Haati Walee iccitii kannisaa kana haa beektu malee, damma sana baaste nyaachuu hin dandeesu. Kanaaf, carraan isheen qabdu, nama damma baafachuuf barbaadu waliin hariiroo uumuun waan inni kenneef fudhachuu qofaadha. Kanarraa

ka’uun simbiroon tun nama bosona keessa damma barbaacha deemu karaatti eeguun dura isaa bu’uun kolfaa, muka irra mukatti utaalaa gara bakka yookaan holqa kannisni dammaa itti dammeessetti qajeelchiti. Namichi damma baasuuf deemu sunis ishee faana bu’uun “Haadha Walee koolaan dhahi; haphiin teeti”, jechaa duuka ishee bu’a. Haati Walees, muka irra mukatti, dhagaa irraa dhagaatti utaalaa nama damma barbaadu sana of irratti eegaa holqa mukaa yookaan holqa dhagaa damma qabu sana bira yoo geesse muka yookaan holqa sana koola isheeti dhooft; bakka sanas dabartee hin deemtu. Sana booda namichi holqa mukaa yookaan dhagaa naannoo sana jiruu keessa yoo barbaade damma argachuu danda’a jedhama.

Kana malees, Haati Walee dhudhuufatti nama geessuu dandeessi jedhama. Dhudhuufaan gosa bofaa yookaan jawweeti. Holqa Dammaa bira nama geessuufi waan hamaa biraa nama geessuu ishee kolfa ishee irraa beekuun ni danda’ama jedhama.Yeroo waan hamaatti nama geessitu kolfa baay’isti jedhamee fudhatama. Namichi damma barbaadu sunis yeroo ishee faana bu’uu of eeggachaa deemuu qaba (Obbo Baarree Abbaa Nutee, Ebla16 , 2009)fi Jiloo Dheeraa, Waxabajjii 15, 2009)

Yaada manguddootaa kana kan dhugoomsu, Martial De Salviac,(1901:137) waa’ee simbira kana yaada armaan gadii kana ibsa:

> *When a maroc or honey bird discovers a hole of bees, it comes to stay on the road, fluters its wings, sings as soon as it sees some one and tries by all its movements, to make the person understand that they only have to follow it and it wiil show them a hive or a hole full of honey. If it perceives that someone is following ,it hovers from tree to tree until it gets to the place where the honey is.There,it changes the warbling and sings melodiously*

Yaada olii kannen lamaan irraa hubachuun kan danda’amu, simbirreen kun iddoo kannisni damma itti dammeesse kan namatti akkeentuu ta’uudha. Kana malees waan hamaa sagalee ishii jijjiirachuun waan hamaa duraa namaatti argamu namatti akeekuu dandeessi. As irra wanti biraa hubatamuu kan danda’amu Haati Walee namoota adamoof deeman kallatti kan itti akeektu ta’uu ishee hubachuun ni danda’amaa. Kanaafuu simbirroo kanaaf kunuunsi guddaan godhamuufi qaba.

**Waayyuu’arru/Arrawayyuu**: Maqaan simbiraa kana bifa isaa irraa kan dhufeedha. Waayyuu’arruu jechi jedhu bifa arrawwa akka ta’e kan nutti himuudha. Akka Obbo Jiloo

Dheeraafi Duubee Keloo Xooree (Waxabajjii 15,2009) marii garee xiyyeeffannoo irratti jedhanitti, "Simbirreen kun mataa diimata, afaan diimaa, koola diimaafi burree, dugdi gubbaan bulee, garaa jalli buleefi eegee dheeraafi diimaa ta'e qaba" jedhu. Akka manguddoonni kun jedhanitti hanqaaquun simbirree kanaa qorichoomaaf baay'ee barbaadamaadha.Bifti hanqaaquu simbirree kanaa bulee fakkaachuu fedha yookaan gara buleetti kan siiqudha jedhu namootni odeeffannoo kun irraa fudhatame.

Ummanni Oromoo Gujii simbirree kana akkumaa simbirree biroo kaayoo ilaallachuuf itti gargaarama. Akka maanguddootni kunneen jedhanitti, sagaleen simbira kanaa dhiiga qaba jedhama. Akkasumas sagaleen isaa kun dhiiga hima jedhama. Kana yommuu jennu, waan dhiigaan walqabatu hunda hima jechuudha. Fakkeenyaaf, nama wal dhabee yookaan wallolanii dhiiga bu'e, yookaan atummaan yookaan namni kaayoo kana arge namaan wal lolee, nama rukutee buruksee yookaan namni si buruksee dhiigni bu'uu danda'a jedhu namootni odeeffannoon kan naaf kennan.

Akkasumaas simbirri kun kallatti harka bitaatii dheeressee yoo dhohe kaayoon sun hoseedha. Kana malees, gabaabsee qoonqoo qulluun yoo dhohe, kaayoon sun hosee ta'uu danda'a jedhamee fudhatama. Fallaa kanaa yoo ta'ee garuu kaayoo hongee hima jedhama.Yeroo simbirri kun dhohu yeroo baay'ee horiitu du'a yookaan horii qalamaa jirutti namaa geessuu danda'a jedhamee yaaddama. Kana malees, simbirreen kun akkuma simbirree doogoo dhugaatiis (quufa) ni dhoha jedhama. Sagalee simbiraa kana isa kamtu kaayoo hose hima, isa kamtu immoo hongee hima jedhee addaan baasee kan beeku garuu nama hunda osoo hin taane,nama beekaafi kaayoo ilaaluu danda'u yookaan nama aadaa sana keessatti guddate qofaadha. Haala kanaan simbirri kun kallatti middaa yookaan mirgaa irraa dheeressee yoo dhowe kaayoo hose akkanaa himuu danda'a jedhama. Yeroo kana quufa himuu danda'a jedhamee amanama.

**Simbirree Barritti:** Akka aadaa Oromootti, namni tokko yoo rakkate fakkeenyaaf, ijoolleen yoo guddachuufi didde, horiin yoo horuufi dide, oomishni isaa barakaa yoo dhabe, qe'een isaa nagaa yoo dhabe, rakkina kana keessaa bahuufi beekaafi hayyuu waammatee faloo yookaan faroo baafata. Namootni faloo yookaan faroo irraa baasan kunneen yommuu faroo baasuuf deeman kaayoo ilaalaa deemu. Fakkeenyaaf, abbaan warraa tokko dhukubsatee faloo godhachuu yoo barbaadee, beekaa yoo waammate,

beekaan yookaan namootni faroo irraa baasuuf deeman sun namichi yookaan namni dhukubsatu sun ni fayyaafi hinfayyuu isaa kaayoo ilaalaa deemu. Wanti akka kaayootti isaan ilaan keessaa tokko kan taatee simbiraa hawaasa naannoo sanaatiin **barrittii** jedhamuun beekamtuudha.

Akka Obbo Jiloo Dheeraa, Duubee Keloofi kanneen biroo marii garee xiyyeeffannaa gaafaa Waxabajjii 15, 2009 taasifamee irratti jedhanitti,"Simbirri barritti jedhamtu tun maqaa ishee kana kan argatte bifa ishee irraati. Akkuma maqaa ishee irraa hubachuun danda'amutti simbirrii tun daalattii burree, hojjaa dheeraattufi eegee hanga eegee saphallisaa gahu qabduudha." Akka maanguddootni kunneen jedhanitti, gaafa namni tokko dhukkubsatee faloo godhachuu barbaadee, nama faloo isaaf godhutti himatee namni sun yeroo faloo gochuuf gara mana nama sana deemaa jirutti, yoo simbirri tun nama beekaa faloo gochuuf deemu sana dura figaa yoo lafa tumatte namni sun waan fedheeyyuu yoo ta'ee hin fayyu jedhameen amanama.

**Risaa/Simbirbuta:** "Fira fakkaatee risaan simbira nyaata" jedha,Oromoon.Mammaaksa Oromoo kana irraa hubachuun kan danda'amu, risaan akaakuu simbiraa ta'ee gosa simbiraa kan nyaata'uudha. Akka aadaa fi falaasamaa Oromoo Gujiitti risaanis akkuma sinbiroota biroo kaayoo dhahu qaba. Akka ilaalchaa ummataa kanaatti, risaan halkan yoo dhahe waraana biyyaa hima jedhama. Risaan guyyaa malee halkan hin dhahu. halkaan yoo dhahe garuu waraanatu ka'a yookaan mootummaatu kufa jedhamee fudhatama.Kana malees, risaan kaayoo lubbuus ni hima. Risaan mana namaa gubbaa taa'ee yoo dhowe dubartiitu mana sanaa keessaa du'aa jedhamee amanama.

**Haanqaa:** Haanqaanis akaakuu simbiraa keessaa isa tokkoodha.Simbirroon yookaan allaattiin kun hammaan guddaa, mormaa isaa jalaa milmilloo kan qabuu, bifti isaa bulee kalaadidha. Cinaacha isaa lamaan irraa kalaadii qaba. Allattiin kun akkuma simbiroota biroo kaayoo ilaallatan qaba. Allattiin kunis mana gubbaa taa'ee yoo dhowe du'a dubartii hima jedhamuun amanama. Kallattii mirgaatiin gara ciisichaa abbaa warraatiin yoo dhowee dhiiratu du'aa jedhamee fudhatama.

**11.Goggorrii:** Gogorriin akaakuu allattiwwanii keessaa tokko yoo taatu foon ishee kan nyaatamuudha.Gogorrii hamma goromtii lukkuu kan geessuufi akka lukkuu kaakkisuun

hanqaaquu kan hanqaaqxudha. Akka ilaalchaa ummata Oromoo Gujiitti allaattiin tun ardaa yookaan qe'ee namaatti galuun yoo wal horte **ona** dhoofti jedhamee amanama.Ona jechuun immoo warri tokko sababa adda addaatiin qe'ee isaanii irraa buqqa'uun qe'een sun qullaatti hafuudha.Fakkeenyaaf maatiin tokko nama ajjeesanii yoo baqatan qe'een isaanii ona ta'uu danda'a.Akka ilaalcha ummata Gujiitti gogorriin badii akka farristi jedhamee amanama.

**Saphaliisaa:** Saphalisni iddoo adda addaati maqaa adda addaatiin beekkmti.Iddoo tokko tokkotti gugee, makoodii, bullaallaafi handariifi jedhamuun beekkamti.Amantaa kiristaanaa keessatti makoodiin garraamummaatti fakkeeffamti. Akka ilaalchaafi falaasama ummata Oromoo Gujiitti saphalisni qe'ee namaa dhufee yoo taphate horii alaa dhufu hima jedhama.Horiin alaa dhufu kun bitamee yookaan godaanee kan dhufu ta'uu danda'a. Kanamalees, saphalisni horii badee galu hima jedhama.Fakeenyaaf, horiin tokko maatii tokko jalaa bade barbaadamee argamuu danda'a. Gaafa horiin kun argamuu osoo horiin sun hin galin dura qe'ee warra loon jalaa bade sana dura deemuun makoodii kormaan u'utaalee taphata. Taphni isaa kun gaddi warra loon jalaa bade sun loon argamee gammachuutti kan jijjiiramu ta'uu mul'isa (Obbo Jiloo Dheeraafi Duubee Keloo Xooree (Waxabajjii ,2009).

### 4.4. Mala Faroo Baasuu

Ummatni Oromoo Gujii faroo badduu simbiroota kanaaniin arge callisee kan bira darbu osoo hin taane karaa ittiin ofirra dabarsuu qaba. Malli Oromoon Gujii kaayoo badduu dhufte ittiin ofirra dabarsu kun faroo baasuu yookaan faloo falachuu jedhama. Karaan faroo ittiin baasan gurguddoon **qalmaan baasuu, goola itti dhaabuufi hulluuqqaa tolchuudha.** Malli sadan kunneen akkaatadhuma hammeenya kaayoo arganii yookaan simbirreen hime irratti hundaa'a. Kaayoon sun hangas mara sodaachisaafi hamaa kan hin taaneefi qalanii baasuuf maatiin tokko humna kan hin qabne yoo ta'e goolaan baasu.Mee maalummaafi akkataa isaan itti raawwatan gabaabsinee haala asiin gadii kanaan haa ilaallu (Obboo Jiloo Dheeraafi Duubee Keloo,Waxabajjii 15,2009).

### 4.4.1.Qalmaan Baasuu Yookaan Faloon Baasuu

Faloo jechuun mala dhiiga buusuun Waaqa kadhatanii kaayoo hamtuu dhuftee ittiin ofirra dabarsaniidha. Kaayyoon isaas inni guddaan wanti hamaan dhufe sun le'ii namaa dhiisee

dhiiga sana fudhatee akka deebi'u gochuudhaaf.Sirni faroo baasuu adeemsa mataa isaa kan qabu yoo ta'u, jalqaba irratti hoolaa faloof ta'u, hoolaa korpheessa dharrawwa yookaan daalacha qopheessu. Akka aadaa Oromoo Gujiitti sababni hoolaa dharrawwa filataniif le'ii namaatiif hoolaa dharrawatu gaariidha jedhama waan ta'eef kaayoon hamtuun argan sun kan jejjuu yookaan urunguu yoo taate, halkaan kan himtuu waan ta'eef halkan sana ergaa kaayoo sana dhagahatanii booda bariisaa hoola kana qaluun dhiiga buusu. Dhiiga hoolaa qalanii kanas qodaattii qeensuun yookaan qocuun abbaan warraa kallattii isheen dhufte sanatti yookaan kallattii isheen dhuftee dabarte sanatti ishee duukaatti dhiiga sana harka bitaatiin si'a sadi akka asiin gadii kana jechaa facaasa.

Faroo sana na hanqadhu!
Farra sana na hanqadhu!
Faroo urunguu sana na hanqadhu!
Faroon tee na hanqattu
Farri tee na hanqattu!
Bayyadhu!

jedhe kallatti ishee dhuftee deebite sanatti facaasa. Kaayoo hamtuun argan sun kan simbirree biroos yoo ta'e haaluma irratti hundaa'uun yeroodhuma sana yookaan ganama sana ka'ee faroo isaa haaluma asiin olii kanaan baafata.

### 4.4.2. Goolaan Baasuu Yookaan Goolaan Balleessuu

Goolaan baasuu jechuunis adeemsa aadaan faroo badduu simbirri dhowe itti baasaniidha. Akka aadaa Oromoo Gujiitti gaafa urunguun yookaan cirrichoon kaayoo badduu dhoofte, mukkeen kannneen akka heexoo,hoccuu ciccitaa adda addaa, gogaa raroofi kan kana fakkaatanitti ibidda gabbisu. Erga ibiddi gabatee booda maatiin wara sanaa hunduu bahuun ibidda sana abbaan warraa waraana yoo qabaate waranaan, bokkuu yoo qabaatee bokkuu isaatiin, haatii warraa immoo siinqoo qabattee bahuun ibidda sana bokkuu yookaan siinqoo sanaan tumanii faffacaasanii “Faroo sana na hanqadhu! Farra sana na hanqadhu!  Faroo urunguu sana na hanqadhu!” jedhanii dhaamsu. Urunguu sana yookaan cirrichoo sana yoo danda'an ajjeesanii ibidda sana waliin gubuun kaayoo hamtuu fiddee dhufte sana waliin gubanii balleessu. ( Obboo Jiloo Dheeraafi  Duubee Keloo,Waxabajjii 15,2009).

### 4.4.3. Hulluuqqaa

Hulluuqqaan sirna kaayoofi faroo badduu ofirraa baafachuudhaaf jecha maatiin tokko xixxiixaa yookaan araayyee muranii muka hadheessa lama gidduutti hidhuudhaan ganama afaan gogaadhaan yookaan osoo homaa hin nyaatin akkuma loon mooraa yaasaniin looniifi namni kan jala hulluuqaniidha.

Walumaa galatti, Oromoon Gujii sochii guyyaa guyyaan taasisuu keessatti kaayoo ilaallachuun kan socho'uu fi kaayoo hamtuu sanas akkaataadhumaa barbaachisummaa isaatti qalmaan yookaan goola itti dhaabuun yookaan immoo hulluuqaa tolfachuun kan ofirra dabarsu ta'uu isaa nu hubachiisa. Kaayoon hamtuun sun urunguun yookaan cirrichoodhaanis ta'ee simbiraa biraatiin itti dhufte sun mala sadan kanaan irraa dhaabbachuu kan diddu yoo ta'e immoo beekaa barbaadanii akkaataa beekaan namatti hime sanaan kan balleessan ta'uu isaa manguddootni Odeeffannoo irraa fudhe ni dubbatu.

### 4.5.Maqaa Fardaaf Moggaafamu

Akaakuu beeyladootaa keessaa tokko farda. Fardis akkuma loonii maqaa ittiin waamamu qaba. Maqaan fardaa kunis akkuma kan loonii haala ittiin moggaafamu kan mataa isaa qaba. Isaan keessaa muraasni bifaafi mallattoolee isaan adda addaa kan isaan miilaafi adda isaanii irraa qabaniifi akkataa isaan itti deemaan irratti hundaa'uun bahuu danda'a. Haalli moggaasa maqaa fardaa kunis iddoo adda addaatti adda addummaa qabaachuu mala. Kanaafuu, mata duree kana jalatti beekumsa Oromoon Gujii moggaafa maqaa fardaa irratti qabu ilaalla.

**Odolcha:** Odolchi maqa fardaaf bifa isaa irratti hundaa'uun moggaafamuudha. Bifti isaas adiitti kan dhiyaatu, garuu adii kan hintaanedha. Odolchi yeroodhaan booda gara adiitti jijjiiramaa deemuudhaan yeroo dheeraan booda adii ta'a. Akka aadaa Oromoo Gujiitti fardi akkasii kun sirnaaf kan barbaadamuudha. Sirni kunis yeroo sirna walharkaa fuudhiinsaa baalli gadaa abbaan gadaa baalli fudhate kan yaabbatee gulufuudha.

**Daamaa:** Daamaan maqaa fardaaf bifa isaa irratti hundaa'uun moggaafamuudha. Farda daama karaa lamaan ilaaluun ni danda'ama. Innis: daamaa diimaafi daamaa gurraachaa jedhamuun beekkama. Daamaa diimaa kan jedhamu farda bifti isaa diimaas, gurrachas jedhamuu hindandeenye, garuu gara diimaatti kan siqudha.Daamaa gurraacha kan

jedhamu immoo farda bifti isaa gurraacha jedhamuu hin dandeenye garuu gara gurraachatti siquudha. Farda daamaa bifti isaa akka odolchaa yeroon booda kan kan jijjiiramuu miti.

**Dharrawa:** Akka obbo Damboobii Abbabaa (Ebla 3, 2009,) Magaalaa Haroo Waaccuutti argee haasofsiise natti himanitti, Dharrawaa kan jedhamu farda bifti isaa diimaa ta'eedha. Maqa kun fardaafi looniifis akka moggaafamuudha odeefkennaan kun kan natti himan.

**Daamaa Bulloo:** Daamaa Bulloo kan jedhamuus akkuma maqaa isaa irraa hubachuun danda'amutti farda daamaa ta'ee adda isaa irraa mallattoo adii qabuudha.

**Boora:** Boorri akkuma beekamu maqaa fardaa bifa fardaa irratti hundaa'uun moggaafamuudhaBoorii haala lamaan ilaalamuu danda'a. innis: **Boora Akaaltichaa** fi **Boora Qaancii** jedhamuun beekkama. Boora akaaltichaa kan jedhamu farda bifti isaa boora ta'ee eegeefi gaammaan isaa gurrachaa ta'eedha. Boora qaancii kan jedhamu immoo farda bifti isaa hundi guutummaan guututti boora qulqulluu ta'eedha. Fardi booraa qaancii jedhamu hawaasa Oromoo Gujii biratti baay'ee barbaadamaadha. Namootni midda yookaan mirga qaban yookaan baallii qaban, akkasumas kaayoof ni barbaadama. Kana yeroo jedhamu gosa hundatu barbaada osoo hin taane gosa kaayyoof barbaadutu jira jechuudha.

**Gurraacha:** Gurraachi farda bifti isaa gurraachaa ta'eef maqaa moggaafamuudha.

**Shaalloo:** Shaalloon maqaa fardaaf moggaafamu yommuu ta'u, farda bifti isaa guutummaan guutuutti adii qulqulluu ta'eef maqaa moggaafamuudha. Nama farda akkanaa qabuun abbaa shaalloo jedhamuun waamamuu danda'a. Kuni jaalala fardaaf qaban agarsiisa.

Walumaa galatti, maqaan fardaaf kennamu bifaafi mallattoo adda isaanii irraa qaban irratti hundaa'eeti jechuudha.

### 4.6. Moggaasa Maqaa Loonii Oromoo Gujii Uraagaa

Akkuma beekkamu ummanni Oromoo looniif jaalalaafi ulfina guddaa kenna. Ulfinaafi jaalala looniif qabu irraa kan ka'e loon isaa ni mararfata; ni faarfata; akkasumas akkumaa ilmoo isaatti maqaa moggaasee ittiin waama. Oromoon jaalala looni qabu irraa kan ka'e

akka ilmoo ofiitti ilaala.Yaaduma kana kan dhugoomsuu Hayiluu Bantii (1997:118) jaalala Oromoon looniif qabu yoo ibsu,"Oromoofi saawwan/loon/jechuun haadhaafi ilmoo,…jechuudha, jedha." Yaada kana irraa kan hubatamu,Oromoo loon akka ilmoo isaatti kan ilaalu ta'uu isaati. Mararteefi jaalala looniif qaban irraa kan ka'e Oromoon namoota loon baay'ee horsiisuun beekkamanillee akkuma gootaa kabajaafi ulfinaa guddaa kennaaf.

Kana malees, Hayiluu Bantii (1997), Cloude Samner, (1997:224) wabeeffachuun yommuu ibsu, " in Oromoo society the best cattle men are equally respected together with those who have distinguished themselves on the battle field or a big game hunting,"jedha.Yaadni kunis kan nu hubachiisu, hariiroon ummata Oromoo fi loon gidduu jiru ,hariiroo haadhaafi ilmoo gidduu jiruun kan walfakkatuu ta'uu isaati.

Oromoon dhala isaa akkuma jaalatu horii isaas waan jaalatuuf,maqaalee adda addaa itti moggaasa. Haalli moggaasa maqaa loonii kun garuu bifaan, gaafaan, amalaan tahuu dandaha. Fakkeenyaaf, maqaan looniii: bareedduu, booraa, dagaagee, diimaa, donforee, gurree, jorgee, lookee, magaal, shaanqoo jedhanii moggaasuu danda'u (Filee 2016:179)

Ummata Oromoo looniif iddoo kennu keessa tokko kan ta'e immoo ummataa Oromoo Gujiiti.Ummanni Oromoo Gujii maqaa looniif moggaasu kan mataa isaa qaba. Haalli moggaasa maqaa loonii kun ummata Oromoo adda addaa biratti adda addummaa qabaachuu danda'a. Kanaafuu mata duree kana jalatti beekkumsa Oromoon Gujii moggaasa maqaa beeyiladootaa irratti qabu xiinxalla.

### 4.7. Akaakuuwwan Moggaasa Maqaan Loonii Oromoo Gujii

**Dharroo:** Dharroo kan jedhamu maqaa sa'aafi moggaafamu ta'ee saawwaan bifaa diimaa qulqulluu ta'e qabaniif maqaa moggaafamuudha.

**Daalee:** Maqaan loonii kunis bifa loonii irratti hundaa'ee kan moggaafamu yoo ta'u, loon bifa boora yookaan daalacha qabaniif maqaa moggaafamuudha. Maqaan kun qotiyyoo yookan kormaafi dhaltiiwwanifis moggaafamuu danda'a.

**Magaal:** Maqaan loonii magaal jedhamuun beekkamuu loon bifa magaala qabuuf maqaa moggaafamuudha. Bifti loonii magaala jedhamu kunis loon bifa gurraachaafi

diimaa walmakee kana jedhanii addaan baasuu hin dandeenyedha.Kormaaf magaal yommuu jedhamu sawwaaniif immoo magaallee jedhamuun beekkama.

**Burree:** Burree maqaa loon bifa gurraachaaf adii walmakaa qabuuf maqaa moggaafamuudha. Kormaafis ta,ee dhaltiidhaaf maqaan kun ni moggaafama. (Dabalee. F:ilaali.)

**Burree Tiittee:** Burree tiittee kan jedhamu immoo loon bifa xixiqqaatee addaan namaaf bahuu hindandeenye kan akka gurraacha, adii, buleefi walmake qabuudha.

**Dharrawa Burree:** Dharrawa burreen akkuma maqaa irraa hubachuun danda'amutti loon yookaan horii bifa diimaafi adii walmake qabuudha. Maqaan loon akkanaa kunis dharrawa burree jedhamuun beekama.(Dabalee. F:ilaali.)

**Gurraa/Gurree:** Gurraa jedhamuun kan waamamu immoo loon bifa gurraacha duudaa qabuudha. Loon akkanaa kun loon bifa gurraacha qofa kan qabuudha.

**Booqaa yookaan booqilee:** Booqaa yookaan booqee jedhamuun kan beekkamuu sa'a yookaan korma gurraachaa adda isaa qofarraa adii qabuudha. (Dabalee. F:ilaali.)

**Anniittaa:** Anniitaan maqaa loonii mallattoo loon eegee isaanii irraa qabanirratti hundaa'uun moggaafamuudha.Loon adii qabuuf maqaa moggaafamuudha. Iddoo tokko tokkotti loon akkanaa kun muxaa jedhamuun beekkama. (Dabalee. F:ilaali.)

**Bulloo:** Bulloo kan jedhamu immoo horii dharrawa adda isaa irraa booqaa qabuudha. Loon akkanaa kun dharrawa booqaa jedhamuus ni danda'a.

**Baajii :** Baajiin maaqaa loonii boca gaafa isaa irratti hundaa'uun moggaafamuudha. Horii baajii jedhamu dhaltii yookaan kormaa gaafti isaa gara gurra isaatti gadi guddatufi yoo harkaan qaban yookaan immoo deemu kan lolloquu yookaan socho'uudha.

**Bantaa:** Bantaanis maqaa loonii boca gaafa isaanii irratti hundaa'uun moggaafamuudha. Horii akkanaa kun bitaa mirgatti dalga kan guddatuudha. Loon akkasii kun bantaa jedhamuun beekkama.

**Gomboon:** Gomboonis maqaa loonii gaafa isaanii irratti hundaa'uun moggaafamu yoo ta'u, gaafti loon akkanaa kun immoo gara duraattii golbatee yookaan jallatee kan guddatuudha. (Dabalee. F:ilaali.)

**Saalaa:** Saalaanis maqaa loonii boca gaafa isaanii irratti hundaa'uun moggaafamu ta'ee kan gaafti isaa gara samiitti asii ol guddatuudha. Gaafti horii akkanaa jalatti furdatee gara fiixee isaatti qallataa deema. Iddoo tokko tokkotti maqaan loon akkanaa kun filee yookaan filaa jedhamuun beekama.

**Jirmoo:** Jirmoo jedhamuun kan beekamuus maqaa loonii boca gaafa loonii irratti hundaa'uun moggaafamu keessaa tokko ta'ee, horii gaafti isaa baay'ee gaggabaabaa ta'eef maqaa moggaafamuudha. Gaafti horii akkanaa kun xinnoo lafee keessaa olbahee kan mul'atuufi sana caalaa guddachuu kan hin dandeenya.

**Qululluu:** Qululluun maqaa loonii gaafa loonii irratti hundaa'uun moggaafamu ta'ee horii gaafa hinqabneef kan moggaafamuudha.

**Buudee :** Buudeen maqaa loonii gaafa loonii isaanii irratti hundaa'uun moggaafamu yoo ta'u loon gaafa dhedheeraa fi furdaa ta'e qabuuf kan moggaafamuudha.

**Bottollee:**Bottolleen maqaa loonii mallattoo isaanii iratti hundaa'uun moggaafamuudha. Mallattoon kunis horiin tokko gurraacha ta'ee adda isaa irraa mallattoo adii xinnoo yookaan tuqaa wahii yoo qabaate bottollee jedhama. Loon akkanaa kun iddoo tokko tokkotti balaccuu jedhamuun waamama.(Dabalee. F:ilaali.).

**Dhiillee:** Dhiilleen maqaa loonii bifaa isaanii irratti hundaa'uu moggaafamuudha. Bifti loon maqaan kun moggaafamuu guutummaan guututti diimadha. Loon akkanaa kun dharrawaa yookaan dharroo jedhamuunis ni waamama .(Dabalee. F:ilaali.)

**Handhuurii:** Maqaan loonii kun aadaa Oromoo Gujii keessatti baay'ee beekkamaadha. Maqaan kun maqaa loon handhuuraatiif ijoolleef kennamaniif maqaa moggaafamuudha.

**Odolee :** Odolee jechi jedhu jecha odolcha jedhu irraa kan fudhatameedha.Maqaan kun fardaaf odolcha jedhamee kan waamamu yoo ta'u looniif immoo odolee jedhamuun

waamama. Maqaan kun bifa irratti hundaa’uun kan moggaafamu yoo ta’u, bifti kunis bifa daalacha gara adiitti siquufi yeroon booda gara adiitti jijjiiramuu danda’a. Bifti daalachi sun bifa adii waliin kan walmakeedha. (Dabalee. F:ilaali.)

**Odiyyoo:** Maqaan kunis bifa irratti hundaa’uun kan moggaafamu yoo ta’u, loon bifti isaanii adiin dirra isaanii irratti baay’atee bifti gurraachi immoo tuqa tuqaa ta’ee yoo argame maqaa moggaafamuudha.

**Talee:**Taleen maqaa loonii halluu yookaan bifaa loonii irratti hundaa’ee moggaafamu ta’ee, loon bifa gurraachaafi adii walkeessa makatee qabuuf maqaa moggaafamuudha. Horiin talee jechamu,dirra loonii irratti adiin xixiqqaate baay’ateefi gurraachi immoo babal’atee kan argamu yoo ta’e talee jedhama.

**Kalaadee yookaan Saaqaa:** Maqaan kun immoo maqaa loon cinaacha bitaafi mirgaati adii ta’anii dugdi yookaan garri kuun gurraacha ta’eef maqaa moggaafamuudha. (Dabalee. F:ilaali.)

**Bulee:** Loon bifti isaa halluu bulee ta’e qabuuf maqaa moggaafamuudha.

**Daaluu Yookaan Daalee:** Daalee yookaan daaluu kan jedhamu immoo horii bifti isaanii gutummaan guututti daalacha ta’eef maqaa moggaafamuudha. Horiin bifa akkanaa kun Oromoo Gujii aanaa Uraagaa biratti baay’ee hinjaalatamu.

**Hariirrii:** Akka aadaa Oromootti korma sirna yookaan jila adda addaatiif qalamu tokko osoo hin qalin dura ni areerratu. Areerrachuu jechuun immoo margaa jidhaan dugda korma sanaa haxaawuun dhaadhaa dugda korma sanaa dibuun jilli jila milkii akka ta’uuf eebbifachuun waaqaa kadhachuun korma sana qaluu jechuudha. Akka aadaa Oromoo Gujiitti yeroo baay’ee bokuudhaan yookaan harkaan dhadhaadhaan areerratama.Yeroo dhadhaadhan ariirratan kanas korma sana gaafaa isaa irraa kaasanii hanga eegee isaa gahutti dhadhaa dibu. Erga dhadhaan dibamee bodaa dugdi korma sanaa mataa kaasee hanga eegeetti adii ta’a jedhuudha. Maqaan loonii Ariirrii jedhamuu kunis akkuma yaada olii irraa hubachuun danda’amutti loon yookaan horii bifti isaan loon yookaan korma ariirratame fakkatu qabu jechuudha. Kana yommuu

jedhamu maqaan kun loon yookaan horii bifti adiin mataa irraa kaasee hanga eegeetti fula'uuf maqaa moggaafamuudha. (Dabalee. F:ilaali.)

**Xooree:** Maqaan loonii xooree jedhamu kana osoo hin ilaaliin dura jecha 'xaruu' jedhu ilaaluun bayeessa ta'a."Xare" jechi jedhu hiika kutuu, tarsaasuu, biinxuufi kotootuu hiika jedhu qabachuu danda'a. Jechi xare jedhu hiika kanneen erga qabaate, hiikni maqaa loonii xooree jedhuu jecha xaree jedhu irraa kan dhufeedha. Kanaafuu maqaan loonii kun loon bifaa gurraacha qabu ta'ee dirra isaafi fuulaa isaa irraa mallattoo adaadii darbee darbee kan qabuudha.

**Woddeelle:** Maqaan kun immoo horii abbaan warraa haadha warraati gaafa waddeessaa muratee galu kennudha. Haalli kennaa kunis adeemsa mataa isaa qaba. Adeemsa kana mata duree biroo jalatti dhihaatee jira.

**Harguugi:** Maqaan kun maqaa horii gaafa jila maqabaasaa ijoollee maqaa bahaniif kennamuudha. Gaafa jila maqaabaasa muka Abbayyii, Uddeessaafi leemmana muranii akka dhaabbiif tolutti xiluudhaan yookaan qaruudhaan dhaabanii dikichaan (gaalee yookaan hidda) walitti hidhuun mataa ijoollee irraa haadan jala kaahu. Erga sirni maqabaasaa raawwatee booda rifeensa ijoollee irraa haadan fuudhanii dugda horii irra kaahu. Horiin rifeensi irra kaahame sun mucaa maqaan baheef kan kennamuudha. Maqaan horii sanaa harguug jedhama.

### 4.8. Xiinxala Moggaasa Maqaa Mukkeen Jilaafi Mukkeen Laguu Oromoo Gujii

Ummanni Oromoo Gujii durii eegalee ummata amantaa waaqeeffataatiin buluu akka ta'e boqonnaa lammaffaa keessatti ibsamee jira.Waaqeffannaa jechuunis waaqa tokkotti amanuu, hojii waaqaa dhugeeffachuufi waaqaan qajeelfamuu jechuu akka ta'e ibsamee jira. Akka duudhaa hawaasa tokkootti ummanni Oromoo Gujii amantaa waaqeeffannaa isaatiin ijoolleen isaa, loon isaa, qe'een isaa akka nagaa ta'aniif, oomishnii akka guddatu yookaan barakaa argatuuf, roobni akka isaanii roobuufi rakkinni adda addaa hawaaasa keessatti isaan qunnamu akka dhabamu gochuuf sirna kadhannaa ittiin dhiheessaniidha.

Ummatni Gujii sirna kadhannaa amantaa waaqeffannaa kana bakka, yeroofi akkaataa itti ibsatu qaba. Akka walii galatti, ummatni Gujii yeroo baay'ee ardaalee jilaafi mukkeen

jilaa yookaan ulfoo ta'an jalatti bahee waaqa isaa galateeffata. Akkasumas, rakkooleen adda addaa akka hawaasa bal'aatti yookaan maatii tokkootti isaan muudate hunda ardaaleefi mukkeen kanneen jalatti bahanii waaqa mukkeen kanneen barreechee tolchee isaan uume kadhatu.

Dassaalany Fufaa (2013:131) Ummatni Oromoo Gujii amantaa waaqeffannaan bulan ta'uufi amantaa isaanii kanas ardaalee jilaafi mukkeen jilaa jalatti kan waaqessan ta'uu yommuu ibsu, "religiously, Guji were/are traditionally waqeeffataa, who believe in Waaqaa (God) as do other Oromo groups. A number of ritual activities are carried out in different parts of the zone.The main tenet of the rituals or the worship is not to the physical features like trees but,to but Waaqaa who created these beautiful and graceful physical features," jedha. Yaada kana irraa hubachuu kan danda'amu, ummatni Gujii amantaa waaqeeffannaatiin bulaa kan tureefi bulaa kan jiru ta'uudha. Kana malees, jilootni yookaan sirnootni amantaan walqabatan mukkeen jilaa jalatti kan gaggeeffamu ta'uufi kaayyoo guddaa kabaja sirnoota amantaa kanaas mukkeen kanneen waaqessuu osoo hintaane waaqa wantoota kanneen bareechee uume kadhachuudha.

Aadaan ummata Oromoo Gujii mukkeen jilaafi ardaalee jilaa tajaajilli amantaa waaqeeffannaa jalatti gaggeefamuuf kabajaafi kunuunsa guddaa taasisa. Akka aadaa ummatichaati mukkeen kanneen muruun akka safuu ummatichaa cabsuutti ilaallama. Namni mukkeen kanneen mures safuufi aadaa hawaasichaa kan cabse waan ta'eef ni balaaleffatama. Yaaduma kana ilaalchisee,Taaddasaa Bariisoo (1995:142) yommuu ibsu, "It was taboo among the Guji to cut trees, destroy forests or hunt in these areas. The Guji used these areas only for livestock grazing. Because of this religious devotion, forests and wildlife in and around holy shrines were protected very well until this Guji tradition was undermined" jedha.Yaada kana irraa hubachuun kan danda'amu, Oromoo Gujii biratti mukkeen jilaa ardaalee jilaa keessatti argamaniifi aadaa hawaasichaa keessatti tajaajila qaban kanneen muruun, yookaan mancaasuun safuudha. Ummatichi bakkeewwaan kanneen dheedichaa looniif qofa kan itti gargaaraman akka ta'e hubachuun ni dandama. Gama biraatiin aadaafi amantaan ummatichaa eeggumsaafi kunuunsa naannootiif iddoo guddaa kan kennu ta'uu hubachuun ni danda'ama.

Qoranoon kunis mata duree “xiinxala Beekkumsa Oromoo Gujii moggasa maqaa dhuunfaa (namaa,beeyiladootaa,biqilootaafi simbiroota) irratti qabu jedhu kana jalatti maqaa mukkeen jilaa kunneeniif jilaa akkamii keessatti tajaajila akkamii akka keennan gadifagenyaan kan xiinxalu ta’a.

### 4.8.1. Mukkeen Laguu

Akka Dirribii Damissee (2016) ibsetti, Laguu jechuun aadaa,safuu amantiifi seera ufii eeggachuuf jecha waan adda addaa irraa of qusachuufi raawwachuu obsuudha.” jedha. Mata duree kana jalattis kan dhihaate, mukkeen hawaasa Oromoo Gujii biratti, gama amantiifi aadaatiin, aadaa, safuu, amantiifi, seera ofii eeggachuuf jecha muranii bobeessuu, manaan ijaarrachuufi tajaajila adda addaatiif oolchuu irraa of qusataniidha.

**Bunuutii:** Bunuutiin muka dhiigaatii jedhama. Akka Obbo Jiloo Dheeraa, (Waxabajjii 10,2009) jedhanitti, dur namatu nama ajjeesee mukaa bunuutii jalatti dhokate; namicha nama ajjeese sanallee barbaadanii bakka inni dhokate yookaan muka Bunuutii jalatti ajjeesan jedhama. Guyyaa sana irraa eegalee ummanni Oromoo Gujii muka kana muka dhiiga jechuun lagachuu eegalee jedhama. Kanuma irraa ka’uun Ummanni Oromoo Gujii muka kana muka faroo itti baatan gochachuudhan itti gargaaramaa turee jira; ittis gargaaramaas jira.

Akka aadaa Oromoo Gujiitti namni yoo waldane yookaan dhiigni lamaan yoo wal ajjeese dhiiga lamaan waldane yookaan walajeese lamaan karaa itti walitti yookaan sirna araasuufi nageenya isaan gidduuti buusu qabu.Sirni araara buusuu kunis **harka micciirachuu** jedhama.

Maalummaa sirna harka micciiranna kana ilaalchisuun, Dhaddacha Gololchaa, 2006:115) yommuu ibsu,akka armaan gadiitti kaahee jira;

> *A peace settlement is conducted whereby the wrong doer, the wronged or his kin group are made to shake each other by passing their hands though the body of a cow which is killed and arranged for this purpose. Eating from the same table and drinking from the same bowl crown the peace settlement ceremony. In order to have legal effect, the ceremony must be attended by representatives of the kin group of both parties to the wrong committed. Anyhow, before peace settlement, the wrong doer must attend the harka-miccirrata-purification ceremony. Or otherwise, a Guji man who spills the blood of the fellow Guji shall face total ostracism loses all social protections, such as that no Guji takes food or drinks*

> *from his hand. Loses the right to marry a Guji girl nor his daughter may marry a Gujiman; loses the right to participate either in fira or in the Luba activities etc. or may be banished.*

Yaada armaan olii irraa hubachuun kan danda'amu, sirni araara buusuu kan gaggeeffamu maatii yookaan gosa harki isaanii darbee (ajjeese) fi gosa namni isaanii irraa ajjeefame gidduuttidha. Sirna kanaan gosti wal ajjeese lamaan harkaa isaanii sa'a sirna kanaaf qopheeffame jalaan harka isaanii kan ittiin walfuudhan ta'uu isaati. Sirni kun seera qabeessa fi bu'a qabeessa akka ta'uuf karaa bakka bu'ootaa gosootaa lamaaniitiin kan gaggeeffamu akka ta'eedha. Osoo sirni araara buusuu hin gaggeeffamin dura namicha nama ajjeese sirna harka miccirrachuu irratti argamuun harka micciirrachuu qaba. Kana hin godhuu taanaan akka aadaa Oromoo Gujjiitti namni qomoo isaa ajjeese jireenya hawaasummaa hunda kanneen akka: harka walii irraa nyaatanii dhuguu, intala itti heerumsiisuu, yookaan intala irraa fuudhuu, yoo iyyaan iyya walii bahuu, yoo du'ee awwaaluu hunda ni dhaba. Kana malees, gosa namni irraa du'ee walin gabaa tokkoo dhaabachuu, malkaa tokko waraabbachuu hindanda'u. Kaayyoo guddaan harka micciirrannas namni harki isaa xuraa'ee sirna harka micciirannaa kanaan harki isaa qulqullaa'ee hawaasatti deebi'ee jireenya hawaasummaa isaa argatee akka jiraatu gochuudha.

Sirni harka micciirannaa kuni adeemsaafi akkaataa itti gaggeeffamu qaba. Akkaata sirni harka micciirannaa kun itti raawwatu ilaalchise, Barree Nutee Dhugoofi Baqqalaa Jarsoo Guyyee, (Ebla 16,20090) , Damissee Tuqaa Uddoo fi Shandhee Gannaalee Tuqaa (Ebla 21,2009) akka natti himanitti, sirni harka miccirannaa yommuu gaggeeffamu namootni yookaan gosti waldanaan yookaan walajjeesan lamaan muka bunuutii jedhamu kanatti harka micciiratu, Namooti  lamaan wal irraa garagaluun dugda isaanitiin yookaan fuula isaaniitin walirraa garagaranii gara muka kanaatti dhufuun harka isaanii muka bunuutii jedhamu kanatti miccirratu. Yeroo kana gidduu isaanitti hoolaa qaluun dhiiga buusu. Dhiigni bu'uun kunis araarri jara yookaan gosa walmiidhan gidduutti bu'uu agarsiisa. Guyyaa sanan booda gosti lamaan waliin nyaachuufi dhuguu danda'u. Gadoo qabachuun hin jiraatu. Kanaafuu, Oromoo Gujii biratti mukni kun muka laguut. Hin bobeessan , mana ittiin hin ijaarratan, muranii dallaan ittiin hin ijaaran. Muka dhiigaati jedhama.

Dhaddacha Gololchaa (achuma) sababaafi adeemsa harka micciirannaa yommuu ibsu;

> *The reason for harka miccirrata is that the people conceived the view that all Guji belong to the same blood and hence, it must not be spilled from Guji man. The expectation is that the murderer will be adversely affected by leprosy or becomes crippled. To be purified, a ceremony in which he first goes to the river and throws the weapons with which he committed the act and wearing at the time, into the water and returned home naked, is conducted. This is to imply an attempt made to divert the contingencies own blood to go away with flowing water so as to make him clean. At last, he slaughters a calf or a steer to receive blessing from elders and ritual heads. By preparing harka – miccirrata, a murderer discharges the prohibitions lay; able upon him and reconciled with family or kin group of the wronged so that his normal social protection and political and legal rights are readjusted ! jedha*

Yaada olii kana irraa hubachuu kan dandeenyu,ummanni Oromoo Gujii ilaalcha ummatni Gujii hundi dhiiga tokko jedhu kan qabu ta'uudha. Kanaaf namni harki isaaa xuraa'e kun nama Gujii irraa adda bahee jiraachuun hindanda'u. Namni nama miidhee jireenya hawaasummaa dhabee namarraa adda bahee turuu waan hindandeenyeef, harki isaa qulqullaa'ee hawaasatti deebi'ee jiraachuu qaba. Dhiiga isaanii waan ta'eef; dhiigatuu dhiiga miidhee waan ta'eef; kan miidhames; kan miidhes kan isaanii waan ta'eef, qulqullaa'ee hawaasatti deebi'ee jiraachu qaba. Sirna harka micciirrannaa kana keessatti namichi harki isaa xuraa'ee duraan dursee kan inni raawwatu laga deemee warana yookaan meeshaa harki isaa ittiin xuraa'ee kanaafi uffata yeroo gochaa sana raawwatu uffatee jiru hunda bafaachuun lagatti gatee qullaa isaa gara manaatti deebi'a. Kun kan mul'isu, xuriin dhiigaa isaa sun bishaaniin fudhatamee deemuu isaatiin inni akka qulqulla'u gochuudha. Kana booda korma yookaa sa'a qaluun manguddootaafi namoota sirna sana gaggeessisan irraa eebba fudhata. Kanaan booda mirgi isaa hundii eeggameefi nagaan hawaasa waliin kan jiraatu ta'u isaa hubachuun ni danda'ama.

Walumaagalatti sababa kana irraa kan ka'e mukni Bunuutii muka dhiigaati jedhamuu Ummata Oromoo Gujii biratti muka woyyuu ta'ee lagatama. Kanaafuu ummata kana biratti muka kana muranii bobeessuun,namaan yookaan dallaa looniitiin ijaaruun dhorkadha.

**Garriidha:** Mukni garrii jedhamu kunis akkuma muka bunuutii muka dhiigaati jedhamuun lagatama. Akka Obbo Jiloo Dheeraa fi Obbo Duubee Keloo (Waxabbajjii 15, 2009) marii garee xiyyeeffannoo godhamee irratti jedhanitti, dur ilmii abbaa bakka inni

loon tikfatutti ajjeesee muka garrii jalatti dhokate. Ilmi isaa kan biroo immoo dhufee obboleessa isaa kana bakka inni dhokatee yookaan muka garrii jalatti ajjeesee meeshaaleefi uffata isaanii muka garrii kanatti fannisee biraa deeme jedhama.Guyyaa sana irraa eegalee ummanni Oromoo Gujii muka garriis akkuma muka bunuutii mukaa dhiigaa jechuun lagachuu jalqabee jedhama. Guyyaa sanaa eegaltee mukni garrii nama dhaltii jechuun yoo namni gosa yookaan nama isaa dhaaluu hinqabne du'ee meeshaalee isaa kanneen akka: marataa, qabannaa, uffataa, waraanaafi kan kana fakkaatu mukaa garriitti geessanii fannisu. Kana irraa kan ka'e, garriin nama dhaalti jedhama. Akka barsiifataa ta'ee ummata Oromoo Gujii biratti namootni tokko tokko yoo wal arrabsan warra garrii dhaalte jechuun wal arrabsu. Kana malees, mukni garrii bakka mukni bunuutii hin jirretti harka itti miccirrachuuf gargaara. Kanaafuu, mukni garrii ummata Oromoo Gujii biratti muka laguuti; hin muramu; hin bobeeffamu; manaafi dallaa looniitiinis hin ijaaran.

**Kudhumii** : Akka aadaa Oromoo Gujiitti mukkeen sirna adda addaaf oolu. Sirnoota kanneen keessaa tokko sirna awwaalcha yeroo namni du'u taasifamuudha. Oromoon Gujii yeroo namni guddaa fi beekkamaa ta'e yookaan namni baalli gadaa fudhate du'u boolla namni sun itti awwaallamu jalqaba sibiilaan hin hordan. Safuudha. Jalqaba osoo sibilaan hin qotiin dura muka kudhumii jedhamutti kumfii tolchuun muka kanaan hordu; erga muka kanaan hordanii booda sibilaan qotanii awwaalu. Kanaafu mukni kudhumii jedhamu Oromoo Gujii biratti muka sirnaaf barbaadamuudha. Mukni kun gaafa daa'imman du'aan sirna kanaaf hin olu. Kunis akka manguddootni Oromoo Gujii jedhanitti, daa'imman waan hin guddatiinifi sadarkaa sana hin gahiiniif muka kudhumii kanaan lafa hin hordan.

Akka obbo Beettisaa Tumaa (Ebla 10,2009) jedhanitti daa'imman yoo du'a boolla awwala isaanii osoo sibilaan hin tuqin dura micciiroodhaan lafa tuqu yookaan qotu. Micciirroon muka guddaa osoo hin taane waan akka hiddaa jiru muranii lafa daa'imni sun itti awwaalamu sana hordu. Mukni kun iddoo hin jirretti muka gogaa muramee lafa jiru fuudhanii lafaan hordu. Sababni mukni gogaan barbaachiseefis wanti hamtuu akka sanaa lammmata akka itti hin deebinee hoodachuudha. Muka guddaatuun lafa hin hordan jedhama.

**Irbaa:** Akka Obbo Jiloo Dheeraafi Roobee Jiloo ( Waxabajjii 16, 2009) jedhanitti mukni Irba muka jilaati. Akka aadaa Oromoo Gujiitti gaafa abbaan namarraa du'e, muka ilmi hangafti gabbifatuudha. Ibiddi muka kanaa hanga mukni sun mana sana dhumutti mana biraa hin seenu. Sababni isaas laguudha jedhu manguddootni kunneen. Maaliif mukni Irbaa sirna kanaaf filatame jedhee yommuun gaafadhu, aadaa Gujiiti; waan abbootni keenya gochaa turaniidha jechuun yaada kana naaf kennan. Ilmi hagafti muka kana kan gabbifatu gatinaadhaan boodadha.Mukni irba sirna kanaaf haa oolu malee akka mukkeen biroo muranii bobeeffachuufi tajaajila adda addaatiif oolchuuf kan lagatamuu miti.

**Adaamii :**Oromoo Gujii birratti muka adaamii hin bobeessaan,muka dubartii jedhama. Akka dubartootaa aanaan baha. Mukaa aanaanii bobeessuun safuudha jedhama.

**Ceekataa:** Akka obbo Beettisaa Tumaa, Baqqaalaa Bettisaa, Boruu Waaqoofi Aaddee Warqinash Hirbaayee (Ebla 10,2009) marii garee xiyyeefannoo irratti jedhanitti, mukni Ceekataa mukaa dhiigaati jedhama. Akka amantaa yookaan ilaalchaa Oromoo Gujiitti namni tokko muka ceekataatin nama rukutee ajjeese jedhama. Guyyaa sana irraa eegalee mukni ceekkataa akka muka dhiigaatti ilaalamuu eegale jedhama. Kanaaf mukni kun muka boolla awwaalchaa ittiin qotuuf qofa tajaajilu ta'ee jedhama. Kanaafuu akka amantaa duudhaa yookaan raagamtaa Oromoo Gujiitti mukni kun muka laguuti; muka kanaan boolla awwaalchaa ittiin qotuun ala dhimma adda addaatiif yoo gargaaraman balaan adda addaa namatti fida jedhamee amanama. Kanaafuu mukichi gonkumaa dhimma biroof faayidaan laatu hin jiru jechuudha.

### 4.8.2. Mukkeen Jilaa Yookaan Ulfoo

**Odaa:**Akkuma beekkamu Odaa ummata Oromoo biratti mukkeen ulfoo yookaan woyyuu ta'an keessaa isa tokkoodha.Odaan ummata Oromoo biratti muka akka galmaatti fayyadu; bakka seerri gadaa jalatti tumamu; mariin siyaasaa jalatti gaggeeffamu; bakka araarri itti bu'uu yookaan itti gaggeeffamuudha. Odaan mallattoo eenyummaa Oromooti. Gama biraatiin Odaa jechuun wiirtuu yookaan dhaddacha dhimmoonni siyaasaa, diinagdeefi hawaasummaa Oromoo itti raawwaatan jechuun ni danda'ama.

Akkuma Ummataa Oromoo biroo ummatni Oromoo Gujiis muka Odaatiif ulfinaafi kabaja guddaa qaba. Hariiroo Odaafi ummata Oromoo Gujii gidduu jiru Dassaalany (2013:150) maanguddoota Oromoo Gujii wabeeffachuun yommuu ibsu, " Odaan

banqaqaadha. Muka ardaa jilaati; muka aananiiti; Muka nagaafi araarati; mallattoo dagaaginaati,” jechuun kaahee jira. Haata’u malee Odaa jechuun dirqama muka Odaa sana qofa jechuu miti.Bakka mukni Odaa hin jirretti mukeen gurguddoo dame babal’atan, gaadiisa qabaniifi bona ganna jiidhaa ta’an akka Odaatti ilaalanii itti gargaaramuun ni danda’ama. (Filee Jaalataa,2016:198)

Yaaduma Olii kanaan kan walfakkaatuun Odeefkennitoonni kiyya kiyya obbo Baarree Nutee (Ebla16, 2009),Damissee Tuqaafi Shaandhee Gannaalee (Ebla 2, 2009)fi Beettisaa Tumaa, Baqqalaa Beetisaafi Boruu Waaqoo (Ebla 10, 2009) marii garee xiyyeeffannoo irratti, Odaan ummata Oromoo Gujii biratti muka Woyyuu ta’uu isaafi ummata biratti ulfinafi jaalala guddaa qabaachuu isaa ibsanii jiru. Kana malees Odaa mukkeen biroo irraa adda kan taasisu, Odaan yeroo hundaa jala isaatii bishaan yookaan jidha hin dhabu; Odaa akka mukkeen biroo bineensotni adda addaa itti hin galan; Odaa bakakkaan hin rukutamu; firiin isaa ni yaatama; kanaaf ummanni Oromoo Gujii Odaa akka muka addaatti ilaalla jechuun ibsanii jiru.

Akka maanguddootni kunneen jedhanitti Ummatni Oromoo Gujii yeroo baay’ee bakka mukni Odaa hin jirretti mukkeen kanneen akka: Harruufi mokkonniisaa akka muka Odaatti ilaaluun jila aadaa adda adda jalatti gaggeeffata. Fakkeenyaaf jila maqabaasaafi dhugeeffannaa amantaa waaqeeffannaa mukkeen kana jalatti raawwaatu.

Walumaa galatti ,Odaan ummataa Oromoo Gujii birattis ta’ee ummata Oromoo bal’aa biratti mallattoo nageenyati. Akka maanguddootaa kanneenitti bakka mukni Odaa hin jiretti mukkeen akka harruu yookaan immoo mokkoniisaa akka muka Odaatti fudhachuun kan itti gargaaramaan ta’uu dubbatu. Walumaagalatti Odaan mukkeen jilaa Ummataa Oromoo Gujii biratti beekkaman keessaa isaa hangafaafi woyyuudha.Kanaafuu muka kana muranii bobeessuun yookaan manaan ijaaruun aadaa Oromoo Gujii biratti safuu guddaadha.

**Uddeessaa:** Aadaa Oromoo Gujii keessatti mukni uddeessaa iddoo olaana qaba. Mukni kun sirnoota adda addaatiif muka barbaadamuudha. Mukni kun muka kaayooti jedhama. Kaayoof hoseedha jedhama. Akka aadaa Oromoo Gujiitti Gaafa ilmi fuudhuufi intalli

heerumtu muka gulantaaf ooludha. Misirroon lamaan gaafa walfuudhanii galan muka uddeessaa jedhamurra gulantaa taa'u.

Dhaddachaa Gololchaa (2006:119) maalummaa gulantaa ilaalchisuun yommuu ibsu, "gulanta' is along a crossed cut tree that divides the public area of the house from the sleeping quarters in the rear or found feeding special type of food only prepared for Abba warra presumes adulterous indulgence" jedha.

Akka yaada kanaatti gulantaa jechuun muka mana keessatti iddoo hirriba abba warraa yookaan bakka teessuma Abbaa Warraafi iddoo teessumaa keessummaa bakka lamatti addaan kutuuf ijaaramuudha. Mukni gulantaan kun irraa ijaaramu immoo muka uddeessaa jedhamuudha. Kaayyoon mukaa uddeessaa irra taa'aniif immoo mukni uddeessaa akkuma maqaa isaa irraa hubachuun danda'amutti muka urgaa'udha. Ilmiifi intalti wal fuudhan lamaan akka muka kanaa akka urgaa'aan; horaan; umrii dheeraa wallin jiraatan hawwuudha.

Kana malees, mukni uddeessaa muka dhugeeffannaati. Warri yookaan maatiin daa'imni udaa'uu yookaan guddaachuufi didde gaafa daa'ima biraa argatan baatanii muka uddeessaatti dheessu; ittiinis yaabu; kunis daa'ima dhalate kana nu uddeessi; nu guddisi; akka kan kanaan duraa nu duraa hin fudhatin jedhanii waaqatti boohudha.Maqaan daa'ima kanaas Uddeessaa jedhamee moggaafamaf; uddaa'i jechuudha. Kana malees akka aadaa Oromoo Gujiitti daa'iman lakkuu dhalatan keessaa yoo tokko du'e isa hafe qabatanii muka Uddeessaa ittiin yaabu; yoo guddaa ta'ee bakka inni hin jirretti du'e immoo muka uddeessaa qabachiisanii du'a obboleessa isaa itti himu. Sababni isaa inni sunis naasuudhaan akka hin du'neef isa hafe nuu uddeessi jechuudha . Akkasuma sa'a tokko jabbiin jala guddachuu yoo didde, jabbiin saan booda dhalatte qabatanii mukaa uddeessaa koru. Kunis akkuma kan namaa sana jabbii kana naa guddisi, akka kan kanaan duraa narraa hin ajjeesin; naa uddeessi jechuudha. Kanaafuu, mukni Uddeessaa muka kaayooti jedhame amanama, Kanaafu, akka aadaa Oromoo Gujiitti muka kana muranii bobeessuun yookaan manaa ijaaruun safuudha.

**Waddeessa:** Mukni waddeessaa Oromoo Gujii biratti muka jilaati**.**Sirna gadaa keessatti mukni waddeeessaa iddoo olaanaa qaba. Sirna gadaa keessatti namni gulantaa raaba irraa

gara gulantaa dooritti ce'u osoo gara gulantaa dooriitti hin ce'in dura sirna waddeessa muriisaa raawwata. Dhadacha Gololchaa (2006: 40) sirna Waddeessa muriinsa yommuu ibsu, "After Raaba,comes the Doorii stage by woddeessa muriisa ceremony, where the Doorii members make a stick from a tree named woddeessa as their main ritual implement to be taken to all promotion ceremonies thereafter and to sacrifices for good kayo. This ceremony transfers Raabaa to Doorii stage."

Yaada olii kana irraa hubachuun kan danda'amu' Sirna gadaa Oromoo Gujii keessatti miseensi gulantaa Raabaa irraa jiru gara gulantaa Dooriitti ce'uun dura sirna raawwaatu kan qabu ta'uu isaati. Sirni kunis sirna Woddeessa muriisaa yoo ta'u, miseensi gulantaa kana hundi muka Woddeessaa jedhamu irraa ulee yookaan horooroo murata. Sirni kunis miseensi Raabaa hundi gara gulantaa Dooriitti ce'uu isaanii agarsiisa. Kunis gulantaa itti ce'an gulantaa milkiifi nagayaa akka isaanii ta'u kan itti Waaqa isaanii kadhatanii eebba fudhachuun gara gulantichaatti ce'an ta'uu isaanii kan ittiin mirkaneeffatan ta'uu isaati.

> *Dooriin luba gulantaa shanaffaa irra jiruudha.Turtiin yeroo lubni kun gulantaa kana keessa turuu waggoota afur qofaadha. Miseensotni luba Raabaa dhiiraa fi dubartiin sirna yookaan jila woddeessa muraa fi Qajimaa muriinsaa akka walduraa dubaatiin raawwachuudhaan gara gulantaa Dooriitti ce'an. Sirni Qajimaa muriisaa sirna dubartiin gulantaa Doorii geetteef dursi kennamuudhaan akka sirnicha dursitee raawwaattu taasifama. Haalli sirni kun itti raawwaatamu dubartootni bahanii muka qajimaa jedhamurraa siinqoo dursa muratanii galan. Sirni woddeessaa muraa immoo sirna miseensi dhiiraa gulantaa kana keessa jiru bonjaa horooroo fakkaatu muka uddeessa jedhamurraa muranii bocanii kan booroo kaayataniidha.Sirni kun miseensotni dhiiraa gulantaa luba raabaa irraa gara gulantaa dooriitti ce'uu isaanii agarsiisa miseensi gulantaa doorii gahe hundi woddeessa kan muratu ta'ee dursee galaalchatti mura.Osoo hin murin dura hidda woddeessatti itittuufi marqaa garbuu hidda woddeessatti naqaanii yookaan dhibaasanii Waaqa kadhatan.Worri woddeessa muratu* ***"woddeessi woddeessaa nagayaati!"*** *,jedhanii shookkisanii sirba qaban. Baatuun worra qadaadduu marqaafi itittuu hafe worra dooriitiin* ***"dooriin doorii nagayaa ti! Dooromtee gadoomi addee an gahe tana gahi!"*** *,jedhee isaan eebbisaa isaan nyaachisee obaasa.Miseensi doorii waddeessa muratullee, "Addee !"ati geetteen na gahi!, jedhee kadhataa woddeessa murata yoo naannoo san woddeessi gahaan hin jiraatin maqaa woddeessaatiin muka daannisaallee woddeessa jedhanii murachuun danda'an. (W.A.T.G.G, 2008: 25).*

Akka aadaa Oromoo Gujiitti dooriin gaafa waddeessa muratee galu mana isaatti jila jilifatu qaba.Jila kana irratti miseenotaa yookaan gita isaa waliin yeroo gara manaa galu

haati warraa mana teessee aanan raasa eegdi.Abbaan warraa osoo mana hin seenin dura haadha warraa isaatiin akkana jechaa seena:

| **Abbaa Warraa** | **Hadhaa Warraa** |
|---|---|
| Worri butteen mandiitu kanaayyuu? | Ee kanaayyu |
| Worri butteen dhuqqittu kanaayyuu? | Ee kanaayyu |
| Worri qoqqobaa curraa kanaayyuu? | Ee kanaayyu |
| Worri qe'een curruuqqaa kanaayyuu? | Ee kanaayyu |
| Mandi'aan abbaa warraa anaayyuu? | Ee Si'iiyyu |
| Worri kormi baroodu kanaayyuu? | Ee kanaayyu |
| Baroodaan abbaa warraa anaayyuu? | Ee Si'iiyyu |
| Madhattuun haati manaa si'umaayyuu | Ee anumaayyu !jetti. |

nama seena (Jiloo Dheeraa,Waxabajjii,10,2009), Shaannee Gannaalee Waxabajjii 16, 2009) .

Erga mana seenee booda hoodhu waddeessa kee jedhan. Haati warraa jalaa callisti; irra deddeebi'ee si'a sadii hoodhu waddeessa kee jedhan; Yeroo sadi erga irra deddeebi'ee erga itti dubbatee booda waddeessa koo maalin naaf kennitaa? jettiin. Innis deebisee Waddeelleen si kenne jedhan.Waddeelle dhaltiidha. Yeroo kana annaan qicciif. Yeroo kana Waddeelle siff haa horu! Waddeelle siif haa horu! Waddeelle Siif haa horu! jedhanii eebbisu. Sana booda haati warraa waddeessa irraa fuutee maksiti. Guyyaa sanaa eegalee waddeessi sun gaafa abbaan warraa sun du'e qofa manaa baha.Gaafa abbaan warraa godaanuu haadha warraatu baatee deema.Gaafaa abbaan warraa du'ee awwaala isaa irra kaahama. Erga waddeessa irraa fuutee maksitee booda marqaa fiddee dhiheessiti. Marqaa kana kan nyaatu warra waddeessa isaa waliin muratee dhufeefi dubartoota yaa'aa qofatu nyaata.Yeroo nyatan warri dhiiraa kutanii kutaanii yookaan fudhaanii fudhanii warra dubartootatti qolaansuu yookaan itti darbatu.Warri dubartootaa immoo qoloo jala qabatu.

Erga wantoota kanneen raawwatanii booda bulee ka'ee jibicha qala.Jibicha sana waddeessa murate sanaan ariirrata. Yeroo ariirratu akkas jedha.

*Irii gad na bobbaasi !*
*Irii ol na horsiisi !*
*Hortee naqajeelchi !*
*Hole bidoo! bidoo allaa !*
*Ali nagaya !*
*Manaa nagaya !*
*Ka qabee tolii !*
*Ka qalee tolii! Jedhe ariirrata.*

Erga kormi gorra’amee booda “qaltuu lakkaawaa”, jedhu. Akka aadaatti qaltuun gadaa, dooriifi raabadha. Erga qalamee booda ni dhandhamu. Erga dhandhamamee boodaa “foon gosaa kennaa”, jedhu.Yoo kontumni qalee daarimuuf, yoo daarimuun qale immoo kontomaaf luka tokkoof tafa tokko kennu. Haala kanaan sirni waddeessa murannaa xumurama.

Kanamalees, Obbo Baarree Nutee (Ebla16, 2009), Damissee Tuqaafi Obbo Shaandhee Gannaalee Ebla 21, 2009) “ Woddeessi muka jilaati; woddeessi muka dhiiraatis jedhama. Sababni isaas Lubni gulantaa doorii gaafa gulantaa doorii irra jiru bonjaa yookaan horooroo irraa mura ta;gaafa gadoomee immoo bokkuu irraa tolfata; barcummni abbaa gaddaas muka kanarraa hojjatama; kanaafuu woddeessi muka jilaati. Mukni jilaa immoo woyyuudha. Mukni woyyuu ta’e immoo hin muramu; hin bobeeffamu; manaa fi dallaa looniitiin hin ijaaramu.” jechuun ibsanii jiru.

**Dhugoo**: Ummanni Oromoo Gujii ummata amantaa waaqeffannaatiin bulaa tureef bulaa jiru ta’uun isaa ni ibsamee jira. Amantaa isaanii kanas mukkeen adda addaa, laggeenifi tulluutti bahanii waaqeffatu. Iddoowwaniifi mukkeen jilaa kanneenis immoo kabajaafi kunuunsaa guddaa kan godhaniif ta’uu asiin olitti ibsamuuf yaalameera. Mukkeen aadaa Oromoo Gujii keessatti woyyuu ta’an keessaa tokko muka Dhugoo jedhamuudha.Akka manguddootni Oromoo Gujii obbo Duubee Dhugoofi Beetisaa Tumaa jedhanitti, mukni dhugoo jedhamu muka dhugeeffannaati.Ummanni Oromoo Gujii Uraagaa muka kana jalatti jiloota amantii adda addaa gaggeeffata. Fakkeenyaaf, maatiin daa’imni yookaan horii yoo ta’uufi baate muka kana jalatti bahanii yeroo murtaa’eef achuma oolaanii buluun waaqa kadhatu. Daa’imna dhalate sanas maqaa muka dhugootiin Dhugoo jedhanii moggaasu. Dhugoo jedhuunis dhugaa jechuudha.

Haaluma walfakkaatuun, Obbo Damissee Tuqaafi Obbo Shaandhee Gannaalee akka jedhanitti, mukni dhugoo mukaa jilaa isa guddaafi kabajamaadha. Ummanni Oromoo dur osoo amantii jabanaa kun hin babal’atiin irraa kaasee hanga ammaatti muka amantii isaa jalatti gaggeeffachaa kan tureefi ammas gaggeeffachaa jiruudha.

Yaaduma kanaan walqabatee jechama maanguddootni kunneen jedhan kana mee haa ilaallu.

Dhugoo gadabiin jirti!
Dhugaan waaqa bira jirti!

Yaadonni kun kan nutti agarsiisu ummanni Oromoo Gujii dhugaan waaqa qofa biraa kan jirtu ta'uufi mukni Dhugoo bakka itti dhugeeffatan ta'uudha. Dhugoon gadab jirti kan jedhu akka maanguddootni kunneen jedhanitti, **Gadab Dibbee Dhugoo** kan jedhamu ardaa jilaa Aanaa Bulee Horaa keessatti argamuudha. Ardaa jilaa kana abbaan gadaa gaafa baallii gadaa fudhatee galee bakka itti kora yaa'aa gaggeessudha. Abbaan gadaa Uraagaa erga baalli fudhatee galee booda abbootii gadaa isan dura jiraniin gadab naanna'ee galee maali malli jedhee gaafata. Isaanis "Dibbee dhugootti korma qali, Odaa bakakkooti korma qali, Heemma Tuuliitti korma qali." jedhanii gorsu.Gadaba Dibbee Dhugoo kan jedhameef gadab lafa; dhugoon immoo muka jilla jalatti jilifataniidha. Kanaafuu dhugoon mukaa dhugeeffannaa yookaan muka jilaati jechuudha. Akka maanguddootni kunneen jedhanitti, Oromoo Gujii yeroo areerrii areerratu akkana jedhee areerrata.

Dhugoo gadabiin jirtu naa dhaga'i !
Dhugaa waaqa bira jirtu naa dhaga'i !
Irii gad na bobbaasi!
Irii ol na horsiisi! Jechuun waaqa isaa kadhata**.**

Eebba olii kana irraa kan hubbannuu mukni Dhugoo ummata Oromoo Gujii biratti muka ulfinaa ta'uu isaati. Kana malees, sirna gadaa keessa yeroo jilli qaalluu muudinsaafi seeraa baasuu gaggeeffamu, miseensotni yookaan murni agaallaa gumii rigaa isaanii muraatanii kan dhihaatan mukaa dhugoo jedhamu kana irraati.Yaada kana caalmatti hubachuuf yaada armaan gadii kanaa mee haa ilaallu.

*The congress held infront of three abba Gadaas starting on appropriate Ayyaana (day).All classes are given a place in the agaallaa gumi, Thus any member be settingat his seat until the end of the session. On the opening day, every member comes with rigaa dhugoo (tooth brush stick made of a tree called Dhugoo) holding in the mouth as the sign to mean he is the member of the gumii to decide the truth in the coming deliberations (dhugaa mean truth so that the attendants talk and confess only the truth) .the rigaa has also another purpose that it is left at the seat of that particular participant*

> *during every break from the conference, to show the allotted seat of a member into Gumi,so that no any disorder would happen* while coming back in looking for aseat(Dhaddachaa Gololchaa, 2006:70)

Yaada olii irraa kan hubachuun danda'amu guyyaa ayyaana qaalluu muudisaafi murtiin seeraa adda addaa itti taasifamu mariin abbootii gadaa sadi fulduratti taasifama. Miseensotni gadaa hundi agaallaa gumii keessatti hanga xumura sirna kanaatti iddoo kennameef taa'anii xumuru qabu. Guyyaa baniinsa sirnichaatti miseensotni hundi rigaa dhugoo yookaan rigaa muka dhugoo irraa tolfame afaan isaanitti qabatanii dhufu. Kaayyoon rigaa kanaa inni guddaa miseensotni gumii irratti argamaan dhugaa akka dubbataniif, dhugaa qofa akka murteessaniifidha. Akka aadaa ummatichaatti rigaa dhugoo qabatanii soba, dabafi cubbuu hin dubbatan jedhamee yaadama. Kaayyoon rigaa kana inni biraa immoo miseensotni agaallaa gumii keessatti argaman hanga jilli kun raawwatamutti iddoo kennameef qofa ta'u.Yeroo boqonnaaf bahan rigaa isaanii iddoo teessuma isaanii kaahatanii bahu.Yeoo boqonnaa isaanii xumuranii deebi'an tartiibni teessuma isaanii akka hin dogoggorree iddoo rigaa isaanii deebi'anii ta'uu jechuudha.Haala kanaan doggoggorri teessumaa isaan hin muudatu.

Walumaagalatti yaada maanguddootaafi yaada gubbaatti tuqamee irraa kan hubachuu dandeenyu mukni Dhugoo ummaata Oromoo Gujii biratti faayidaa aadaa guddaa qabaa chuu isaati.Mukni faayidaa aadaa akkkanaa qabu immoo hawaasicha biratti ulfinaafi kabaja guddaa kennuuf. Kanaafuu mukni Dhugoo hawaasa Oromoo Gujii biraati muk ni dhugoo woyyuu ta'ee hawaasaan kunuunfama.

**Abbayyii, Uddeessaa, Birbirsa, Dikicha:**Mukkeen kunneen sirna qootii dhaabbachuu keessatti mukkeen qooda qabaniidha.Qootii dhaabuu jechuun sirna maqaa baasuu keessatti adeemsa mukkeen kannee akka: Abbayyii, Uddeessaa, Birbirsa, Dikichaa muranii akka dhaabuudhaf mijatutti qaranii yookaan xilanii dhaabuun dikichaan walitti hidhu. Erga kana godhanii boodaa ijoollee maqaan bahuuf irraa mataa isaanii haaduun qootii dhaabate keessa buusu. Kanaan booda abbaan gadaa Ergaa eebbisee booda maqaa isaanii baasa. Erga maqaan isaaniif bahee booda maatiin isaanii mataa haaddame sana fudhuun dugda loonii irra godhu; horiin mataan ijoollee irraa haaddame irra godhame su guyyaa sanii kaasee handhuraa ijoollee sanati. Maqaan horii sanaaf

**harguug** jedhamuun bekkama. Akka aadaa Oromoo Gujiitti mataa ijoollee isaa kan haadu abbaadha.

**Uraagaa:** Uraagaan mukkeen godina Gujii aanaa Uraagaa keessatti beekkamu keessaa isa tokkoodha. Akka maanguddootni jedhanitti maqaa aanaa Uraagaa maqaa mukaa kanaatiin kan moggaafameedha jedhu. Aanichi bakka mukkeen Uraagaa jedhamu baay'inaa argamanitti kan hundoofteefi ummata Oromoo Gujii Uraagaatiin kan qabatameedha. Mukni Uraagaa akkuma mukkeen armaan olitti tuqamanii jilaa adda addaafi aadaa hawaasichaa keessatti faayidaa mataa isaa qaba. Mukni Uraagaa Ummata Oroomoo Gujii Uraagaa biratti akka muka dhugeeffannaa yookaan dhibaayyuuti gargaaraa tureera;gargaaras ni jira.Yaaduma kana kan dhugoomsu, Dasaalany Fufaa (2013:40) Naggasaa (2011:33) waabeeffachuun yommuu ibsu "Prayers are often made under *Mi'eessaa* tree in low lands by the *Hookkuu, Uraagaa tree by the Uraagaa and Uddessa* tree by the *Maattii* groups" jedha.Yaada kana irraa hubachuu kan dandeenyu, Mukni Mi'eessaa jedhamu ummata Oromoo Gujii Hookkuu lafa gammoojjii keessa jiraatan biratti, mukni Uraagaa ummata Uraagaa biraattiifi Mukni Uddeesaa ummata Oromoo Gujii Maattii biratti muka kadhaan jalatti raawwatuudha. Kanaaf mukkeen kunneen ummatoota kanneen biratti mukkeen jilli amantaa jalatti raawwatuudha. Akka aadaa Oromoo Gujiitti mukkeen jilaa kabajaafi ulfina guddaa qabu.Kanaafuu mukkeen kanneen muruun safuufi aadaa hawaasichaa cabsuudha.

Akka yaada maanguddootaa irraafi yaada olii kanneen irraa hubachuun danda'ametti mukni Uraagaa ummataa Oromoo Gujii Uraagaa biratti muka dhugeeffannaa yookaan iddoo waaqeffannaa ta'ee fayyada. Kanaafu muka woyyuuti jechuudha.

**Xibirroo:** Mukni xibirroo jedhamu Oromoo Gujii biratti muka dhiiraa jedhamuun bekkama. Muka kana jalatti abbootiin gadaa jila adda adda jiliffatu.Akka manguddootni jedhanitti muka kana muruun garmalee dhorkaadha. Fakkeenyaaf, muka kana namni tokko osoo bosona gubuu osoo tasa gubee argame akka aadaa sirna gadaa Oromoo Gujiitti korma qalee ofirraa fixata jedhama. Gama biraatiin mukni kun mukkeen kormaa jedhaman keessaa isa tokkodha.Akkasumas mukaa yaa'aa jedhamuunis ni beekkama.

**Qaarreessaa, Buliyyoo, Uddeessaa:** Baalli mukkeen kanaa gaafa dubartiin deesse sirna ooluuf qaba. Akka Obbo Baarree Nutee fi Baqqalaa Barraaqoo (Ebla 16, 2009) gaaffiifi deebii waliin taasisame irratti akka jedhanitti, “Akka aadaa Oromoo Gujiitti dubartiin takka gaafa deetee nafa erga dhiqaattee booda abbaa warraa mucaa diqqaa qabatee yookaan mucaa xiqqaa waliin **dhoqqee dhowata.** Dhoqqee loonii baala muka qaarreessaa, buliyyoo, fi Uddeessaatiin qabatee dhoqqee sanaan gulantaa gaafa walfuudhan irra taa’an dhowata, itti aansuun milaa ishee dhawata;sana booda harmaa haadhaa manaa lamaan dhowata. Sanaan booda maqaa haadha manaa si’a sadi waama. jalaa callisti. Si’a arfeessoo irratti awwaatti. “Mucaa kiyya naaf kenni jedhaan”. “Haati immoo Mucaa kiyya maaliin habbaarta ?”, jettiin.Yoo loon jiraate loon kenna. Maqaa loon sanaa dhahee/waamee itti hima.Yoo loon kennu hin jirre ta’e immoo “garaa gurree yookaan burree yookaan daalee” jedhee itti hima. Garaa gurree yookaan buree jechuun kan gurreen/burreen/dhaltu jechuudha.Sana booda itti kenniti; abbaanis habbaaree dhungatee maqaa baasee/moggaasee/ itti deebisa. Gaafa saanni inni jedhe sun dhale jabbiin dhalatte sun **handhuraa** daa’ima sanaati jedhuudha. Maqaan horii sanaas **handhuurii** jedhamuun waamama. Handhuuriin yaa si horu jedhanii eebbisu. Mukkeen kunneen hiika mataa isaanii qabu. Buliyyoon nuu bulchi ! Uddeessaan nu Uddeessi! Hiika jedhu qabu. Kanaafuu biqiltoonni kunneen biqiloota jilaati. Aadaa Oromoo Gujii keessatti faayidaa aadaa (cultural value) akkanaa qabu. jechuudha.

### 4.9.Hariiroo Moggaasa Maqaa Namaafi Biqilootaaf Moggaafamu Gidduu Jiru

Moggaasa maqaa namaa Oromoo Gujii keessatti maqaan namaa maqaa biqilootaa yookaan mukkeeniitin moggaafamuu akka danda’u ilaallee jirra. Mata duree kana jalatti immoo hariiroo moggaasa maqaa dhuunfaa namaafi biqilootaaf moggaafamu jidduu jiru ilaalla. Akkuma dhalli nama maqaa qabu, mukkeenis maqaa itti waamaman qabu. Haata’u maleen, mukkeen akka dhala namaa maqaa ofii moggaasun of kan waaman miti, Biqilootaafis maqaa moggaasee kan ittiin waamus namuma. Garuu dhalli namaa biqilootaaf maqaa isaanii kana maal irratti hundaa’ee moggaasa kan jedhu gaaffii guddaadha. Haata’u malee ummata naannoo adda addaa keessatti namni tokko tokko maqaa biqilootaan, biqilootni tokko tokkos maqaa namaatiin yommuu waamaman ni mul’ata. Ummataa haala kanaan maqaa moggaasuun ittiin waamuu keessaa tokko ummata Oromooti.Ummata Oromoo maqaa namaa maqaa biqilootaa yookaan mukaatiin

akkasumas maqaa mukaa maqaa namaatiin moggaasee ittiin waamu keessaa tokko ummata Oromoo Gujiiti. Ummatni Oromoo Gujii maqaa namaa maqaa mukuma ta'eetiin kan moggaasuu miti.Kanaafuu mata duree kana jalatti, mukkeen ummatni Oromoo Gujii maqaa namaa ittiin moggaasu kunneen amalaafi tajaajilaa akkamii akka isaan qaban gabaabsinee ilaaluun yaala.

Mukkeen hundi amalaafi tajaajila walfakkaata hin qabaatan.Mukkeen gariin dhedheeroo yoo ta'an gariin immoo gaggabaaboo, gariin fufurdaa, gariin immoo qaqallaa, gariin jabaatoo, gariin immoo lallaafoo, gariin damee guddaa yookaan damee kan babal'atan yoo ta'an gariin immoo damee kan hinqabne, gariin mi'aawoo yoo ta'an, gariin immoo hadhaawaa, gariin qoree qabeeyyii yommuu ta'an gariin immoo qoree kan hinqabne, gariin qaqajeeloo yoo ta'an gariin immoo jajallaataa ta'uu danda'u. Kana malees, gama tajaajilaa isaaniitiinis yommuu ilaallu, biqilootni yookaan mukkeen garii hawaasa keessatti baay'ee kan jalataman yoo ta'an, kanneen biroo immoo kanneen jibbaman ni jiraatu. Kanaaf ummatni Oromoo Gujii maqaa ijoollee yommuu moggaasu amala dhuunfaa mukkeen kanneeniifi tajaajila mukkeen kunneen gama aadaa, gama amantiifi duudhaa hawaasaatiin hawaasa keessatti qaban irratti hundaa'uudhaan ta'a.

Barruun Waajjira Aadaafi Turizimii Godina Gujiitiin, (2008:42) bahe tajaajila mukkeen ummata Oromoo Gujii biratti qabaniif moggaasa maqaa isaanii ilaalchisee yommu ibsu, "Ummata Oromoo (Gujii) biratti mukkeen adda addaa tajaajila garaagaraa kennan. Ummatni mukkeen kanniin jalatti waan tajaajilamuuf maqaa tajaajila isaatiin moggaasaf. Mukkeen kun maqaan isaanii gosa tajaajila jalatti kennamuutiin moggaafamu. Kanaafuu akkaa aadaan Oromoo Gujiitti mukkeen kunneen akka hin muramne seerri Gadaa kan dhoorkudha. Akka fakkeenyaatti mukkeen kanneen akka: Gaagamaa, Fooraa, Qilxaa, bayi, Dhaddacha, Birbirsa, Waaccuu, Dambii, fi kan kana fakkaataniidha, jedha. Yaada olii kana irraa hubachuu kan dandeenyu moggaasni maqaa mukkeenii tajaajila isaan hawaasa keessatti gama aadaafi kallatti adda addaatiin qaban irratti hundaa'uun kan moggaafamu ta'uudha.

Akka fakkeenyaatti ummatni Oromoo Gujii jila aadaa adda adda kanneen akka:duula adamoo, farra faroo yoo baafatu, eebbaafi abaarsafi kan kana fakkaatan yommuu jilisu

muka jalatti jilisa. Fakkeenyaaf Mukkeen kunneen Dhaddachaa, Goolaa, Dambii, Muka hulluuqqaa, Muka kormaafi Korpheessaafi kan kana fakkaataniidha.(B.W.A.T.G.G,2008)

Yaada armaan olii kana irraa hubachuun kan danda’amu, akkuma maqaa mukkeenii kun tajaajilaa aadaa isaan jalatti taasifame irraa ka’uun moggaafamu maqaa dhuunfaa namaa maqaa mukkeenii yookaan biqilootaan moggaafamu tajaajilaa muka sana jalatti taasifamuu irraa ka’uun moggaafamuu ni danda’a. Akka manguddootni Oromoo Gujii jedhanitti akka fakkeenyatti maqaaleen dhuunfaa namaa kanneen akka: Uddeessaa, Dhugoo, Mokonnaa, Galalchaa, Abbayyii, Me’ee, Dambii, Odaafi kan kana fakkaatan, maqaa ijoollee jila adda addaa muka kanneen jalatti jilifatan irraa ka’uun moggaafameedha. Akka fakkeenyatti mukni Uddeessaa aadaafi amantaa Oromoo Gujii keessatti muka tajaajilaa adda addaa qabuudha. Maatiin tokko gaafa daa’imni guddaachuufi diddee daa’ima boodarra argatan qabatanii muka Uddeessatti dheessu. Maqaa mucaa sanaas Uddeessaa ta’a. Hiikni isaas uddaa’i! guddadhu! jechuudha. Mukni Uddeessaa gaafa cimaa deemu akka namaa harrii baasa. Kana malees, mukni Uddeessaa foolii urgaa’uu waan qabuuf hawaasa biratti jaalatamaadha. Kanarraa ka’uun ka’uun mukni kun maqaa Uddeessaa jedhu kanas kan argate ta’uu isaa hubachuun ni danda’ama.

Kanamalees, mukni Dhugoo jedhamu ummata Oromoo Gujii Uraagaa biratti muka dhugeeffannaa akka ta’ee ilaallee turre. Muka itti dhugeeffataniidha. Dhugeeffannaa jechuun Waaqaatti amanuu, hojii Waaqaa dhugeeffachuu jechuudha.Mukni Dhugoo muka dhugeeffannaati yommuu jennu, bakka ummatni Oromoo Gujii hojii waaqaa itti dhugeeffatan jechuudha. Gama biraatiin mukni Dhugoo mukeewwaan Ulfoo Waaqa uumaa ittiin kadhataniidha jechuudha. Maqaan muka kanaas dhugeeffannaa muka kana jalatti taasifamee irraa kan dhufee ta’uu jechicha mataa isaa irraa tilmaamuun ni danda’ama.

Gama biraatiin Dhugoon muka qoree xinnoo qabufi sanyiin isaa dhugamuudha. Naannoo tokko tokkotti mukni dhugoo kun koshomii jedhamuun beekkama. “ Hoo baala koshommii, ari’ee walkora kormii” jechuun dargaggoonni kan dhiichisan kun Oromoo Gujii biratti dhugoo jedhamuun waamama. Ijoolleen dhugii deemna waliin jedhu. Dhugii deemna yookaan dhugii dhugaa oolle yeroo waliin jedhan ni dhagahama.Dhugii deemna yookaan dhugii dhugaa oolle jechuun dhugoon nyaataa oolle akka jechuuti.Yeroo

baay'ee koshommii yookaan dhugoo nyaatne hin jedhamu. Koshomii dhugne jedhama. Kanuma irraa ka'uun iddoo tokko tokkotti dargaggoonni akka armaan gadii kana jechuun sirbu:

> Asheetee gadi cobaa,
> Koshommiin asheete gadi coba,
> Aannaniin si guddisee,
> Ormi karameellaan si sosobaa jechuun sirbu.

Walaloo sirbaa kana irraa kan hubatamu dhugoon kan nyaatamu osoo hin taane kan dhugamu ta'uu isaa koshommii asheete gadi coba gaalee jedhu nu hubachiisa. Kanaafuu, moggaasni jecha dhugoo jedhuufi tajaajilli inni kennuu walitti dhufeenya qaba. Kanaaf moggaasni maqaa dhugoo jedhu hiika dhuguu jedhu irraa dhufe jennee tilmaamuus ni dandeenya jechuudha.

Haaluma walfakkaatuun Oromoo Gujii biratti maqaan namaa 'Uddoo' jedhu beekkamaadha. Maqaan kunis biqiltuu 'Uddoo' jedhamu irratti hundaa'ee kan moggaafamudha. Biqiltuun kun foolii uddaa'u yookaan urgaahuu qaba. Maqaan muka kanaas foolii inni qabuun kan moggaafame ta'uu hunbachuu dandeenya. Kanaafuu maqaan namaa maqaa kanaan moggaafamu foolii muka kanaa jaalachuu irraa kan ka'e akka ta'e ni hubatama.

Gama biraatiin akkaataan moggaasni maqaa dhuunfaa namaafi biqiloota jidduutti taasifamu akkuma tajaajila isaan hawaasa keessatti gama aadaafi duudhaa hawaasaatiin qaban irraa ka'uun moggaafamu amala uumamaa mukkeen sanaa irrattis hundaa'uun moggaafamuu danda'a. Yaaduma kana ilaalchisee B.W.A.T.G.G.(2008) kun yommuu ibsu, " maqaan dhuunfaa namaa maqaa mukkeen bareedoo, gurguddoofi aadaa keessatti bakka guddaa qabaniin" jedha.Bareeddinnifi gurguddinni amala uumamaan muka tokkoof kennameedha. Maqaa mukkeen akkasii saniin maqaa dhuunfaa namaa ittiin moggaasuun immoo amala mukaa sanaa jaalachuu ta'a. Fakkeenyaaf mukkeen akkanaa kunneen: Odaa, Birbirsa, Qilxaa, Mokkonnisafi kan kana fakkaatan kaasuun ni danda'ama. Fakkeenyaaf, Odaan amala ittiin beekamu keessaa, bonaa- ganna kan hin gogne, namaafi bineensotaa adda addaaf gaddisa kan namaaf ta'uu, bakka seerri Oromoo

itti tumamuufi walumaagalatti Odaan mallattoo nageenyati. kanaafuu namni ijoollee isaaf maqaa kana moggaasu amalaafi tajaajila muka kanaa nama beekudha.

Haaluma walfakkaatuun namni maqaa Birbirsoo yookaan Birbirsa jedhamu qabu maqaan isaa maqaa muka birbirsaatiin kan moggaafamee ta'uun nama muka kana beeku hundaafuu ifaadha. Haata'u malee maatiin sun maaliif maqaa muka kanaatiin akka moggaase beekuuf amala muka sanaa beekuun barbaachisaadha. Nama maqaa Birbirsoo yookaan Birbirsa jedhuu yommuu dhageenyu kan samuu keenyatti dhufu nama gabaabaa miti; nama dheeraa ta'eedha. Sababni isaas Birbirsi dheerinaan waan beekkamuufidha. Kanaafuu, maatiin sun maqaa sana kan moggaase dherina birbirsaa sana xiyyeeffannoo keessa galcheeti jechuu ni dandeenya.

Walumagalatti hariiroon Moggaasa maqaa dhuunfaa namaafi biqilootaa gidduu jiru gama tajaajilaa aadaa hawaasaa, duudhaa hawaasaa, amantaa hawaasafi falaasama hawaasichaa mukeen sana jalatti taasifamuufi amala uumamaa mukkeen kunneen qabaniin jiruudha.Itti dabalataniis,namni dhala isaaf waan gaarii hawwa waan ta'eef maqaa muka jaalatuufi gaarii daa'ima isaatiif baasa.

# Boqonnaa Shan: Cuunfaa, Goolabaafi Yaboo

## 5.1. Cuunfaa

Qorannoon kun Xiinxala Beekkumsa Oromoo Gujii Moggaasa Maqaa Dhuunfaa: (Namaa, Beeyiladootaa, Biqilootaa Mukkeen Jilaafi Simbiroota Kaayoo) irratti qabu irratti kan gaggeefame yoo ta'u, qorannoo kana daangeessuufi qabatamaa taasisuun waan barbaachsuuf qorataan haala qabatamaa Oromoo Gujii Uraagaa irratti xiyyeefachuun qoratee dhiyeessee jira.

Qorannoo kanaanis maqaaleen dhuunfaa (namaa, beeyilladootaa, biqilootaafi sinbirrootaa) Oromoo Gujii maal irratti hundaa'ee akka moggaafamu, maqaalee dhuunfaa namaafi, biqilootaaf bahan gidduu hariiroon jiru maal akka ta'e, maqaan biqiloota yookaan mukkeen jilaa jedhamuun Oromoo Gujii biratti beekkaman isaan kam akka ta'aniifi jila yookaan sirna akkamiitiifis akka isaan oolan, Simbirootni hawaasa Oromoo Gujii biratti simbiroota kaayoo jedhamuun beekaman isaan kam akka ta'eefi kaayoo akkamiitiif akka isaan oolan addaan baasuuf, odeeffannoo manguddootaafi namoota aadaa irratti beekumsa qaban irraa argamee xiinxaluun hiikni itti kennamee jira.

Qorannoo kana gaggeessun, kaayyoo qorannichaa akka galma ga'uuf qorataan mala qoranno akkamtaa fayyadame jira. Iddattoo qorannichaa filachuu irratti qorataan akaakuu idaatteessuu miti- carraa keessaa iddattessuu akkaayyoo fayyadamuun maanguddootaafi namootaa aadaa Oromoo Gujii irratti beekumsaafi hubannoo gahaa moggaasa maqaa irratti qabu jedhee itti amane filachuudhaan karaa afgaaffii, marii garee xiyyeeffannoofi gargaaramuun odeeffannoo barbaachisu funaanamee jira. Odeeffannoon manguddootaa irraa walitti qabame kunis akkaataa kaayyoo qorannichaatiin xinxalamee hiikni itti kennamee dhihaatee jira.

Qorannoon gaggeeffame tokko yaaxxina hordofu qabaachuun barbaachisaa akka ta'e beekkamaadha. Kanaaf qorannoon kunis yaaxina Onomaastikii jedhamu hordofuun kan dhihaate.Yaaxinni Onomaastikii yaaxinaa haaraa yoo ta'u qoraannoo maqaa dhuunfaa irratti xiyyeeffata. Qorannoo kanan maqaan dhuunfaa namaa, beelladootaa, biqiloota jilaafi simbiroota kaayoo Oromoo Gujii Uraagaa amantaa, aadaa, duudhaa,

falaasamaafi qaroomina, ilaalcha, siyaas-dinagdeefi hawaas-dinagdee hawaasichaa irratti hundaa'uun kan moggaafamuu ta'uu bira gahameera.

Gama biraatiin maqaalee baay'een Oromoon Gujii Uraagaa mukaaf,looniif, fardaaf simbiraaf baasuun itti fayyadamu kun kan agarsiisu hangam akka isaan naannoofi wantoota naannoo isaanii jiran irratti xiyyeeffannoo kennuun barataniifi hubatan kan namatti agarsiisuudha. Inni kun immoo beekkumsa (indigenous knowledge) baay'ee akka isaan qaban kan namatti agarsiisudha.Xiyyeeffannaan naannoo ofii daawwachuufi barachuun immoo beekkumsa saayinsii ammayyaa keessatti baay'ee barbaachisaadha. Aadaa Oromoo Gujii keessatti mukkeen laguufi Ulfoo jiraachuun immoo qabeenyi uumamaa kunuunfamee dhaloota egereef akka darbu taasisuu keesatti faayidaa olaanaa qaba.

Walumaa galatti, beekumsi Ummatni Oromoo Gujii aadaa, naannoofi wantoota naannoo isaa irratti qabu beekkumsa kunuunsa naannoo, siyaasaa, diinagdeefi jireenya hawaasuumma irratti faayidaa guddaa kan qabu waan ta'eef kunuunfamee dhaloota dhufuuf darbuu qaba.

### 5.2 .Goolaba

Qorannoo kana keessatti odeeffannoo mala funaansa ragaalee adda addaa ( afgaaffii, marii garee xiyyeeffannoo fi daawwannaa) tiin manguddootaafi namootaa aadaa hawaasichaa irratti beekumsa qaban biraa funaanamee xiinxalamuun hiikni itti kennameera. Xiinxalliifi hiikni ragaa argamee kun kaayyoo qorannichaa irratti hundaa'uun yaada goolabaarra ga'ameera. Kunis qorannoo kana keessatti akka argannoo qorannichaatti akka taa'u ta'eera. Haaluma kana bu'uureeffachuun xiinxalliifi hiikni ragaalee qorannoo kanaa qabxiiwwan asiin gadii qorannoo kanaan ifa ta'anii jiru.

- Maqaan namaa Oromoo Gujii yeroo daa'imman itti dhalatan, guyyaa daa'imman itti dhalatan, waqtiilee daa'imman itti dhalatan, addeessa irratti, tartiiba dhalootaa irratti, bakka dhalootaa irratti, umrii irratti, ayyaana daa'imman dhalatan irratti jilaa adda addaa irratti, mukkeen irratti, hawwii maatii irratti, haala uumama qaamaa irratti, maqaa gosaa irratti,yaadannoo hidda dhaloota yookaan hortee irratti, muudannoo adda addaa irratti, du'a balaaleffachuuf ,jiraachuu Waaqaa

agarsiisuu irrattifi gaa’ila irratti hundaa’uun kan moggaafamuu ta’uu bira gahameera.

- Mooggaasni maqaa ijoollee Oromoo Gujii kan gaggeeffamu haati dhaqna erga dhiqatteen booda yommuu ta’u, dhiira yoo taate gaafa guyyaa shanaffaa, dubara yoo ta’e immoo gaafa guyyaa sadaffaa akka ta’e qorannoo kanaan bira gahameera.
- Maqaan dhuunfaa beeyiladoota Oromoo Gujii Uraagaa bifa isaanii, amala isaanii, mallattoo adda adda qaama isaanii irratti argamu, boca gaafa isaanii irratti, kennaa aadaa adda addaa irratti hundaa’uun kan moggaafamu ta’uu bira gahameera.
- Maqaan dhuunfaa simbirroota kaayoo Oromoo Gujii: Jajjuu, Urunguu, Cirrichoo, Simbirree Doogoo, Qillisaa, Haadha Walee,Waayyuu’arru, Simbirree Barrittii, Risaa, Haanqaa, Gogorrii,S aphaliisa, Ceeffii, Cee’aaffii yommuu ta’an maqaan simbirroota kanaa bifa koola isaaniifi sagalee isaanii irratti hundaa’uun kan moggafameef ta’uun isaa beekkamee jira. Kaayoo simbirootni kunneen himan gaarii yookaan badduu yookaan hongee ta’uu isaan kan beekuun danda’amu kallattii isaan irraa dhowan, yeroo isaan itti dhowan, sagalee isaan dhageessisan irratti hundaa’uun kaayoo isaan himan garaagarummaa kan qaban ta’uu isaa bira gahameera.
- Maqaan mukkeen jilaafi laguu Oromoo Gujii: Bunuutii, garrii, kudhumii, abbayyii, uddeessaa, waddeessa, dhugoo, odaa, uraagaa, ceekkataa, qaarreessaa, uddoo, buliyyoo fa’a akka ta’aniifi jila aadaa kanneen akka: sirna harka micciirannaa, jila maqabaasaa,jila waddeessa muriinsaa, sirna awwaalchaa yookaan gatinaa keessatti, sirna dhoqqee dhawannaa keessatti, jila dhugeeffaannaa keessattifi kan kana fakkaatan keessatti tajaajila aadaa akka qaban bira gahamee jira.
- Akka aadaa Oromoo Gujiitti mucaa dhalate tokkoof maqaa moggaasuu keessatti qoodaa kan qabu abbaa qofaadha. Akka odeeffannoo manguddoota irraa argame ibsutti, daa’ima dhalate tokkoof maqaan kan moggaasus ta’ee mataa daa’imaa kan haadu abbaa qofa akka ta’ee hubatamuun danda’ameera. Garuu mataa dhalootaa ilma hangafaa haaduu irratti qooda kan qabu akaakoo daa’ima dhalatee yookaan

dhalattee qofadha. Kunis sirni mataa dhalootaa haaduu kun jila mataa isaa waan qabuuf abbaan osoo jiruu ilmi hin ariirratu waan ta'eefidha.

- Moggaasa maqaa namaafi biqilootaa gidduu hariiroo guddaan kan jiru yoo ta'u, hariiroon kunis tajaajilaa mukkeen kunneen aadaa haawaasichaa keessatti kennaniifi amala mukkeen uumamaan qaban irratti kan hundaa'u ta'uu qorannoo kanaan bira gahameera.

Walumaa galatti beekumsi Oromoo Gujii gama Moggaasa maqaa dhuunfaa namaa, beeyiladootaa, biqilootaa yookaan mukkeen jilaafi simbirootaa farootiin jiru kun uumama naannoofi wantoota naannoo isaanii jiru xiinxaaluun kan argatan jedhanii dubbachuun ni danda'ama.

**5.3. Yaaboo**

Qabxiilee armaan olii irratti hundaa'uudhaan beekumsa ummatni Gujii Moggaasa maqaa dhuunfaa namaa,beeyiladootaa, biqilootaafi simbirroota irratti qabu ilaalchisuun yaboowwaan armaan gadii kaahamanii jiru.

Akkuma goolabaa jalatti ibsamuuf yaalame, Maqaalee baay'ee Oromoo Gujii Uraagaa namaaf, beeyiladaaf, biqilootaafi simbirrootaaf moggaasaan hangam hawaasichi naannoofi wantoota isaatiif xiyyeeffannaa kennuu akka barataniifi hubatan namatti agarsiisa. Inni kun immoo beekumsa uumamaa guddaa akka isaan qaban namatti agarsiisuudha.Beekkumsi naannoo ofii hubachuufi daawwachuu irraa argamu immoo beekkumsa saayinsii ammayyaaf bu'uuradha. Gama biraatiin moggaasni maqaan namaa, beeyiladootaa, biqilootaafi simbirrootaa isaan moggaasaan aadaa, duudhaa, amantaa, diinagdee, siyaasa, falaasamaafi ilaalcha addunyummaa (world view) ummata isaanii qabu kan calaqqisiisudha. Mukkeen laguufi ulfoo yookaan jilaa jiraachuunis hangam hawaasichi qabeenyaa ummamaa naannoo isaa jiruuf xiyyeeannoo akka kennuun akka kunuunsu nama hubachiisa. Beekkumsi hawaasa kanaa kun immoo guddachuufi dhaloota dhufuu darbuu kan danda'uu yoo qaamoleen armaan gadii kunneen xiyyeeffannaa itti kenna qofaadha.

- Waajjirri Aadaafi Turiizimii godinichaa beekkumsa hawaasaa kana turiisuufi dhalootaa dhufuuf ceesisuuf xiyyeeffannaa itti kenne qorannoo

gadi fagoo irratti gaggeessee beekkumsa haawasni kallatti adda addaatiin qabu badii irra hambisuun ragaa qabatamaa waan kana ibsuu danda'u lafa kaa'uun dargaggoonni, barattoonni, akkasumas hawaasni naannichaa akka irraa baratu osoo godhee gaariidha. Kanamalees, aadaan kan waliinii, amantaan immoo kan dhuunfaa ta'uufi akkasumas aadaafi amantaan gargar ta'uu isaa hawaasa keessa gadi bu'uun hawaasa bal'aaf hubannoo kennuun hawaasichi aadaa isaa akka kunnuunfatu gochuun barbaachisaadha.

- Kana malees, dhaabbileen barnoota olaanaa, haayyotni adda addaa, beekumsa hawaasaa kana gadi bu'anii qorachuun beekkumsaa saayinsii ammayyaatiin osoo deeggaranuun dhalootni akka irra baratan osoo godhamee gaarii ta'a.

- Manneen barnootaa sadarkaa sadarkaan jiran, barsiisootni fi dargaggoonni akkasumas ogeeyyi waajjira aadaafi turizimmii waliin ta'uudhaan beekumsa hawaasa naannoo isaanii jiru walitti qabuun dhalootni har'aa akka irraa baratu gochuufi dhaloota dhufuuf kaahuu barbaachisa.

- Abbootiin gadaas beekumsa isaanii gamaa adda addaan jiru cimsanii hawaasa isaanii,dhaloota ammaa jiru kana barsiisuun dhaloota dhufu dhaalchisuu barbaachisa.

**Wabiilee**

Aadam Kadiir Galatoo.(2008).*Aadaa Handhuuraa Fi Sossobaa Daa'immanii***.** Dirree Dawaa: Kaaleef 0251113253d.D

Aceto G. F.(2002). *Changing Place Name.*Indicator Press,University Of Natal : Durban

Addunya Barkeessa. (2011). *Akkamtaa***.** *Yaadrimee Qorannoo Hujoo*. Finfinnee: Dhaabbata Maxxansa Meeggaa.

Agyekum, Kofi. (2006). *The Sociolinguistics Of Akan Personal Names*. *Nordic Journal Of African Studies* 15 (2), 206-235.

_________.(1996). *Akan Verbal Taboos In The Contextof Ethnography Of Communication*. M.A .Thesis, University Of Trondheim.

Alemayehu Haile, et al .(2006).*History Of The Oromo To The Sixteen Century* . (1st) Ed Finfine: Oromia Culture And Tourism Bureau.

Alexandar J.D.(1988).*Sociolinguistics Aspects Of Name Giving Patterns*. Onoma 18(3)

Alford, R (1987). *Naming and identity: Across-cultural study of personal naming practices.* new heven: HRAF.

Algeo.J.R (1992). *Shoud Place Name In South Africa Change* ? Nyeleti 7(20).

Anbasu Biazen et All. (2004). *Action Research Hand Book*. *Institute For Curriculum Development And Research.* Addis Ababa: Mega Printing Press.

Arega Hailemichael.(2005). *A Sociolinguistic Approach To The Study O Anyowa Personal Name. A Contribution To Socio-Onomastic Studies In A Nilo Saharan Language. Ethiopia Journal Of Educational Researchers'*Association. A.A.Vol.2 P23-53

Asmarom Leggese .(1973). *Gada. The Three Approaches To The Study Of African Society*. Newyork: Adivision Of Macmillan Publishing.

BATO .(2006). *History Of Oromo To Sixteenth Century*. Finfine: Berhanena Selem Printing Enterprise

Berg, B.L. 2001. *Qualitative Research Methods For Social Sciences* **(**4th Ed). Boston: Allyn And Bacon.

Chauke, M.T.(1992).*Movito In Nkoka Wa Wona Eka Xitsonga*.Un Published Honours Research Paper.Polok Wane:University Of The North.

Creswell,J,.W.(2009). *Research Design:Qualitative, Quantitative And Mixed Methods Approaches*.(3rd) Ed.Olnd: Thousand Oaks,CA Sage.

Crystal .D.(1985).*Dictionary Of Linguistics And Phonetics*, Basil Blackwell,Oxford.

Dansi, M.(Ed).(2004). *Messages, Signs,And Meanings:A Basic Text Book In Semiotics And Communication* (3rd Ed) .Toronto: Canadian Scholars'press Inc.

Dassaalany Fufaa.(2013). *Indigenous Knowledge Of Oromo On Conservation Of Forests And Its Implications To Curriculum Development The Case Of The Guji Oromo.* A Thesis For The Degree Of Philosophy Of Doctor. Addis Ababa Ethiopia.

Dastaa Dassaalanyi. (2013) . *Bu'uura Qorannoo. (*Max. 2ffaa), Far East Trading PLC.

Descombe, M.(2007).*The Good Research Guide For Small-Scale Social Research Project*.Third Edition.Open University Press.

Dhadacha Gololcha .(2006). *The Politico-Legal System Of The Guji Society Of South Ethiopia.*Addis Ababa:Universal Printing Press.

Eshete Gamada.(2008). *African Egalitarian Values And Contextual Studies Of Oromo Oral Literature In A .Contemporary Perspective* (Unpublished Ph D. Dessertaion. Institut. Fo Litterratur,Kultur Og Medier: Syddansk Universitet.

Filee Jaalataa.(2016).*Beekumtaa Oromoo I(Oromo Folklore*).Finfinnee: Mana Maxxansaa¨ Raajii

Gada Melba.(1988).*Oromia: An Introduction*.Sudan:Khartoum.

Gardiner A.(1957).*The Theory Of Proper Name*. Oxford:University Press.

Gemethcu Megersa. (1998.) *The Oromo World View, Interdisciplinary Seminar*. The Institute Of Ethiopian Studies (IES). Nazareth, June 6-7, 41-54.

Goodenough,H.Ward.(1965). *Personal Names And Modes Of Address In Two Oceanic Societies*. In Melford E. Spiro (Ed.), *Context And Meaning In Cultural Anthropology*, 265-76. New York: Free Press.

Greenfield, L., and Fishman, J. (1972.) S*ituational Measures of Normative Language views of Person, Place and Topic among Puerto Rican Bilinguals.*. Bloomfield: Indiana University Press

Grenier, L.(1998).*Working With indigenous Knowledge:Aguide For Researchers.* Canadia:International Development Research Centre.

Guma, Mthobeli. (2001). *The Cultural Meaning Of Names Among Basotho Of Southern Africa*: A Historical And Linguistic Analysis. *Nordic Journal Of African Studies 10 (30)*, 265-279. In Www.Njas.Helsinki.Fi>Pdf- Files>Guma.Accessed On 9/18/2016 7:11am

Hayiluu Bantii .(1997).*Cora Aadaa Jimmaa*.Oromia (Barruulee):Hoggart Richard In Norman Mackenize .

Hinnant, J. T. (1977). *The Gada System Of The Guji Of Southern Ethiopia*, PhD. Dissertation. The University Of Chicago.

_____.(1978.) *The Guji: Gada As Ritual System* . In P. T. W Baxter And U.

Hinseenee Makuraa.(2010).*Gaachana Kormaa*.Finfinnee:Far East Trading.Plc

Hitchcock, G And Hughes, D. (1995). *Research And The Teacher* (2$^{nd}$ed). London: Rutledge.

Jamjam Uddeessa And Dhadecha Gololcha. (2011). *The Geda Democratic Pluralism. Particular Reference The Guji Socio- Cultural Politic Legal System*.Addis Ababa: Rela Printing Press.

Jeilan Aman Gobana .(2013). *Challenges Of Mother-Tongue Education In Primary Schools: The Case Of Afan Oromo In The East Hararge Zone, Oromia Regional State, Ethiopia.* A Thesis For The Degree Of Philosophy Of Doctor. University Of South Afric In Http://Www.Uir.Unisa.Ac.Za>Bitseam>Handle>Accessed On 7/27/2 016 7:22

Kgabo Lawrance Mphela. (2010). *An Analysis Of Personal Naming In The Moletjie Area Of The Limpopo Province: An Onomastic Approach*. Thesis For The Degree Of Philosophy Of Doctor. University Of Limpopo In Http:// Www. Ul.Netd.Ac.Za>Bitseam >Handle>. Accessed On 10/6/2016.7:49

Kidaanuu Zallaqaa.(2016).*Saafuufi Aadaa.* Finfinnee:Waliigala Piroomoshiinii Saglii.

Machaba.Mbali A.(2004).*Naming,Identity And The African Renaissance In South Africa Context.*Http://Www.Researchspase.Ukzn.Ac>Handle>Mac.Accessed On 9/18/2016 7:11am

Mohammad Hassen. (1994). *The Oromo of Ethiopia: A History (1570- 1860*). Trenton: The Red Press

Negessa Mokona. (2011). *Indigenous Forest Utilization And Management StrategiesVis-À-Vis Subsistence Economy In Oddo Shakkiso Woreda Of Guji Zone, M.A.Thesis*. Department Of Social Anthropology, AAU.

Nicolaisen W.F.J .(1976).*Words and names*.Onoma 20(1)142-163

P.T.W.Baxter,Jan Hultin And Alenssandro And Triulzi .(1996).*Being And Becoming Oromo. Historicald And Anthropological Enquires*. Stock Holm: Sweeden.

Raper P, E.(1987a). *Aspects Of Onomastic Theory*.Nomania Africana.1(2)

________.(1987b). *Sociology And Study Of Name,* Occasional Paper No5 Human Science Research Council.

Roobalee Taaddasaa.(2013).*Gada System And United Of Africa*.BSC AND LLB

Sarantakos, S. (2005). *Social Research*. Beijing:Palgrave Macmillan Ltd.

Sorensen H.S.(1963).*The Meaning Of Proper Names*.Gad Copenhagen.

Sumner Cloud (1996).*Oromo Wisdom Literature. (A Proverbs,Folktales,Folksongs)* Addis Ababa: Gudina Tumsa Foundation

Taddesse Berisso. (1988.) *Traditional Warfare Among The Guji Of Southern Ethiopia*.M.A Thesis. Michigan State University. Books.Google.Com.Et

_____.1995. *Agricultural And Rural Development Policies In Ethiopia: A Case Study Of Villagization Policy Among The Guji Oromo Of The Jamjam Awraja.* Phd Dissertation. Michigan State University.

_______.(1995. *Deforestation And Environmental Degradation In Ethiopia: The Case Of Jamjam Province,* Northeast African Studies, 2(2), 139-155.

________ (2004). *The Pride Of Guji-Oromo*: *An Essay On Cultural Contact And Self Esteem. The Journal Oromo Studies***,** 11(1), 13-27.

Tadesse Jaleta .(2004). *Acontextual Study Of Guji-Oromo Proverbs: Functions In Focus.* Ma Thesis Addis Ababa University. In. Http://Www. Edt.Aau.Edu.Et> Bitstream Accessed On 7/28/2016:6:34 Am

________(2004). *The Pride Of Guji-Oromo*: An Essay On Cultural Contact And Self-Esteem *The Journal Oromo Studies, 11(1), 13-27.*

________(2013).*Children And Oral Tradition Among The Guji-Oromo In Southern Ethiopia*. Thesis For The Degree Of Philosophiae Doctor. Trondheim. Https://Www.Brage. Bibsys.No. >Bitseam>Handle>**Accesse**d On 8/9/2016.12:39 Am

Tesfaye Gudeta .(2011). *Semantics And Pragmatics Of Oromo Personal Names*. Unpublished Ma Thesis Addis Ababa University.

Vermes Albert, P .(2001*). Proper Name. A Relevance Theoretic Analysis*. In. Https://Dea.Lib. Unideb.Hu>Dea>Handle.Accessed On 8/17/2016 11:29 Am

Van De Loo, J. (1991). *Guji Oromo Culture In Southern Ethiopia: Religious Capabilities In Rituals And Songs*. Berlin: Rimer.

Waajjira Aadaa Fi Turiizimii Godina Gujii .(2008). *Barruu Baallii 74ffaa*. Finfinnee: Zak Printing Press.

Workineh Kelbessa.( 2001.) *Indigenous And Modern Environmental Ethics: A Study On The Indigenous Oromo Environmental Ethic And Oromo Environmental Ethics In The Light Of Modern Issues Of Environment And Development," Unpublished Phd Thesis, University Of Wales*. Dio. Sagepub. Com/ Contents/ 52/3/17.Refs

Zalalam Abbabaa.(2001).*Wirtuu Jildii 9* . Finfinnee: Commercial.Printing Entrephrise.

Zelalem Leyew (2003). *Amharic Personal Nomenclature: A Grammar and Sociolinguistic Insight: Journal of African Cultural Studies*, Vol. 16, No. 2, Taylor & Francis, Ltd.

**ሰለሞን ተሾመ።** (2007)። **ፎክለር። ምንነቱና የጥናቱ የትኩረት አቅጣጫ። አዲስአበባ ፤ ፋርኢስት ትሬዲንግ ሀ.የተ. የግ. ማ.**

## Dabaleewwan

### Dabalee A: Gaaffilee Afgaaffii

Yuunivarsiitii Finfinnee koollejjii namoomaa qorannoo afaanotaa, joornaaliifi sab qunnamtiitti muummee afaan Oromoo, ogbarruufi fookloorii

### Kabajamootoota odeefkennitoota koo

Kaayyoo afgaaffii kanaa barnoota afaan oromoo,ogbarruufifookloriin sagantaa digirii lammaffaa guuttachuuf waraqaa eebbaa mata duree xiinxala moggaasa maqaa dhuunfaa namaa,beeyiladootaa,biqilootaa fi simbirootaa Oromoo Gujii aanaa Uraagaa jedhu irratti ragaa funaafuuf. Kanaafuu hirmaannan kallattiidhaan isin afgaaffii kana afaaniin deebii kennuu irratti qabdan milkaa'ina hojii kanaatiif baay'ee barbaachisaa waan ta'eef,ragaa dhugaaf qabatamaa hawaasa keessan keessa jiru shakkii tokko malee akka naaf kennitaan kabaja guddaan isin gaafadha.Ragaan funaannamu kun immoo dhimma qorannoo kana qofaaf ta'u isaa waadaan isiniif gala.

I. Odeeffannoo dimshaashaa
   - 1.1. Maqaa ____________________saala :dhiira ▭ dubra ▭
   - 1.2. Umrii ______________sadarkaa barnootaa__________
   - 1.3. Aanaa _____________ganda_________________

II. Gaaffilee odeefkennitootaaf dhihaatan.

1. Akka aadaa Oromoo Gujiitti maqaa dhuunfaa namaa maal irratti hundaa'ee moggaafama?
2. Maqaa dhuunfaa namaa kana moggaasuuf qooda kan qabu eenyuu?
3. Maqaan dhuunfaa namaa Oromoo Gujii kun guyyaa meeqaatti moggaafama?
4. Maqaalee dhuunfaa nama kana keessaa maqaaleen jila barbaachisuu ni jiraa?
5. Maqaan dhuunfaa beeyilaadootaa Oromoo Gujii biratti maal irratti hundaa'ee moggaafama?
6. Maqaan dhunnfaa loonii jilaa aadaa oromoo gujii waliin walqabatee moggaafamu ni jira?
7. Simbirootaa kaayoo/faroo/ jedhamuun kanneen beekkaman naannoo keessaan ni jiru? Yoo jiraatan mee maqaa isaanii natti hima? Simbirootni kunneen kaayoo akkamii himu?
8. Kaayoo Simbirroota kanneeni maal irratti hundaa'uun beekuun danda'ama.
9. Akka aadaa Oromoo Gujiitti kaayoo kun hongee /badduu yoo taate maal godhu?
10. Akka aadaa Oromoo Gujiitti biqilootni yookaan mukkeen jilaa ni jiruu? Mee yoo jiraatan maqaa isaanii naa hima?
11. Mukkeen kunneen jila aadaa akkamii keessatti faayidaa qabu?

**Dabalee B : Gaafannoo Marii Garee Xiyyeeffannoo**

**Kabajamootoota odeefkennitoota koo**

Kaayyoo afgaaffii kanaa barnoota afaan oromoo,ogbarruufifooklooriin sagantaa digirii lammaffaa guuttachuuf waraqaa eebbaa mata duree xiinxala moggaasa maqaa dhuunfaa namaa,beeyiladootaa,biqilootaa fi simbirootaa Oromoo Gujii aanaa Uraagaa jedhu irratti ragaa funaafuuf. Kanaafuu hirmaannan kallattiidhaan isin marii garee taasisuun odeeffannoo kennuu irratti qabdan milkaa'ina hojii kanaatiif baay'ee barbaachisaa waan ta'eef,ragaa dhugaaf qabatamaa hawaasa keessan keessa jiru shakkii tokko malee akka gaaffiin isin gaafadhu mari'achuudhaan akka odeeffaanno naaf kennitaan kabaja guddaan isin gaafadha.Ragaan funaannamu kun immoo dhimma qorannoo kana qofaaf ta'u isaa waadaan isiniif gala.

I.Odeeffannoo dimshaashaa

1.1. Maqaa ____________________saala :dhiira ☐ dubra ☐

1.2. Umrii ______________sadarkaa barnootaa__________

1.3. Aanaa _____________ganda_________________

II.Gaaffilee odeefkennitootaaf dhihaatan.

1. Akka aadaa Oromoo Gujiitti maqaa dhuunfaa namaa maal irratti hundaa'ee moggaafama?
2. Maqaa dhuunfaa namaa kana moggaasuuf qooda kan qabu eenyuu?
3. Maqaan dhuunfaa namaa Oromoo Gujii kun guyyaa meeqaatti moggaafama?
4. Maqaalee dhuunfaa nama kana keessaa maqaaleen jila barbaachisuu ni jiraa?
5. Maqaan dhuunfaa beeyilaadootaa Oromoo Gujii biratti maal irratti hundaa'ee moggaafama?
6. Maqaan dhunnfaa loonii jilaa aadaa oromoo gujii waliin walqabatee moggaafamu ni jira?
7. Simbirootaa kaayoo/faroo/ jedhamuun kanneen beekkaman naannoo keessaan ni jiru? Yoo jiraatan mee maqaa isaanii natti hima? Simbirootni kunneen kaayoo akkamii himu?
8. Kaayoo Simbirroota kanneeni maal irratti hundaa'uun beekuun danda'ama.
9. Akka aadaa Oromoo Gujiitti kaayoo kun hongee /badduu yoo taate maal godhu?
10. Akka aadaa Oromoo Gujiitti biqilootni yookaan mukkeen jilaa ni jiruu? Mee yoo jiraatan maqaa isaanii naa hima?
11. Mukkeen kunneen jila aadaa akkamii keessatti faayidaa qabu

**Dabalee C:Maqaa Odeefkennitootaa**

| T.L | Maqaa Odeefkennitootaa | Saala | Umrii | Guyyaa | Ganda | Gahee Hojii |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Beettisaa Tumaa Guyyayyoo | Dhiira | 79 | 10/08/09 | Sonqollee Kalatoo | Q/Bulaa |
| 2 | Warqinash Hirbaayyee Barraaqoo | Dubartii | 45 | 10/08/09 | Sonqollee Kalatoo | Q/Bulaa |
| 3 | Boru Waaqoo | Dhiira | 66 | 10/08/09 | Sonqollee Kalatoo | Q/Bulaa |
| 4 | Baqqalaa Beettisaa Tumaa | Dhiira | 41 | 10/08/09 | Sonqollee Kalatoo | Q/Bulaa |
| 5 | Barree Nutee Dhugoo | Dhiira | 77 | 16/08/09 | Laayyoo Taraagaa | Hayyuu |
| 6 | Baqqalaa Jarsoo Guyyee | Dhiira | 57 | 16/08/09 | Laayyoo Taraagaa | Q/Bulaa |
| 7 | Duubee Dhugoo Ideemaa | Dhiira | 89 | 16/08/09 | Daandee | Q/Bulaa |
| 8 | Halakuu Kelkeloo Hoboxee | Dubartii | 80 | 16/08/09 | Daandee | Q/Bulaa |
| 9 | Waaqoo Elemaa Shaaree | Dhiira | 79 | 17/08/00 | 01 | Q/Bulaa |
| 10 | Damissee Tuqaa Uddoo | Dhiira | 75 | 21/08/09 | O1 | Q/Bulaa |
| 11 | Shandhee Gannaalee Tuqaa | Dhiira | 65 | 21/08/09 | 01 | Q/Bulaa |
| 12 | Roobalee Duubee Dhugoo | Dhiira | 49 | 23/08/2009 | 01 | H/mootum maa |
| 13 | Aadde Dharroo jagoo | Dubartii | 29 | 23/08/2009 | 01 | H/mootum maa |
| 14 | Galchuu Damissee Tuqaa | Dhiira | 31 | 21/08/09 | 01 | B/saa Seenaa |
| 15 | Roobalee Galchuu Unnutee | Dhiira | 45 | 23/08/2009 | Goraa Booraa | H/mootum maa |
| 16 | Jiloo Dheera Galchuu | Dhiira | 90 | 10/10/2009 | Goraa Booraa | Hayyuu |
| 17 | Simbirree salfaa | Dubartii | 80 | 10/10/2009 | Goraa Booraa | Q/Bulaa |
| 18 | Roobee Jiloo Galchuu | Dhiira | 52 | 10/10/2009 | Goraa Booraa | Q/Bulaa |
| 19 | Duubee Dukkallee | Dhiira | 47 | 15/10/2009 | Goraa Booraa | Hayyuu |
| 21 | Areerii Culuqqee Tumaa | Dhiira | 69 | 15/10/2009 | Gaadi’oo Guurrattuu | Q/Bulaa |
| 22 | Waaqoo Galgaloo Shoolaa | Dhiira | 53 | 15/10/2009 | Gaadi’oo Guurraattuu | Q/Bulaa |
| 23 | Duubee Keloo Xooree | Dhiira | 61 | 15/10/2009 | Gagamaa Goljaa | Hayyuu |
| 24 | Dharroo Kottoolaa Halakee | Dubartii | 49 | 15/10/2009 | Gaadi’oo Guurrattuu | Q/Bulaa |
| 25 | Baddooyyee Adoolaa Bariisoo | Dubartii | 67 | 15/10/2009 | Gagamaa Goljaa | Q/Bulaa |

**Dabalee D.Suuraa Oddeefkennitoota Afgaaffii Irratti Fudhatamee.**



**Suuraa1:**Yeroo Qorataan Ganda Laayyoo Taraagaatti Gaafa Ebla 16,2009 Obboo Baarree Abbaa Nuteefi Obbo Baqaalaa Bariisoo Waliin  Gaafa Afgaafii Taasisu.



**Suuraa 2:**Yeroo Qoratan Ganda Daandeetti Ebla 16,2009 Obboo Duubee Dhugoofi Adde Halakuu Kelkeloo Hoboxee Waliin Afgaaffii Taasisu




**Suuraa 3:**Yeroo Qoratan Ganda 01 Mana Obbo Waaqoo Elemaatti Gaafa Ebla 17,2009 Obbo Waaqoo Elemaafi Obbo Bariisoo Edeema Waliin Afgaaffii Taasisu fudhatame.



**Suuraa4:**Yeroo Qorataafi Gargaaraan Isaa Ganda Sonqollee Kallatoo Qe'ee Obbo Damissee Duqaatti (Ebla 21,2009 ) Obbo Damissee Duqaafi Dbbo Shaandhee Gannaalee Waliin Afgaaffii Taasisu Fudhatame.

**Dabalee E: Suuraa Yeroo Marii Garee Xiyyeeffannoo Agarsiisuu**



**Suuraa 5:**Marii Garee Gaafa Ebla 08,2009 Qorataan Gargaaraa Isaa Waliin Sirna Eebba Dallawa Godambaa Aanaa Uraagaa irratti Argamuun Taasise Fudhatame.



Suuraa 6:Marii Garee Xiyyeeffannoo Ebla10,2009 Ganda Sonqollee Kallatoo Mana Obbo Beettisaa Tumaatti Taasifame



Suuraa 7:Marii Garee Waxabajjii 10, 2009 Ganda Goraa Booraa Mana Abba Gadaa Jiloo Dheeraatti Taasifame.



Suuraa 8: Marii Garee Gaafa Wabajjii (15, 2009 ) Ganda Gagamaa Goljaa Mana Obbo Duubee Kelootti Taasifame.

**Dabalee F: Suuraafi Maqaa Loonii**



**Suraa 1: Loon Saaqaa /Kalaadii Agarsiisu**



**Suuraa 2. Barruu/Burree**



**Suuraa 3 : Loon Booqilee Agarsiisu**



**Suuraa 4.Anniittaa**



**Suuraa 2: Loon Dhiilee Agarsiisu**



**Suuraa 3: Loon maqaa Bottollee**



**Suuraa 7. Loon Maqaa Areerrii Agarsiisu**



**Suuraa 4: Loon Gomboo Agarsiisu**

**Dabalee. G. Maqaalee Qaacceffaman**

| T.L | Haala moggaasa maqaa | Maqaa moggaafamu | |
|---|---|---|---|
| | | Dhiiraa | Dhalaa |
| 1 | Yeroo itti dhalatan irratti hundaa'ee | Bariisoo<br>Barraaqoo<br>Boruu<br>Bareentoo<br>Baanataa<br>Waaree<br>Waarisoo<br>Guyyee<br>Saafoyii<br>Guyyoo<br>Guyyisoo<br>Galchuu<br>Elemaa<br>Halakee<br>hoxxeessaa | Bariitee<br>Ganamee<br>Diiramuu<br>Diiree<br>Waaritee<br>waaree<br>Guyyaatuu<br>Saafayee<br>Saafee<br>Galchumee<br>Hoxxee |
| 2 | Guyyaa dhalootaa | Sanbatoo<br>Jimaa | Sanbatee<br>Jimaatee |
| 3 | Bakka dhaloota waliin walqabatee | Harsuu<br>Adoolaa<br>Anolee<br>Nageellee<br>Uraagaa | Nageellee |
| | Maqaa addeessaan walqabatee moggaafamu | Baatii<br>Addeessa<br>Culluqqee<br>Goobana<br>Goobanoo<br>Dukkallee<br>Dukkii | Baatii<br>Dukkoo<br>Dukkanii |
| 4 | Ayyaana itti dhalatan | Adulaa<br>Areerii<br>Baasaa<br>Sorsaa<br>Dullachaa | Adulee<br>Areeroo<br>Dureettii<br>Dullattii |

| | | | |
|---|---|---|---|
| 5 | Urmajjii | Boneeyyaa<br>Gannaalee<br>Roobaa<br>Roobee | Bonee<br>Roobduu<br>Roobalee<br>Bokeyyoo |
| 6 | Tariiba dhalootaatiin | Dursaa<br>Lammeessaa<br>Dabalaa<br>Sallii | Dursituu<br>Sallii |
| 7 | Umrii waliin walqabatee | Dullachaa<br>Jaarsoo<br>Galgaloo | Galgalee |
| 8 | Haala gaddaafi gammachuun walqabatee | Gammadaa<br>Gammachuu<br>Mijuu<br>Danboobii<br>Guutamaa<br>Guutoo | Mijuu<br>Danboobii |
| 9 | Muudannoo adda addaa waliin walqabatee | Hinseenee<br>Duubee<br>Didduu<br>Diidolee | Hinseenee<br>Tasoo<br>Jibboo |
| 10 | Hawwii maatii waliin | Dharroo<br>Dureessaa<br>Guutamaa<br>Ayyaanoo | Mijuu<br>Dharroo<br>Mijuu<br>Danboobii<br>Quuftuu<br>Dureettii |
| 11 | Haalaa qaamaa ilaaluun | Kuyyuu<br>Tunnusee<br>Deggelaa<br>Huqqaa<br>Bidoo<br>Caaccuu<br>Kottoolaa<br>Ideemaa | |
| 12 | Gootuummaa ibsuuf | Unnutee<br>Irrii<br>Dhakaa<br>Arbaa<br>Nenqoo | Waatoo<br>Abbayyii<br>Gumii<br>Danboobii |

| | | | |
|---|---|---|---|
| 13 | Maqaa mukkeen jilaatiin | Odaa<br>Dhugoo<br>Uddeessaa<br>Uddoo<br>Abbayyii<br>Dambii<br>Mokkonnaa<br>Gadaa<br>Baallii | |
| 14 | Jila adda addaa waliin walqabatee | Jiloo<br>Gumii<br>Muudaa<br>Danboobaa | Gumii<br>Danboobii |
| 15 | Tartiiba dhalootaa waliin walqabatee | Dursaa<br>Lammeessaa<br>Dabalaa<br>Sallii | Dursituu<br>Sallii |
| 16 | Maqaa gosaatiin | Uraagoo<br>Galalchaa<br>Girjaa<br>Handooyyaa<br>Daraatuu<br>Halloo<br>Hangaatuu<br>Gujoo | Waayituu<br>Handooyyaa<br>Waayituu |
| 17 | Du'a balaaleeffachuuf | Uddeessaa<br>Hibaayyee<br>Hirphee<br>Jibboo<br>Jibbaa | Uddoo<br>Hirphee |
| 18 | Jiraachuu waaqaa/ulfinaa/waaqaa ibsuuf | Waaqoo<br>Waaqayyoo<br>Badhaasoo<br>Badhaanee | |

**Waraqaa mirkaneeffannaa**

Ani qoratan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame kun waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo ta’uu ibsaa, hojiin kun kanaan dura yunivarsiitii kamiyyuu keessatti kan hin dhihaanne ta’uusaafi yaadawwan qorannoo kanaaf dubbisee hunda isaanii wabii keessa kaa’uu koo mallattoo kootiin nan mirkaneessa.

Maqaa Qorataa:_________________________

Mallattoo_____________________________

Guyyaa:______________________________